# XIINXALA GAHEE DUBARTOOTAA ASOOSAMOOTA ISAAYYAAS HORDOFAA KEESSATTI

**TAFARII SHIFARRAAW WAJARGAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEEJJI, NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**WAXABAJJII, 2012(2020)**
**FINFINNEE**

# XIINXALA GAHEE DUBARTOOTAA ASOOSAMOOTA ISAAYYAAS HORDOFAA KEESSATTI

TAFARII SHIFARRAAW WAJARGAA

GORSAAN: DASTAA DASSAALANY (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
GUUTTACHUUF QOPHAA’EE MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABA
KOOLLEEJJI, NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

WAXABAJJII, 2012(2020)
FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoo, Fooklooriifi Ogbarruu,Guuttachuuf Tafarii Shifarraaw Wajargaa Mataduree: Xiinxala Gahee Dubartootaa Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa Keessatti jedhurratti Qopheesse Sadarkaa Ulaagaa Yuunivarsiitichi kaa'e guutee kan dhiyaateedha.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ___________________mallattoo ____________Guyyaa___________

Qoraa Keessaa _________________mallattoo ____________Guyyaa_________

Gorsaa_______________________mallattoo____________Guyyaa___________

Itti Gaafatamaa Muummee Yookaan Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

# Axeeraraa

*Asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffamanii uummata bira ga'an heddu yoo ta'anillee, gama firiiwwan isaanii irraatti xiyyeeffachuun qorannoon yoo irratti adeemsifamu bal'inaan hinmul'atu. Kanaafuu, qorannoon kun asoosamoota filatama sadan keessatti gahee dubartootni qaban yaaxxina femenizimiirratti hundaa'uun ilaalamee jira.Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon, ga'ee qooddattootni dubartootaa asoosama filataman keessatti qaban qaaccessuudha. Qorannoon kun qorannoo bu'uuraa yoo ta'u, mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun ibsi kan irratti kennameedha. Odeeffannoon mala sakata'insa kitaabatiin kan fuunaname yoo ta'u, asoosamoota filataman sadan gadi fageenyaan irra deddeebiin dubbisuun gahee dubartootaa kitaabilee kanneen keessatti argamanirratti kan raawwatameedha. Eddattoowwan funaanaman kunniin akkatuma gosoota isaaniin adda baasuun qabiyyeefi dhaamsa isaan asoosamoota kanneen keessatti qaban bal'inaan xiinxalamee jira. Odeeffannoowwan funaanaman kanas, ulaagaalee yaaxxina femeniizimii irratti hundaa'uun dhimmoonni gama, hawaasummaa, bulchiinsaa siyaasaa, diinagdee, aadaa, duudhaa, amantaa, afaaniifi eenyummaa; akkasumas haala jiruufi jireenya keessatti gahee dubartootni qaban xiinxaleera. Dhumarratti, ragaalee xiinxalamanirratti xiyyeeffachuun argannoon qorannichaa: gahee dubartoota asoosamoota kanneen keessatti argaman gama, hawaasummaa, bulchiinsaa siyaasaa ,diinagdee, aadaa, duudhaa, amantaa, afaaniifi eenyummaa;akkasumas haala jiruufi jireenyaatiin qinda'anii jiru. Adeemsa xiinxalaa kana keessattis, dhimmoonni asoosamoota filataman keessa jiran haala qabatamaa addunyaa dhugaa keessatti mul'ataniin hangam akka wal-simatan wal-biraa qabuun xiinxalamaniiru.Femeniizimiin yaadiddamaafi falaasama mirga walqixxummaa koorniyaafi eegumsa seera dubartootaa ijaaruurratti bu'uureffatee yoo ta'u, Dhimmuma kana bu'uureffachuun ragaalee asoosamoota kanneen keessaa funaanamanis xiinxalamaniiru. Xiinxala ragaalee taasifaman kanarraas dhimmoonni hojiilee kalaqaa kanneen keessatti dhiyaatan dhugummaa gama hawaasummaan,bulchiinsan,siyaasan ,diinagdee, aadaa, duudhaa, amantaa, afaaniifi eenyummaa;akkasumas haala jiruufi jireenya uummaticha keessa ture karaa amanamtummaa of-keessaa qabuun kan dhiyaatan ta'uun isaanii hubachuun danda'ameera.Dabalataanis, rakkoowwan dubartootarra kallattii garaagaraan ga'aa turan karaa qabatamaafi hubatamuu danda'uun hojiilee kalaqaa xiinxalaman kana keessatti kan dhiyaatan ta'uun isaanii bira ga'ameera. Gama biraatin, haala xiinxala waliigalaa taasifameen hanqinaaleen hojiilee kalaqaa kana keessatti mul'ataniifi maalta'insa isaanii waliin dhiyaataniiru. Akkaataa fayyadama qooddattoota dubaraa illaalchisee, qorannoo bal'aan osoo adeemsifamee dhimmoota qeeqa ogbarruu Oromootiif bu'aa buusan baay'ee argachuu dandeenya. akkasumas gama Ogbarruu qofaan osoo hin taane gama xinqooqaatinis osoo qoratanii bu'aalee qorannoo hedduun irraa argamuu ni danda'u ta'un isaa amanamaadha.*

## Galata

Hundaa ol  qorannoo kana jalqabsiisee kan na xumursiise galanni guddaan Waaqayyoof haa ta'u jechaa, itti aansuun qorannoo kana yeroon hojjedhutti aarsaa barbaachisu hunda kaffaluun yeroo qabanirraa naaf ramadanii kallattii naqabsiisuun kan na gorsaa turan gorsaa koo Dr. Dastaa Dassaalany nan dadhabeefi nan nuffe osoo hinjedhin yeroo isaanii qaalii aarsaa godhanii jalqaba hanga xumura waraqaa qorannoo kanaatti ogummaafi muuxannoo qabaniin na bira dhaabbachuun milkaa'insi waraqaa qorannoo koo kun akka galma ga'uuf deggersa barbaachisuu mara naaf keennaa waan turaniif galata guddaan isaaniif qaba.

Dabalataanis, gidiraa hammaataa Ummanni Oromoo keessa turee, rakkoo dubartootarra gahaa tureefi jiru,bifa asoosamaatiin barreessanii dubbistoota biraan gahuufi ogbarruu barreeffama Afaan Oromoof gahee lammummaa bahuun, anaafis mataduree qorannoo kanarratti akkan gaggeessu bu'uura kan naaf ta'an barreessaa asoosamoota 'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' kan ta'an,barreessaa Isaayyaas Hordofaa Goolee osoo hin galateeffatiin  hindarbuu; ammas qalamni keessan daddabalee haamirgisu jechuun barbaada.

Akkasumas, yeroo hojiin idilee koon isinirraa fagaadhee jirutti, yeroofi jaalala maatiin tokko namarraa barbaadu sin dhorkadhee yeroon isiniif kennuu qabu hojii qarannoo kanaaf kennee hojjeedhutti nahubachuun obsaafi yaadaan nadeeggaraa kan turan maatii koof galanni onnee koorraa madde siniif  haa ta'u.

Dhumarratti, hiriyyoota koo fiixa ba'iinsa,qorannoo koo kanaaf kallattii garaagaraan deggersa naaf gochaa turan maras guddaan galateeffadha.

**Gabaajeewwanii fi Kottonfachiisa**

Ergaa karaa barreeffamaan darbu tokko hubachuuf, wantoota barreeffamicha sana keessatti haammataman haalaan hubachuun dhimma wal-nama gaafachiisu miti. Wantoota barreeffama tokko keessaatti ifa hintaane kanneen akka gabaajeewwanii, kottoonfachiisuu, mallattoolleefi kan kana fakkaatan addatti baasanii dubbistoota sanaaf ibsuun barbaachisaadha. Kanaafuu, jechoonni, gaaleewwan, ciroowwan, himootaafi kan kana fakkaatan barreeffama kana keessa bifa gabaajeettiin jiran haala armaan gadii kanaan ibsamaniiru.

**Gabaajeefi Kottonfachiisa** **Hiika isaa**

E.D.U.-------------------------------- Gamtaa diimokiraataawaa Itoophiyaa

(Ye Itoophiyaa diimokiraasiyaawiii hibirat)

E..L.F-----------------------------------Adda bilisummaa Ertiriyaa (Ertirean libiration front)

E.P.R.P---------------------------------Sochii Paartii Warraaqsa Uummattoota Itiyoophiyaa
(Ethiopia people revolutionary party)

Fkn--------------------------------------Fakkeenya

Kkf--------------------------------------Kan kana fakkaatan

ONN------------------------------------Oromia News Network

Q/H/S-----------------------------------Qadamaawwii Haayila Sillaasee

S.B.O------------------------------------Sagalee Bilisummaa Oromoo

TTI---------------------------------------Dhaabbata Leenjii Barsiisotaa

W/Mikaa'el……………………… Walda Mikaa'el

Ykn -------------------------------------- Yookaan

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axeeraraa ..... i

Galata ..... ii

Gabaajeewwanii fi Kottonfachiisa ..... iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.1.1. Seenaa Gabaabaa Isaayyaas Hordofaa ..... 5

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ..... 8

1.3. Gaaffilee Qorannoo ..... 9

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ..... 10

1.4.1. Kaayyoo Gooroo ..... 10

1.4.2. Kaayyoowwan Gooree ..... 10

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 10

1.6. Hanqina Qorannichaa ..... 11

1.7. Daangaa Qorannichaa ..... 12

1.8. Qindoomina Qorannichaa ..... 12

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ..... 13

2.1. Yaadrimeewwan Bu'uura Qorannichaa ..... 13

2.1.1. Ogbarruu ..... 13

2.1.2. Qeeqa Ogbarruu ..... 15

2.1.3. Yaaxxinaalee Qeeqa Ogbarruu ..... 19

2.2. Feeminizimii ..... 20

2.2.1. Danbaliiwwan Feeminizimii ..... 25

2.2.1.1. Danbalii Feeminizimii Tokkoffaa ..... 25

2.2.1.2. Danbalii Feeminizimii Lammaffaa .......... 26

2.2.1.3. Danbalii Feeminizimii Sadaffaa .......... 27

2.2.2. Gosoota Feeminizimii .......... 28

2.2.2.1. Feeminizimii Finxaalessaa .......... 28

2.2.2.2. Liberaal Feeminizimii .......... 30

2.2.2.3. Feeminizimii Maarkisistii .......... 31

2.2.2.4. Feeminizimii Walabaa .......... 31

2.2.2.5. Feeminizimii Aadaa .......... 31

2.2.2.6. Feeminizimii Haareffama Bu'uuraa .......... 32

2.2.2.7. Feeminizimii Hawaasummaa .......... 32

2.2.2.8. Ikkoo Feeminizimii .......... 32

2.2.2.9. Feeminizimii Gurraachaa .......... 32

2.2.2.10. Feeminizimii Addaan Fo'iinsaa .......... 33

2.2.3. Qeeqa Feemnistii .......... 33

2.2.3.1. Qeeqa Ogbarruu Feeminizimii .......... 34

2.3. Sakatta'a Barruu Wal-fakkii .......... 36

2.3.1. Hojiiwwan Mata Duree Kana Jalatti Hojjetaman .......... 36

2.3.1.1. Ogbarruufi Fooklooriitti Hojjetaman .......... 36

2.3.1.2. Qorannoo Muummee Barnoota Afaanota Biyya Alaa .......... 37

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA .......... 40

3.1. Saxaxa Qorannichaa .......... 40

3.2. Mala Qorannichaa .......... 40

3.2.1. Madda Ragaa Qorannichaa .......... 41

3.2.2. Iddattoo Qorannichaa .......... 41

3.2.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee .......... 42

3.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee ........................................................................ 42

3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee ............................................................................... 42

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA QORANNICHAA .................................................. 44

4.1. Sab-Seenaa Asoosama Hawwii ........................................................................ 44

4.1.1. Gahee Dubartootni Bakkeewwan Garaagaraa Keessatti Qaban .......................... 48

4.1.1.1. Dubartoota Mana Jiraatan Keessatti ............................................................ 48

4.1.1.2. Dubartoota Gama Siyaasaan ...................................................................... 50

4.1.1.3. Dubartoota Gama Hawaasummaatiin ........................................................... 53

4.1.1.4. Dubartoota Gama Dinagdeetiin ................................................................... 54

4.1.1.5. Dubartoota Gama Duudhaa Hawaasaatiin ................................................... 54

4.1.1.6. Kalaqa Dubartootaa .................................................................................... 56

4.1.1.7. Dubartoota Gama Gaa'elaan ....................................................................... 57

4.1.1.8. Dubartoota Gama Ejjennoon ....................................................................... 58

4.1.1.9. Seenaa Asoosamichaa Haala Barreessaan Itti Dhiyeesse ............................ 58

4.2. Sab-Seena Asoosama Yeroon Siif Hadhiistuu ................................................. 59

4.2.1. Gahee Dubartootni Bakkeewwan Garaagaraa Keessatti Qaban ......................... 65

4.2.1.1. Dubartoota Naannoo Jiraatan Keessatti ...................................................... 65

4.2.1.2. Gama Hariiroo Hawaasummaan .................................................................. 65

4.2.1.3. Gama Ejjennootiin ....................................................................................... 67

4.2.1.4. Gama Fedhashee Guuttachuun .................................................................... 69

4.2.1.5. Dubartoota Gama Diinagdeen ..................................................................... 70

4.2.1.6. Gama Duudhaatii ......................................................................................... 71

4.2.1.7. Gama Safuu Uummataa Eeguun .................................................................. 72

4.2.1.8. Gama Gaa'elaan .......................................................................................... 76

4.2.1.9. Inaaffaa Dubartootaa ................................................................................... 78

4.2.1.10. Seenaa Asoosamichaa Haala Barreessaan Itti Dhiyeesse ............................ 78
4.3. Sab-seenaa Asoosama Yoomi Laataa?(2002) ............................................................ 79
4.3.1. Gahee Dubartootni Bakkeewwan Garaagaraa Keessatti Qaban .......................... 86
4.3.1.1. Gama Hariiroo Hawaasummaan ............................................................ 86
4.3.1.2. Gama Ejjennootiin ..................................................................................... 88
4.3.1.3. Gama Fedhashee Guuttachuun .................................................................. 92
4.3.1.4. Dubartoota Gama Diinagdeen ................................................................... 95
4.3.1.5. Gama Duudhaatiin ..................................................................................... 96
4.3.1.6. Gama Safuu Uummataa Eeguun ................................................................ 98
Fakkeenya:1 ........................................................................................................... 98
4.3.1.7. Dubartoota Gama Siyaasaan ...................................................................... 99
4.3.1.8. Tooftaa Dubartootaa ................................................................................. 104
4.3.1.9. Seenaa Asoosamichaa Haala Barreessaan Itti Dhiyeesse .......................... 108
4.4. Asoosamoota Filataman Sadan Keessatti: Amanamummaa, Gootummaafi Gaarummaa Dubartootaa Akkasitti Ibsama. ............................................................ 109
4.4.1. Amanamummaa Dubbartootaa ......................................................................... 109
4.4.2. Gootummaa Dubartootaa ................................................................................. 110
4.4.3. Gaarummaa Dubartootaa ................................................................................. 112
4.5. Walfakkenyummaafi Gargaarummaa Namfakkii Gooban Galeessa Asoosamoota Filatamana Sada Keessatti ....................................................................................... 115
4.5.1. Walfakkeenyummaa Namfakkii Gooban Galeessaa .......................................... 115
4.5.1.1. Qofaa Ta'anii Dhalachuu ........................................................................... 115
4.5.1.2. Dulluma Keessa Dhala Godhachuu ............................................................ 116
4.5.1.3. Garaagarummaa Namfakkii Goobangaleessa ............................................ 116
4.5.1.3.1. Amantiin ................................................................................................. 116
4.5.1.3.2. Ilaalcha Hawaasni Dubartootaaf Qabu ................................................ 117

4.5.1.3.3. Ilaalcha Hawaas- Aadaaf Qaban ........ 118
4.5.1.4. Hariiroo Goobangaleessi Qooddattoota Biroo Waliin Qabu ........ 120
4.5.1.5. Bakka Bu'iinsa Qooddattoota Gooban-galeessaa Asoosama Filataman Sadan Keessatti. ........ 120
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 128
5.1. Cuunfaa Argannoo ........ 128
5.2. Yaboo ........ 134
Wabiilee ........ 135
Dabaleewwan ........ 137

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Hawaasni Oromoo akkuma hawaasa kamiiyyuu ogbarruu mataasaa haa qabaatu malee, dhiibbaa siyaasaa bara dheeraaf irra tureen guddinni ogbarruu isaa boodatti harkifatee tureera.

Dhimma kana:Asafaan ( 2009: 44) yeroo ibsu, "Dhiibbaa jaarraa tokkoon ol Oromoorra tureen Afaan Oromoon barachuufi barreessuun, qorannoo deemsisuun waan yaadamu hinturre." Jedha. Akkasumas, Tashoomaafi miiltooowwan isaa (1994: 36) yaaduma kana yeroo ibsan, "Afaan dhalootaa hedduufi seenaa bara dheeraa qabu ta'ullee hanga kufaatii Dargiitti afaan barreeffamaa hinturre. Afaan hojiifi afaan barnootaas hinturre. Akka ittiin hinbarreeffamne; hinbaratamneefi hindubbatamne kan mootummaadhaan seerri itti tumame Afaan Oromoo qofa ture." Jedhu. Afaan Oromoo, afaanota Afriikaa keessatti bal'inaan dubbatamaniifi dubbattoota hedduu qaban keessaa isa tokko ta'ee osoo jiruu, sababaa dhiibbaa siyaasaatiin guddinnisaa quucaree, afaan barreeffamaa, afaan barnootaa, afaan hojiifi afaan qorannoon ittiin adeemsifamu osoo hinta'in, umurii dheeraa lakkoofsisuu danda'eera. Yaada kanas, Bulcha (1994) wabeeffachuun, Asafaan (2009:55) yeroo ibsu akkas jedha:

> Afaan Oromoo Hawusaa ( Nigeria)-tti aanee Sahaaraa gaditti afaan bal'inaan dubbatamu. [Keeniyaa] fi [Somaaliyaa] keessattillee ni dubbatama. … Gaanfa Afriikaa keessatti uummata miliyoona soddoma oliin yaa dubbatamu malee akka bal'ina isaa hinqoratamne. Afaan Oromoo afaan Qorannoo, afaan ogbarruufi barreeffamaa tahee guddachuu hin dandeenye.

Kanaafuu, Ogbarruun Oromoo bara dheeraaf hacuuccaafi cunqursaa jala waan tureef haala barbaadameen guddateefi babal'atee hawaasa isaaf bu'aa buusuu hindandeenye. Sababa kanarraa kan ka'e, Ogbarruun Oromoo bifa asoosamaatiin mul'achuu kan eegalellee yeroo dhihootii as akka ta'e ni beekama. Kunis, gara xumura Mootummaa Dargii jala asoosamoonni gaggabaaboo hinmaxxanfamiin barreeffamuu akka eegalan kan eeramu yemmuu ta'uu, bifa kitaabaatiin mul'achuu kan jalqaban garuu, kufaatii Mootummaa Dargii booda akka ta'e beekamaadha. Kanas, Asafaan ( 2009:126) yeroo ibsu, " Kitaaboleen asoosama Afaan Oromoo mul'achuu kan jalqaban battaluma kufaatii sirna Dargiin booda."

Jedha. Kun immoo seenaan guddina asoosama Oromoo umurii gabaabaa kan qabuufi guddinniifi babal'innisaa jalqabbiirra kan jiru ta'uusaa kan mul'isu yemmuu ta'u, baroota darbanirra, kufaatii Mootummaa Dargii booda hanga tokko fooyya'iinsa agarsiisaa akka jiru nu hubachiisa

Sirnoota kana keessa uummanni Oromoo aadaa, seenaa, eenyummaa, amantaasaa akka dagatuufi kan biroon akka haguugamuuf carraaqiin godhamaa ture suukaneessaadha. Oromoon akka afaansaan hinbarreessine, afaansaa dubbii afaaniirra akka hindarbineef labsiin kan itti labsame tureera. Yaada kana ilaalchisee Asafaan, (2009:81) akkas jedha:

> Qorannoon Afaan Oromoorratti jaarraa tokkoon dura jalqabe, afaanichaan barreessuuniifi barsiisuun nihafe. Waldaa keessatti Afaan Oromootiin waaqessuun dhorkame. Mana barnootaatti Afaan Oromoo afaan barnootaa ta'uun isaa nihafe. Duulli gasa galoomii durjalqabe bifa haarawaan itti fufe. Labsiin 1944 Lakk.3 labsameen hojiin beektota biyyoota alaan Oromiyaa keessatti eegalame walubummaa dhabee daangeffame. Amaariffi guutummaa biyyattiitti afaan hojiifi afaan barnootaa akka ta'e labsame.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, keessumattiyyuu bara bulchiinsa Hayilessillaasee keessa qorannoon Afaan Oromoo labsiidhaan akka dhaabbateefi seenaa qorannoo afaanichaafis barri kun bara dukkanaa ta'uu isaati. Haaluma kanaan walqabatee, Afaan Oromoo hawaasummaarra akka hindarbine ta'ee ture.

Maqaaleen Afaan Oromoon moggaafaman gara Afaan Amaaraatti jijjiiramaa turaniiru. Hojii mootummaa argachuuf maqaan Oromoon moggaafame akka rakkisaa ture nibeekama. Sababa kanaan kan ka'e, Oromoonni hedduun aadaafi afaan isaanii dagatanii kan biroodhaan yoo uwwifaman nimul'atu. Kanneen osoo hinrakkatin afaaniifi aadaa isaanii dagatanii kan biroo akka qaroominaatti fudhatanii hordofuuf yaalanis hindhabamne.

Yeroo ammaa, asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman heddummachaa jiru. Kun ammoo, guddina asoosama Oromootiif tumsa akka qabu beekamaadha. Haata'uuyyuu malee, asoosamoonni barreeffaman heddummachaa deemuun qoftis guddina asoosamaa mirkaneessa jechuun hindanda'amu. Yeroo yeroon asoosamoota barreeffaman irratti qorannoolee gaggeessuudhaan, qeeqa bilchaataa kennaa deemuunis guddina asoosamaatiif baay'ee murteessaadha. Kunis dhimmoota ciccimoo ta'an akka jajjabaatan gochuufi

hanqinooleen mul'atan ammoo haala itti fooyya'uufi sirrachuu danda'an agarsiisuudhaan, asoosamoonni barreeffaman, seera asoosama ammayyaa akka gonfatan gochuu keessatti tumsa olaanaa qaba. Kun ammoo, guddina asoosamaatiif humna guddaa ta'a.

Dhimmi kun gama Asoosama Oromootiin yemmuu ilaalamu, asoosamoonni Afaan Oromootiin barreeffaman heddummachaa haa dhufaniyyuu malee, qorannooleen bal'inaan irratti gaggeeffaman hinjirani. Kunis, asoosamoota Afaan Oromoon barreeffaman irratti qorannoo gaggeessuudhaan qeeqa kennuu irratti hanqinni akka jiru mul'isa. Haaluma kanaan barreessitoota Asoosama Afaan Oromoon barreessan baay'ee keessaa ,asoosaa Isaayyaas Hordofaa fudhannee kan ilaallu yoo ta'e, Isaayyaas asoosamoota barreessu, seenaa dhugaa wajjin kan walqabateen barreesse, fakeenyaaf 'Yeroon Siif Haadhiistuu' magaalaa Jimmaatti yeroo hojii gaazexessummaaf achi ture, Ogummaa barreessuutiin fayyadamuun waan dhaga'eefi isa mudaterraa kaasee barreesseera. Asoosama "Hawwiis" naannoo bakka dhaloota, hiriyoota waliin dabarse mana barumsaa itti barateedha. Kanaaf, yaadannoo magaalaa Naqamteef kan kennamteedha. Kitaabni "Yoomi Laataa?" kun historical novel dha.Kan barreeffamuu calqabes bara 1992 irraa eegaleeti.Seenaa dhugaan ta'ee darberratti kan hundaa'ee dha.Yaadannoon isaas ilmaan Oromoo saba isaaniif utuu qabsaa'anii Nafxanyoota gabroomfattootaan wareegamaniif kennameedha.

Egaa Isaayyaas hojii kalaqaa akkasii uummataan gahuun uummanni eenyummaa isaa akka hubatuufi diinaaf akka gadi hin jenne kan ergaa gurguddaa dabarsuudha. Kana keessatti irra caalaa ergaa isaa kan dabarsu,karaa dubartootaan gaheen isaanii maal akka ta'e gonfachiisuudhaani.Dubartiin haadha,haadha warraati, akkasumas obboleettiidha. Walumaagalatti waan hundaati jechuu dandeenya.Keessattuu,yoo xiqqaatee xiqqaate akka nuti dhalannuuf gaheen isaan qaban,kan qaama kamiiniyyuu bakka bu'uu hin dandeenyeedha.Hirmaannaa isaaniin alas waanti galma gahu hin jiru.Hawaasa mara keessaatti keessumaayyuu hawaasa qaroominaan duubarra jiran biratti ilaalcha isaan dubartootaaf qaban baay'ee gadi bu'aadha yoo jedhame,baay'ee wal nama hin gaafachiisu.Fakkeenyaaf gahee isaan hawaasummaa,diinagdeefi siyaasa keessatti qaban yoo fudhannee kan ilaallu ta'e kan lakkoofsa keessa galu miti.Kunis Dubartiin cimina, bilchina, ofitti amanamummaafi dandeetti akka waan hin qabneetti waan ilaalamtuufiidha.Dubartootni dhiiraaf kan uumaman malee eenyummaa mataa isaanii akka qabanitti fudhatamaa hin

turre.Dhimma kana immoo hawaasni gama ogbarruufi afoola isaatiin calaqqisiisaa tureera.Ta'us oolee bulee yeroo ammaa kana fudhatama dhabaa dhufeera.Kunis garaagarummaan isaan warra dhiiraarraa qaban,garaagarummaa koorniyaa irraan kan hafe,dhimmi gara biraan hin jiru yaada jedhuun bakka bu'amaa waan dhufeefiidha.Adda addummaa kanaaf jedhamee immoo olaantummaa ykn gadaantummaan jiraachuun sirrii akka hin taanerratti yeroo baay'ee waliif galama.Akka yaada kanaatti dubartiin dhiibbaa yaada hawaasaarraan kan uumame malee,gama maraan dhiiraan walqixa akka taateedha.Yaadni walqixxuummaa dhiiraafi dubartii deggeru kun fudhatama guddaa argachaa dhufeera. Haaluma kanaan yeroo ammaa dubartootni,haadha qabeenyaa, hooggantuu, barsiistuu, konkolaachistuufi hojiilee dhiirri hojjetu baay'eesaa hojjechaa jirti.

Yeroo akkas jedhamu immoo dhiibbaan gama aadaafi hawaasummaan jiru,gutumaan guutuutti hafeera jechuuf nama hin dandeessisu.Ammas darbee darbee ilaalchotni gadaantummaa dubartootaa mul'isan waan jiraniifi.Ilaalchi kunis halkan tokkotti guutumaan guutuutti sammuu namaa keessaa haqamee baha jechuun hin danda'amu.Yeroofi qabsoo gaafata.Qabsoo kana keessatti immoo barreessaan gahee kan qabu yoo ta'u,gahee barreessaan gochaa ture,gochaa jiruufi gochuu qabu ilaaluun barbaachisaadha.Kanuma bu'uura godhachuudhaan,asoosamoota Isaayyaas Hordofaan barreeffaman keessaa 'Hawwii, Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' jedhu keessatti gahee dubartootaa xiinxaluuf qorannoo taasifameera.

Dabalataanis, barreessitoonni dubartootaa beekamoo ta'an kanneen akka: Oliv Seheiliner (1911) Women and labour, akkasumas Verginia Woolfs (1929) A room of one's own rakkoolee dubartoota mudatan; madaala of mul'isuu dhiirotaafi gadi ofqabuu dubartootaa xiinxaluun barreeffama isaanii keessatti ibsaniiru. Akka barreessitoonni kun jedhanitti, yaadni dammaqaan dubartummaa adda adda ba'ee jiru barbaachisaa miti. Kanaaf, ilaalchi dubartummaa bifa dammaqiinsa qabuun yoo jiraate, walitti bu'iinsi koorniyaa dhiiraafi dubartootaa gidduutti uumamuu hindanda'u jechuun ibsu. Haa ta'u malee, jechi feeminizimiifi feeministii hanga bara (1970)tti bal'inaan hojiirra oolaa hinturre. Isaa as kan itti fayyadamni isaa dhugoomuu jalqabe.

Yaada olii kanarraa waanti hubatamu, dubartoonni hoogganuurra akka hoogganamaa turan nutti agarsiisa. Yaada kana ilaalchisee, Lynne(1976) yemmuu ibsu: haalli kun olaantummaa

dhiiraa kan calaqqisiisuufi dhiironni dubartoota akka hoogganan kan ibsuudha. Darbees, gaheen dubartoonni siyaasaafi dinagdee keessatti qaban xiqqaa akka ta'eefi ijoollee da'uufi guddisuu,akkasumas hojiin mana keessaa gahee dubartoota qofaaf akka kennameetti agarsiisa.

### 1.1.1. Seenaa Gabaabaa Isaayyaas Hordofaa

Asoosaa Isaayyaas Hordofaa, abbaa isaa obbo Miijanaa Gooleefi haadha isaa aadde Geexee G/Giyoorgis irraa Bitootessaa 2, Bara 1944 Godina Wallagga Bahaa, Magaalaa Naqamtee Ganda 07 tti dhalate. Umuriin isaa akka barnootaaf ga'een barnoota isaa kan eegale mana barnootaa Misiyooniitti kutaa (1-3)tti, Kutaa (4-10)tti Qadamaawwii H/Sillaaseetti barate. Achiis, kutaa 11$^{ffaa}$fi 12$^{ffaa}$ mana barumsaa Kompareensiiviitti barate. Bara 1964 qorumsa biyyoolessaa fudhachuun, waggaa tokko erga turee booda sababa qabxiin Yuunivarsiitii inni qabu hinguunneef Asmaraatti TTI barachuuf dirqame. Turtii waggaa Lama booda, bara 1966tti "TTI'dhaan Asmaraarraa eebbifamee ogummaa barsiisummaan, godina Wallagga Bahaa Aanaa Leeqaa Dullachaatti, ganda Baandiraa jedhamtutti barsiisummaadhaan waggaa lamaaf (1967fi 1968)tti qacaramee barsiiseera. Hojiirra osoo jiruu, bara 1969 raadiyoo Itiyoophiyaa qophii Afaan Oromoo dorgomee seene. Itti aansuunis, tajaajila oduu Itiyoophiyaa 'News Ejency', bakka bu'aa magaalaa Naqamtee ta'ee deebi'ee dhufee waggaa tokkoof (1970) erga hojjetee booda, gara tajaajila Oduu Itioophiyaa Jimmaa deeme. Bara 1971 jalqabee, Raadiyoonii Itiyoophiyaa Qophii Afaan Oromoo Magaalaa Harar deeme.

Sadaasa bara 1971-1977tti, itti gaafatamaa Sagantaa Afaan Oromoo dhaabbata buufata Raadiyoonii Harar ta'ee waggaa jahaaf hojjete. Osuma buufata raadiyoonii Hararirraa hojjetuu, waggoota ja'an kana keessatti Harommayaarraa deddeebi'ee waggaa afuriif 'Crop Protection and production Technology' dippiloomiidhaan eebbifame. Gosa barnootaa kana barachuuf kan isaa dirqamsiisee, sababa gosa barnootaa biroon hinjirreef. Sana booda, gosa barnootaa kanaan itti fufuu hin barbaannee. Kanumaan osoo jiruu, hojii gaazexessummaa saatiin bara 1977 Finfinneetti jijjiirame. Hojii gaazexessuummaasaa ittuma fufuun, koorsii gabaabaa ogummaa gaazexessuummaa "International Journal Institute" magaala guddoo Haangaarii Budapest, jedhamtutti fudhateera. Akkasumas, biyya keessattis koorsii adda addaa fudhateera.

Bara 1977- Caamsaa 30,1983 Raadiyoo Itiyoophiyaa Afaan Oromoo magaalaa Finfinnee biyyaalessaa darburraa hojjeteera. Qophii guyyaa 15 booda, Waxabajjii 16,1983 Televijiinii Itiyoophiyaa Afaan Oromoo sagantaan yeroo jalqabu nama shan ta'anii waliin eegalni. Isaanis: Saamu'eel Dhaabaa, Badriyyaa Mahaammad, Yohaannis Waaqoo, Badhaasaa Simaafi Isayyaas Hordofaati.

Hammaa Bara 1984tti Televijiinii Itiyoophiyaatti hojjete. Bara (1984-1985) Sagalee Bilisummaa Oromoo (SBO) Kaartuumirraa darburraa hojjete. Achiin booda, bara 1989tti Televijiinii Itiyoophiyaatti deebi'ee hojjete.

Akka seenaan isaa seenessutti, asoosamoota barreesse ilaalchisee, 'Hawwii' bara 1985 Kaartuumitti barreesse.Osoo'Hawwii' hinmaxxansiisin waggoottan kudhaniif harka ture. 'Yeroon Siif Haadhiistuu' bara 1986 barreessuu jalqabee, bara 2000 maxxansiise. Asoosama isaa "Yoom Laata?' jedhu osoo hinmaxxansiisin waggaa kudhan (1992 - 2003 ) erga harka turee booda waggaa 11ffaa isaatti maxxansiise.

Hanga bara 2003tti Televijiinii Itiyoophiyaa keessa hojjechaa ture. Bara 2003tti soorama erga ba'ee booda, Asoosama "Tsigeeredaafi Asoosamoota Gaggabaaboo Gara biraa" jedhu bara 2005 keessa maxxansiise. Asoosamoota gaggabaaboo kana qopheessuuf turtii waggaa tokko itti hinfudhanne. Sababiinsaas, diraamota raadiyooniifi televijiiniin dhiyaachaa ture qindeessee bifa Asoosamaatiin baase. Kanaafuu, asoosama gaggabaaboo kanatti mata duree haaraa kan seena dhugaarratti hundaa'e kan 'Tsigeeredaa' jedhamtu itti dabaluudhaan maxxansiiseera. Bara 2006-2007tti Waldaa Barreessitoota Itiyoophiyaatti Itti gaafatamaa Waajjira ta'uudhaan hojjeteera.Bara 2007-2008tiitti'Barruu Siif Siin' jedhamtuuf, gulaalaa ol aanaa ta'uudhaan hojjeteera.Bara 2008-2012tti Sagantaa Mo'aa Televijiiniitti 'Chief editor' ta'uudhaan hojjeteera.Yeroo ammaa kana immoo,sagantaa sabqunnamtii ONN jedhamu keessatti 'News and Program Director' ta'uudhaan hojjechaa jira.

Isaayyaas bara 1978,bultii ijaarrate. Haati manaa isaa Neersummaadhaan Yuunivarsiitii Finfinneerraa digirii calqabaan eebbifamteetti. Waliinis ijoollee afur horataniiru. Isaanis:Anaatolii, Naa'olii,Leeqaafi Musee jedhamu. Anaatoliin, Meedikaal Laabraatoriin; Naa'oliin ogeessa fayyaa Ilkaanii; Leeqaan, 'Bulchiinsa Injinerummaatiin' digirii calqabaan barumsa isaa xumureera. Museen immoo yeroo ammaa kana umriin isaa waggaa 17 yoo

ta’u,barataa kutaa 10ffaati.Maatiin  Isaayyaas Hordofaa, yeroo ammaa magaalaa Finfinnee, Sabbataa ganda 03 ,Walattee bakka jedhamtu jiraatu.

Asoosamoota barreesse keessaa ‘Hawwii’ gara fiilmiitti jijjiiree barreessee ispoonsara barbaadaa jira. “Yeroon Siif Haadhiistuu” afaan Amaaraatti” hiikee barreesseera. Moggaasni asoosama kanaas “Yeroon”.  Akka yaada barreessichaatti, “hojii kalaqaa kanan Afaan Oromootiin barreessu Amaarris  dubbiisu qaba.” Kanaafuu, asoosamni Afaan Oromoorraa gara Afaan Amaaraatti kan hiikame yoo dhibellee, ”Yeroon Siif  Haadhiistuun “ isa jalqabaa ta’a.Seenaa dhugaa ‘Alii Barkii’ jedhamus kan barreesse yoo ta’u,inni kun yeroo ammaa kana gara Afaan Amaariffaatti jijjiiramee mana maxxansaa jira.Garuu sababa dhibee ‘Koroonaaf’ akka yoona ga’e dubbateera.

Lafti dhaloota maatii Isaayyaas Hordofaa, Wallaggaa Bahaa, Magaalaa Naqamtee, Daaloo bakka jedhamu, baakka hundeeffama Moora Yuunivarsiitii Wallaggaati. Bakki kunis, qalaadii maatii isaanii akka ta’e ibsu.

Isaayyaas, kan Miijanaa Gooleeti. Akaakayyuun isaa abbaa qoroo  Daaloo ture; kanaaf sanyii Bakaree wajjin firooma qaba. Akka seenaa isaarraa hubachuun danda’amutti, haati akaakayyuu Isaayyaas, kan Dagaagoo Aammooti. Aammoon ijoollee: Dagaagoo, Bashoo, Godaanaafi Baraartii (abbaa bokkuu Leeqaa Waayyuu ) ti.Haati akaakayyuu isaa kan dhufte, Dagaagoo Aammoorraati. Kanaaf, sanyiin isaa warra Bakaree wajjin hidhata qaba. Haati isaa dhalootaan Harari.Isaayyaas hojii yaaduumeetti akka seenu kan taasiseen, kaka’umsa fedhii gaazexessummaa ta’uuf hawwii qaburraani. Hawwiin isaa mana barumsaa sadarkaa tokkooffaarraa hanga olaanaatti, kuusaa afoola Oromoo adda addaa walitti qabuun, maatiisaaf dubbisaaf;  ni dinqisiifatauuni. Bifa biraanis, asoosamoota gaggabaaboo afaan Amaaraatiin barreeffaman (Abbee Gubbegna; Ke admaas Baashaagger; Ari’aayaafi, kkf) dubbisuun isaa akka fedhii  keessatti uuman isa taasiseera.

Isaayyaas asoosamoota barreessu, seenaa dhugaa wajjin kan walqabateen barreesse, fakeenyaaf ‘Yeroon Siif Haadhiistuu’ magaalaa Jimmaatti yeroo hojii gaazexessummaaf achi ture, Ogummaa barreessuutiin fayyadamuun waan dhaga’eefi isa mudaterraa kaasee barreesseera.

Akkasumas, asoosamni “Hawwii” naannoo bakka dhaloota, hiriyoota waliin dabarse mana barumsaa itti barateedha. Kanaaf, yaadannoo magaalaa Naqamteef kan kennamteedha. Kitaabni “Yoomi Laataa?" kun historical novel dha.Kan barreeffamuu calqabes bara 1992 irraa eegaleeti.Seenaa dhugaan ta’ee darberratti kan hundaa’ee dha.Yaadannoon isaas ilmaan Oromoo saba isaaniif utuu qabsaa’anii Nafxanyoota gabroomfattootaan wareegamaniif kennameedha.

Madda:***Asoosama Tsigeredaafi Haasaa Bilbilaan Barreessichaa faana 03/09/2012 Sa’a 2:10-2:59 taasifameen.***

**1.2. Ka’umsa Qorannichaa**

Ogbarruu Afaan Oromoorratti qorannoowwan taasifamaa jiru. Keessumattuu Oguma afaaniirraatti bal’inaan gaggeeffamaa jira. Haata’uyyuu malee, oguma barreeffama Oromoorratti qeeqni baay’inaan hinjiran. Kunis gama ciminaafi dhadhabina addaan baasuun bifa qorannoon dhiyaatanii hinmul’atan. Kana ilaalchisee Krishnawamy, Vaghesefi Mishra(2001:5) akka itti aanutti ibsu:“Literary criticism is twin-born with literary creation since criticism is part of the creative process. But as a branch of study, literary criticism is concerned with defining, classifying, expounding and evaluating works of literature.”
Yaada olirraa wanti hubatamu, hojii kalaqaa tokko qeequu keessatti ergaa darbu bu’uureffachuun saayinsii qeeqa ogbarruu hordofuun qooduu, madaaluufi hiikuun barbaachisaa ta’uusaati. Qeeqni ogbarruu kalaqa ogbarruu waliin walqabata. Sababni isaas qeeqni ogbarruu adeemsa qaama kalaqaa waan ta’eefi. Akka damee qorannoo tokkootti hojiilee ogbarruu hiikuu, qoqqooduu, madaaluufi gadi fageenyaan hubatanii ibsuudha.

Hojiilee kalaqaa qeequun haala qabatamaa seenaa tokkoo baruuf, haala jireenya barreessaa addaan baasanii beekuu, ergaa qabiyyee hojii sanaa hubachuuf gargaara. Tooftaa ykn mala ittiin barreessaan namfakkiiwwan uumuuf yaale, ergaafi gahee qooddattootaafi kkf fa’i. Dubbistoonni addaan baasanii akka hubataniif gumaacha olaanaa qaba.

Asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman babal’ataa jiraatanis qorannoon firiiwwan asoosamoota kanarratti adeemsifame bal’inaan hinmul’atu. Ka’umsi qorannoo kanaas qaawwaa kana guutuuf yaadameeti. Kana gochuuf qorataan hojii kalaqaa Isaayyaas Hordofaa asoosama ‘Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?’ jedhaman irratti kan filate yoo

ta'u,Sababiin isaan filatamaniifis, asoosamoonni kun sadeen sirnoota darban keessatti seenaa uummata Oromoofi dhiibbaa irra gahaa ture kan of keessa qabu waan ta'aniif,dhiibbaa kana fonqolchuuf immoo shoorri dubartootaa maal akka ta'e ifatti beekuufi.Akkasumas, qabiyyeewwan isaanii: haala bulchiinsaa,aadaa, seenaa, duudhaa, afaan, siyaasa,eenyummaa,diinagdeefi hawaasummaa akkasumas haala jiruufi jireenya uummata Oromoo bifa walitti dhiyeenya qabaniin kan kalaqamaniidha. Sababoota kanaan asoosamoonni kun sadeen akka filatamaan ta'ee jira. Dabalataanis, haala jiruufi jireenya uummata tokkoo keessatti dhimmoonni baay'ee murteessoo ta'an kanneen akka: aadaa, seenaa, duudhaa, amantaa, falaasamaa, siyaas-diinagdeefi kkf maalummaan isaanii dhiibbaa bulchiinsaafi siyaasaatiin badaa deemuu waan danda'aniifi. Halli kunis, sirna mootummoota darban keessatti bal'inaan uummata Oromoorratti qaqqabaa tureera. Kanumarraan kan ka'e, hojiileen kalaqaafi falaasamoonni uummata Oromoo hedduminaan babal'ataafi qoratamaa hin turre. Haa ta'u malee yeroo ammaa kana hojiilee kalaqaa kana xiinxaluufi qorachaa deemuun barbaachisaa ta'ee argameera. Kanaafuu, hojiiwwan kalaqaa filataman sadan keessatti barreessaan namfakkiiwwan dubartootaa gargaaramuun hawaasaafi bakkeewwan jiraatan keessatti gaheen isaan aadaa, seenaa, duudhaa, amantaa, siyaas-dinagdeefi hawaasummaa, uummata Oromoo calaqsiisuuf yaalii godhan xiinxaluun xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ti.

Walumaagalatti asoosamoota adda addaa nama tokkoon barreeffame kana filachuunis kan barbaachiseef,ilaalcha namni tokko gahee dubartootaarratti bakkee garaagaraafi yeroo garaagaraatti qabu beekuufi.Kanaafuu dhimma qooda fudhannaa dubartootaa ilaalchisee asoosamoota filataman kanarratti xiinxalli yoo gaggeeffame, bu'aa guddaa buusuu danda'a jedhamee waan yaadameef, asoosamoonni kun sadan akka filataman ta'eera. Haaluma kanaan, gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaan deebii argachuu malanis haala armaan gadii kanaan dhiyaataniiru.

### 1.3. Gaaffilee Qorannoo

Gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaan deebii argatuu jedhamanii abdataman kanneen armaan gaditti tarreeffamani:

1. Gahee dubartoonni asoosama ‘Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?’ Isaayyaas Hordofa barreesse keessatti qaban maali?
2. Asoosamoota filataman kanneen keessatti hariiroon namfakkiiwwan dubartootaa akkamiin ibsamani?
3. Asoosamoota kana keessatti ciminniifi hanqinni namfakkiiwwan dubartootaa akkamiin tarreeffamani?
4. Asoosamoota filataman sadan keessatti gahee dubartoonni jireenya hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee keessatti qaban akkamiin dhiyaate?

### 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon galma ga’iinsa hojii hojjetamu kamiifuu kallattii gara fuuladuraa agarsiisa.

#### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa ga’ee qooddattootni dubartootaa asoosama filataman keessatti qaban qaaccessuudha.

#### 1.4.2. Kaayyoowwan Gooree

- Gahee dubartoonni asoosama ‘Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa? Isaayaas Hordofaa barreesse keesatti qaban addaan baasuuf,
- Asoosama filataman keessatti hariiroon namfakkiiwwan dubartootaa addaan baasuuf,
- Akkataa Ciminniifi hanqinoolee namfakkiiwwan dubartootaa asoosama filataman keessatti ibsaman agarsiisuu.
- Asoosama filataman keessatti gahee dubartoonni jireenya hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee keessatti qaban ibsuu.

### 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Ogbarruu ilaalchisee:Asafaan (2009:20) yemmuu ibsu,“Ogumi waa’ee jiruu-jireenya dhala namaa ta’ee, namootaan qindeeffamee namootaaf dhiyaata,” hojii hogbarruu tokko qorachuun dhimmoota hawaasa keessa jiraannu beekuufillee nu gargaara. Seenaan asoosama xiinxalli irratti gaggeeffame kanaas, jirruufi jireenya uummata Oromoo mara kan haguuge yoo ta’uu baatellee, gammisa kan dhuunfateedha. Kanaaf, bu’aa qorannoo kanaatti namoonni

garee garaagaraa gargaaramuu danda'u.Haaluma kanaan, hojiin qorannoo kanaa erga raawwate booda bu'aalee armaan gadii nigumaacha jedhamee amanama:

1. Qorataan barreeffama kana ka'umsa godhachuun qorannoo biraa akka qoratuuf daandii saaqa.
2. Xiinxala asoosama kanatti fayyadamuun, asoosamoota Afaan Oromoon barreeffamaaniifi barreeffamaa jiran keessaa gahee dubartootaa xiinxaluufillee nigargaara.
3. Dubbistoonni xiinxala asoosama kanatti dhimma ba'an salphaatti akka firiiwwanasoosamichaarraa argame bu'uureffachuun, kanneen biroo hubachuufillee nitajaajila.
4. Asoosamoota Isaayyaas Hordofaan barreeffaman beeksisuuf bu'aa buusuu danda'a.
5. Namoota asoosamoota Afaan Oromoo biroo irratti xiinxalaa bal'aafi qorannoo waalfakkaataa ta'e gaggeessaniif ka'umsa ta'uu danda'a.
6. Namoota asoosama keessatti gahee dubartootaa beekuu barbaadaniif ,ciicata akka tahuufi qoratamee barreeffamaan akka taa'uuf gargaara

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqinni qorannoo, yeroo qorannoon gaggeeffamu wantoota qorannicha keessatti osoo hojjetamuu qabanii hin hojjetamiin hafaniifi akka qorannichi haala barbaadameen hin qoratamneef gufuu ta'aniidha. Dhimma kana ibsuun ammoo, nama qorataa sana booda qorannoo isaa geggeessuufillee hanqina jiru hubatee irratti gadi fageenyaan akka hojjechuuf qabu kan akeekuudha. Kanaaf, irra guddeessaan hanqina qorannoo kanaa kan ta'e hanqina yerooti. Haa ta'u, malee, dhiphinni yeroo hanqina qorannoo kanaa ta'ullee, qorannichi akka galma ga'uuf qoratichi tooftaa mataa isaa gargaarameera. Inni biroo kitaabilee wabii Afaan Oromoon barreefaman bal'inaan dhabuufi qorannoowwaan mataduree kanaan hariiroo qaban dhabuun muudataniiru. Haata'u malee, qorataan yeroo isaa hanga danda'ametti walsimsiisuuniifi kitaabolee afaan biroon barreeffaman gara Afaan Oromootti jijjiiruun akkasumas interneetiitti fayyadamuun, dhimma itti bahee haala gaariin qorannichaa xumuuruu danda'eera.

### 1.7. Daangaa Qorannichaa

Asoosamni Afaan Oromoo asoosaa adda addaan barreeffaman irratti osoo xiinxalli geggeeffamee bu'aan irraa argamu guddaa dha. Haa ta'u malee, hanqina yeroofi maallaqaa irraan kan ka'e qorannoon kun karaa lamaan daangeffameera. Kunis yeroofi qabiyyeetiini. Hanqina yeroofi maallaqaa irraan kan ka'e asoosamoota matadureen isaa 'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?', irratti kan gaggeeffameedha.Gama qabiyyeen ammoo,gahee dubartootaa  asoosamicha keessatti qooda fudhatan irratti xiyyeeffachuun qaacceffame.Akkasumas, yaaxinaalee asoosamni tokko ittiin xiinxalamu keessaa femeniizimii qofaa irratti xiyyeeffachuun asoosamicha hiikuufi qeequuf  daangeffameera.

### 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qindoominni qorannoo bakka itti hojiileen boqonnaa jalqabaa hanga dhumaatti hojjetaman kan agarsiisaniidha. Kunis,Boqonnaa Tokko keessatti: Seenduubee  qorannichaa, Ka'umsa qorannichaa, Kaayyoo qorannichaa,Barbaachisummaa qorannichaa, Hanqina qorannichaafi Daangaa qorannichaa yemmuu ta'an, Boqonnaa Lama keessatti: Sakatta'a barruu walfakkii qorannichaan walhidhatan kan hammateedha. Boqonnaa Sadii keessatti: saxaxa qorannichaa, mala qorannoo,irraawwatama, iddattoo, meeshaalee funaansa ragaafi adeemsi qorannichaa kan keessatti ibsamaniidha.Ragaalee kanneen qindeessuuf: calqaba kitaabilee sadan tokko tokkoon irra deddeebi'amanii haala qabxii mirkanee irratti ba'e bu'uureffachuun ergaan barbaadame kopha kophaatti erga funaanameen booda mata duree mata dureedhaan bakka tokkotti walitti fiduun kan qindeeffameefi matadureewwan xixiqqoo ta'an immoo bakka tokkotti kan  qindeeffamaniidha.Boqonnaa Afur keessatti: ragaalee dhiheessuufi qaaccessuu yoo ta'u,Boqonnaa Shan keessatti ammoo,cuunfaa argannoofi yaboon qorannichaa wal duraa duubaan  qorannicha keessatti dhihaataniiru.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun, barruuwwan qorannoo kanaan walqabataniifi aantee ta'an kanaan dura hojjetaman of keessatti hammatee dhiyaateera. Haaluma kanaan, boqonnicha jalatti, qabxiileen dhiyaatan, Yaadrimeewwan Bu'uura Qorannichaa, Ogbarruu, Qeeqa Ogbarruu Yaaxxinaalee Qeeqa Ogbarruu, Femenizimii, Qeeqa Femeniizimii, Qeeqa ogbarruu Femeniizimii, Gosoota Feeminiizimii, Hojiiwwan Mata Duree Kana Jalatti Gahee Dubartootaarrattiifi sakatta'a barruu wal-fakkii kutaa kana jalatti kan dhiyaataniiru.

## 2.1. Yaadrimeewwan Bu'uura Qorannichaa

Mata duree kana jalatti yaadrimewwan qorannoo kanaaf bu'uura ta'an kan dhihaatan yemmuu ta'u, matadurewwan adda addaatti qoqqodamuudhaan kan ibsaman yoo ta'an,ogbaruu,qeeqa ogbarruu,yaaxxina ogbarruu, femeniizimii,gosoota femeniizimii,qeeqa femeniizimii,qeeqa ogbarruu femeniizimiifi dambaliiwwaan femeniizimii ibsamanii jiru.

### 2.1.1. Ogbarruu

Ogbarruun seenaa dhala namaa keessatti bara dheeraaf kan ture waan ta'eef, yaadawwan hedduun kan itti kenname, falmiwwaniifi qorannooleen hedduu kan irratti gaggeeffameedha. Ogbarruu ilaalchisee wantootni baay'een jedhamaniiru. Maalummaasaa, faayidaasaa, amalasaa, wanta inni ofjalatti haammatu, dhiibbaa inni namarraan ga'uu ilaalchisee wantootni hedduun jedhamaniiru. Ogeessota ogbarruun alas, ogeessotni biroo kallattii ogummaa isaaniitiin ilaaluun hiika itti kennuu yaalaniiru. Kunis ogbarruun dhimma baay'eefi damee hedduu kan ofjalatti qabuufi akaakuwwan beekumsaa baay'ee wajjin kan walxuxuqu ta'uusaa nuhubachiisa. Dhimma kana, Asafaan (2009:16-17) yeroo ibsu, "Ogbarruun ogummaa umurii dheeraa waan qabuuf qorannoon adda addaa bal'inaan irratti gaggeeffameera. Yaadniifi mormiiwwan garaa garaas irratti dhihaataniiru. Haala bal'ina ogbarruu, faayidaafi maalummaa isaarratti waan hedduun jedhameera." jedha

Kunis, hiikniifi yaadrimeen ogbarruuf kennamu bal'aa ta'uusaa kan nu hubachiisu yemmuu ta'uu, jiruufi jireenya dhala namaa kan mul'isuu,bifaafi amala hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu akka ta'e agarsiisa. Kana jechuunis, ogbarruun bifa hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa hawaasa tokkoo agarsiisuurra darbee aadaa, duudhaafi barsiifata hawaasichaa kan

ibsu; akkasumaas, amala, ta'iinsa, xinsammuufi ilaalcha nama hawaasicha keessa jiraatuu ni calaqqisiisa jechuudha. Kanas, Asafaa yeroo ibsu akkas jedha:

> Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiheessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa ibsuudha. …waan ta'eefis hayyuulee ogbarruu biratti hayyuuleen seenaa, kan falasamaa, kan siyaasaa, kan seeraafi kanneen biroollee gama ogummaa isaaniitiin ilaaluudhaan hiikawwan adda addaa kennanii jiru. Gabaabumatti, yaadrimeen ogbarruu bal'aa umuriidhaanis dheeraafi xiyyeeffati isaas jiruufi jireenya/finna uummataa ta'uun isaa, ogbarruun hiika adda addaa akka qabaatu taasiseera.

Akkasumas, ogbarruun Hojii kalaqaa ta'ee dhugaafi muuxannoo jireenya dhala namaa miidhagsee haala miiraafi qalbii namaa hawwatuun kan dhiheessu ta'uusaa, Tashoomaafi miiltooowwan isaa (1994:15) yeroo ibsan, "Ogbarruun sammuu dhala namaatiin kan uumamu, jechoota filatamoon kan ibsamu, miidhagina kan qabu, haqniifi jireenyi kan ittiin ibsamu, miiratti kan dhaga'amu …." jedhu.

Walumagalatti, ogbarruun beekumsa waa'ee dhala namaafi waa'ee jireenyaa qabnu bal'isuurra darbee naannoo keenyaafi hawaasa keenya akka hubachuu dandeenyutti kan nu qopheessu, haqa jireenyaa dhihaaturraa ka'uunis namas ta'e hawaasicha madaaluu kan nudandeessisu dammaqina sammuu nuuf kenna. Kanaanis, gochaafi amala namarratti arginu akka qeeqnu, sochii hawaasicha keessatti taasifamu akka xiinxallu nu taasisa.

Akkuma armaan olitti caqafame ogbarruun jireenya dhala namaa calaqisiisa. Jireenyi ammoo hawaasummaan kan mul'atu waan ta'eef, ogbarruufi hawaasummaa gidduu hariiroo cimaan akka jiru agarsiisa. Kun ammoo hawaasni kamiyyuu ogbarruu mataasaa akka qabu kan mul'isu yemmuu ta'u, jijjiiramaafi guddina hawaasni tokko agarsiisaa deemu faana bifti, qabiyyeefi yaadrimeen ogbarruus jijjiiramaafi gabbachaa akka deemu nu hubachiisa. Dhimma kana, Tashoomaafi miiltooowwan isaa (1994:16) yeroo ibsan akkas jedhu.

> Seenaafi dagaaginni ogbarruu hammayyaa seenaa dhala namaatiin kan walqabateedha. Falaasamni hawaasaa, ilaalchiifi hubannoon hayyoota ogbarruu, haalli siyaasaa, qaroominaa, fedhiin uummataafi beektotaa akkuma jijjiiramaa deemeen, biftiifi qabiyyeen ogbarruus jijjiiramaa deemee. Jijjiirama ogbarruu yeroo adda addaa mudate keessattis asoosamni akka gosa ogbarruu tokkootti uumamee yeroodhaa gara yerootti innis jijjiiramaa hanga ammaatti tajaajilaa jira.

Kunis, bifoota ogbarruu keessaa tokko kan ta'ee asoosamni jijjiiramaafi guddina ogbarruun qaroomina hawaasaa wajjin agarsiisaa dhuferraa kan madde ta'uusaafi yeroo yeroottis jijjiiramaafi fooyya'aa kan jiru ta'uu isaa agarsiisa. Akkasumas, asoosamni muuxannoofi muudannoo jireenyaa bal'inaan dhiheessuuf ga'umsa waan qabuuf seenaa guddina ogbarruu keessatti akka bu'aa guddaatti fudhatama .Yaada kana, Tashoomaafi miiltooowwan isaa (1994:7) yeroo ibsan, "Asoosamni jireenya hawaasummaa haala gammachiisaa ta'een bal'inaan ibsuuf humna qaba. Mudannoolee adda addaa dhala namaa mudatan dhiheessuu ni danda'a." jedhu . Kanaafuu, asoosamni yeroo ammaa bifoota ogbarruu hawaasa hedduu keessatti tajaajila bal'aa kennaa jiran keessaa isa tokko ta'uu danda'eera. Hawaasni Oromoos tajaajilamtoota yookiin fayyadamtoota bu'aa kanaa keessaa isa tokkoodha. Garuu, Asoosamni Oromoo sadarkaa barbaadamuun guddatee waan hinjirreef, bu'aan isaa quubsaadha nama hin jechisiisu.

### 2.1.2. Qeeqa Ogbarruu

Maalummaa qeeqaa ilaalchisee hayyoonni ogbarruu adda addaa yaada garaagaraa kennaniiru. Kanneen keessaa Mario, (2005:100) yoo ibsu,

> "...the term literary criticism can refer to the literary interpretation of texts as well as their evaluation. For that reason, ''literary critique'' is sometimes used to differentiate between the interpretation of a text and the evaluative criticism that often occurs in connection with literary awards and book reviews,"jedha.

Akka yaada kanaatti qeeqa ogbarruu jechuun hojii ogbarruu tokkoo madaaluufi hiikuu/ibsuu of-keessatti hammata yookaan hojii ogbarruu tokko madaaluun hiika itti kennuu jechuudha. Kanas yeroo raawwatan ciminaafi hanqina ogbarruun sun qabu addaan baasuun fooyyeessaa deemuudha. Kunis kan taasifamu, hariiroo akkaataa barruun tokko itti hiikamuufi madaallii qeeqoo gidduu jiru adda baasuun, kan fooyya'uu qabu barruu duraanii waliin wal-qabsiisaa fooyyessaa akka deemaniif nama gargaara.Haala kana keessatti cimina mul'ate onnachiisuufi hanqina mul'ateef irraa deebi'amee fooyya'ee akka barraa'u taasisuun barbaachisaa akka ta'e namatti agarsiisa.

Yaaduma kanaan kan wal-fakkaattu ragaan toora interneetii tokko irraa argamte akkas jetti:

"Literary criticism comes in various shapes and aims. At best it poses searching questions of the writer, and insists that he understands how the arts, the sciences and philosophy have different but coexisting concepts of truth and meaning." (thhp://WWW. textetc.com/ Criticism.htm).

Yaadni olii kunis kan agarsiisu, yaaxxinni qeeqa ogbarruu rogaafi kaayyoo garaagaraa qabatee kan dhiyaatuudha. Dhimmoota inni irratti xiyyeeffachuun hojii ogbarruu tokkoo madaalus, gaaffiin barreessaa ogbarrichaa maal akka ta'e, ogummaa /aartii akkamitti akka fayyadamee barreesse, yaadota saayinsiifi falaasamaa haala kamiin adda baasee akka itti gargaarame, waan ibsuu barbaadeefi yaad-rimeen isaa hangam akka wal-qabataniifi wal-tumsaa deeman kanneen jedhaman irratti fuulleffachuun hojiin ogbarruu tokkoo qeeqamuu akka danda'u namatti agarsiisa.

Haaluma kanaan hojiin ogbarruu qeeqamuus kan jalqabe bara qaroomina warra Girikiirraa eegalee akka ta'e hayyoonni ogbarruu tokko tokkoo ragaa ba'u. Kanneen keessaa M.A.R. Habib (2005:1) akkas jedha,

> Our English word 'criticism' drives from the ancient Greek term krites, meaning ''judge.'' Perhaps the first type of criticism was that which occurred in the process of poetic creation itself: in composing his poetry, a poet would have made certain ''judgment'' about the themes and techniques to be used in his verse, about what his audience was likely to approve, and about his own relationship to his predecessors in the oral or literary tradition.

Akka yaada olii kanaatti jechi 'qeeqa' jedhu jecha Giriikotaa duraanii '*krites*' jedhamurraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas murtoo kennuu akka jechuuti. Hojiin isaas kan jalqabe adeemsa waloon tokko walaloosaa ittiin barreessu, qindeessu, dhaamsa ittiin dabarsu, haala ijaarsa bo'oowwan walaloo, dhiibbaa walaloon sun miira dhaggeeffataa yookaan dubbisaa isaarraan ga'uufi hariiroo inni hordoftoota isaa waliin qabu addaan baasanii beekuuf kan itti gargaaramaan akka ta'e namatti mul'isa.

Dabalataanis, M.A.R. Habib (2005:3) maalummaa qeeqaa yoo ibsu, ''Criticism is the practice of analyzing, classfying, interpreting or evaluating literary or other artistic

work’’jedha. Kunis kan agarsiisu, karaalee hojiin kalaqaa tokkoo haala qabatamaa ta’een xiinxalamu, qoodamu, hiikamuufi madaalamu ta’uusaatuu hubatama.

Bifama wal-fakkaatuun, ragaan toora inteerneeta irraa argame tokko maalummaa yaaxxina qeeqaa ogbarruu ilaalchisee akkasitti kaa’a: “literary criticism is the study, evaluation, and interpretation of literature. Modern literary criticism is often influenced by literary theory.’’ (http://WWW.goagle.com/search?q=Luterary+ Criticism and ie=utf.8 and aq=t an rls=or.)

Akka yaada olii kanaatti qeeqa og barruu jechuun karaalee ogbarruun tokkoo ittiin qoratamu, madaalamuufi ibsamu, jechuun nidanda’ama. Qeeqni ogbarruu ammayyaas, ogbarruun sun akkamiin akka kalaqameefi galmi isaa maal akka ta’e beekuuf yaaxinaalee ogbarruutti gargaaramuun qorachaafi madaalaa kan deemu ta’uu agarsiisa.

Dabalataanis , maalummaa qeeqaa ilaalchisee Baldick, (2001:43) akkas jedha;

“Criticism is analysis of its structure and style, judgment of its worth by comparison with other works, estimation of its likely effect on readers and the establishment of general principles by which literary works (individually in categories or as a whole) can be evaluated and understood.”

Akka yaada kanaatti, qeeqa ogbarruu jechuun hojiin ogbarruu tokko keessatti caasaa afaanichaa, akkaataa inni itti dhiyaate, dhaamsa isaa,jijjiirama inni sammuu dubbisaa isaarratti fidu,qajeelfama walii galaa hojii ogbarruu tokko ittiin madaalaniifi hubatan kan of keessatti haammateedha.Kunis ciminaafi hanqina ogbarruun tokko qabu kan beekamuu danda’amu,erga qeeqameen booda ta’uu isaa namatti agarsiisa.

Gama biraatiin, Hayyuun Lodge, (1988:63) jedhamus hiika qeeqa ogbarruu yoo ibsu:

> Criticism consists of judging and appreciating recent works with a view to helping the public make up its mind, and ascientic function which consists of a positive study, closely with a view of knowledge of the conditions of existence of literary, works or the materiality of the text, source, psychological or historical origins, etc. jedha.

Akka yaada hayyuu kanaatti,karaaleen hojii ogbarruu tokkoo ittiin madaalan, dinqisiifatan, sammuu dubbistootaa kakaasan, maddaafi seenaa isaa qoratan akkasumas wantoota hawaasa

keessaatti mul'atan calaqqisiisuu isaanii karaa ittiin madaalaniifi xiinxalan akka ta'e namatti agarsiisa.Hojiin qeeqaas kanjalqabe jaarraa 18ffaa dura walaloo irratti akka ta'e hayyootni tokko tokko ni ibsu.

Yaada kana ilaalchisuun Dutton, (1984:15) yoo ibsu, ''...Any criticism written before approximately 1800 may be understand criticism of creative literature in general''jedha.

Akka yaada kanaatti, seenaan jalqabbii qeeqa ogbarruu qeeqa walalootiin wal-qabata. Kunis hanga hojiin kalaqqii asoosamaa jalqabutti walaloon akka ogummaa kalaqa walii galaatti ilaalama akka ture agarsiisa. Haala kanaan qeeqni jaarraa 18ffaa dura qeeqni walaloo akka qeeqa barruu kalaqaa hunda hammatutti fudhatamaa ture.

Ogbarruun tokko yeroo qeeqamu, hanqina inni qabu qofa osoo hintaane cimina isaallee waliin kaa'aa deemuun barbaachisaadha. Yaada kanaan kan wal-fakkaatuu, Abdiin, (2015:6), Wall (2010) wabbeeffachuun akkas jedha, ''...qeeqa irratti yaadolee garaagaraa lama akka jiraniidha. Inni jalqabaa ceepha'uun hanqina inni qabu baasuu yoo ta'u, inni biraan hanqina qofa osoo hintaane cimina hojiin sun qabus kan hammatuudha.'' jedha.

Yaada olii kana irraa waan hubatamu, hojiin ogbarruu tokko yeroo qeeqamu ciminaafi hanqina inni qabu addaan baasaa deemuun guddina ogbarruu sanaaf murteessaadha. Haala kana keessattis, ciminni argame akka itti fufuufi hanqina mul'ateef ammoo fala akka barbaadan kallattii kaa'uun bu'aa qeeqni fide ta'uu namatti agarsiisa.

Namichi M. Ellis, (1974:54) jedhamu faayidaa qeeqni qabu ilaalchisee akkas jedha, ''….the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might other lucid is have missed.''

Yaada olii kanarraa wanti hubatamu, faayidaan qeeqa ogbarruu tokkoo, barruun qeeqame sun dubbistoota biratti akka jaalatamu taasisa. Akkasumas, ciminaafi hanqina barruun sun qabu adda baasuun ciminni argamee akka jajjabaatuufi dinqisiifatamuu nitaasisa. Gama birootiin ammoo hir'ina mul'ateef falli akka barbaadamuuf kallattii kaa'a. Hojiin ogbarruu seenaas gadi fageenyaan ni ibsa yaada jedhu qaba.Ogbarruun tokko dhimma barreeffamuuf niqaba.

Dhimma isaa hubachuuf ammoo dubbisuufi qeequun murteessaadha. Ogbarruu qeequun ammoo ogummaafi muuxannoo barbaada.

Namni ogbarruu qeequ tokko maal gochuu akka qabu, Encyclopedia Britannica yoo ibsu, "Critics ask what literature is? What it does?and what it is worth?"jedha.
Akka hiika kanaatti, namni ogbarruu qeequ tokko maalummaa, faayidaafi gatii ogbarruun qabu cimsee gaafachuu qaba. Dabalataanis, yaaxxinoota adda addaa fayyadamuun sakatta'uu gaafata.

### 2.1.3. Yaaxxinaalee Qeeqa Ogbarruu

Hojii ogbarruu tokko qeequun dura maalummaafi ulaagaalee inni ittiin qeeqamu beekuun barbaachisaadha. Kanaafuu, maalummaa yaaxxinaalee qeeqa ogbarruu ilaalchisee, hiika namoonni garaagaraa kennan kutaa kana jalatti dhiyaateera. Haluma kanaan, Carter, (2006:14) maalummaa yaaxxina qeeqa ogbarruu ilaalchisee akkas jedha:

> The problem is that defining what counts as theory and what one means by 'literary' is not an easy task. More critics and theorist have grappled bravely with the problem but have finally give up declaring that it does not matter analyze some theorists head one to the conclusion that literary theory; theory does not real exists as an independent discipline, there is many claim just 'theory', theory about everything.

Akka yaada kanaatti, maalummaa qeeqaafi yaaxxina isaaf hiika salphaafi gabaabaa ta'e kennuun rakkisaa akka ta'e agarsiisa. Bifuma kanaan, namoonni yaaxxina garaagaraa hundeessuun hojiilee ogbarruu qeeqanis maalummaa isaa ibsuun ifaafi salphaa akka hintaane ibsaniiru.

Gama birootiin maalummaa yaaxxina qeeqa ogbarruu ilaalchisee Klages, (2006:18) yoo ibsu,

> These are the kinds of questions that literary theory helps us answer we will still probably always be concerned with closer reading and asking of a text. 'What does this mean?' But we will also concern with how does this mean, what does it produce and what effect does that have on us and on our world? That what 'literary' ultimately is about.

Yaadni kun kan ibsu, wayita ogbarruu tokko gadi fageenyaan dubbisnu, gaaffileen wanta dubbifnu sana irratti ka'uu malu. Gaaffileen ka'uu malan kunis kanneen akka: Kana jechuun

maal jechuudha? Akkamitti akkas ta'a? Bu'aa maalii qaba? Miidha maalii qaba? Rakkoo inni addunyaatti fidu maalii?fi kkf ka'uu malu. Yeroo kana taasifinus ogbarricha sana qorachaafi madaalaa kan deemnu ta'uu agarsiisa. Yaadonni ogbarruttis kan qoratamaniifi madaalaman ulaagaalee yaaxxina qeeqaa kanatti gargaaramaniiti.Haala kanaan maalummaa yaaxxina qeeqa ogbarruu bifa salphaa ta'een haala kanaan hubachuun akka danda'amu namatti agarsiisa.

Yaaduma olii kanaan kan wal-fakkaatu maalummaa yaaxxina qeeqaa ilaalchisee, Castle (2007:9) akkasitti kaa'a,''The term literary theory is used to cover collection of principles and assumption that govern theoretical reflection on the nature and function of literary works.'' jedha.

Akka yaada kanaatti, jechi yaaxxina ogbarruu jedhu qindoomina qajeeltoowwaniifi yaadota bu'uuraa kanneen amalootaafi faayidaan ogbarruu tokkoo ittiin ilaalamu yookaan madaalamuudha. Yaaduma kanaan kan wal-fakkaatu, ragaan toora interneetarraa argamte tokkos akkas jetti, ''Literary theory in a stnict sense is the systematic study of the nature of literature and of the methods for analyzing literature'' (https://en WiWikipedia. Org/wiki//Literary-theory)

Akka yaada kanaatti, yaaxxinni ogbarruu tooftaa maalummaa hojiin ogbarruu tokko ittiin qo'atamuufi xiinxalamuudha. Seenaan isaas bara qaroomina Giriikii kan tureefi jaarraa 20ffaarraa eegalee, akka ogummaa tokkootti hojiirra ooluu kan eegale ta'uu agarsiisa.

Walumaagalatti, yaadoleen kun kan argarsiisan hojiin ogbarruu tokko yaaxxinaalee qeeqa ogbarruutti dhimma ba'uun yeroo qeeqamu hanqina isaa qofa irratti kan xiyyeeffatu osoo hintaane, cimina isaallee waliin kaasuun murteessaa akka ta'e hubachuun danda'ameera.

**2.2. Feeminizimii**

Jechi dhimma dubartii (feminism) jedhu kan calqabe biyya Faransaay fi Nezerlaandiitti bara 1872 keessa yoo ta'u, Inglizii keessatti bara 1890fi Ameeriikaa keessatti immoo bara 1910 tti calqabame; sana booda biyyoota garaagaraa keessatti babal'acha dhufe.

Yaaxinni Dhimma Dubartii waa'ee sochii dubartoota keessatti walcaalmaa korniiyaa, ga'ee dubartootni hawaasa keessatti qabaniifi muuxannoo jireenya isaanii karaa adda addaa hubachuudhaan, yaaxina garaagaraa irratti deebii qabatamaa kennuuf karaa ijaarsa naamusa

hawaasummaa koorniyaafi saala hubachiisuun walqixxummaa mirga dubartii eegsiisuuf kallatti hundaan itti fufe. Toorrii interneetti yaada kana yoo gabbisu:

> Feminist theory, which emerged from the feminist movement aims to understand the nature of gender inequality by examining women's social roles and lived experience, it has developed theories in a variety of disciplines in order to respond to issues such as the social construction of sex and gender, Feminist comdirectory (http://www.fmenisteom/resource/links*)*

Xiyyeeffannoon yaaxina armaan olii adeemsa jiruu fi jireenya keessatti sochiin dubartii walcaalmaa korniiyaa, saalaa, ga'ee isaan qaban, muuxannoo isaan ijaarsa hawaasummaa keessatti qaban maal akka fakkaatu nu hubachisa.

Yaadrimee feminizimiirrattii hiikni adda addaa hayyota garaagaraan kennemaa tureera; kennamaas jira. Kanneen keesaas, (Ruth:1998:5):

Feeminizimiin dhimmotaa gama koorniyaan hinkaaneefi xiyyeeffannoon hin kennamnerratti gaaffii kaasuun furmaata kan barbaadu yommuu ta'u, dhimmi ijoo isaas hawaasni dhiirotaafi dubartootaaf hawaas-aadaa keessatti garaagarummaa sadarkaa jiru beekuufi sakatta'uun, garaagarummaa uumamuuf sababoota kan ta'anirratti ibsaafi bu'aasaa kan hubachiisuudha.

Hiika oliirraa wanti hubatamu, dhimmoota mirga dubartootaa kabachiisuu giddugaleessa godhataniidha. Feeminizimiin dubartoonnii siyaasaan, hawaasummaan, dinagdeefi amantaan mirgaa walqixaa dhiirotaa waliin qabaachuu qabu ilaalchaa jedhu qaba. (Pater, 2010:30)

Sochii feeminizimii keesatti, kaayyoon feeminizimii inni guddaan, sirna olaantummaa dhiirotaa keessatti miidhama hawaas-aadaan irraan ga'aa tureefi irraan ga'aa jiru, ofuma isaaniin akka hubatan kan tasiisuufi jijjiiramaaf kan kakaasu, mirga isaaniif sagalee isaanii akka dhageessisan kan taasisuudha.

Sochiin yaaxina kanaa dubartoota kaayyoo godhachuun, dubartoonni hawaasa keessatti kaka'umsa uumuu, maalummaafi eenyummaa isaaniif haala jiireenya isaanii akka of hubatan, sirna olaantummaa sadarkaa hawaas-aadaan murteesseef falmachuuf, ofuma isaanii akka murteeffatan kan kakaasu, hariiroo hawaasa wajjin qaban murteeffachuu qabanirratti sagalee falmii kan qabuudha.

Feeminizimii, ilaalchisee Nenola (1993:49) yemmuu ibsu, hawaasa sirna olantuumma dhiiraa keesatti, miidhaa dubartootarra ga'aa ture kan mormu, sagalee isaaniif bakka kennuuf kan quuqamuudha.

Yaada oliirraa hubachuun kan danda'amu, hawaasa sirna olantummaa dhiiraatiin dubartoonni hawasummaan, seenaadhaan, olaantummaa kamiinuu ta'an hubachiisa. Kanaafuu, yaaxinni kun addunyaa olaantumma hiree olantummaa kam keessattuu walqixa hirmaachuu akka qaban, akkasumas akka mirgaa isaaniif falmatan kan taasisuudha.

Krishnawamy, Vaghesefi Mishra(2001) yaadrimee feeminizimii jedhu sochii siyaasaa, aadaafi dinagdee mirga walqixxummaafi eegumsa seera dubartootaa ijaaruurratti kan hundaa'eedha. Feeminizimiin yaadiddamaafi falaasama dhimma garaagarummaa koorniyaa, akkasumas sochii walqixxummaa koorniyaa, mirgaafi fedhii dubartootaarratti kan xiyyeeffate ofkeessaa qaba jechuun ibsu. Dabalataanis, waa'ee feeminizimii ilaalchisee yemmuu ibsan: feeminizimiin gadifageenyaan kan inni irratti xiyyeeffatu dhimmoota rakkoolee koorniyaatiif furmaata barbaaduurratti jedhu.

Kanaafuu, feeminizimii jechuun yaadiddamaafi falaasama mirga walqixxummaa koorniyaafi eegumsa seera dubartootaa ijaaruurratti kan buu'uureffateedha.

Yaada kana cimsuun, Evans(1997), Baker(2008)fi Cuddfi Anderson(2005) jecha feeminiizimii hiikuun hojii salphaa akka hintaane ibsu. Kunis, jechoonni baay'een kan baaqqee hinta'in hiikni murtaa'aan kan yaadotaafi ilaalchota dubartoonni hundi qaban kan mirkaneessan heddumminaan waan jiraniif. Kanaafuu, ibsaafi haala feeminiizimii walxaxaa ta'e kana hubachuun, Isuman (1997: 63) haala armaan gadiitiin kaa'eera:

Feeminizimiin aadaa isaa keessatti, walxaxaa ta'aa kan dhufeefi jechichi amma kan barbaadu safartuu diiggaa ijaarsaa jiruuti. Kunis yoo nuti ilaalcha kana keessaa baaneedha. Oliyyannaan garaagaraa kan sochiin kun uumu gara sagalee kennuu filannaa bakka bu'ootaatti yoo ce'eedha.

Ibsa oliirraa kan hubatamu, yeroo ammaa kana dubartoonni iddoo garaagaraa jiran garee xixiqqoo adda addaatti qoqqoodamanii waan jiraniif, hiika feeminizimii kan hunda isaanii ofkeessatti haammatu argachuu kan danda'amu miti.

Gaaffii dubartootni akkamitti hojii Artii fi ogbarruu keessatti yaada adda ta'e tokko gara dhimma dubartittii fiduun dand'ama jedhuuf bal'inaan itti kennamee jira. " Feminist criticism examines the ways in which literature and other cultural production reinforce or undermine the economic, political, social and psychological oppression of women." Tyson (1999:83) Akka Yaada kanaatti,Qeeqoon ogbarruu dhimmi dubartii karaa qorannoo ogbarruufi aadaa dirqisiiuun ykn tuffachuun diinagdee, siyaasaa, hawaasa, xinsammuu dubartii irratti dhiibbaan gahuu isaa nu hubachiisaa.

Yaada armaan oli kana kan jabeessu: yaadan toora interneetii irraa argadhe akka armaan gadii kana jetti:

> Feminist literary criticism is the most interesting and most difficult of all definition. Feminist literary criticism analyzes another author's work but with a feminist slanf… in every author works, the female characters have strong presence whether good or bad. Feminist literary criticism examines the author's female characters and assesses their role within the author's work.(http://hubcapelemson.edu/spark (Flklfiterit.htm)

Hiikkaan dhimma dubartii qeequu kaayyoo isaa irratti xiyyeeffachuun akka gaarii ta'e yaada olii keessatti haalaan ibsamee jira. Itti dabalees, barreessitootni kan akka Patrick, hiikkaa armaan duraa heerame cimsaniiru. Innis akkas jedhe dhimmi dubartii moggaasa (term) hojii ogbarruu qeequun karaa qorannoo yaada qabxii dubartii (female point of view), karaa dhiphaa fi sonaatiin. Akka yaada isaatti, qeeqni dhimma dubartootaa kan hammatu hojiin ogbarruu kan dubartii qofa osoo hin ta'iin hojii ogbarruu kan dhiiraa kan walitti qabuu jirachuun akka waan tokko irraa hubataaniif isaan gargaara.

Haata'u malee, dubartoonni eenyummaa isaanii kan gadibuusaa ture dandammachuudhaan mirga isaaniif falmachaa turaniiru. Kana hambisuuf, barreessitoonni dhuunfaafi xiinxaltoonni waa'ee mirga dubartoota kanaaf yeroo dheeraaf qabsaa'aa turaniiru. Garee hojiilee ijoo waa'ee dhimma walqixxummaafi mirga dubartootaarratti hojjetan, walitti fufiinsaan ka'umsa yookaan madda feeminizimii kanneen eeraman keessatti ibsameera. Isaanis: Theodor Gottlieb Von Hippel's (1974) kitaaba isaa, Civil Improvement of Women, akkasumas; John Stuart Mill's (1869) ibsaniiru.

Yeroo taateen seenaa kanaa eegalee ilaalchi feeministii muummeewwan hunda keessa seenuudhaan dhimmoota dubartootaa gara fuulduraatti fiduu danda'eera. Muummeewwan sochii kana keessatti fudhatama hinqabne keessaa tokko qeeqa ogbarruuti. Yaada feeminizimii qabaachuun kan barbaachiseef qeeqa ogbarruu duraan jiru hambisuuf, qeeqa ogbarruu haaraa kan dhimma dubartootaa giddugaleessa godhate hundeessuufi. Akka feeministoonni jedhanitti, qeeqa ogbarruu duraanii dhabamsiisuun kan barbaachiseef sababa ilaalcha sirrii hintaaneefi maalummaa dubartootaa waan gadibuusuufi.

Akka Josephine(1989) jedhutti, sababni adeemsa haaraa kana fudhachuun barbaachiseef, ogbarruufi qeeqni ogbarruu ilaalcha dhaabbataa dur olaantummaa dhiirotaa leellisuufi duudhaalee aadaa keenyaa sadarkaa dubartootaa gara fuulduraatti fiduun kan guutamaniidha. Kanaafuu, feeministoonni qabxiilee kaa'aman kana dhugummaa isaa fudhachuu qabu.

Haaluma walfakkaatuun, ilaalchi qoodiinsa koorniyaafi ilaalcha durii yookaan gadaantummaa dubartootaa, seerota yookaan naamusoota ogbarruufi qeeqa ogbarruu akkasumas, hagam muuxannoon dubartootaa akka dhiibamu hubachuun Cheri Rjister, Josephine (1989:10) keessatti haala armaan gadiitiin ibsiti: "Only expenences encountered by male characters are called "universal" or basic to "the human condition". The "female experience" is peripheral to the central concern of literature which is man's struggle with nature, God, fate, himself, and, not infrequently,women."

Muuxannoo dhiirotaa qofaatu akka beekamtii waliigalaa qabutti fudhatama; yookaan dhala namaa hundaaf barbaachisaa ta'etti ilaalama. Muuxannoon dubartootaa dhimma giddu galeessummaa ogbarruu keessatti akka haguuggii gadaanaatti fudhatama. Kunis, qabsoo dhiirotaa uumama wajjin, Waaqaa wajjin, carraa jireenyaa wajjin, matuma isaa wajjin, walitti fufiinsaan yoo ta'uu baateyyuu dubartootaa wajjin gaggeessuudha.

Qeeqni ogbarruu feeministii, qeeqa ogbarruu duraanii ni qeeqa. Kunis waan sirriitti dubartoota bakka hinbuuneef, hojii ogbarruu kallattii garaagaraatiin jiru ilaaluu filata. Brownfi Karen (1976) akka ibsanitti, adeemsi kun kan inni irratti xiyyeeffatu, keessa deebii hojii gara boodaa hubachuu, ija haaraadhaan ilaaluu, barreeffamoota durii ilaalcha kallattii haaraan bakka buusuu akka ta'e agarsiisa.

Akka Steven (2004) barreessetti, barreeffamni dubbisa ogbarruu haaraa, qeeqni feeministii kan madde, ilaalcha nuti koorniyaaf qabanurraati. Dabalataanis, akka ibsa hayyuu kanaatti, sababa qophiifi fudhannaan ogbarruu gara caalu dhiirotaan to'atamuuf, ga'een koorniyaa dubbisuufi barreessuu keessatti xiqqaatee waan mul'ataa tureefi. Kanaafuu, wanti qeeqni feeministii hojjetu hojiiwwan dubartootaan barreeffaman dandammachiisuu qofa osoo hintaane, dabalataan barreeffamoota ogbarruu biroo kanneen gadifageenyaan waa'ee cunqursaa koorniyaa, ilaalchotaafi yaadota dubartoota miidhan saaxiluu dubbisuu qabu jechuun ibsa. Kanarraa ka'uun, qoratichis gahee dubartootni asoosama filatame sadan keessatti qaban xiinxaluuf qorannoo isaa adeemsise.

### 2.2.1. Danbaliiwwan Feeminizimii

#### 2.2.1.1. Danbalii Feeminizimii Tokkoffaa

Yeroo sirriin danbalii feeminizimii jalqabaa itti hundaa'e, feeministootaa garaagaraa biratti haala adda addaan kan kaa'ameedha. Yaada kana Cuddfi Anderson yoo ibsan, waqtiin feeminizimii jalqabaa dura bu'ummaan barreeffaman Mary Wollstonecraft *"A vindication of the rights of women* (1792) jedhu waliin kan walqabateedha.

Feeministoota garaagaraa gidduutti yeroo sirrii danbaliin feeminizimii jalqabaa itti eegalerratti waldhabdeen yoo jiraateyyuu, danbaliin feeminizimii inni jalqabaa gaaffilee walqixxummaa dubartootaa isa jalqabaa kan kaase ta'us, feeministootni hundumtuu dhiibbaa 'pozetivaa' ta'eefi jijjiirama qabatamaa feemnizimiin fide irratti waliigalu. Kanaafuu, uumamuu danbalii feeminizimii kanaaf sababni, feeministoonni garaagaraa sababa walitti bu'iinsa haala siyaasaafi diinagdee wajjin walhaaqabsiisan malee, gaaffilee walqixxummaa dubartootaa isa jalqabaa kan kaase ta'uu isaa nu hubachiisa.

Walumaagalatti, kaka'umsa danbalii feeminizimii jalqabaa kanaaf, walitti bu'iinsa haala siyaasaafi diinagdee murtaa'e guddina liberaalizimii, kaapitaalizimiifi sochiilee hawaasaa walakkeessa jaarraa 19$^{ffaa}$ tureen taasisfameen. Xiyyeeffannoon isaas, walqixxummaan dubartootaa, akka barbaadametti hojiirra ooluu haabaatu malee, mirga siyaasa keessatti hirmaachuu, mirga qabeenya horachuu, bilisaan barnoota akka argataniifi.

#### 2.2.1.2. Danbalii Feeminizimii Lammaffaa

Akka danbalii feeminizimii tokkoffaatti, danbaliin feeminizimii lammaffaa hanqina dhiyeessa kuufama ogbarruu hinqabu. Kana ilaalchisee Evan yeroo ibsitu, sababni isaa seenaan waliigalaa danbalii feeminizimii lammaffaa, guutummaatti al-asoosamaafi asoosama keessatti kan galmaa'e jirurratti. Kan isheen gara fuulduratti itti fufsiisuuf yaaddes, hanqina gama kanaan jiru jijjiiruuf ibsa bal'aa danbalii feeminizimii lammaffaa akka kaka'umsaafi beekumsaatti Ameerikaa keessatti uumuuf yaalii goochuu isheetiini. Kanaafuu, danbaliin feeminizimii lammaffaa hanqina dhiyeessa kuufama ogbarruu kan hinqabne ta'ee, innis al-asoosamaafi asoosama keessatti kan galmaa'e jirurratti akka ta'e hubachuu dandeenya.

Cuddfi Andearson akka ibsanitti, danbaliin feeminizimii lammaffaa kan eegale barreessituu Semone De Beavor, bara (1949)itti matadureen isaa *"The Second Sex "* keessatti ta'ee, sochiin kan eegaleedha. Simone de Beauvior hojii ishee keessatti, yaadota hanga ammaatti hundeedhaan jiran, garaagarummaa koorniyaa jaarraawwaniif itti fufee jiru olaantummaa dhiiraa dubartootarratti kan mul'ise ture jechuun ibsiti.

Bu'uuruma kanaan amaloota danbalii feeminizimii lammaffaa kana bakka gurguddaa sadiitti qoodaniiru. Inni tokkoffaan, hanga feeministoonni danbalii lammaffaa xiyyeeffannaafi qabsoo danbalii feeminizimii tokkoffaa dubartootaaf mirga siyaasaafi bilisummaan jiraachuu dubartootaa fiduuf yoo yaalaniyyuu, wanti barbaachisaa ta'eefi eegame akka ta'u hinamanan turan. Sababiinisaa, kanneen koorniyaan daangeffamaniifi garaagarummaafi dhiibbaa waliin jiraachuu gama qabeenya guyya guyyaan ta'u, walquunnamtii dhuunfaan taasifamurratti gama kamiyyuu hirmaachisuu kan jedhuudha.

Inni lammaffaan ammoo, jijjiirama gama qabeenyaatiin jiruuf, kaka'umsa dubartoonni qabeenya qulqullinaafi heddummina qabu hundeedhaan akka isaan mirkaneessaniifi wabii jireenyaa isaaniif kan ta'u akka lafa qabsiifataniif kan jedhuudha. Kunis, gocha danbalii feeminizimii tokkoffaa keessatti taasifamee darbeedha. Inni sadaffaan, danbalii feeminizimii tokkoffaarraa kan hafe dubartoonni hoggansa jireenya dhuunfaa isaaniifi siyaasa fedhan tarkaanfachiisuu ga'umsa argannoo adda addaa kan yaada: dhaabbilee fuudhaafi heerumaa, haadha warrummaa, walitti dhufeenya koorniyaa faallaa, saala dubartootaafikkf, kan xiyyeeffateedha.

Gabaabumatti, cuunfaan yaada kanaa Cuddfi Andreasen akka ibsanitti, kaayyoon danbalii feeminizimii lammaffaa gama jireenyaa dhuunfaafi siyaasaan jijjiiramaafi bilisummaa akka isaan argamsiisan kan jedhuudha.

### 2.2.1.3. Danbalii Feeminizimii Sadaffaa

Akka Wikipedia toora interneetii (www. Wikipedia.org) ibsutti, danbaliin feeminizimii sadaffaa bara (1990)oota keessa eegalee hanga ammaatti babal'atee jira. Innis, waa'ee dubartootaa kan danbalii feeminizimii lammaffaa keesssa balaaleffatamaafi dhokataa ture irratti hojjechuuf kan dhaabbateedha. Akka hubatamutti, danbaliin feeminizimii tokkoffaafi lammaffaa keessatti dubartoonni bifa walta'iinsaafi gurmaa'ina tokko qabuun danbiifi ittiin bulmaata warreen dhiiraa kan morman ture. Yaadni dimshaashaa danbalii feeminizimii lammaffaa jecha olaantummaa dhiiraa jedhuun goolabama. Akka Evan: yaada dhokataa olaantummaa dhiiraa barreessitetti, hubannoo jecha olaantummaa dhiiraafi beekumsi waa'ee dhiiraa gama dubartootarratti xiyyeeffatuudha.

Bu'aan filannoofi xiyyeeffannaa tokkummaa muuxannoo dubartootaaf kennuun, feeministoonni danbalii feeminizimii lammaffaa falmii taasisuun, danbalii feeminizimii lammaffaa ija jaame gara taateewwan hawaasaa kan dubartoonni muuxannoowwan, fedhiiwwaniifi kaka'umsa gama dubartootaa bifa adda addaatiin jiru (Cuddfi Andreasen) lafa kaa'aniiru. Feeministoonni kun garaagarummaa fiduudhaaf carraa argataniin, xiyyeeffannaa isaanii gama handhuura yaadiddamaa feeministiifi siyaasaa ture. Isaaniif, feeminizimiin kan adda isaaniif hinbaaneefi tokkummaa siyaasaa, sochii tokkummaa yaadaa kan dubartoonni kaayyoo tokkummaafi kaayyoo feeministoonni imaammataafi ittiin bulmaata kan isaan baay'ifataniin akka bakka bu'amu dirqamaniiru. Danbaliin feeminizimii sadaffaa, feeminzimii bal'inaafi dhugaarratti kan hundaa'e akka dubartoonni walii walii isaaniirraa ofii isaaniitiin karaa qomoo, afaan, sabummaafi gama waldanda'uutiin waliin adda ba'an.

Danbaliin feeminizimii sadaffaa, qeeqaafi haalota ulfaataa keessa kan darbeedha. Akka Bryson(2003), dhugaan gama danbalii feeminizimii sadaffaatiin jiru, xiyyeeffannaan kan garaagarummaa nama dhuunfaaf kennamuuf yaada tokkummaa waliigalaa kan tuffatuufi qixxummaan feeministoota kaka'umsa siyaasaa isaan kan balaarraa eeguufi yaada

tokkummaa bu'uuraa uumee jira. Kanneen bebbeekamoo ta'an bifa itti fufee jiruun ibsuuf yaala.

### 2.2.2. Gosoota Feeminizimii

Yaadni feeminizimii walcaalmaafi hubannoo walqixa dubartootaafi olaantummaa dhiiraa keessaatti hubannoon walqixa dhibuyyuu feeministoonni hundis mul'ata walfakkaataa waan tokkorra gahuu danda'an, ka'umsa waan tokkoof hubannoo walqixa isa jalqabaaf qabaachuu hindanda'ani. Sababa garaagarummaa kanaatiin kan ka'e, feeminizimiin garee adda addaatti qoodamuu danda'eera.

#### 2.2.2.1. Feeminizimii Finxaalessaa

Feeminizimiin finxaalessaa, gosoota feeminizimii otuu hinta'in, haalota adda addaa keessatti kan mul'atuudha. Kunis, walqixxummaa dubartootaa fiduu keessatti. Yeroo sirrii yaadiddamni feeministii kun itti hundeeffame Brycon yemmuu ibsu, feeminizimiin finxaalessi yaadni isaa duraan yoo jiraateyyuu sirriitti kan beekame (1960)oota keessa ture jedha. Haaluma walfakkaatuun, Donovan(1993) yommuu ibsu, yaadiddamni feeministoonni finxaalessaa kan duraanii kan dhuma (1960)ootaafi jalqaba (1970)oota dura bu'ummaan New Yorkfi Boston keessatti taasifameeni.

Bara (1960)wwan keessa sochiilee siyaasaafi hawaasummaa garaagaraa Ameerikaa keessatti sochii mirga siiviliifi mormiin farra waraanaa dabalachuudhaan taasifamaa turaniiru. Dhiirota dabalatee, dubartoonni hojii kana hojjetan paartiilee kanneen keessa turaniiru. Haata'u malee, dubartoonni kunneen dhiirotaa dhaabbattoota kana keessa hojjetanirraa ilaalcha gaarii hinarganne ture. Haala dubartoota paartiilee kana keessaa hubachuun, Brycen (2003) yemmuu ibsu,dubartootaaf gaheen kenname: barreessituu ta'uu, haadha warrummaa, yookaan meeshaa saalquunnamtii ta'uun, fedhii siyaasaa mana keessaafi saalaa hojjettoota dhiiraa keessummessuudha. Dhimmoota kana irratti barreessitoonni dhiiraa kanneen akka John Start Mill The Subjection Of Women, 1869; Frederik Englis(The Orgion Of The Family, 1884) waa'ee rakkoo walcaalmaa dubartootaa hawaasa keessa jiru barreessanii jiru. Haata'u malee, tattaaffiin qindaa'aa ta'e sochii dubartootaarratti hinjiru.

Xiyyeeffannaan sochii feeministii ammayyaa: qorannoofi qo'annoo waliigalaa waa'ee rakkoo dubartootaa hawaasummaa, aadaa, diinagdee, xiinqooqaafi dhimmoota biroorratti jiru, barreeffama dubartootaa irra jireessaan kan ogbarruu akkasumas qeeqa feeminizimiiti.

Barreeffamoonni dubartootaa kan Dhihaa, barreeffama kan giddugaleessa godhateedha. Kunis, sababa sadarkaa barnootaa guddaan hawaasa Dhihaa keessa jiruuf feeminizimiin Dhihaa hundeen isaa kitaabotaafi ogbarruu waan ta'eef. Biyyoota kanneen akka Hindii aadaa afoolaa cimaafi sadarkaan barnootaa isaanii gadi aanaa ta'e keessatti, galumsi qo'annoo kanaa kan walqabatu naannoo magaalotaafi dhiyootti hubannaan isaa naannoolee baadiyyaa dhiibbaa sabquunnamtii ammayyaa jala jiran kan keessatti afoolli durii deebi'aa jiru keessatti ture.

Barreeffama Kate Millet Sexual Polotics, 1970; keessatti, garaagarummaa saalaafi koorniyaa haala itti aanuun ibsameera. Saalli kan ibsamu, biyooloojikaalaan yemmuu ta'u; koorniyaan ammoo, aadaan, hawaasummaan, xiinsammuun karaa loogii ga'ee koorniyaafi haalota seenaatiin kan ijaarameedha. Akka Miletitti, dubartoonni hanguma dhiirotaa ilaalcha ga'ee saalaa akka itti fufu taasisuu keessatti itti gaafatamummaa qabu.

Kitaabonni kanneen akka Language And Women Solace, 1975; kan Robin Lakoff fi Man Made Language , 1981, kan Dale Spender; kan isaan irratti xiyyeeffatan loogii koorniyaa afaan keessatti jiruudha.

Hojiin Ispender irra caalaa gadifageenyaan kan xiinxaluudha. Ispender kitaaba ishee kana keessatti, yemmuu ibsitu ibsi koorniyaa dhiiraa Ingiliffa keessatti tasgabba'aa qofa osoo hintaane caalmaa kan qabuudha. Isheenis, fakkeenyaaf: jechoota kanneen akka obbo-aaddee; bulchaa-bulchituu; mootii-mootittiifi wkf, waliin madaaluudhaan koorniyaan dhalaa jechoota cimdii armaan olii keessatti hangam gatii gadaanaa akka qabu ibsiti. Adeemsa diigama xiinhiikaa jechoota keessatti jiru kan calaqqisiisuudha. Gaaddisa feeminizimii kan ta'an baay'een yoo jiraataniyyuu, guddinni feeminizimii sararoota armaan gadii qabateetu: Feeminizimiin finxaalessaa kan seerota fakkii haquun gara caalu adeemsa isaatiin humnarratti kan xiyyeeffateedha.

Jalqabarratti, sagaleen isaa xiinxalarratti kan hin hundeeffamneefi humnaan hiikkaa dhiiraa kan addunyaa mormuu ta'uyyuu, feeminizimiin xiyyeeffannaan isaa gara muuxannoo

dubartootaa barbaaduufi gara ‘criture feminine’ ibsa Faransaayotaa barreeffama dubartootaaf kennameeti.

Akka Elaine Showalter jedhutti, xiyyeeffannoon guutummaa guutuutti dhuma (1970)ootatti, kitaabota dhiiraan barreeffaman irraa gara kitaabota dubartootaan barreeffamanitti jijjiirameera.

Akka ilaalcha Showalteritti, seenaan barreeffama dubartoota Dhihaa kutaa garaagaraatti qoodamu: Kutaan femininie (1840-1880) keessatti, barreessitoonni dubartootaa safuufi sadarkaa aartii isaanii keessatti barreessitoota dhiiraarraa fakkeessanii kaa’aa turani. Kutaan feeministii (1880-1920) kana keessatti ammoo, haalonni garaagaraa darbee darbee haalli addaa nimul’ata. Akkasumas, kutaa female- kunis, maalummaa, akkaataafi qabiyyee dubartummaa addaa kan qabuudha.

### 2.2.2.2. Liberaal Feeminizimii

Yaadni kun yaadiddama finxaalessaa garaagarummaa dhiiraafi dubartii kan uume baayooloojii qofaadha yaada jedhu sanaan morkata. Namoonni feemnizimii liberaalii deeggeran kun garaagarummaa dhiiraafi dubartii kan fide walitti hidhiinsa hawaas-diinagdeefi aadaati jedhani mormu (Barker, 2008). Feeministoonni Liberaalii amanataa liberaalonni qaban bulisummaan bu’uura waan ta’eef lammii hundaaf kennamuu qaba yaada jedhu fudhachuun, bilisummaa dubartootaaf qabsoo itti fufani.

Haata’u malee, bilisummaa kan argamsiisuuf sirna jiru guutumaa guutuutti jijjiiruutti feeministoonni hinamanani. Feeministoonni liberaalii, walqixxummaan dubartootaa hawaasa keessatti akka eegamuuf carraan banamee, seerri walqixxummaa dubartootaa hawaasa keessatti eegu ba’uu qaba jedhanii falmu. Haaluma walfakkaatuun, Mackinnon(1987,1991), Backer(2008) yemmuu ibsan galmi feeministoonni liberaalii kun walqixxummaa dubartootaaf galma hundaan fiduuufi walqixxummaan kunis sirnuma jiru keessatti fooyya’ee hojiitti hiikamuu qaba. Akka yaada feeministoota liberaaliitti, walqixxummaan dubartootaa kun olaantummaa dhiirotaa barsiifata jiran jijjiiruuf akkasumas, birmadummaa dubartootaa mirkaneessuuf seera haaraa baasuun fiixaan ba’uu danda’a jedhu (www. Plato. Stanford. edu).

#### 2.2.2.3. Feeminizimii Maarkisistii

Feeminizimiin finxaalessaafi liberaalaawaa malee feeminizimii maarksiistii dhibamuun immoo walqixxummaa dubartootaaf sababa isa biraadha jedhanii amanu. Wekipedia Encyclopidia(www.Welipidia.org) akka ibsutti, feeminizimiin maarkistii dubartoota birmadummaa gonfachiisuuf sirna abbaa qabeenyaa balleessuun yookiin hambisuuurratti kan xiyyeeffateedha. Feeministonni maarkisistii dhabamuu, walqixxummaa dubartootaaf sababa buu'uraa kan ta'u sirna bulchiinsa abbaa qabeenyaati jedhu. Sirna kaapitaalizimii keesatti, dubartoonni akkuma dhiirotaa namoota sadarkaa olaanoorra jiran tajaajiluufi fedhii isaanii guutaa waan turaniif walqixxummaan dubartootaa kennamurraan kan ka'e sarbame jedhu. Dhibamuu walqixxummaa dubrtootaaf sababa kan ta'u, sirna kaapitaalizimiidha yaadni jedhu kun yaada feemnistoota maarkistiin burqe miti.

Sararri weebisaayitii, (www. Syl. com) akka ibsutti, feeminizimiin maarkistii yaada Kaalmaarkirraa akka fudhatan ni ibsa.Dhumarratti, yaadiddamoota sadan olitti ibsaman feemnistii raadikaalaa, feeministii liberaalaafi feeministii maarkistii dabalata gaaffii dhimma dubartootaa ilaalchisee yaadiddamoonni garaagaraa akka jiran hubatamuu qaba. Kanneen keessaa, feeminizimii Blaak, feeminizimii structuraalistii, yookaan post moodernistii, feeministii post kolonoyaalizimii, feeminizimii laasbiyaaniifi kkf, ni jiru.

#### 2.2.2.4. Feeminizimii Walabaa

Feeminizimiin bilisummaa, walabummaa gosa feeminizimii ta'ee walqixxummaan dubartootaa kan galma ga'uu danda'u karaa seera qabeesssaafi haaromsa hawaasummaani jedhee falma. Feeminzimiin walabummaa walqixxummaa yookaan tokkummaa dhiiraa wajjiniin yaada jedhu deeggara.Feeminizimiin walabummaa altokkaatti jijjiirama fiduurra, barmaatilee hawaasa keessa jiran haaromsuufi sammuu namootaa keessatti siyaasa uumuun ofumasaan akka of jijjiiru gochuudha.

#### 2.2.2.5. Feeminizimii Aadaa

Feeminzimiin aadaa uummanni dubartootaa, hawaasaaf baay'ee barbaachisoodha jedhee amana. Yaadiddama kana keessatti dhiiraafi dhalaa gidduu garaagarummaan xiinsammuufi namummaa bu'uura ta'e akka jiruufi garaagarummaan dubartootaa kunis aadaa qofaa osoo

hintaane isa guddaadha. Yaaxinni kun, garaagarummaa dhiiraafi dhalaa uumamaan qaban kanneen akka laguu, mucaa dhaluufi dubartiin dhiirarra garraamii, gara laafettiifi hubattuu haadha amantii, jedhu fudhachuun feeminstoonni aadaa dubartootaa kana addunyaa dhiiraan durfamte keessa seensisuuf gaaffii dhiyeessu.

#### 2.2.2.6. Feeminizimii Haareffama Bu'uuraa

Jechi raadikaal jedhu jecha Laatiiniin, ibsa maqaa hiika hidda yookaan hundee jechuudha. Feeminizimiin haareffama bu'uura guddaa kan ta'e sirna paatriyaarkiiti jedhu. Kanaaf, olaantummaan dhiiraafi gahee hojii saalaarratti hundaa'e dhabamsiisuuf yaalii taasisuudha.

#### 2.2.2.7. Feeminizimii Hawaasummaa

Jireenya dubartootaa gama hawaasaafi dhuunfaarratti xiyyeeffata. Bilisummaan argamuu kan danda'u gadi qabamuun dubartoota karaa diinagdeefi aadaan jiru yoo dhabamsiifameedha jedhu. Yaada feeminizimii maarkisistii, sirna abbaa qabeenyummaa gadi qabamuu dubartootaaf madda jedhu babal'isa. Feeminizimiin hawaasummaa keessatti rakkoolee kanneen akka koorniyaa, gosummaafi gartummaa mudateera.

#### 2.2.2.8. Ikkoo Feeminizimii

Ikkoo feminizimiin, sochii hawaasummaafi siyaasaa kunuunsa naannoofi feeminizimii kana walitti fiduun kan tokko taasisuudha. Feeministoonni kunuunsa uumamaa, gadi qabamuu dubartootaafi manca'uu uumamaa gidduu walitti dhufeenyi jira jedhu. Feeministoonni kunuunsa uumamaa walitti hidhiinsa saalaafi uumamaa irratti aangoo qabaachuu gidduu jiru irratti kan xiyyeeffateedha.

#### 2.2.2.9. Feeminizimii Gurraachaa

Feeminizimiin gurraachaa gosummaa, sanyummaafi koorniyaa gidduu waltti hidhannoo guddaa akka jiru falmu. Feeministoonni gurraachaa dubartoonni gurraachi birmadummaa argachuun, namoota hundumaaf bilisummaa akka argamsiisetti amanu. Dubartoonni gurraachi kana jalatti qoodan fakkeenyaaf, Alice Walker eeruun nidanda'ama.

### 2.2.2.10. Feeminizimii Addaan Fo'iinsaa

Gosni feeminizimii kanaa, waa'ee walitti dhufeenya koorniyaa garaagaraa yookaan walitti dhufeenya dhiiraafi dubartiin waliin qaban, garaagarummaan koorniyaa dhiiraafi dubartii gidduu jiru kan furamuu danda'u miti, amantaa jedhurraa ka'uun waa'ee walittidhufeenya koorniyaa garaagarummaa jiru hindeeggaru. Feeministoonni kun, sochii feeministii dhiironni gahee hinqaban jedhanii yaadu. Faallaa kanaan, feeministoonni dhiiraas nijiru. Fakkeenyaaf, Debun King myth of feminiziim, waa'ee feeministii kanaa, toora interneetii http/www.youtube.com/watch irratti ibseera. Feeministoonni hedduun, yaada dhuunfaa kallattii garaagaraatiin yaaduun, faayida qabeessa jedhanii amanu. Wanti irratti xiyyeeffatamuu qabu, walqixxummaa akkamiin fiduun danda'ama yaada jedhuudha. Xiyyeeffannoon isaas, ofiif yaaduu, haala darbe yookaan amma jiru irra darbee haala addunyaa keessa jiru leenjii keessaan ilaaluu; mirga kee siif kabachiisuuf. deebisuuf warra tattaaffii taasisan kabajuu yookaan ulfeessuu, mirga keetti fayyadamuu; mirga argatte warra hinargatiniifi dhaloota boriif dabarsuu; dogoggorarraa guutummaa guutuutti bilisa namni ta'e hinjiru; garuu, sirniifi falaasamni guutuu nama taasisuu akka danda'u yaadu, yaadota jedhan haammata.

Walumaagalatti dambaliiwwan femeniizimiifi gosoota femeniizimii armaan olitti caqafaman kanneen keessaa qorataanis haala qabatamaa asoosamoota fialataman keessatti dubartootaan calaqqisiifaman bu'uura godhachuudhaan fayyadameera.

### 2.2.3. Qeeqa Feemnistii

Qeeqni feemnistii, meeshaalee ijoo ittiin maloota olaantummaa dhiiraa, ilaalcha hawaas-aadaa, ittiin saaxilluudha. Karaa itti jijjiirraan sammuu dhufu sakatta'aan qorachuuf gama yaadiddamaan qeeqni feeminstii walta'iinsa yaadota akka: qaaccessa xiinsammuu Lacan, Diconstraction Derridean, Notion Of Power Kan Foucault; Idea Of Symbolic kan Julia Kristeva fi A Critical Version Of The Male Based Psycho Analysis kan Freud yookaan Reworking Of Freud kan Lacan itti fayyadama. Freud ibsi isaa, bakka bu'umsa sammuu kan naamusa haasaa ibsuudha malee, kan ajaju akka hintaane erga hubataniiti. Qeeqni feeministii Faransaay gara caalu kan irratti hundaa'u yaadidditoota Faransaay kanneen akka Lacan, Julia, Kristeva, Helen Cixousfi Luce Irigaray. Kan isaan itti fayyadaman yaad-argaa, haala

fakkii yookaan bakka bu'aan jiru yemmuu ta'u, kunis 'femininefi femele' fiduudhaaf. Qeeqni feeministii Ingiliizii gara caalu kan inni ittiin dhiibamu, socializimii, cultural materializimiifi marksizimiidhaani. Qeeqni feeminizimii Ameeriikaanotaa gamtokkeen gara post structuralizimii, psychoanalysisfi Ameerikaan Deconstraakshiiniitti kan damboobeedha. Garuu, yaadrimee aadaa ijoo kana akka theme, motif, characterizationfi wkf, hiika jechoota ogbarruu keessatti deebisuuf yaaleera.

### 2.2.3.1.Qeeqa Ogbarruu Feeminizimii

Qeeqni feeministii akka waliigalaatti, ogbarruufi qeeqa barruu waggoota dheeraaf yaada paatriyaarkii itti fufsiisuuf, tooftaaa akka ture amanu. Muummeen ogbarruuu of danda'aafi ol aantummaa dhiiraa, siyaasa yookiin aadaa hawaasaarraa bilisa kan hintaaneefi waggoota hedduuf aadaa hawaasaaf ilaalcha gadaanaa qaba jedhanii mormu. Ilaalchi yookiin yaadni kun kitaabilee qeeqxota  feeministii adda addaa kanneeen akka Josephine Donovan, Catherine Belseyfi Jane Moore keessatti ibsamaniiru. Kitaabilee barreessite feminist literary Criticism Exploration of theory and practice(1989) jedhu keesatti, Josephine yaadota feeministii akka itti aanutti ibsiti. Feemnistoonni dubartootni dhugaa jiru utuu hinbeekin ilaalcha yookiin barsiifata dhiiraan hoogganamuun akka liqinfamaa  turanittti amanu.

Bifuma walfakkaatuun, kitaaba Kate Millet, Sexual  polotics(1970) jedhu keessatti, Bryson (2003) yemmuu ibsu, akka yaada Keetitti kanneen biroo dabalatee barnoonniifi  ogbarruuun qajeelfamoota yookaan soonawwan paatriyaarkii sammuu dhiiraafi dubartii keessatti gadifageenyaan akka hubatamuuf sababa yookaan karaa guddaadha. Bu'aa argannoo kanaan, feeministoonni waa'ee ogbarruufi qeeqa-barruu yaada haaraa gabbifachuutti dhufani. Ilaalchi yookaan yaadni ogbarruun akka kuusaa dhugaa hawaasa keessa jiru bilisa kan ta'eefi agarsiistuu dhugaatti fudhatamaa akka ture sun sirrii kan hintaaneefi bakka isaa ogbarruun uumamtee aadaa ta'uusaarraan kan ka'e, miidhaafi ilaalcha hawaasni waliif qabu kan agarsiisuudha(Catherinefi Belsely,1997).

Muuxannoofi yaada dubaartootaarratti kan xiyyeeffate erga qeeq-barruun haaraan kun mul'atee, akka faallaatti ilaalamuu nidanda'a. Anderson(1977) yookaan Donovan(1989) sababa kanaaf qeeqa barruu durii akka ta'etti kaa'u. Kanuma kan dhugoomsu, Cheri Register (1989) ogbarruun durii waa'ee dubartoota gaariifi badaan kan guuteefi akkasumas qeeqa

barruun durii barreessitoota dubartootaa akka barreessitootaatti kan hinlakkoofne ta'uu isaa ibseera.

Kanaaf, akkuma Toril Moi toora interneetii[www.members. tripod.com] irratti, hiiku qeeqni barruun feemnistii dubbii haasawaa siyaasa ta'e,  kan sirna paatiyaarkii mormuudha. Akka Sharon Spener toora interneetii irratti ibsetti, qeeqni barruu garaagarummaa kooorniyaan, qomoon, sanyiin, utuu nama addaan hinbaasin, ulagaa bilisa ta'e ogbarruuf kan baaseedha jedha. Yaaada beektota lamaan kanarraa hubachuun kan danda'amu, qeeqni barruun feemnistii kan irratti xiyyeeffate tokkooffaa, haala dubartoonni hojii ogbarruu keessatti mul'atan xiinxaluun; yaadni paatriyaarkii (abbummaa) ogbarruu durii keessa jiraachuu isaa adda baasuu; lammaffaa koorniyaan, qomoon yookaan sanyiin utuu adda hinbaasin ogbarruun nama kamiyyuu akka mul'isuu danda'u karaa agarsiisuudha.

Akka Annette Kolodnes Brownsfi Olson(1977) keessatti ibsetti, hojiiwwan qeeqa barruu feeministii jedhaman kan ofkeessatti haammatu: qeeqni kamiyyuu yoo mataduree dhimma dubartootaan barreeffameera ta'e: qeeqni dubartiin dhimma dhiiraarratti gama siyaasaan barreeffame, qeeqni dubartiin dhimma aangoo dubartirratti barreeffame kamiyyuu,akka Annetteetti, hojiin qeeqbarruu feeministii guutummaa guutuutti dhimma tokkorratti dhufeedha. Innis, qeeqa dubartiin barreeffameedha. Feeministoonni muuraasni yaada Annettee kana fudhataniyyuu, kanneen hinfudhannes jiru. Fakkeenyaaf, Ruthven, qeeqa feeministii dhiira ta'e qeeqa barruu feeministii hojii dubartii qofaatti fudhatama osoo hinta'iin qeeqa dhiibbaa dubartootaarra jiru maqsuuf tattaaffii godhuutti ilaalamuu qaba jedhee falma. [www.members. tripod.com]

Annetteefi faana buutonni isaa qeeqa barruu feemninistii akka dubartoota qofaan barreeffametti halaalan malee, kitaabileen qeeqbarruu feeministiirratti dhiiraaf dubartiin barreeffaman hedduun nijiru. Haata'u malee, hojiin kunneen dhimma tokkorratti kan xiyyeeffatan miti. Kanneen keessaa muraasni gahee dubartoonni ogbarruu keessatti qaban madaaluurratti kan fuulleeffataniidha.

Qorataanis gama isaatiin yaada qeeqni barruu femenistii dubartoota qofaan kan barreeffame osoo hin taane ,kan warreen dhiirallee keessatti qooda fudhataniiru yaada jedhu  kana deggera.

## 2.3.Sakatta'a Barruu Wal-fakkii

'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laata?' Asoosamoota barreessaa Isaayyaas Hordofaatiin qophaa'anii uummataaf dhiyaataniidha.

Hojiilee yaaduumee kanarratti qorannoon adda addaa taasifame bal'inaan hin mul'atu. Kutaa kana jalatti kan dhiyaatu, qorannoowwan mataduree kana waliin walfakkaataniidha. Hojii asoosichaa kan ilaallatu, hojiilee asoosichaa bifa biraatiin kan kaasaniifi hojiilee kalaqaa kaayyoo isaa galmaan ga'achuuf kanneen isaan dhimma itti ba'an hojiin qorattoota tokko tokkoo kutaa kana keessatti ka'u. Waa'een qorannoolee namfakkii dubartootaa Afaan Oromootiin Afaan Amaaraatiin akkasumas afaan biyya alaatiin hojiilee kalaqaa keessatti gahee isaan qaban kan ibsan, kan dhiyaatan, sadarkaa digirii jalqabaaf yommuu ta'an, sadarka digirii lammaffaarratti kan dhiyaatan baay'ee murtaawoodha.

### 2.3.1. Hojiiwwan Mata Duree Kana Jalatti Hojjetaman

Mata dure kana jalatti Afaan Oromootiin hanga ammaa'gahee dubartootaa' jedhamee waanti hojjatame bal'inaan hin jiru.Ta'us kanneen amma ta'e walitti dhufeenya qaban ilaaluuf yaalla.Isaan kanas haala itti fufee jiruun dhiyaataniiru:

#### 2.3.1.1. Ogbarruufi Fooklooriitti Hojjetaman

Qorannoon jalqabaa, "Haala Fayyadama Bifoota Yoomessa "Asoosamoota Hawwiifi Yeroon Siif Haadhiistuu" mata duree jedhuun, bara 2002, qorataa Ramadaan Mohaammad Saaniin, Baachilar digiriirratti qorannoo dhiyaateedha. Asoosamoota lachan keessatti, "Haala Itti Fayyadama Yoomessaa Maal Fakkaata?" Kan jedhu kaayyoo qorannoosaa godhachuun yommuu ta'u,qorannoo isaas mata dureewwan afuriitti qoqqoodee dhiyeesseera. Keessumattuu boqonnaa sadii jalatti, bifoota yoomessaa asoosamoota jiran keessaa yaada tokko tokko eeruun kan ibse nimul'ata.

Cuunfaafi argannoo jechuun boqonnaa afur jalatti kan kaa'e asoosamoota lachan keessatti, yoomessa taa'umsa lafaa (geographical setting) jedhamu irra jireessaan kan mul'atu haa ta'uyyuu malee, bifti yoomessa sadan: yoomessa seenaa (historical setting), yoomessa haala

taa'umsa lafaa (historical setting)fi yoomessa haala naannoo (physical environment) qorannicha keessatti akka mul'atu addeessuun qorannoosaa goolabeeera.

Qorannoo lammaataa bara 2009, Degemey Konchi Tolaan, mata dure qorannoo "Xiinxala Mata duree Barreeffama Asoosamoota "Hawwiifi Yeroon Siif Haadhiistuu" kan jedhuun, sadarkaa Baachilari Digirii Artistiin kan dhiyaate yommuu ta'u, innis boqonnaalee afurii kan qabuudha. Qoratichi kaayyoo qorannoo godhachuun kan ka'es, haala tooftaa barreeffama asoosamichaa agarsiisuudha. Gama kanaanis, jabinaafi dadhabina isaa ifa baasuu akka ta'e ni ibsa. Boqonnaa afur: cuunfaafi yaada furmaataa jedhu jalattis, hanqiinaas ta'e jabina akka qabu ibseera. Akka jabinaatti, haala itti fayyadama jechoota, waliin dubbii, haala itti fayyadama jechoota wal dorgomsiisuu seeraan yookaan haalaan dhimma itti ba'uu isaati jedha. Haata'uyyuu malee, kan dadhabina jedhee adda baase hinmul'atu.

Qorannoo biraa mata duree "Xiinxala Gooban Galeessa Asoosama Yoom Laata?" qorataa, Ahimed Abdiin bara 2011, Baachilar digirii artiitiin qorannoo dhiyaateedha. Qorannichis, namfakkii goobangaleessa asoosamichaarratti kan kaayyeffate ta'uusaa hubachiisa. Gaaffii "Gama kamiin?" jedhu deebisuu haadhiisu malee, keessa isaatti namfakkiilee afur eeruun haala keessaafi alaan, itti fufiinsafi amanamummaa isaanii ibsuun boqonnaa dhumaarratti akka ibse arguun nidanda'ama.

### 2.3.1.2.Qorannoo Muummee Barnoota Afaanota Biyya Alaa

Qorannoo sadarkaa digirii lammaffaatti (MA) dhiyaate, Mulumebet Zebene, bara 1996 fakkaattii dubartootaa ilaalchisee "A Comparative Analysis Of The Images Of Men And Women In The Works Of Some Ethiopian Women Writers" mata duree jedhuun kan dhiyaate yommuu ta'u, fakkaattiin dubartootaa kanaan dura koorniyaan dhiiraa qofaarratti murtaa'ee dhiyaachaa kan tureefi gama lachaniinuu waldorgomsiisuun qorannooshee gaggeessiteetti. Qorannichi madaallii isaa kan eegedha jechuunillee ni danda'ama.

Qorannoon kun boqonnaalee sadiin kan qoqqoodameedha. Isaanis: ogbarruu Awurooppaa, Ameeriikaafi Afriikaa keessatti fakkaattiin dubartootaa akkamitti akka ibsame qorattiittiin eerteetti.

Kitaabilee filatamanii qeeqni irratti taasifame keessaa: namfakkii gurguddaa dhiiraafi dubartoonni jiran keessaa; dhiironni kan dhiibbaa geessisan; dubartoonni ammo dhiibbaafi cunqursaa irra ga'u hunda ameen jedhanii kan fudhatan taasisuun fakkii dubartootaa ragaan deeggaruun ibsiti. Olaantummaan dhiirotaa, dubartoota caalmaan kan miidhe ta'uusaa ni addeessiti. Ibsi bal'inaan akka ciminaatti kaa'u koorniyaa lachaniinuu dhiirri kan miidhaa geessisu; dubartiin ammoo akka miidhamtuutti qorannoo ishee keessatti moggaasa itti kenniti.

Qorattittiinis, dubartoonni hawaasa jiraatan keessatti, hojii kalaqa keesstti bakki olaanaan isaaniif hinkennamnee; safuufi aadaa qofti akka waan miidhaa isaanirraan ga'etti qorattittiin ni ibsiti. Hawaasa keessatti koorniyaan cimaa kan ta'e dhiira qofaa akka ta'e hojiilee kalaqaa keessaa ragaan deeggaruun ni ibsiti.

Barreessitoonni dubartootaa kan isaan bocaman amanamummaan kan isaan hanqatuufi barressitoonni kunis, kaka'umsa fedhii dhuunfaarraa kan madde jedhuun niceephaati.

Mekonnin Zegeyyee: Image Of Women And Plot Structure In The First Novels Of Fikiremarkos Desta," mata duree jedhuun, bara 2000 sadarkaa digrii lammaffaaf qorannoon dhiyaate, fakkaattii dubartoota kan ilaaluu waan ta'eef, bifa walmaddeessan ilaaluuf danda'eera.

Dubartoonni miidhamtoota aadaa (victims of culture) waan ta'aniif, dubartoota dhimma aadaa keessaa baasuuf barreessitoota dubartootaa tattaaffii taasisan ibsa. Haata'uyyuu malee, dubartoonni aadaa wajjin akkamitti ofitti fudhatu? Aadaa haala kamiin ilaalu? Dhimmoota jedhan hindeebisu. Dhiibbaa aadaarraan kan ka'e, miidhaa dubartootarra ga'u ilaalchisee, midhamuurraa yookaan hubamuurraa bilisa gochuuf yaalii kan taasisaniifi kan milkaa'eef akkasumas kan hinmilkaa'iniif dubartoota jiran dhiyeessuun ilaalcha isaa bifa madaalawaa ta'een dhiyeesseera.

G/Mariyam Haile:Feminist treads in Achebe's post colonial Novel 2007. Xiyyeeffannoon isaa Asoosama Achebe irratti dha. Asoosama isa sadan maqaan isaanii "Notoongeraf Ease, Aman of the people fi. Anthill of the savannah" jedhu keessatti dubartii akka waa'ee isaani beekanii fi ga'ee lammii of danda'a ta'an hubachiisa. Akka isaan barataan, diinagdeen of

danda’an. Akka galateeffamaan, akka siyaasaa; fi olaantummaa Abbawarraa jalaa bilisaa ta’an kallatti agarsiisa.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti kanneen ibsaman qorannoo kana geggeessuuf mala qorataan fayyadameedha. Isaanis: saxaxa qorannichaa,irraawwatama qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, mala iddattoo, meeshaalee funaansa odeeffannoofi mala qaaccessa ragaalee ofkeessatti kan qabateedha. Akkasumas, malli qorannoo kun haala wantoonni irratti argaman ilaalchisee odeeffannoo qabatamaa kennuufis ni gargaara.

## 3.1.Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa qorannichaa ibsuuf akka Addunyaan (2011:63) yoo ibsu,"Saxaxni Qorannichaa waliigala qorannichaa to'ata.Kunis,qorannichi maal fakkaata, maalirratti bu'uure gaaffiiwwan jedhan irratti saxaxa kana jalatti deebii argachuu qabu," jechuun kaa'eera. Haala ibsa kanaatti, saxaxa qorannichaa murteessuuf qorannichi asoosama 'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' keessatti gahee dubartootaa,mul'isuuf himoota, keeyyattootaafi waraabbiiwwan, barreessichi faayyadame isaan kam,akka ta'an beekanii, qaaccessuuf waan ta'eef saxaxni qorannichaa addeessaadha. Kan ibsame xiinxala barruu ta'uu isaarraa kan ka'e, mala akkamtaatiin (qualitative method) kan ibsameedha.

Qorannoon kunis, kitaaba asoosama 'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' keessatti gahee dubartootaa irracaalaatti asoosamicha keessatti mul'atan funaanuun mala ittiin dhihaatu qaba. Haaluma kanaan, qorannoon kun akkaataa gaheen dubartootaa itti dhihaateefi madda odeeffannoo irraa xiinxalaan funaanuun qabata ogbarruu saayinsiitiin walbira qabuun kan xiinxalameedha. Sababni kunneen ammoo, hojii qorannichaa kan mala ibsaan (descriptive method) mala xiinxala barruutiin (text analysis)tiin dhimma bahame. Malleen kanneen filachuun kan barbaachiseefis qorannoo kana gadi fageenyaan ibsuuf waan gargaaraniif.

## 3.2. Mala Qorannichaa

Malli qorannoo asoosama matadureen isaa 'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' keesssatti qorataan qorannoo kanaa kan gargaarame mala akkamtaati. Sababa mala

kana filateefis akkamtaan mala qorannoo tokko gadifageenyaan hubachuu irratti gahe guddaa kan taphatu waan ta’eefi

### 3.2.1. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa sadarkaa tokkoffaa (primery data source) irratti kan xiyyeeffateedha. Kanaaf, qorataan qorannoo kanaa qaaccessa haala gahee dubartootaa asoosama mataduree ‘Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?’ jedhu irratti kallattumaan sakatta’a asoosamicha irratti waan gaggeesseefi. Dabalataanis, kitaabota adda addaa dubbisuun akka ragaatti fayyadame.

### 3.2.2. Iddattoo Qorannichaa

Qorannoo keessatti iddattoofi iddatteessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, asoosamoota Afaan Oromoon barreeffaman hundarraatti qorannoo adeemsisuun ulfaataa ta’urra darbeeyyuu, qorataan tokko qorannoo isaa yemmuu geggeessutti kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan taheef iddattoo filatamerraa odeeffannoo argamuu bu’uura godhachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun nidanda’ama; jechuun Addunyaan (2011:65) akka ibsutti qorataanis kitaabilee asoosamaa Isaayyaas Hordofaan barra’an kan mataduree ‘Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?’ jedhaman keessatti mala iddatteessuu mit carraatiin iddattoo qorannichaa taasifachuun kan filateedha. Gaheen dubartootaa asoosama kana keessatti caalmaan argamu addaan baasuun qaacceffameera. Haaluma kanaan, qorataan qorannichaa mala iddattoo mit-carraa keessaa, iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma bahe. Sababa mala kana filateefis, mala iddatteessuu kaayyeeffataan (purposive sumpling) beekumsa dhimmicha irratti qabdurraa kaatee kanneen odeeffannoo irraa argachuu dandeessu murteessuu ilaallata waan ta’eefi.Haaluma kanaan asoosamootni kun sadan kan fialatamaniifis, asoosamoota dhangala’aan barreessaa kanaan barreeffaman isaan kana sadan qofa waan ta’aniifi. Kanaafuu, qorataan kaayyoowwan isaa asoosama filataman keessaa gahee dubartootaa adda baasuufi xiyyeeffannoon gaheen dubartootaa kun maalirratti akka ta’e kan jedhurratti hundaa’uun kallattii adda addaan xiinxaluuf mala odeeffannoo funaansa sakatta’a kitaabaa asoosamoota filatamii gochuun qorataan qorannoo isaa kan gaggeesse, yoo ta’u, gahee

dubartootaa kunniin ammoo asoosamoota filataman keessaa cheeklistii/qabxii mirkanee fayyadamuun kan funaanamaniiru.

### 3.2.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo adeemsifamu tokko keessatti ragaan yookaan odeeffannoon qorannoo bu'uurumaan malaafi meeshaalee ittiin funaanamu shoora olaanaa qaba.Yaada kanarratti ragaan hayyootaan deeggaramu, Dastaan (2013:83) "Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee gaggeeffama.Ragaan yookaan bu'uura qorannoo ta'e kanaa kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala ittiin funaanamu qaba.''Jechuun ibseera.Yaada kana bu'uura godhachuun odeeffannoon qorannoo kanaa kitaaba asoosama'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' keessatti gahee dubartootaa mul'atan funaanuun waan qaaccesseef meeshaalee funaansa ragaalee keessaa sakatta'a dookmeentii gaggeessuun qoratichi meeshaa funaansa odeeffannoo gargaaramu keessaa asoosama filatame irra deddeebiin gadifageenyaan erga dubbisee booda ragaalee qorannichaaf gargaaran:gahee dubartootaa asoosamicha keessaatti barreessichi itti gargaarame hojii isaaf ragaa ni ta'u kan jedhe adda baasee fudhachuudhaan qorannichaaf dhimma baheera.

## 3.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee

Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kanaa galmaan gahuuf qorataan kun itti gargaarame,odeeffannoo madda ragaa sadarkaa tokkoffaa irraa funaanameedha. Adeemsa kana raawwachuuf sakatta'a barruu kitaaba asoosama 'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' gadi fageenyaan dubbisuu,kitaabolee biyya keessaafi biyya alaa adda addaa sakatta'uun yaada hayyootaan deggeruun saayinsawaa taasisuudhaani. Akkasumas, qorannoowwan mataduree kana irratti kanaan dura dalagamantu barbaadamee sakatta'ame.Walumaagalatti, adeemsi funaansa ragaalee qorannichaa qabatamaa taasisuuf kitaabni asoosamaa dhimma qorannichaa kallattiin ilaallatuufi kitaaboleen yaada hayyootaan deeggaraman ilaalamaniiru.

## 3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee

Malli ragaaleen ittiin qaacceffames, ragaaleen erga funaanamanii booda garee gareetti qoduun hiikamanii ibsa itti kennuun qaacceffamaniiru. Kana keessattis malli filatame mala

akkamtaati. Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaatiin funaanamanis xiinxala gahee dubartootaa asoosama‘Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?’ mataduree jedhu irratti xiyyeeffate. Walumaagalatti, ragaaleen funaanaman erga qaacceffamanii booda dhumarratti, cuunfaa argannoofi yaboon ka’amaniiru.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA QORANNICHAA

## 4.1. Sab-Seenaa Asoosama Hawwii

Obbo Jireenyaan Waardiyaa Hospitaala Ergamoota Wangeelaa Naqamteeti.Hospitaalicha keessatti waggaa 30 kan tajaajile yoo ta'u,hojii isaattis cimaa,seera kabajaa,gara bal'eessaafi nama loogii hin beekneedha.Waan kana ta'eef hojjettoota Hospitaalichaa,keessattuu faranjoota biratti baay'ee jaal'atama.Haati manaa isaanii aadde Bashaatuun manumatti shaayiifi daabboo gurguranii jiraatu.Daa'imas hin qaban turan.

Akkuma isaanii harka qalleeyyiifi dhala kan hin qabne Obbo Bulchaafi aadde Dinsirii kan jedhaman haati manaafi abbaan manaa olla isaanii jiraatu.Obbo Bulchaan nama waanuma arge hojjetee bulu yoo ta'u,aadde Dinsiriin ammoo farsoo naqxee, haraqee baastee galii argatti.

Waa'ee qabeenyaafi daa'ima dhabuu isaaniirraan kan ka'e, maatiin lamaanuu yeroo hunda jireenyi isaanii gaddaan kan guutame ture.Osuma kanaan jiranii obbo Jireenyaanfaa daa'ima dhiiraa tokko argatanii maqaa isaas 'Latii' jedhanii moggaasan.Waggaa lamaaan 'Latiin' dhalatetti warri obbo Bulchaas mucayyoo durbaa argatanii maqaa ishee 'Hawwii' jedhanii moggaasaniif.Kana booda yaadni maatii kanaa gara tokkotti luucca'e;innis kan duraan waan lamaan ofiifi Waaqa dhiphisaa turan,amma daa'ima waan argataniif kaayyoon isaanii inni lammaffaan immoo kan dhaban sana waa'ee qabeenyaa ta'e.Latiifi Hawwiin biyyoo daakanii, tapha ijoollummmaa waliin taphatanii guddatan.Ijoolleen lachanuu mimmiidhagoofi sammuun qareeyyii waan ta'aniif barsiisota isaaniifi namoota mara biratti baay'ee jaal'atamoo turan.Umriin isaanii yeroo sadarkaa dargaggummaarra ga'u, Hawwiin dargaggeessaan, Latiinn ammoo gargaggeettiin adamsamuu eegalan.Latiinis yaadaan shamarran dharra'uu calqabe. Hawwiin garuu ofii ishees ta'e,Latii nama biraaf dabarsitee laachuu gonkuma hin barbaaddu.Jaalalaafi fedha isaaf qabdu karaa adda addaa osuma ibsituufii dhumarratti kan ofii godhatte.Isaanumaa balbala addunyaa jaalalaa saaqqatee gammachuudhaan keessa burraaquu eegalu,namootni Hawwii fudhuuf warra ishee,intala keessan nutti heerumsiisa;jechuudhaan ba'umsaafi galumsa dhorkan.Jaarsoliin intala kadhaaf gara mana warra Hawwiitti daandii baafatan.Haaluma kanaan warren waraqata manatti

ergatan baay’achaa dhufnaan,Warri ishees jaarsa waggaa torbaatamii shanii (75) kan ta’u,Hajii Yuusufiif laachuu murteessan.

Hajii Yuusuf Magaala Naqamtee keessatti sooressa xiixaadha.Hawwiin dhimma kana gaafa gurra buusan,nasuudhaan kuftee gaggabde.Qalbiin ishees gaddaan cabe.Kana malees maatiin ishee jaalala isheen Latii waliin qabdu irratti baranii Latiirraa addaan kutan.Kanaarraas kan ka’e fayya-dhabeettiis taate.Isaan garuu karaa mana barumsaa waan wal arganiif addaan cituu hin dandeenye.Osoodhuma kanaan jiranii Latiin carraa barumsaa biyya Siwidinitti barachuu yeroo dhufuuf gama tokkoon gammachuu,gama biraan ammoo,gaddi guddaan isaan gidduutti uumame.Latiinis,Hawwiin gara Finfinnee deemtee mucaa eessuma isaa,Dalasaa kan jedhamu bira akka teessu jedhee tooftaa uumee ofiif gara Siwidinii deeme.Haatiifi hiriyyootni isaa gaafa jala bultii cidhashee galgala galmaan ga’an.

Hawwiin jalaa miliquusheetiin gammachuu guddaatuu itti dhaga’ame.Garuu,waan ta’e,waan ta’aa jiruufi waan ta’uuf deemu yaaduudhaan konkolaataa keessa teessee boo’aa jirti.Maanguddoo cina ishee taa’aa jiran tokko boo’ichi ishee yaada isaanii waan tuqeef,rakkoo ishee mudate baruuf jecha ishee waliin wal baran.Maqaan isaanii Obbo Ayyaanaaa jedhama.Bakki jireenya isaaanii magaala Finfinnee yoo ta’u,nama jireenya gaarii qabaniidha.Bakki dhaloota isaanii Dambi Doolloodha.Egaa kan isaan Hawwii waliin wal arganis osoo biyyaa gara Finfinneetti deebi’anii konkolaataa keessatti ture.

Obbo Ayyaanaan gadda ishee irraanfachiisuuf jecha isa baddaafi gammoojjii,isa gamaafi gamanaa,waa’ee isa darbee,waa’ee isa jiruu ishee haasofsiisaa deemu.Seenaa biyyaa,seenaa moototaa,seenaa hawaasaa isheetti himaa deemu.Isa yeroo dargaggummaa isaanii yaadatanii,keessumaa isa laga qooraanii,waa’ee dhungoofi qabdoo waa’ee sirba jaalalaa kaasuudhaan bashannansiisaafi kofalchiisaa fidanii buufata konkolaataa Finfinneen ishee ga’an.Namni buufata konkolaataatti ishee eega jedhame,Dalasaan,waan dhufuu dideef Obbo Ayyanaan,Hawwii mana isaaniitti (naannoo 4 kiiloo) fudhatanii galan.Achi bulani,bakka Dalasaan ni hojjeta jedhanitti deemanii barbaadanis argachuu waan hin dandeenyeef Hawwii fudhatanii gara mana isaaniitti deebi’an.

Haati manaa obbo Ayyaanaa,haati Maatiwoos, garuu dhimma isheerratti gaaffii, inaaffaa, shakkii cimaadhaan guutamteetti.Sababni isaas abbaan manaa isaanii, mucayyoo kana

kanaan dura biyya dhoksanii  turanii amma fidanii dhufan jettee waan shakkiteefi. Gama biraan immoo ilmi isaanii Caalaan,Hawwii ija jaalalaan ilaalaa jira.Intalli isaanii Sooniin ammoo ilaalcha obboleessa isheefi harmee ishee, waan ishee yaaddesseef dhimmicha qulqulleeffachuuf Hawwiirratti qorannoo cimaa geggeessaa jirti.Erga dhugaa jiru addaan baafatteen booda obboleessa isheef haal duree mijeessuu eegalte.

Haaluma kanaan Sooniin fedha obboleessa ishee galmaan ga'uuf jecha guyyaa tokko konkolaataa manaatiin bashannana baaste.Haa ta'u malee Hawwiin nama salphaatti ejjennoo ishee hin geedderre ta'uu ishee baranii,adeemsa keessa yaada ishee jijjiirsisna jedhanii waliigalanii deebi'an.

Kanaan booda Sooniin Hawwii,Latii irraa addaan baastee kan obboleessa ishee gochuuf yaalii eegalte.Garuu guyyaa tokko xalayaa Latiin,Hawwiif barreesse dubbistee jaalalli isaanii laphee ishee waan tuqeef jara kana addaan baasuun akka cubbuu guddaa ta'etti fudhattee dhimmicha achumatti dhaabde.

Haati Maatiwoos kan Sooniin qulqulleeffatte,amantee fudhachuu hin dandeenye.Hawwiitti hammeenyi ishee guyyuma guyyaan dabalaa deemaa jira.Kanarraan kan ka'e Hawwiin guyyaa tokko Dalasaa ijibbaachuuf gara **Kaasaachis** deemtee,yeroo achii deebitu,osoo biilsaafi konkolaataa ilaalaa deemtuu mana bira dabartee **Piyaassaatti** of agarte.Achi geessee gara itti deebitu wallaaltee,osoo joonja'aa jirtuu,namni Haayiluu jedhamu tokko bifaafi dhaabbata ishee ilaalee nama ishee gargaaru fakkaatee,gara konkolaataa isaatti 'kilaaksiin' ishee waame.Isheenis baay'ee gammaddee konkolaataasaa seente.Innis ishee waliin erga wal bareen booda,laaqana afeeruuf gaafate.Fedha dhabdus dirqamaan gara Hoteela tokkootti fudhatee sokke.Erga laaqana nyaatanii booda osoo isheen hin beekin gadi ba'ee siree qabatee deebi'e.Yeroosheen ni deemnaaf isa mudditu,kan ishee geggeessu fakkaatee gara siree(Albeergootti) dirqisiise ol ishee galche.

Kana booda Hawwiin boossus,iyyitus,carantus,dirmannaa hoomaayyuu hin arganne.Innis dirqisiisee gudeeduuf waan humnaa ol itti taateef,hamma qaamni ishee butututti bofa ishee godhe.Humna ishee caalus qaama hormaataa isaa micciiruu fi irree isaa cininnaan qabuun hanga inni of wallaalutti geessistee harkaa baate.Sanaan booda birmannaa argattee,

Poolisootni dhufanii, gara buufataatti fudhatan.Dhimmicha erga qorataniin booda Haayiluu to'annoo jala oolchanii Hawwii lakkisan.

Halkan walakkeessa gara manaatti yoo deebitu kun immoo haadha Maatiwoosiif carraa guddaa uume.Kunis waaridiyaan, akka ol ishee hin galchine,akka bakka bultii barbaaddattuuf akka gadi ari'u ajejani.Dhimmi kun Hawwiif gaddarratti gadda waan dabaleef guyyaa uumama isheefi carraashee sookka'aa gara dhaqxu wallaaltee,callistee osoo boo'aa deemtuu,machooftuun namni lama sirbaa itti dhufan.Isaanis dubartii sa'atii sana daandiirratti waan argataniif qabachuuf jecha yeroo itti gatantaran,gara waardiyaa Hosteela tokkootti baqatte. Innis jara harkaa erga buuseen booda,rakkoo maaliif yeroo sana akka isheen deemtu gaafate.Isheenis waan irra ga'e hunda osoo hin waakkatin tokko,lama jettee itti himte.Kanaan booda dubartootni Hosteelichaa namni lama waa'ee ishee waardiyicha irraa erga dhaga'anii booda,mana isaaniitti fudhatanii galan.Isaan faana kireeffattee akka teessuufis haala mijeessaniif. Erga yeroo dheeraaf isaan faana turteen booda, qarshiin harkasheerraa waan qaqallateef, qacaramtee mana namaatti galte.Haati manaa namtichaas abbaa manaasheetti waan shakkiteef achiis ni ariite.Kanaan booda mana kireeffattee jiraachuu eegalte.

Haaluma kanaan osoo jirtuu guyyaa tokko gaddaafi dhiphina ishee jalaa dhokachuuf gara magaalaatti baaate.Guyyaan sunis kabaja Ayyaana Masqalaa ture.Hawwiinis gara Dirree Masqalaatti baatee, sirboota sabaafi sablammootaa osoo daawwachaa jirtuu,kan ijibbaattee turte, Dalasaaa argattee fiigdee itti maramte.Innis iyyee isheetti marmee,wal dhungatanii,wal dubbisani. Sababa isa dhabdeen waan isheerra ga'e, gidiraafi gadadoo dabarsite hunda itti himte.Guyyaa kanarraa eegaltee isa waliin jiraachuu eegalte.

Hiriyyaa Latii kan ta'e namni Amaaree jedhamus Dalasaa faana jiraata ture.Amaareen miidhagina Hawwiin waan booji'ameef,daandii ittiin ishee argatu barbaaduu eegale.Isheen garuu kana hin beektu.Dhimma yaadaa qabu kanas guyyaa tokko kophaatti argee,ishee haasofsiisnaan arrabsitee,qaanessitee,salphistee isa ariite.Innis dhimma kanatti waan akka malee aareef dubbii waliin xaxee,Dalasaa faana wal-lochiise.Latiinis kan dubartii biraa fuudhe fakkeessuudhaan shira xaxee galgalaafi ganama ishee boossisuu egale.Dalasaanis shira Amaareen xaxe osoo addaan hin baafatin,dhugaatti fudhatee yaada jiru hunda Latiif barreesse. Haa ta'u malee,Latiin,akka Hawwiin kana hin goone ni beeka;osoo dogoggortee gootees fudhachuuf qophiidha.Xalayaa Hawwiin barreessiterraas namni biraan gidduu isaanii

akka gale hubatee,dhimmichi osoo rakkina hin uumin sirreessuuf jarjareera.Yeroon biyyatti deebii isaas waan ga'eef hanga Hawwii argee rakkoo jiru furutti ariifateera.Hawwiin garuu akka inni niitii biraa fuudhatee dhufutti waan shakkiteef,jaalala isaaf hanga kana taatee isa dhabuurra,biyyeetti dabalamuuf murteessitee jirti.Latiin dhufee,yeroo Amaareefi Dalasaan simannaaf gara buufata Xiyyaaraa deeman,Hawwiin isaan faana hin deemne.Yeroo mana ga'anis mana hin jirtu.Gara mana ciisicha ishee deemanii waamanii dadhabanii yeroo balbala cabsanii itti ol seenan,hoomacha yaastee,gogdee kottolloofteetti.Latiinis irratti kufee ofwallaale.Amaareen ammo dhimmichi waan irratti barameef,konkolaataasaatiin baqatee osoo dheessaa jiruu,balaa konkolaataa cimaan isa mudate.Haawwiin waan afuurri xiqqoon keessatti hafteef mana yaalaa geessanii deebitee lubbuu horatte.

### 4.1.1. Gahee Dubartootni Bakkeewwan Garaagaraa Keessatti Qaban

#### 4.1.1.1. Dubartoota Mana Jiraatan Keessatti

Ilaalchi dubartootaaf kennamu, gadaanaafi akka meeshaa jireenyaa warra dhiiraa waliin walqabachuun jiraatuutti ilaalamti. Hanga yeroo dhihootti, asoosama dheeraa Afrikaa keessatti barreeffaman hedduun isaanii kan barreeffaman dhiirotaan yoo ta'an, barreeffamoota kanneen keessattis akkaataa dubartootni ittiin ibsaman, walitti dhufeenya dhiira waliin qabaniin qofa ta'ee, innis intala nama tokkoo, haadha manaa yookiin jaartii namaafi haadha taatee, yeroo biraammoo, eenyummaan ishee mulqamee, akka guddiftuu daa'immanii, hojjettuufi bilcheesituu nyaataa akkasumas, calluma jettee kan of bareechuu jaallattu godhamtee ibsamti jechuun (Fergusen, 1977) ibsee jira.

Yaada kana jabeessuun, Fergusen (1977) yommuu ibsu, dubartoonni walitti dhufeenya dhiira waliin qabaniin, akka haadhummaatti, niitummaatti, akka meeshaa quunnamtii saalaa itti raawwatanitti ilaalamti. Haata'umalee, dhiirris gahee inni gama kooniyaatiin qabuun mul'ifamuu danda'a. Garuu, kan shoora dubartootaa waliin yoo walbira qabamee ilaalamu, walhinmadaalu. Sababnisaas, dhiironni gahee isaanii kanaan qofa waan hinibsamneefi. Fakkeenyaaf, dhiirri kan ibsamu, walitti dhufeenya inni hawaasummaa yookiin Rabbi uumamaafi addunyaa alaa waliin qabaniin yommuu ta'u; dubartootni garuu walitti dhufeenya isaan dhiira waliin qabaniin ibsamu.

Karaabiraatiin, dhiironni gaheefi qooddannaa waliin walqabatee dubartootaaf ilaalchi qaban, Fergusen(1977) akka ibsutti, dhiirri yeroo baay'ee yeroo isaa dabarsuu kan irraa eegamu, akka dhirsaa yookaan jaarsaa, abbaafi jaalalleetti osoo hintaane, akka hojjetaatti, shoora irraa eegamu bahuuni. Waan kanata'eef, warra dhiiraatiif shoorri isaan bahan itti baay'atus, dhimma isaanii miti. Kun garuu, dubartootaafi rakkoo guddaadha, jechuun ibsa.

Sababiinisaas, warri dhiiraa hojiin itti baay'atullee, waan ala bahanii turaniif yeroo sammuu isaaniitti boqochiisan argatu. Waan argataniin bashannananii, dhuganii galuu danda'u. Kun garuu, shamarraniif baay'ee cimaadha. Sababiinisaas, ilmaan guddisuu, hojii mana keessaa, hojjechuu, hojii haraqeefi farsoo gochuun jireenya isaanii jijjiiruufi carraaqu. Waan kana ta'eef, yeroo tokko tokko yeroo haara galfannaallee dhabanii cinqaman jiraachuu danda'u. Haaluma kanaan asoosa "Hawwii" fudhannee yoo ilalle:

Gaheen dubartootaa asoosama kana keessatti haala armaan gadiitti ibsamee jira.Innis, Fakkeenya:1 "Jireenyi isaanii kun sababii hinfooyyofneef haati manaa isaa aaddee Dinsiriin farsoo naqxee, harqee baaftee walgargaaranii akka kanaan jireenya isaanii wajjin qabsoo waliin qabu" (Hawwii, Fuula: 10).

Akka waraabbiin kun mul'isutti, gaheen dubartootaa mana keessatti hojjetanii walgargaaranii galii argamsiisuun jireenya isaanii mo'atanii kan jiraatan ta'uu isaanii hubachiisa. "… obboo Jireenyaan mindaan isaanii baay'ee xiqqaa sababii ta'eef haati manaa isaanii adde Bashaatuun shaayii danfistee; daabboo wajjin gurguruudhaan walutubanii jiraatu"(Hawwii, Fuula 11). Fakkeenya:2

> Koottu gadi bahi jedhanii itti himnaan ariitiidhaan harka bukoo bukeessaa jirtuun itti baate. Utuu hindhiqatin quba isheen ofirraa haqachaa, "nawaamtanii abbaa" jettee? Obboo Ayyaanaanis harka isheefi miila ishee bukoo dibate, uffannaa isheefi fuula ishee cileedhaan faalame ilaalanii, "maali ani hojjettuu dhabeera siin jedheera moo maal ta'uu keetii? jedhan gara haadha manaa isaanii ilaalaa, haati Maatiyoosiis "maali jara keenya ijoolleedha maal qaba hamma hojii malee taa'aa ooltu achi keessaa yoo nama gargaarte maal qabaa? Jedhan. (Hawwii, Fuula108-109).

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu, hojiin hojjetaman jechuun mana keessatti kanneen dalagamanii galii argamsiisuu danda'an dubartootaan akka gahee isaanii ta'eetti nuhubachiisa.

Akkasumas, haalli asoosamichaan ibsame hojiin mana keessaa dubartootaan kan raawwatamuufi gaheen dubartii mana keessatti qabdu maal akka ta'e ibsee jira. Innis, kanneen akka nyaata qopheessuu, manaafi mooraa keessa qulqulleessuufaa, asoosamicha keessatti gahee dubartootaa ta'uu nuhubachiisa.

Walumaagalatti, asoosama kana keessatti gaheen dubartootaaf qoodame hojii mana keessaafi naannoo manaa, galii argamsiisuurratti akka bobba'an hubanna.

#### 4.1.1.2. Dubartoota Gama Siyaasaan

Dubartootni gama siyaasaan, qooda isaan hawaasa keessatti qaban asoosama kana keessatti ibsame ilaaluun dura, sirnoota darban keessa hawaasni Oromoo haccuuccaafi dararama hamaa keessa akka ture ni beekama. Sirnoota kana keessa uummanni Oromoo aadaa, seenaa, eenyummaa, amantaasaa akka dagatuufi kan biroon akka haguugamuuf carraaqiin godhamaa ture suukaneessaadha. Oromoon akka afaansaan hinbarreessine, afaansaa dubbii afaaniirra akka hindarbineef labsiin kan itti labsame tureera.

Hawwiin wasiila Latii barbaachuuf mana Baankii Kaazaanchisitti yeroo deddeebi'aa turte, taaksii keessatti mudannoo dhimma rakkoo afaanii wajjin walqabatu yemmuu ishee quunname akkas jechuun dubbatti: Fakkeenya:1

> ... Amma kan akka kanatti kan kofaltan Amaariffa akka Amaaraatti dubbachuu dadhabuu kootti mitii? Isiniif afaan abbaa keessaniiti. Utuu isintu Afaan Oromoo caccabsitanii dubbattan ta'ee ani isinitti hinkolfu. Sababiin isaas afaan abbaa keessanii akka hintaane sababiin beekuuf. Garuu amma Amaariffaa wallaaluun koo qaama namummaa koo keessaa hir'uu akkan qabutti nalakkaa'uun keessan of tuulummaa Waaqa hinsodaanneedha.Afaan Amaariffaa kan biyya keessanii dubbachuu dadhabuun koo anaaf qaanii miti. Afaan alagaatii hin komatamu. Kan na aarsu garuu doofummaa keessan miti. Finfinnee biyyaa abbaa koo keessa teessanii anaan nama biyya ormaa gootanii afaan natti haxaa'achuu keesaniidha. Utuu beektanii miilla keenyaarratti kuftanii nu galateeffachuu qabdu ture. Lafti isin gooftaa itti taatan kun hundi lafa keenya. Biyya keenya. Isintu biyya keenya dhufe malee nuti biyya keessan hindhufne. Maal godhu? Tokkummaa dhabuu keenyatu akkas nu godhe;Minilik miti. Goobanaafi gantoota mootota Oromoo bara sanaa tokko tokootu harka keessan jalatti nu galche. Oromootatu gamtaa

> cimaa dhabe malee isin hayyama keenya malee lafa biyya keenyaarra ejjechuu hindandeessan ture… (Hawwii, Fuula :130).

Yaada oliirraa wanti hubatamu, dhimma afaaniifi eenyummaa wajjin kan walqabatuudha. Kunis, afaan kamiyyuu afaan kamii wajjin gama waliigalteen walqixa ta'ee osoo jiruu, namni afaan tokko dubbatu nama afaan kan biraa dubbatu tuffachuun oftuulummaadha. Oromoon Afaan Amaaraa beekes wallaalaa yookaan beekaadha isa hin jechisiisu. Namni kamuu afaan hunda sadarkaa walqixa ta'een yoo dubbachuu danda'e gaarummaasaa malee gadhummaan isaa hinmul'atu. Afaan garaagaraa beekuun ittiin waliigaluuf, dubbisanii hubannoo gabbifachuuf, qorannoo ittiin gaggeessuuf nama fayyada.

Bifa biraatiin,sabni Amaaraa Amaariffa dubbatu biyya Oromoo keessa taa'ee Afaan Oromoo nama dubbatu oftuulummaa isaanii ibsuuf jecha seenaa darbe keessatti yeroo itti afaan haxa'achaa turantu ture. Hawwiin afaan ishee dubbachuusheetti kan hinsaalfanneefi hin qaanofne waan taateef, uummanni Oromoo hacuuccaa sirna darbe keessatti akka ittiin hin dubbannee, ittiin hinbaranne, afaan hojii akka hintaasifanne, wkf yeroo turetti sirni sun darbee ammaan kana, mirga afaan isaatiin dubbachuufi ittiin barachuu argateera. Kanaafuu, tokkummaan uummata Oromoo murteessaadha.

Dhimmoota olitti kaafne Hawwii kan mudateen taaksii keessatti ture. Akkuma taaksiirraa buuteen Kaazaanchis keessa mucaa wasiila Latii barbaaddee gaafa dhabdu, gara mana Obbo Ayyaanaatti deebi'uuf taaksii qabattee 4 Kiilootti bu'uu osoo qabduu wallaaltee Piyaassaa deemte. Kana booda, kallattii itti adeemtu waan harkaa badeef, daandiirra sa'aatii baay'ee erga dhaabbattee booda dargaggeessi tokko konkolaataa isaa dhaabee kilaaksii godheef. Gara itti adeemtu gaafateenii konkolaataa isaa keessa seensise. Hayiluun yemmuu Hawwii wajjin walbaru, yaada armaan gadiirraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenya:2

> ...... Fuul durattis gaariidha wal barra Hayiluudha maqaan koo kan kee woo?" jedhe. "Hawwii jetteen." Owu!Hawwii?maal jechuu dha afaan maaliitii?" jedhee gaafate. "Hawwiin 'Minyot' jechuu dha" jetten. Innis "Owu! Yes! Yes! Gaallinyaa" jedhe. "Tasuma,afaan gaallaa hin fakkaatu,it is beautiful name!" (Maqaa bareedduudha) jedha afaan Ingiliiziitiin.Itti fufee "Maqaa faranjii fakkaata."jedhe. Hawwiin garaa isheetti "Yaa Rabbii safuu! Maqaanis walcaalaa? Kan isaanii fi kan faranjii bareedaa kan Oromoo fokkisaa! ajaa'iba." Kan Oromoo fokkisaa dha jedhee kan itti murteesse waaqa moo

> isaanuma laata? Waaqayyoo garuu walqixxee nu uume.Yoomi laataa? kan ilaalchi kun sammuu isaanii keessaa baduu? jette. (Hawwii, Fuula :132-133).

Akka yaada kanaatti, eenyummaa Hayiluu osoo hinbeekin sababa daandiirra dhaabbattee konkolaataa dhabdeef, filannoo biraa waan hinqabneef konkolaataa Hayiluu kana argattee akka mana Obbo Ayyaanaatiin ishee ga'uuf yaaddeetu. Hawwiin dubara eenyummaashee beektu, aadaa sabasheef ulfina kan laattu, Oromoota ofta'uu dhabanii maqaa dhaloota isaanii akka maqaa doofaatti ilaalanii maqaa biraatiin waamamuun hamaayyummaa yookaan qaroomina itti fakkaatanfii, fakkeenyummaa gaarii ta'uu dandeessi. Namoota kanneen akka Hayiluufaa aadaafi eenyummaa akkasumas afaan isaanii qofaaf bakka kennuun, kanneen biroo kan koo malee jedhanii oftuulummaan isaanitti dhaga'amuuf barsiisuufi gorsuun murteessaadha.

Hawwiin jireenya hosteelaa waliin jiraachaa turtes; Asteeriifi Gannat, hiriyoota ishee kana wajjin yemmuu jiraachaa turte dhimma eenyummaasheetti kan hinsaalfanneefi sab-boontuu ta'uu ishee yaada armaan gadiirraa hubachuun nidanda'ama. Fakkeenya:3

> Namni maaliif of tuffataa? Maaliif sabummaa yookiin Oromummaa isaatti qana'aa? Balleessaa naamusaa nama qaanessu yoo hojjete qaana'a malee…Hawwiin kutaa ciisichaa deemtee "Maartaa akkami? jettee yeroo dubbistu isheen immoo " Taadiyaas dehina nesh?" jettee Afaan Amaariffaatiin deebisteef…Hawwiin Afaan Oromootiin Maartaan immoo Afaan Amaariffaatiin deebistiif malee Maartaan osoo duutee, Afaan Oromootiin hindubbattu.
> s (Hawwii, Fuula: 149).

Akka yaada kanaatti, Hawwiin hiriyootashee Asteeriifi Gannat, akkasumas Maartaafaa wajjin jiraachaa yeroo turtetti dhimmi kun ishee quunname. Maartaan dhalootaan Hawwii wajjin biyya tokko. Lachan isaaniiyyuu Oromoodha. Maartaan garuu, erga Magaala Finfinnee galtee kaastee moggaasa maqaashee kanaan dura ittiin waamamtu gabaabsamee yoo waamaniin malee itti hintolu. 'Maartii' jechuun yaamamuu feeti. 'Maartiin' hiriyoota waliin jiraattu keessaa Hawwiif baay'ee bakka hinlaattu. Hawwiin shamarraan hosteela keessa waliin jirataaniin gara bal'attee wajjin yoo haasa'uu baattellee, Maartii lammii kooti jechuudhaan Asteeriifi Gannat caalaa abdatti turte. Kanaafuu, Maartaan saba kan biroo wajjiniin fakkaattee kan jiraattuu malee ofta'uu kan hindandeenyeedha.

Hiriyyaa  Injirer Amaaree kan taate Iyyeerusaalem gaafa keessummummaaf Hawwiifaa bira dhufan dhimma eenyummaa wajjiin walqabatee haasaa isheen haasofte: yeroo Farsoo Amaareef bu'etti tisiisni seentee jennaan, Iyyerusaalem guddina tisiisichaa agartee "...lakki kun guddaadha. 'ye gallaa zinbi new' (tisiisa Gaallaati)" jette (Hawwii, Fuula :175).

Hawwiin erga dhaggeeffattee booda ilaalcha mataashee yemmuu ibsitu akkas jetti: Fakkeenya:4

"...Ni gaha mee farsoo dhugaa. Dubbiin baay'ateef namaaf gala miti. Yoo qulqullummaan dhugaa jiraate dhala namaaf jechi tokkollee nigaha" jettee biriciqqoo farsoo duwwaa taa'utti farsoo guuttee teesse. (Hawwii, Fuula:179).

Hawwiin yaada kana akka dubbattu kan dirqamsiiseen, yaada Iyyerusaalem kaasterratti muufachuun, dhimma eenyummaa waan kaasteef jecha,dubbiin yaa hafuu dhiisaa jechuuf akkasumas, dhimma enyummaa  ejjennoo ofii sheetii qabdu ibsuusheeti. Haluma kanaan, waldiddaa mul'ate qabbaneessuu keessatti dhugummaan isaa addunyaa dhugaa kana keessatti yoo ilaalame, Hawwiin dhimma siyaasaarratti dhalli   namaa waldhaga'uufi walkabajuu wal qaba; ejjennoo jedhu qabdi.

Hawwiin garuu hubattee yaada olitti waraabame jechuu dandeesse. Durumayyuu jechicha haata'u jedhanii waan itti fayyadamaniif malee dhimmicha wallaalanii akka hintaane waan beektuuf aariin bu'aan dhufu hin jiru;baay'ee itti dubbataniif osoo hintaane, kan galuuf jechi tokkoyyuu gahaadha jechuunshee hubannaa isheen qabdu cimaa ta'uusaa mul'isa.

Walumaagalatti, dhimmootni fakkeenyota armaan oliin ibsaman kunniin asoosamicha keessatti,sirnoota darban keessatti kan gaggeeffamaa turan akka ta'eefi barreessaan gama kanaan namfakkiiwwan gargaaramee dhugaa kana ifa baasuuf carraaqiin taasise kan dinqisiifamu akka ta'e hubachuun nama hinrakkisu.

### 4.1.1.3. Dubartoota Gama Hawaasummaatiin

Dubartootni jiruufi jireeyna hawaasaa keessatti jaalala, jibba, gammachuu, gadda, waliifi birmachuuf fala adda addaa kennuu irratti qooda guddaa waliif gumaachu. Kunis, asoosama 'Hawwii' keessatti bifa adda addaan waliif dhabbannaa hawaasaa keessatti yookiin hirmaannaa hawaasaa keessatti gahee akka qaban argina. Gaafa cidha Hawwii dubartoonni

gahee hawaasummaa isaan qaban waraabbii itti aanee jirurraa hunbachuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf:

"………Durbi immoo dibbee fudhattee sirba ho'isteetti. Namoonni nyaataafi dhugaatii qopheessan oliifi gad walkeessa yaa'uun hojii irratti tattaafatu. Miinjoliin Hawwii Sindahaatuu, Doddotee, Immabeet akkasumas shamarran kaanis karaa garaa garaa naasuudhaan oliifi gadi fiigu" (Hawwii, Fuula 114-115).

Waraabbii kanarraa kan hubatamu, dubartootni hawaasaummaa keessatti kan qooda qaban ta'uu agarsiisa. Kunis, hiriyyoonni Hawwiifi dubartootni biroo cidha Hawwiitiif qopha'aan kana, galma ga'iinsa isaaf hojiiwwan garaagaraatti qoodamanii akka argaman ilaaluun nidada'ama.

#### 4.1.1.4. Dubartoota Gama Dinagdeetiin

Hawaasa tokko keessatti, dubartootni dinagdee hawaasaa guddisuu keessatti qooda olaanaa qaban haala armaan gadiin kaa'amee jira.Fakkeenyaaf:

> Jireeyni isaanii kun, sababii hinfooyyofneef haati manaa isaa aadde Dinsiriin farsoo naqxee, haraqee baaftee waliigalanii akka kanaan jireenya isaanii qabsoo qabu…Obbo Jireenyaanis miindaan isaanii baay'ee xiqqoo sababii ta'eef, haaati manaa isaanii Bashaatuun shaayii danfistee, daabboo wajjin gurguruudhaan walutubanii jiraatu.(Hawwii, Fuula: 10-11)

Akkuma armaan olitti asoosama Hawwii keessatti ibsamuu yaalametti, dubartootni dinagdee hawaasaa keessatti carraaqii isaan godhan nutti mul'isa. Kunis, dinagdee hawaasa sanaa fooyyessuuf hojiiwwaan garaagaraa keessatti qooda fudhataniiru. Innis, maddi galii maatii isaaniif ta'uu danda'u irratti hirmaachuun galii akka argamsiisaa jiran hubanna.

#### 4.1.1.5. Dubartoota Gama Duudhaa Hawaasaatiin

Duudhaa hawaasaa keessatti dubartootni, qaama hawaasaa keessaa tokko waan ta'aniif hirmaannaa kan qabaniidha. Haaluma kanaan, duudhaa hawaasaa asoosamicha keessattis haala garaagaraan kaa'amee jira. Fakkeenya:1

> Dubartootni harka fuudhaa dhaqan, mana obbo Jireenyaa mana gammachuu godhaniiru. Gaafa bultii shanaffaa, Dinsiriin qofaa ishee dubartoota harka fuudhaa dhufan keesssummeessite. Haati Masqaleellee booda qaqqabanii, akkuma achi ga'aniinis, marqaafi shaameta maaddii gabatee irratti baasanii keessummootaaf dhiyeessuudhaan Dinsirii hojii gargaaran. (Hawwii, Fuula, 13-14).

Yaada kanarraa waanti hubatamu, duudhaa garaagaraa akka jiruufi dubartootni akka keessatti hirmaatan argina. Duudhaaleen kunis, duudhaa walgargaarsaa, duudhaa sirbaafi kanamalees, gaafa guyyaa shanii marqaafi shaametni qophaayee dubartootni akka keessatti qooda fudhatan argina. Fakkeenya:2

> Haati Hawwii xiiqiin ishee qabee amma reefuu maraachuu jalqabde. Danqaraa manaa fudhattee, "Baasaa mana kanaa, ilma isheetiif kennuuf olgalfattee? Isaaf kan taatu miti! Cittoo malee maal kennitaaf?," Jettee waan baay'ee dubbatte. Haati Latiis gadi itti baatee, sii haadhoo! ani hiyyuummaa keessaan ba'a jedhee dhala koo hingurguru! Horiif jettee jaarsa akaakayyuu keenya ta'utti gurgurachuuf qabdii kan fudhatee si mitii?! kanaa mannaa du'uu siif wayya. Ati sareedha;kan ilmookeetiin daldaaltu. Attam goota egaa, Hawwiinoo hiriyyaa jaallattu qabdi! Isatti malee hinheerumtu! Garaa kutadhu yee…. (Hawwii, Fuula: 59)

Duudhaa hawaasichaa keessa maal akka ta'e ibsamee jira. Kunis, akka duudhaa hawaasichaatti dubarri ofii nama cimaa, beekamaa, maallaqa qabuufi kkf itti heerumsiisuun jireenya ofiifi dhala isaanii fooyyeeffachuuf kan barbaadan ta'uu, asoosamicha keessatti ibsameera. Garuu, aadde Bashaatuun duudhaa hawaasaa kan dubara ofii nama maallaqa qabutti heerumsiisuun sirrii akka hintaaneefi dubarri nama jaallatutti heerumuu akka qabdu, aadde Dinsirii waliin akka walitti buute argina. Kanaaf, duudhaa hawaasichaa kan walmormite ta'uu hubanna.

Akkasumas, cidha Hawwiidhaaf dubartoonniifi kanneen biroo kabaja cidhi ishee wajjin hirmaachuun kan gaggeeffame duudhaa hawaasichaaf hojiiwwan garaagaraa irratti hirmaachuufi sirba cidhaa akka irratti hirmaatan ni argina.

Fakkeenya:3

Kana malees, Durbi dibbee fudhattee sirba ho'istee, akkas jechuun sirbiti;

Yaageeshoo daraaraa rimaa
Hawwiinoo reefu daa'imaa
Yaageeshoo daraaraa rimaa
Yesuufeen du'eera jedhaa,
Haadha isaatti hasaasaa himaa…jechuun sirbu.

Walumaagalatti yaadolee armaan oliirraa waanti hubatamu, duudhaa hawaasummaa keessatti gahee dubartootni qaban nutti mul'isuudha.

#### 4.1.1.6. Kalaqa Dubartootaa

Dubartoonni qaama hawaasaa waan ta'aniif, gama adda addaan jiruufi jireenya isaanii mo'achuuf yeroo kalaqa adda addaa raawwatan agarra. Asoosama kana keessatti, akka fakkenyaatti ilaaluu nidandeenya. Fakkeenya:1

> ...hiriyyaa ishee Immabeet jedhamtu kanas akka diina fira ishee ajjeesetti ilaalutti kaate. Garuu, tooftaadhaan abdii ishee kutachiisuu barbaadde. "Latiin nama amantii sababii ta'eef waan akkasii sababii hinjaallanneef lammata waan akkasii" jettee akeekkachiiftee irraa kutte. Kana booda, Latii to'annoo ishee keessa galchite. (Hawwii, Fuula:38)

Asirrattis, abshaalummaa dubartootaa argina. Kunis, Hawwiin,Latii kan ishee godhachuuf abshaalummaan dubartoota biroo irraa dhorkuu ishee asoosamicha keessatti ibsamee jira.

Akkasumas, Fakkeenya:2

> …mataan sababii na dhukkubeef ani ciiseen jira. Akka namni na hindammaqsine;jettee akeekkachiifte. Harmee isheettis akkasuma itti himtee, kan abbaan ishee qofaatti kutaa tokko mana ciisicha isaanii biratti ijaaraniif keessa seente. Balbala ishee cufattee xiqqoo ijaajjitee yaaduutti kaate. Kana booda karaa foddaa utaaltee ba'uu yaadde… foddaa saaqxee kophee isheen sireerra ejjettee foddaa qabattee hiixattee suuta gadi buute. (Hawwii, Fuula: 76-77)

Asoosma kana keessatti, kalaqa dubartootaa kanneen ibsan keessaa inni tokko fakkeenya armaan olii bal'inaan ibsamee jira. Innis, Hawwiin warra ishee gowwamsitee jalaa ba'uu

waan barbaaddeef akka waan ishee dhukkubee fakkeessite. Sana booda, nama mana ciisicha ishee keessa ciiste fakkeessuun dandeettii isheetti gargaaramuun fedhii ishee akka galmaan ga'atte asoosamichi bal'inaan ibseera. Akkasumas, Hawwiin marii haadha Latiin gara Finfinneetti baduu akka qabdu Latiin isheetti himeera. Kun immoo abshaalummaa dubartii agarsiisa. Fakkeenya:3

> ……. Hawwiin ijibbaata ishee isa dhumaa akkuma isa ciniintee jirtutti, harka ishee mirgaa gadhiifame loostee qaama dhiirumma isaa kan gadi isheetti aggaamame akka lubbuu horachuu hindandeenyetti jabeessitee goggogsitee qabatte. Kun ijibbaata ishee isa dhumaati. Miciree cidhaan keessa jiran lamaan hanga buruqanitti, sukkuumuudhaan lubbuu diina ishee muddite. Yoona kana irreen Hawwii dhahaa ture nilaafe. Qaamni akka jirma guddaa irratti kufee ture irraa jorga'e …Qeensaan fuula isaa qalte dhiiga irra lolaaste (Hawwii, Fuula: 147)

Walumaa galatti, kalaqni dubartootaa asoosama kana keessatti ibsamee jiru kun, kaayyoo ishee maniin ga'achuudhaaf tooftaalee garaa garaa fayyadamuu ishee mul'isa.Calqaba 'Latii' kan ofii ishee godhachuuf,dabalee maatii ishee jalaa miliquuf,akkasumas tarkaanfii inni irratti fudhachuuf deemu jalaa ba'uuf wantoota garaagaraa akka raawwatte nuhubachiisa. Garuu, dhuma irratti wanti isheen raawwatte, fedhiin Hayiluu akka galma hingeenye kan taasiseedha. Akkasumas, injifannoo isheef kan ta'e tooftaa qaama dhiiraa qabdee micciirtee ofii bilisa ba'uu isheeti.

**4.1.1.7.Dubartoota Gama Gaa'elaan**

Dhimma kana faana wal qabatee Hawwiin jaalalaafi gaa'ela keessatti dubartiin ofii isheef murteeffachuu qabdi yaada jedhu deggerti.Faayidaa adda addaaf jedhamee filannoon karaa maatiifi firoottan ishee, filannoon dubartiif godhamu sirrii akka hin taane yeroo ibsitu,"….Hawwiinis itti fufuun ilaa,namni dhimma ofii isaarratti,ofii isaaf hin murteeffatu taanaan garba!Garbummaa jala jira ykn horii qe'eeti jechuudha."Jetti. (Hawwii, Fuula: 50)

Waraabbii olii kanarraa waanti hubatamu,hawaasni qabeenya,sanyiifi dhimmoota biroo irratti hundaa'uun ijoollee isaanii kan heerumsiisan ta'uu isaa mul'isa. Hawwiin garuu yeroo isheen yaada kanaan mormitu agarra.Hawwiin garuu qarshiin,meeshaa malee nama bituu kan hin dandeenye ta'uu isaa cimsitee mormiti.Kanaafuu gocha maatiin filannoo gaa'ilaa ijoolleessaaf raawwatu akka nama horii qe'ee gurguruufi akka sirna gabrummaatti

balaaleffatti.Akka isheetti sirrii kan ta'e namni dhimma isaa mataasaarratti ofiin murteeffachuu akka qabuykn murticharratti hirmaachuu akka qabu dubbatti.Kanumaafii kan isheen biyya gadi dhiistee baqatteefis.

### 4.1.1.8. Dubartoota Gama Ejjennoon

Hawwiin yeroo gidiraafi rakkoowwn adda addaa ishee mudatan abdii kuttee tarkaanfii hin taane hin fudhanne.Kan hawaasni dubartiin fageessitee hin yaaddu;ejjennoo cimaa waan hin qabneef bakka hin taanetti kuftee hafti isa jedhu sana osoo hin taane,Hawwiin kaayyooshee galmaan ga'achuuf yeroo isheen qabsooftu agarreerra.

Isa kanaaf ammo akka fakkeenya gaariitti kan fudhatamu,yeroo Finfinnee Hosteela keessa turtee qabeenyi ishee harkaa dhumuuf ka'e sana akka dubartoota garbiroo mana bunaatti galtee hojjechuu osoo dandeessuu isa dhiistee mana nama dhuunfaatti qacaramtee hojjechaa turte.Yeroo mana hojjetaafi hojjechiisaa qacaramuudhaaf deemte sanas namootni bifaafi dhaabbata ishee ilaalanii hojjettuu mana bunaaf yoo ishee hawwanis isheen gonkuma tole hin jenne.Mana nama dhuunfaa filatte.Dubartootni qarshiif jedhanii fedhii isaanii malee dhiira faana gaafa bulanis akkas jetti. "Dubartiin maaliif qaamashee akka meeshaatti kireessitee jiraatii?" (Hawwii, Fuula :156)

Humnaan illee kan ishee dirqisiisan yoo ta'ellee dubartiin harka laachuu akka hin qabne gocha Haayiluurratti raawwatterraa arguun dandaa'ameera.Yeroo dargaggeessi Haayiluu jedhamu ishee gowoomsee gara hoteelaatti ishee geesse fedhii gudeeddii irratti raawwachuuf jedhu,iyyitee nama birmatuufis yoo dhabdellee humnaafi tooftaa qabdutti fayyadamuun isa harkaa ba'uuf dandeesseetti.

### 4.1.1.9. Seenaa Asoosamichaa Haala Barreessaan Itti Dhiyeesse

Asoosaan asoosma 'Hawwii' jedhu haala inni seenaa asoosamichaa itti dhiyeesse, dubartoota irratti miidhaa gahaa jiru agarsiisuu malee, miidhaa, xaxaafi gidiraa dubartootarra gahaa jiru keessa haala itti darbuu danda'an ifaan hin keenye.Haa ta'u malee kunis kallattiidhaan kan kaa'ame osoo hin taate haala jiruufi jireenyaa dadhabsiisaafi rakkisaa booda kan bira gahamu ta'uu isaati. Garuu, yeroo akkas jennu, hawaasichi dhiibbaa dubartoota irra gahaa jiru kana, haala/tooftaa kanaan furuu qaba jedhee wanta dhiyeesse hinqabu. Nutis asoosaa hundarraa

kallattii nuti barbaadneen barreessuu qaba jennee hin eegnu.Kanaafuu, barreessichi kan inni itti barreeffamicha dhiibbaa dubartootaa kana dhiibbaan asoosichi geessise kallattiin hinmul'anneeni.

## 4.2. Sab-Seena Asoosama Yeroon Siif Hadhiistuu

Yeroon,Magaalaa Jimmaa keessaatti, maatii sooressaa jiru jedhamanirraa kan dhalatte, maatii isheef tokkittiidha. Kanaaf, kunuunsa gaariidhaan kan guddatteedha. Yeroon, mana barumsaa "Mayaaziyaa 27" kanneen waliin barattu keessaa bareedina isheen qabdurratti, uffatni, warqee mormaafi kophee isheen keewwattuu adda ishee taasisa. Yeroon magaala diimtuudha. Ijishee inni habaaboo fakkaatu yemmu ilaalan nama marara;ofittis nama hawwata. Funyaanshee utuu baay'ee olhinka'in, mahaandisaan safaramee kan dhaabame fakkaata (Yeroon Siif Haadhiistu, Fuula :8 ).

Abbaan ishee sababa dhukkuba asmiitiin dhukkubstaniif, Jimmaan gadhiisanii waan Finfinnee jiraataniif, qabeenya magaalaa Jimmaa keessaa qaban kan to'attuuf, maqaasheefi maqaa abbaasheef ofeegannoo kan gootuu amala gaarii kan qabduudha. Yeroon barumsaanis akkuma ispoortii jabduudha. Sababii kanaan barsiisotaafi barattoota hiriyyootashee biratti kabajaafi jaalala guddaa qabdi. Barumsaanis taanan kutaa (1-11[ffaa]tti) sadarkaa (1-3) argachuudhaan kutaadhaa gara kutaatti ceete; hariiroo namoota wajjin qabduun gaarii kan taateefi cimina qabduunillee kan hinboonneedha. Amala isheefi qabeenyaa abbaashee ilaaluun namoonni hedduun gaa'eelaaf abbaashee gaafataniiru. Deebiin abbaashee garuu, "gaafa kutaa 12[ffaa] fixxun heerumsiisa" yaada jedhu yommuu ta'u, isheen ammoo naman ofii kootii jaalladheefi filadhettan heeruma jettee ofitti amanamummaashee dubbatti. Murtee koo keessa eenyuyyuu galuu hinqabu kan jettu Yeroon, Solomooniin haala dubbannaa isaafi bifa isaan booji'amtee akka itti heerumtu yeroo murtessitu akkas jetteettiin: "... Abdallaa kan bulchu anuma. Dhimma koo keessa seenuu hindanda'u. Abbaan koo ni guddiseen malee hindhalchine." jetteen.

Guyyaa tokko akka tasaa Yeroon mana barumsaatti osoo ispoortiii hojjetanii,Salamoon ta'e jedhee dirree keessaa kubbaa garasheetti dhiituun ishee rukute.Yeroo kana kubbichi dhiyeenyarraa ishee rukutee,akka malee waan miidhamteef,Salamooniifi Daarikteerri Mana barumsichaa kaasanii erga Kilinikaatti geessaniin booda,fuudhanii gara manasheetti

geessan.Isheenis erga mana geessee lafa jirtu of barte.Egaa Salamoonis,Daarikterri ishees kan dhama'aa jiran dhibee Yerooniif jedhanii osoo hin taane,karaa ittiin Yerooniin argatan barbaachaafi.Daarikteerichi kanaan dura bultii waliin ijaaruuf gaafachaa waan tureef gaarummaa itti agarsiisee yoo tole naan jette,jechuudhaan waliin dhama'aa jira. Haa ta'u malee Salamooniin durfame.Salamoon hiriyyummaan isaa Yeroon irra darbee, ijoolleewwan mana Yeroonfaa jiraatan Biibiifi Saayidaa faana firooma cimsaniiru.Salamoon manatti deddeebi'ee waliin barcaa gochuus eegale.Haaala kanaan jaalalli Salamoon laphee Yeroon, keessa bakka qabateera.Isheenis waan kanaan dura hin arginiifi hojjettee hin beekne dhandhamachuu eegalte.Kanaan booda Salamoonirraa maaltu ishee baasaree? Salamoon garuu shamarran argee jennaan gonkuma bira darbuu. Haa ta'u malee Salamoon kanaan dura Magaala Aggaarootii gara Magaala Jimmaa gaafa dhufu,dubartii haadha Hoteelaa tokko kan aadde Diggittii jedhamtu waliin wal baree, akka malee waa calqabaniiru.Aadde Diggittiinis hojii Salamoonitti akka malee waan gammadaniif,Salamoon liphsuu ijaafillee akka biraa deemu hin barbaadan turan.Egaa Salamoon akka saree gorora coccoobsa hanga bakka kaayyeffate ga'utti.Isa kanas durumaan Yeroon bakkeettuu ni beekti ture;garuu haala inni sheetti dhiyaateefi ittiin wal barte bifa addaan ture,kunis shakkii isheen duraan qabdu sana haqeera.Garuu kan isheen hanga ammaatti beektu hariiroo inni Aadde Diggittii waliin qabu qofa.Salamoonis hariiroon isaa akka malee Yeroon faana cimaa waan dhufeef yoo Salamoon osoo mana isaanii hin dhufin hafe Yeroon midhaaan lagachuun,ijoollees baastee magaala keessa barbaachisuu eegalteetti.Salamoonis lapheeshee keessa akka seene of bareera. Haaluma kanaan Salamoon Yeroonirraa durbummaa ishee fudhatee,isheenis ni ulfoofte. Yeroo kana lafa lixxu waan dhabdeef eessumasheen mari'attee akka jaarsoliin abbaasheetti ergaman murteessan.

Aadde Diggittiin dhiibbaa dhiigaa waan qabaniif aarii Salamoon irraan kan ka'e, dhukkubsatanii mana yaalaa seenan.Gaafa Salamoon intala Abbaa Garoo, Yeroon bira bule ganama waajjira isaa deemuudhaan erga arrabsanii booda,akka uffata isaa dhufee fudhatu itti himan sana,Salamoon nammoo aadde Diggittiin tarkaanfii narratti fudhachiisuu dandeessi jedhee shakkee hafe sanaaf karoorri ishee jalaa fashalaa'uu isaatti baay'ee gadditeetti. Kaayyoon ishee kashalabboota hanga jirmaa gahan afran qopheessite sanaan yeroo Salamoon uffata isaa fudhachuuf mana dhufu,sagoomsisuuf/kolaasisuuf turte.

Salamoon abbaa Yeroonitti waraqaan ergamee,inni kunis milkaa'uufii isaatti baay'ee gammadeera.Yeroonis gammachuu kana sababeeffachuun,mana Salamooniif kireeffatte keessatti jaarsoliif afeerraa guddaa qopheessite.Afeerraa kanarrattis Abdallaarraa kan hafe hundumtuu argamaniiru.Innis kan hafe amala badaa Salamoon qabu waan beekuufi.

Mana Salamooniifi Yeroonfaa keessatti haati Salamoonfaas dhufanii qophiin cidhaaf godhamu itti fufee jira.Haa ta'u malee abbaan Suliyimaan Abbaan Maccaa,ilma Salamoon jedhamu hin qabu jechuudhaan achitti hin argamne.Kunis amala mucaan isaanii kun durumaan qabu sirriitti waan beekaniifi.Aadde Diggittii,dhaadannoon isaanii, dhaadannoodhaan hin hafne; qondaaltota mootummaa ol aanoofi sanyoowwan Magaala Jimmaa keessaa waan qabduuf,Salamooniin gaafa cidha isaa ganama bakkeen lixe dhabameera. Kanas barbaacha guddaa booda ,deggersaa Eeliyaasiin mana hidhaa qarshii hate jechuudhaan kan jiru ta'uun isaa erga barameen baada,Abbaan Garoo wabii ta'uudhaan mana hidhaatii isa baasisaniiru.Hiikamuu isaa yeroo dhaga'an aadde Diggittiitti dhibeen isaanii itti deebi'ee yeroo lammaffaaf Hospitaala galan.Cidhi isaanii akka seera Shariyaatti waan qophaa'eef Magaala Jimmaafi Aggaarootti kan akkasii argamees,dhaga'amees hin beeku.

Kanaan booda Salamooniif jiruun isaa ni qajeeleef.Akka tasaa guyyaa tokko galgala Salamoon osoo Yeroon waliin taa'uu, Yeroon waan dhukkubsatteef waan qabuufi gadidhiisu wallaalee gara Biibiifi Sayidaatti yeroo fiigu,shiftoota aadde Diggittiin Salamoonitti bitte,yeroo isa rukutuuf jedhan,Salamooniin durfamanii tisiisa dhama buute ta'an.Halkan keessaa sa'atii ja'a waan ta'eef Salamoon roondiidhaan qabamee mana hidhaa seene.Yeroon ciniinsuu guddaa booda deesse.Maqaa isaas Naayilaanii jedhani.Salamoonis darbaa yeroon himatamee qarshii digdamii shan adabamee lakkifame.

Yaaliin aadde Diggittii inni kunis hin milkoofneef,isheenis osoo abdii hin kutatin,namticha Gimbooree jedhamuuf qarshii laattee,akka bakkaan ishee ga'uuf goote.Salamoon hojii sagaagalummaa isaa waan eegaleef,osoo inni Magaalaa Aggaaroo ,mana barsiisaa Abbabaa, intala Abbaa Magaal Faaxumaa waliin turee, galgala, Faaxumaa geggeessee yeroo deebi'uu rasaasaan rukutamee Hospitaala seene.Kanas aadde Diggittiin baay'ee gammadan, Ginbooreen kaayyoo isaanii waan galmaa geessiseefi.Yeroonis soda aadde Diggittii irraan kan ka'e mana barumsaa addaan kuttee, erga manatti deebitee ficaaniifuu gadi bahuu dhiistee ooltee bulteetti.Kanaan booda walfudhatanii gara Magaala Finfinneetti godaanan.

Salamoonis Suuqii Abbaa Garoo kan Magaala Finfinnee naannoo Masgiida Annuwaar jiru keessatti dargaggoo Muraad jedhamu, of biratti qacaree hojjechuu eegale.Finfinneetti galanii waggaa 1ffaa isaaniitti ilma 2ffaa Hedanii godhatan.Kanaan booda Salamoon dubartii Qonjit jedhamtu faana wal baree,qabeenya Abbaa Garoo manasheetti guuruu eegale.Abbaa Garootti dhibeen isaanii akka malee waan cimeef dandamachuu hin dandeenye;ni boqotan.Haati Yeroonis erga Abbaan manaa isaanii du'eefi Salamoon kisaaraarra isaan buusee booda,lubbuu isaanii qofaan gara mana isaanii isa magaala Jimmaa jiruutti galan.Yeroon mana jireenya maatiishee gurgurtee idaa galii biyya keessa irra jiru kaffaltee,suuqichi akka ol jedhuuf yaaltus,Salamoon waan bishaan jala yaasuuf dandamachiisuu hin dandeenye.

Kanaan booda Yeroon jireenyi waan itti ulfaateef naannoo 4 kiilootti mana kireeffattee: Isheenis ijoolleeshee guddifachuuf jecha osoo fedhashee hinta'in qaamashee gurguruutti kan bobbaate, dubartoota akkuma ishee kana bifaafi qaamaan waan caaltuuf ija dhiiraa hedduu keessa galuu waan dandeesseef, dubartoota ollaashee jiraniifillee deebii isheen kennitu kan nama hinquuqneedha.Ijoolleen immoo yeroo mana barumsaatii galan ,akaayii mana dhugaatiirra deemanii gurguruu eegalan.Isarraan gara hojii liistiroo hojjechuutti darban. Waan yaraa gaariin mo'achuun nidanda'ama kan jettu Yeroon, jireenya gaarii keessaa baatee gara sagaagalummaatti, achiis hojjettuu waajjiraatti kan dhufte bu'aa ba'ii hedduu dabarsiteeti.

Yeroo kana namni Barkeessaa jedhamu Hedanii biratti kophee haxoofsifachuu dhufee erga wal baranii booda,guyyaa tokko fudhatee gara mana sagadaa Shiroo Meedaa deeme. Achuma sagantaa sanarratti faranjii Kiristiinaa jedhamtu faana wal baree;isheenimmoo gara Biyya Ameerikaatti fudhattee galte.Naayilaaniinis Dhaabbata Leenjii Poolisootaa Kolfee ji'a ja'aaf gale.Sana booda qorataa yakkaa ta'ee ramadame. Hiriyyootasheefi ijoolleeshee, akkasumas namoota baay'ee isheetti dhiyaataniin amantiishee gara kiristaanummaatti (pirotestaantiitti) erga jijjiirtee kaastee, namoota fuudhaaf gaafataniif ofeeggannoo cimaa kan gootuufi dhalli namaa bu'aa ba'ii jireenya dabarserraa barachuu qaba jettee kan ofitti amantu dubartii cimtuudha. Ministeera barnootaa mana galmee keessaatti qarshii 182n qacaramtee yeroo hojjetaa turtetti, hogganaanshee fuudhaaf yeroo gaafate, "… Nama sirriitti hinbeeknetti of kennuun badiisa guddaarratti nama gata. Kan Solomoon fakkeenya gaarii naa ta'uu danda'a"

jechaa qofaashee dubbachaa deemti. Yeroo olloonnishee,“Muu haadha koo! Hojjettuun biiroo akka kee hinjirtu! “Ni sobdi hojjettuu biiroo maaliiti kun asitti ta’uufii didnaan karaa irratti sagaagaluuf jooraa ooltee galti!” ittiin jedhu. Yeroon garuu, deebii hamaa hinkennituuf. Garuu, “Waaqayyoo isin haa eebisu! Eebba Waaqayyoo argadhaa” ittiin jettee eebbistiin. (Yeroon Siif Haadhiistu, Fuula:104).

Ijoolleesheef jettee, gidiraa hedduu dabarsite. Ijoolleenshee guddataniifii barnootashee kan addaan kuttellee, itti fufuun dookterummaan eebbifamte. “… Yeroon barnoota torbatti “A” torba argattee mooticha Atsee Hayile Sillaaseerraa sa’atii harkaa warqee badhaafamte. Yeroon Waaqayyoon kan kadhachaa ture hakiimii tahuu ture. Kadhannaanshee kunis, deebii argatee Yuunivarsiitii Q.H.S. Medical Faculty galte.” (Yeroon Siif Haadhiistu, Fuula: 106).

Haaluma kanaan Naayilaaniin Barumsa galgalaa isaas itti fufee maatirikii fudhate,qabxii gaarii waan fideef Yuunivarsiitii Q.H.S. tti barumsa Seeraan eebbifamee abbaa seeraa ta’e.Haaluma kanaan guyyaa tokko Naayilaaniin Suupper Maarkeetii tokkotti goree meeshaa erga bitateen booda,Wayinsheet sababa abbaan buddeenaashee obbo Bariheen,ragaa sobaa qindeessuudhaan qabeenya haadha ishee dhaaluudhaaf deemaa jiruuf,haadha ishee waliin walii galtee, Naayilaanii dogongorsuuf qarshiifi ofii ishee afeeruuf haal-duree adda addaa qopheessitus,inni kaadhimaa akka qabuufi Kaadhimaa isaa Beeteliyeem faana wal barsiise. Yeroo muraasa booda Naayilaaniifi Beeteliyeem,akkasumas Dr.Yerooniifi Barkeessaan cidha isaanii akka amantaa kiristaanaatti raawwatan.Wayinsheetiifi haatishees gara waldaa kiristaanaa deemanii erga amananiin booda,Wayinsheet faarfattuu taatee,luba waldaa kiristaanaatti heerumte.

Solomoon Yerooniin dhiisee, dubartii Qonjit jedhamtu qabeenyasheef jedhee yoo fuudhellee Qonjitis akkuma Solomoon jaalala dhugaatti kan amantu osoo hintaane qarshiif akka ta’e agarra. Qonjit Salamoon irraa waan barbaaddu,duguugdee waan fixxeef,isa mana keessatti dhiistee dhiira gar biraa faaana,sagaagaluu eegalteetti;durattiyyuu dhirsishee qarshiidha;kan qarshii qabu faana akka feete taati.Salamoonis yoom nama yaraa ta’e hojjettoota mana bunaa sanatti qacaramanii jiran sana maraaf talaallii kennu itti fufee jira.Keessattuu Shawaayeen erga bakka Qonjiti buutee ooltee bulteetti.Siree waljijjiiraniiru jechuudha.Yeroo Qonjiti qarshii barbaachaaf jecha dhiira ormaa waliin Albeergoo keessa gangalattu,isheen immoo siree giiftiisheerra Salamoon wajjin bulti.

Guyyaa tokko halkan erga Salamoon rafee booda balballi rukutame.Balbala kan rukutte Shawaayee turte.Isheenis,Qonjiti dhiira biraa waliin Albeergoo keessa raftee akka jirtu itti himnaan,Salamoon Shugguxii luqqifatee dhaqee namticha erga sammuu bittinneesseen booda,Qonjiti fiigdee ba'uuf yeroo jettu rasaasa sadii dugdatti naqee gadi ishee ciibse.Salamoonis to'atamee karchallee seene.

Solomoon yaalii ajjeechaa Qonjitirratti geessiseen, Hospitaala seentee Dr. Yerooniin yaalamaa yeroo turte iccitii jiru itti himteetti. Dhimma kana erga dhageessee booda, ni calliste malee haaloo ba'uuf hinyaalle. Dr. Yeroon " waan yaraa gaariin deebisuu qabna". Kan jettu, Yeroon jireenyi ishee erga jijjiiramee booda, qabeenyi maatiishee eessa akka jiru erga bartee waan tokkollee hin aarre, hin dubbannees. "… Qabeenya abbaafi haatishee horatan Qonjit harka akka jiru dhageesse. Hinaarre. Haalashees itti hinjijjiirre. Garuu Waaqashee galateeffattee" (Yeroon Siif Haadhiistu, Fuula:133).

Akkasumas, yeroo jireenyi itti ulfaatee, ijoolleeshee guddifachuuf jecha qaamashee, gurgurtee jiraachaa turte, dubartoota ollummaan waliin jiraachaa turte, lubbuusheefi jireenyashee balleessuuf waan meeqa irratti xibaaraa turanirrattillee, gaafa Birqeeniifi Kibbinesh namaa wajjin wallolanii dhiiganii yaalamuuf Hospitaalatti argiteen, oolmaa isaanii gadheen osoo hintaane haala gaariitiin yemmuu deebistuuf argina.

Hojiitti qacarsisteeni." … Haala jireenya isaanii kanaan garuu qorumsa guddaa waan itti ta'uuf Dr. Yeroon kibabii (Kaafiteeriyaa) Hospitaalichaa keessatti mindessisiifte" (Yeroon Siif Haadhiistu Fuula: 147).

Haaluma kanaan, dubartoota ba'aafi gala ishee dhorkaa turan kana, jireenya badaa keessaa akka ba'aniifi jarris lapheessaaniirraa Yerooniin ni galateeffatan.

Aadde Handariin qabeenyi isaanii shiraan Abdallaan waan dhaalameef,dulluma keessa shilingii tokkoon shurrubaa dha'anii argataniin akaayii nyaatanii buluu erga calqabanii oolanii bulaniiru.

Qonjit kanaan booda naaffattee kursiirraa ka'uu waan hin dandeenyeef qabeenya qabduufi hoteela ishee mallatteessitee Dr.Yerooniif kenniteefii jirti.Dr.Yeroon immoo hoteelicha gara **Kilinika Dr.Yeroon Abbaa Garootti** jijjiirteetti. Jireenya dabarsite keessatti, rakkoowwan

adda addaa ishee mudateef, manca’uu qabeenya maatiisheef balleessituu cimtuun ofumashee akka ta’e kan amantu Yeroon, dhimma gaa’elaashee ilaalchisee balleessaan kan ishee akka ta’eefi haloo ba’uuf yeroo karoorsitus ta’e yaaddu hin agarru; kaayyooshee galmaan ga’achuuf kutattee kan kaate cimtuufi hubannaa kan qabduudha. Jireenya tuffatamaa keessaa baatee, namoota kaaniif fakkeenyummaa gaarii kan ta’uu dandeesseedha.

### 4.2.1. Gahee Dubartootni Bakkeewwan Garaagaraa Keessatti Qaban

#### 4.2.1.1. Dubartoota Naannoo Jiraatan Keessatti

Dubartootaa asoosama kana keessatti qooda fudhatan haala jiruufi jireenya addunyaa dhugaa keessatti yeroo ilaallu gaheewwan itti aanan kanneen keessatti qooda kan fudhatan ta’uu isaanii hubanna.Dubartootni akkuma qaama haawasaa keessaa isaan tokko ta’anitti, jiruufi jireenya hawaasaa keessa jiraatanii keessatti gahee garaa garaa kan qaban ta’uun isaanii ni beekama.Haaluma kanaan immoo gahee isaan bakkeewwan garaagaraatti qaban bifa itti fufee jiruu kanaan dhiyaataniiru.Nannoo jiraatan keessatti hanga jiruufi jireenya maatii isaanii utubuurraa eegalee hanga ogummaa gonfataniin sadarkaalee adda addaatti kan hojjetan ta’uu hubanna.

#### 4.2.1.2. Gama Hariiroo Hawaasummaan

Yeroon, magaalaa Jimmaa keessatti maatii sooressarraa kan dhalatte yoo taatu,qabeenyaa abbaashee to’attee hojjechiisaa, ijoollee adaadashee wajjin magaalaa Jimmaa keessa qofaashee jiraachaa turte.

Yeroon qaamaafi xiinsammuun waan hundaan guutuudha. Kanatu ishee hafe kan jechisiisu hinjiru. Kanaaf, hiriyootaa isheefi barsiisota ishee biratti kabajaafi jaalala guddaa qabdi. Gara bal’eettiifi obsa qabeettii waan taateef waliigalteefi jaalalaan hiriyoota ishee wajjin jiraatti..

Qabeenya abbaasheef jecha jaalalaan kan isheetti dhiyaachuu barbaadan, tujaarotaafi qondaaltota mootummaa ishee argachuuf hawwan hedduudha. Kanneen keessaa garuu, kan isheen jaalalaan booji’amteef Solomoon.Fakkeenya:1

……Yeroon ijoolleeshee lamaaniif irbaata kennitee,,raffisteetti.Kanaan booda gara karraatti achi baatee dhaabbattee boossi.(Yeroon Siif Haadhiistuu Fuula:65)

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu,daa'ima kunuunsuun gahee dubartootaa akka ta'etti ibsa.

Yeroonis Solomooniin eeguudhaaf jettee bullukkooshee aguuggattee karaarra dhaabbatteetti. Yeroo kana namootni mana dhugaatiiti ba'an wanna isheen dhiira barbaachaaf dhaabbattu se'anii yeroo ishee gaafatn,isheen garuu,aariirraan kan ka'e jarreen sana ni arrabsiti. Kun immoo dubartiin galagala karaarrratti yoo baate akka waan sagaagalummaaf baateetti fudhachuu namootaati.

Yeroon jireenya gadadoo magaalaa Finfinnee ganda 4 kiiloo jedhamutti ijoolleeshee lachan Hedaniifi Naahilanii faana, akaayiifi farsoo gurguruun dabarsite.

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu,gaheen dubartootaa daa'imman guddisuu,galii argatanii maatii isaanii utubuudhaaf immoo farsoo,araqeefi akaayii gurguruudhaan ofiifi ijoollee ishee jiraachisaa kan turte ta'uu nu hubachiisa.

Aadde Diggittiin Magaala Jimmaa keessatti haadha qabeenyaa hoteelaa beekamtuu,yoo ta'an,abbaa manaa dhaabbataa hin qaban.Haalliifi amalli ishee, kunis :yeroo dargaggummaa isaanii irraa eegalanii dhiirri kan mataa irratti wal buruqsaa tureedha.Akka dubartootaa hawaasa keessatti akka haadha qabeenyatti tasgabbooftee nama jiraattu hin turre.Qabeenyaa waan qabduuf dhiira akka barbaaddetti jilbeenfachiistee funyaan qabdee bulchiti.

Aadde Diggitti manatti dhiisee intala Yeroon jedhamtuun wal baree jaalala jalqabeera.Guyyaa inni mana buluu dhiise,jaartiin hirriba malee bulanii ganama obboroo ka'anii gara Waajjira Salamoon hojjettutti qajeelan,deemanii balbala erga irratti rukutanii booda ,akka malee erga isa arrabsanii booda akka dhuftee bututtuu kee narraa fudhattee ganda qocoraakeetti galtu jedhanii deeman.Kunis kiyyoo qopheessan waan qabaniifi.Namoota adda addaa itti bituudhaan yaalii isaan hin godhin hin jiru.Haaluma kanaan: Fakkenya:2

> Hoo… attam bultee?kaleessa osoo hin galin bullaan na barbaaduu dhuftee?"
> jedhe lafa taa'uu ka'ee naasuudhaan.
>
> "Deemasii! Ilbiisa nana.Atimmoo nama taateetu sibarbaachan dhufe seete?"
> Saree !salphoo! utuu ulfina qabaattee ulfina koo eegda turte."

> "Maalan balleesse?"
> "Qabi afaankee!"
> "Rakkoo narra gahe osoo hin hubatin akkasumaan maaliif na arrabsitaa?"
> "Arrabsoo qofaa miti .Ani Diggittiin horii kootiin lafa garaan koo yaade gahuu nin danda'a."
> "Maal na gochisiisuu dandeessaa?"
> "Ani Diggittiin moo?"
> "Eeyyee!"
> Yoon fedhe si ajjeesisuu,yoon fedhe situmsiisee lafee kee caccabsiisee,yoon fedhe foon kee jeejisiisee siqalsiisuu nan danda'a.Yoon fedhes mana hidhaa keessa waggaa 20 si kaa'uu nan danda'a.

Yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamu,aadde Diggittiin qarshii isaanii da'oo godhachuudhaan tarkaanfii barbaadan,kan dhala namaarratti fudhachuufi namni sammuu fayyaa fudhachuuf hin yaadne ittiin fudhachiisuudhaan kan duubatti hin deebine ta'uu isaanii argisiisa.Ulfina ilmi namaa nama ta'uu isaa qofaan argachuu qabu,kan irraa mulqisiisuu danda'an ta'uu isaaniis dhaadannoo kanarraa ni hubachuun ni danda'ama.

#### 4.2.1.3. Gama Ejjennootiin

Adde Diggittiin, abbaa manaa kan hin qabne,yaa taatu malee,qondaaltota ol aanoorraa eegalee hanga aangoo mootummaa garaagaraa kan qaban namoota baay'ee sanyoo qabdi. Fakkeenya:1

> Amma kottuutii bututtuu kee narraa guurradhuuti lafa galtutti gali.Ana Diggittii argachuuuf mokonnontiin meeqa akka na kadhatan garaan kee beeka.Amma kottuutii uffata ani ulfina koof jedhee siif bite fudhadhuutii gara deemtutti deemi silaa uffata ati ofii keetiin bitatte akka hin jirre beekta.Ganda qucuraa kee dhaqi. ( Yeroon Siif Haadhiistuu Fuula:25)

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu,aadde Diggittiin Salamoon yoo ishee kan dhiisu ta'es qondaaltotniifi mokonnitootni adda addaan kan barbaadaman waan ta'aniif tarkaaniif irratti fudhachiisuurraa hanga lubbuusaafi haadha manaa isaa dhabamsiisuutti kan booda hin deebine ta'uu isaa hubanna.

Haaluma kanaan,Salamoon wanna akeekkachiifame sana waan hojiitti hiikuu dideef,silaa kan gaafa calqaba inni uffata isaa fudhachuu dhaqu, Dargaggoota hanga jirmaa ga'an afur qopheessanii yeroo inni uffata isaa fudhachuu dhufu micciirsisuuf/kolaasisuuf turan ;innis waan shakkeef karaa sana hin bane.Bakka saree itti kalaasan godhe.Haasaa ishee kana tuffatee hafuu Solomoonitti baay'ee gaddite.Kun milkaa'uu dhabuusaatti baay'ee gaddan.Yaadni kun milkaa'uufii diduusaatti,dhukkubsattee Hospitaala seente.

Hiriyyummaa Yeroon waliin calqabe kan hin dhaabne ta'uu isaa yeroo bartu akkuma calqaba dhaadatte sana, Namoota taayitaa mootumaa qabanitti hirkachuudhaan jalabultii cidha isaatti Salamoon qarshii kuma kudhan hate jechuudhaanii hadheessuudhaan karshallee galchisiiste.Salamoon wabiidhaan ba'ee cidhasaa raawwate. Fakkeenya:2

"……..ammas osoo abdii hin kutatin,namoota lama itti bituudhaan akka isas ta'e,Yerooniin dhabamsiisaniif itti ergitus,dubbiin faallaa ta'ee,jarreen Solomooniin dursamuudhaan tisiisa dhama buute ta'an."

Kanaanis gahe jettee hin dhiisne,erganni mana hidhaatii bahee cidha isaa raawwateen booda,tarkaanfiin isarratti inni kan dhabamu yoo ta'e immoo haadha manaasarratti akka fudhatamuufi qarshiidhaan itti bitte.Haati manaa isaa Yeroonis sodaarraa kan ka'e mana barumsa addaan kutte.Tarkaanfiin ajjeechaa Solomoonirratti kaayyeffame kunis osoo hin milkaa'in hafnaan,aariirraan kan ka'e dhiibbaan dhiiga isaanii mataarra ba'ee hospitaala seenana.Achii itti fooyya'ee kaananiis yoom adabatanii ta'an akkuma mammaaksi Oromoo,"Bakkee nama hooksisu amma amma hooqqatu" jedhamu sana,yeroo dhumaaf, Kuni immoo aadde Diggitti akka malee aarse,Ammas osoo abdii hin kutatin namticha Gimbooree jedhamu manatti waamuudhaa wanna inni gochuu qabu tokko lama jedhanii erga akeekkachiisanii booda Shugguxii ofii manaa qaban itti kennanii akka inni isa galaafatuuf itti ergan.Kamtu elmatee,kamt u gu'aa bula jedhaniiti natti fakkaata.Gimboorees akkuma akeekkachiifame.Salamoon akkuma amala isaa dubartoota adamsuu waan eegaleef yeroo inni intala abbaa Magaal 'Faaxumaa' faana Aggaaroo oole manatti ishee geggeessee deebi'u,Gimbooreen bakka yaada aadde Diggittiitti akeekeef. Haa ta'u malee,lubbuun isaa waan keessatti hafeef,hospitaala seenee fayye.Innis bifa kanaan magaala kana keessa jiraachuu kan hin dandeenye waan ta'eef gara Finfinneetti haadha manaa isaa walii godaansiste.

#### 4.2.1.4. Gama Fedhashee Guuttachuun

Aadde Diggittiin,Salamooniin,qaama isaafi haala itti dhiyeenya haasaa isaa ilaaluudhaan ofitti galchite.Kanaan booda Salaamoonirra qoqqobbii keesse.Kunis galgala sa’atii sadii dura akka galuu qabu;dubartoota Hoteelashee keessas ta’e kanneen biroo faana gonkuma qoosuu akka hin qabne;Wanna isa barbaachisu guutteefii (nyaata ,dhugaatii,uffata,kophee) hunda guutteefii akka elmachuu dandeessuufi hiriyyoota isaa hafeeruuf immoo qarshii ofii akka fayyadamuu qabu;hoomaattuu ajejuu akka hin dandeenyeefi waan isaaf kenname akka daa’imaatti fudhatee akka ajeja isheetti akka buluu qabu godhamee jiraachisuu eegalte.

Fakkeenya:1

……..ija hannaan ilaalti, "baay’ee bareedaaadha. Kanarraatti ammoo xabataa kubbaa miillaa beekamaadha. Garuu, horiif jedhee jaartii harmeesaa ta’an fuudhe. Isaaniinis, fuudhee utuu adabatee taa’ee gaarii ture. Isaanirrattis, durba baay’ee wajjin oola maal godha kana bade.” jetti. (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula: 12)

Waraabbii oliirra wanti hubannu, mana barumsaatti dirree kubbaa millaarratti, kubbaa miillaa osoo haasa’uu kubbaa inni rukute gaafa adda Yerooniin rukutu, Yeroon garmalee miidhamte. Salamoonis, direkteera mana barumsichaa waliin ta’anii mana yaalaa geessanii yaalchisanii gara mana isheetti deebisani. Salamooniifi daarekteerichis, erga manaan ga’anii booda takka taa’anii Yeroonis yeroof akka itti fooyya’uu ta’ee jennaan, yaada sammuushee keessatti ilaalcha lachan isaaniif qabdu yaadaan baastee buusti. Yeroo kana egaa, dinqisifannaa Salamooniif, tuffii daarekteerichaaf qabdu xiinxalaa turte.

Salamoonis, itti siqeenyaa Yerooniif qabu jabaachaa dhufe. Walitti siqeenyi isaanii nagaa walgaafachuurra darbee, gaafa sagantaa shaakala ispoortii qabanillee waliin dhiisfattee galuutti kaate.Ijoollee adaadaashee Sayidaafi Biibii wajjinis fira cimaa ta’e. Adeemsa keessas, Yeroon Salamooniin jaallachuu jalqabde. Jaalallis isarraa ishee qabe. Hiriyummaan lachan isaaniis mana barumsaafi firoottan ishee biratti beekame. Hariiroon Salamooniifi Yeroon haalaan itti fufe. Jaalalli Salamooniif qabdu itti cimaa deeme. Fakkeenya:2

“………..Amma Solomooniin tokkichaan kuffisuuf baay’ee itti qophoofte.Kutaa mana ciisichaashee urgooftuu gatiin isaa baay’ee mi’aa ta’e itti firfirsitee baay’ee urgaa’eera.Uffata

halkanii baay’ee haphii ta’ee qaamashee keessaan mul’isu uffattetti.” (Yeroon Siif Haadhiistuu,Fuula: 62)

Walumaagalatti, yaada olii kanarraa waanti hubatamu dubartootni fedhii isaanii guuttachuuf tooftaalee isaan itti fayyadamana agarra.Dhumarratti garuu Qonjit Salamoon irraa waan barbaaddu,duguugdee waan fixxeef,isa mana keessatti dhiistee dhiira gar biraa faaana,sagaagaluu eegalteetti;durattiyyuu dhirsishee qarshiidha;kan qarshii qabu faana akka feete taati. Shawaayeenis erga bakka Qonjiti buutee ooltee bulteetti.Siree waljijjiiraniiru jechuudha.Yeroo Qonjiti qarshii barbaachaaf jecha dhiira ormaa waliin Albeergoo keessa gangalattu,isheen immoo siree giiftiisheerra Salamoon wajjin bulti.

### 4.2.1.5. Dubartoota Gama Diinagdeen

Gama Diinagdeen aadde Diggittiin magaala Jimmaa ganda Faranji Araadaa jedhamee beekamu keessaa hoteela guddaa kan siree,mana nyaataafi dhugaatii qabu. Fakkeenya:1

> Magaala kana keessatti hoteelli isaanii nyaata gaarii qopheessuudhaan maqaa gaarii qaba.Sababii kana ta’eef namootni hoteela kanaa nyaatan baay’eedha. Qondaaltotniifi hojjettootni mootummaa,daldaltootni gurguddoon achii nyaatu.Hojjettootni baay’eenis kan guyyaa guyyaan nyaatan galmeerratti galmeessanii ji’atti kaffalu. Ofumaan hooggantis. (Yeroon Siif Haadhiistuu Fuula :29).

Magaala Jimmaa keessatti soorettii waan ta’aniif beekumsaafi kabaja guddaa qabu.Isaanis kabaja isaanii eeganii dubartii jiraataniidha.( Yeroon Siif Haadhiistuu Fuula:33) Fakkeenya:2

> Qonjit qabeenyaarratti qabeenyaa horachuu waan feetuufis, haadha hoteela guddaafi konkolaataa manaa ta’uu qofaa osoo hintaane haadha suuqii guddaa ta’uuf hawwiinshee karaa qabeenyaa maatii Yeroon gara Qonjititti geessuu danda’amurra dhaabbattee ofitti jal’isuu eegalteetti Magaala Finfinnee naannoo 4 Kiiloo jedhamee beekamutti hoteela gaarii bantee shamarran qaqaacalee qacartee hojii sagaagalummaarratti waan bobbaastee jirtuuf Albeergoon ishee agabuu kan bulu tokko hin jiru. .( Yeroon Siif Haadhiistuu Fuula:64)

Yaada olii kanarraa waanti hubatamu dubartiin Qonjit jedhamtu kun karaalee adda addaan qabeenya kan horatteefi namoota gara biroofis carraa hojii kan uumteef ta’uu hubanna.Qabeenya kanas ofumaaf kan hooggantu ta’uu hubanna. Fakkeenya:3

> Haati Wayisheet naannoo Laga Harii Mana abbaa darbii saddetii qabu. Haa ta'u malee, erga abbaan manaa isaanii jalaa du'een booda abbaa garaajii kan ta'e Bahireen qabeenya isaanii dhaaluuf jecha Sanyummaan itti galeera.
>
> ( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula: 113)

Yaada kanarraa waanti hubatamu,dubartootni qabeenya horachuu kan danda'an ta'uu hubanna.

Aadde Handariin: Qabeenya guddaa abbaa manaa isaanii waliin Magaaala Jimmaafi Finfinnee keessatti nama horataanii ittiin jiraachaa turaniidha.Guyyaa keessa garuu jireenyi waan itti jabaateef dulluma keessa rifeensa shilingiidhaan dha'anii akaayii ittiin bitatanii nyaatanii buluu eegalan.

Walumaagalatti yaadoleefi waraabbiiwwan oliirraa waanti hubatamu,dubartootni qabeenyaa horachuufi hoogganuu kan danda'an ta'uu isaa argina.

### 4.2.1.6. Gama Duudhaatii

Fakkeenya:1

…..Yeroon gammachuu kana sababeeffachuudhaan jaarsoliif mana Salamoon kireeffate keessatti jaarsoliidhaaf afeerraa guddaaa qopheessite. ( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:37)

Fakkeenya:2

"Cidhni akka gaafa sanaa magaalaa Jimmaafi Aggaaroo keessatti ta'ee hin beeku."kan jedhamee odeeffameef,sirni cidhaa Yerooniifi Solomoonis, akka seera Sheri'aatti walfuudhani. .( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:42) Fakkeenyaaf:

Fakkeenya:3

"…….Solomoon oggaa mana gahu ililchaa dubartootaan simatame.Naahilaaniin dhalachuusaatti torban tokkoof akka cidha guddaatti nama waamanii nyaachisan." ( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:48)

Fakkeenya:4 "…….Yeroon mana jimaa itti qamaatu qofaatti qabdi.Solomooniifi Yeroon oggaa qama'an Biibiifi Sayidaanis wajjin qama'u.Kutaa sana keessatti ixaanni aaree,sandaliin qabsiifamee,barbadaan cilee ho'ee guutummaa kutaa sanaa ho'isa."( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:14)

Fakkeenya:5

"………Hundumti isaanii hordoftoota amantaa Muusiliimaa waan ta'aniif jimaa malee dhugaatii alkoolii hin dhugan." ( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:20)

Walumaagalatti yaadolee armaan olii kanarraa waanti hubatamu dhuudhaawwan uummataa haala jiruufi jireenyaa keessatti mul'atan kan nutti agarsiisu yeroo ta'u isa kana keessatti immoo qooda fudhannaan dubartootaa maal akka ta'e qabatamaan arginee jirra.

#### 4.2.1.7. Gama Safuu Uummataa Eeguun

Fakkeenya:1 Yeroon "Jireenyi isheen jiraattu itti ulfaataa waan deemeef, Ijoolleeshee guddifachuuf jecha qaamashee gurgurtee, jireenyaa qaanessaa gaggeesuutti kaate." .( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:77)

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu,yoo jireenyi kan itti ulfaatu ta'e, akka filannoo dhiyeenyaatti kan isaan fudhatan hojii qaanessaa kana akka ta'e nutti agarsiisa.Hawaasa jiraannu keessa, dubartiin safuufi duudhaa hawaasichaa hineegne nijibbamti. Seenaa asoosama kanaa keessatti dubartootni safuu aadaa hawaasichaa cabsaniif jecha, hireen jireenya isaanii badaa kan ta'antu jiru.

Fakkeenya:2

"Biibii!Sayidaa! bahaa!galaa!mana ciisichaa keessanitti qajeela!yoo feetan isinis abbaa manaa keessan fidadhaatii waliin ciisa!" jette.Biibiifi sayidaan "Baga jalqabde malee nuwoo itti beekna.Sidura jalqabne" jedhanii gara mana ciisichaa isaaniitti…….( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:23)

Waraabbii oliirraa waanti hubatamu,Biibiifi Saayidaan shammarran ta'anii osoo mana jiranii gocha isaan ofiif dalagan (isheenis akka nutti dabalamtu ) jedhanii Yerooniif haal duree mijeessaa turan.Kunis Solomoon hanga bakkeenni jiru deemanii barbaaduurraa

eegalanii,erga arganii mana waliin dhufanii booda immoo ,Yeroon Wiiskii dhugdee of wallaaltee akka isheen durbummaa ishee gattuuf gahee guddaa taphataniiru.Kunis shamarran osoo seeraan hin heerumin kana gochuun aad-maleedha. Isaanis hiriyyoota isaanii dhoksaafi soda malee manatti fidatanii waliin taphachuuf karra isaanii bane.Haaluma kanaan Yeroon wal qunnamtii Salamoon waliin gooteen manatti ulfoofte.

Fakkeenya:3 Intalli abbaa Magaal Faaxumaan osoo dubara taatee mana warra ishee jirtuu,Salamoon waliin baatee sagaagalti "---Faaxumaan kutaa ciisichaa addaa keessatti fedhii foonshee Salamoon waliin raawwatte." (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:52).

Akka yaada kanaatti, dubartiin miidhaginaafi collummaa haasaa ilaaltee dhiira bara kanaan gowwomuun,fedha foon ishee guuttachuun amanamummaa dhabuudha. Kun immoo ijjoollee durbaa taatee osoo mana jirtuuti kanisheen dhiira faana baatee sagaagaltu. kun immoo safuufi safaqa hawaasaa bira darbee gaaga'ama biroof nama kennuu danda'a,hanga lubbuun galaafatamuutti.Yaaduma kana cimsuuf, qaama asoosamichaa keessatti yemmuu ibsu "---Salamoon akkasumaan malee Faaxumaan jaalalaafi gammachuu Yeroon isaa kennitu caalaa waan kenniteef hinqabdu. FaaxumaanYeroonirraa waan adda ta'es hinqabdu."

Fakkeenya:4

Qonjit daa'imummaasheetti heerumtee turte.Haa ta'u malee abbaa manaashee ganamaa hiiktee erga gara Magaala Finfinneetti baddeen booda hojii sagaagalummaarratti bobbaatee,qabeenyaa horattee jirti ;horachaas jirti.( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:123)

Yaada armaan olii kanarraa waanti hubtamu namfakkiin Qonjit jedhamtu kun hojii sagaagalummaa kana akka madda galii godhatte kan ittiin jiraachaa jirtu ta'uu ishee hubanna.Bifuma kanaan bakkee qabeenyi jiru suufti malee guyyaa tokko jaalalli dhugaan ishee qabee hin beeku.Namoota akka Solomooniifi fakkattota isaa kaan luqqisaa,kaan immoo bultii diigsisaa jirti.Solomooniinis erga bakka yaadduun ga'atteen booda,kompaasii ishee jijjiirteetti.Solomoon akka daa'imaa jilba isaa haammatee buluu erga calqabee oolee buleera.Isheen garuu achumatti dhiira gara biraa walii buluu eegalteetti.

Fakkeenya:5

> Shawwaayyeen ijoollee magaalaa Finfinneedha.Colleedha.Qonjit dhoksaatti kan hojjettu ni beekti.Salamoonis kan hojjetu beekti.Dargaggeettii waggaa 17dha barumsa ishee kutaa 8ffaatti addaan kuttee mana abbaafi haadhashee dhiistee hojii sagaagalummaarratti bobbaate. Qonjit yeroo dhiirri gara biraan qabatee seenu,isheenimmoo fiigdee Salamoon bira dhaqxi…….( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:127)

Yaada olii kanarraa waanti hubatamu,namfakkiin Shawwaayyee jedhamtu kun barumsa ishee kutaa 8ffaatti erga addaan kutteen booda gara mana bunaatti ngaluudhaan hojii sagaagalummaa kanarratti kan bobbaate,yoo ta'u kun immoo hojii sagaagalummaa kana akka hojii salphaatti argamuufi isaanitti dhiyoo ta'eetti fudhachuudhaan kan irratti bobba'an ta'uu isaa nutty agarsiisa. Fakkeenya:6

> Uffannaan ishee gabaabaa ta'uusaarraan kan ka'e,gudeeda ishee hamma oliitti mul'isa.Ammas yoggaa sireesheerra teessu ol sassaabamee qullaan ishee hundi ni mul'ata.Wayinsheet Nayilaaniin akka ishee faana sagaagaluuf uffata sagaagalummaaf dhiira kakaasu uffaattee sireesheerratti baatee,gara sireetti isa hafeertee jirti. (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:111)

Yaada olii kanarraa waanti hubatamuu namfakkiin Wayinsheet jedhamtu kun sababa qabeenyaa haadha ishee namtichi sanyummaadhaan haadhasheetti gale sun qabeenya isaanii kana dhaaluudhaaf jedhee kasasaa waan jiruuf gara dhimma kanaatti deemte.Akka yaada isheetti sagaagalummaadhaan dhugaa argachuu barbaaddeeti.kun immoo ofitti amanamummaa ishee dhorkata,osoo dhugaa qabduu dhugaa karaa hin taaneen argachuuf yaaluun salphina guddaadha. Fakkeenya:7

> Haati Wayinsheetis, Sababa abbaa garaajii kan ta'e Bahireen,Haadha Wayinsheetitti sanyummaan itti galee qabeenya isaanii dhaaluuf deemuufi,dhugaa isaanii akka isaaniif murteessuuf Qarshii kuma dhibba sadiifi intala isaanii Wayinsheetiinis eebbisee siif kenneera jedhanii osoo dhugaa qabanii miilla isaatti kufaa jiru. Naayilaaniin garuu, Intala keessan qaaniif hin saaxilinaa;sirnaan ishee guddisaa. ( Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula: 113)

Yaada olii kanarraa waanti hubatamu namni osoo dhugaa qabuu ofitti amanamummaa dhabuurraan kan ka’e bakkeewwan adda addaa kan seenuufi safuu kan cabsu ta’uu isaa hubanna.Fakkeenhya:8

Wayinsheetis, “ maal ta’a osoo tole naan jedheera ta’ee ? Ijoolleen mootota Itiyoophiyaallee miillatti kufanii na kadhatu. Ani bareedduu Itiyoophiyaa jedhamee nama badhaafameedha.Maal ta’a osoo jaalala na waliin calqabeera ta’ee? Kan nama waliin nyaate nama hin nyaatu jedhama mitiiree” jettee teessee boo’aa dhufaatii abbaa mutrii eegaa jirti.

Fakkeenya:9 Birqeen,biyyaa kan baate hacuuccaa abbaa manaashee baqa.Abbaan manaashee inaaftuu waan ta’eef,dhiirri maaf silaala jedhee galgalaafi ganama ulee irraa hin fuudhu.Isheenis sagaagalummaarraa kan of qusattu miti.Innis reebichaan waan ishee dararseef baqattee gara magaala Finfinnee dhuftee hojii sagaagalummaafi mashataa gurguruurratti bobbaate.

Kibbinash biyya dhaloota isheetti yeroo bishaan waraabuu dhaqxu,yeoo qoraan bu’uu deemtu caakkaa keessatti dhiira adda addaa waliin wal dhungachaa oolti.Yeroo gabaa deemtus dhiirota waliin qabdoo teessi.Guyyyaa tokko osoo gabaatii galtuu,dhiira ishee kadhate faana qabdoo teesse.Achumaan inni waan dhugee jiruuf durbummaasheerraa fudhate.Isheenis ulfooftee deesse.Kana booda haatiifi abbaan ishee galgalaafi ganama waan reebaniifi ollaanis,”Kun ishee manatti dhalteedha.” Jedhanii waan quba itti qabaniif ,daa’ima ji’a ja’aa haadhatti gattee gara Magaala Finfinnee dhuftee hojii sagaagalummaa eegalte. Fakkeenya:10

> …………Kibbinesh osoo hin heerumin manatti waan deesseef hawaasa baadiyyaa naannawaa ishee biratti maqaa badaa argatte.Haalashee kanarraa kan ka’e abbaafi haati ishee qaanii guddaa keessatti kufan.Sababii kanarraa kan ka’e haatiifi abbaanshee ganamaafi galgala reebu.--- jiraattoti gandashee ‘ilaa ishee manatti dhalte’, sagaagaltuu” jechaa quba itti waan qabaniif ---- magaalaa Finfinnee dhuftee hojii sagagaalummaarratti bobbaate. (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:94)

Akka yaadni kun ibsutti, dubartoonni safuufi duudhaa hawaasaa eeguu dhabuun jibbamuurra darbanii jireenyaa badaa akka jiraatan isaan taasisa. Haata’uyyuu malee, hawaasni dubartoota

rakkoo akkanaa qaban jibbuurra, gorsanii akka lammata itti hindeebine gochuun nidanda’ama. Dubartoonni gochaa akkanaan maatii isaanii waliin waldhabanii, hawaasaan jibbamanii, gaafa biyyaa badanii biyyaa biraa deeman, osoo hinjaallatin sagaalummaa irratti bobba’anii jireenya isaanii mo’atanii jiraachuuf dirqamu. Kanarraas ka’anii, hireefi carraan isaanii sagaalummaan jiraachuu ta’a.Fakkeenya:11

“ ---qabeenya abbasheefi haadhashee murtii qofaashee murteessiteen balleessuun ishee itti dhaga’ame. Fuudhiifi heerumni sirriitti itti hinyaadamne, kan marii malee raawwatame ---dogongora ta’usaa---”(Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula: 78)

Kanarraa kan hubannu, mariyaataan gowwaa hinqabu akkuma jedhamu, maatiishee osoo hinmariisisin itti heerumuun badaa ta’uusaasaati.

Yeroon akka Salamoonitti heerumtee jireenya gadadoo keessa jiraattu kan ishee taasise: Biibiifi Sayidaa akka ta’e seenessiti. Yeroonis seenaa asoosamichaa keessatti:Fakkeenya:12

> …………akkan Salamoonitti heerumuuf dogoggorri koo 1ffaa, hiriyoota naamusa badaa qabanii wajjin jiraachuu koo, 2ffaa bultiin jireenya namaaf hundee akkuma ta’uusaatti bultii dhaabbachuuf hiriyoota hintaanee wajjin mariyachuu koo dura haadhaafi abbaa kootti himee mariyachiisee eenyummaa gurbichaas sirriitti qoradhee beekuutu narraa ture, 3ffaa colluummaa afaaniifi bifa dhiiraan gowwomuu kooti. (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:83).

Akka yaadolee kanaatti, fakkaattiiwwan Yeroon kan ta’an dubartoonni jaalala qofaan booji’amtee naamusa Salamoon osoo hinbeekin, eenyummaa isaa beekuu dhabuun rakkoo keessa kan ishee galchee yoo ta’u,dhumarratti carraanshee, foon ishee fedha fooniif birriin jijjiirtee jiraachuutti kan bobbaate ta’uun ishee hubatameera.

### 4.2.1.8. Gama Gaa’elaan

Fakkeenya:1 “Yeroon Salamooniin baay’ee sababii jaallattuuf itti heerumuu mitii lubbuusheellee yoo fudhate dhimmashee miti. Salamoon garuu, fedhii dhiirummaa isaa itti muldhisee hinbeeku;ofeeggata.” (Yeroon Siif Haadhiistu, Fuula:14)

Olmaan Salamoon, guyyaa guyyaa  Yeroon faana haa ta'uyyuu malee galgalli gaafa ga'u garuu, jaartii isaa aadde Diggittiitti gala. Abbaa manummaafi haadhamanummaan, Solomooniifi aadde Diggittii jidduu jirus, sababa Salamoon Yeroon wajjin jaalala eegaleefi galgaleeffatee galuuf jecha aadde Diggittii wajjin waldhiisani. Aadde Diggittiinis, ajjeessisuuf yaalii haa taasisaniyyuu malee hinmilkoofneef. Haaluma kanaan, Yeroon fedhiin dargaggummaa ishee gubee akka taatu dhabdeetti. Solomooniifi Yeroonis akka walfuudhan maatiin ishees tole jedhani.

Kaayyoon Solomoon Yerooniin harka isaa galfachuuf kaayyeeffates nimilkaa'eef. Yerooniin fuudhee qabeenya maatii Yeroon dhaaluu. Qabeenyaa aadde Diggittiirratti aangoo guutuu waan hinqabneef fedhii qabeenyaa qaxxaamuraan duroomuuf karoorfate Yerooniin gaafa milkaa'uuf keessi isaa dhadhaa dhuge. “Qabeenyi, bareeddinnifi gootummaan ani hawwaa ture harka koo gale” (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula: 19)

Maatiin Yerooniis gammachuun simatan. Aadde Diggittiin garuu sirna gaa'ela Salamooniifi Yeroon akka fashalaa'uu gochuuf, birrii nasaame jettee ragaa malee hiisisuuf yaalii gootee turte. Duraanis, wanbadootaan reebsisuufi shuguxiidhaan ajjeessisuuf yaalii isheen gootee hinmilkoofneef. Kana hundaa keessa ce'ee sirna gaa'eela isaa Yeroon wajjina gammachuun raawwate.

Fakkeenya:2

Qonjit bakka dhaloota ishee magaala Fiinnota Salaam keessatti erga bultii ijaarteen booda haboo abbaa manaa ishee dadhabdee bultii ishee dhiistee gara Finfinnee dhuftee hojii sagaagalummaarratti bobbaate. (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula: 59)

Haaluma kanaan Qonjit bultii ishee diigdee gara magaala Finfinne dhufee hojii sagaagalummaarratti bobbaate.Jireenyi dhirsaa wajjinii baay'ee hadheessitee dubbatti. “Lammata hin heerumu” jettee hojii kanarratti kan bobbaateef sababii kanaaf ture.Dhiira tokkoo waliin turuu hin dandeessu.Abbaa manaashee waliin bara jiraattes dhiira garaa garaa waliin sababii sagaagaltuuf ture abbaan manaashee kan ishee reebu.

#### 4.2.1.9. Inaaffaa Dubartootaa

Seenaa asoosamaa kanaa keessatti,dubartootni hameenya walirratti yaadan nijiru. Kibbineshiifi Birqeen Yeroonirratti hammeenya isaan qaban hubachuun nidandeenya.

Fakkeenya:1 Birqeefi Kibbinash dubartoota magaalaa Finfinnee ganda arat kiiloo ollaashee jiraataniidha. Yeroon qaama guutuufi biftishee baay'ee bareedduu waantaateef iji dhiiraa isheerra bu'a. Kanaafuu, dhiirri baay'een ishee bira dhufuun birrii baay'ee argatti. "dubartootni bitaaf mirgaan Yeroonii wajjin ollummaan jiraatan hinaaffaarraa kan ka'e manashee duratti kosii gatu--- nagaa ishee dhowwatu---''(Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula: 92)

Akka yaada kanaatti, dubartootni kun hojii saalfachiisaa akkanaarratti bobba'an walirratti gaarii akka hinyaadne nuhubachiisa.

Fakkeenya:2 Birqinashiifi Kibinneshis,hojii qaannessaa kanarratti bobbaatee jireenyashee mo'attee jiraachuusheetti itti inaafu. Kanaafuu, Birqeen mana qaalluu deemtee Yerooniifi ijoolleeshee ajjeesisuuf itti xibaarsiste. Xibaarri ishees, kan ijoolleeshee tuqu osoo hintaane, kan Yerooniin raatessuufi akka dhiira jibbitu kan taasisu ture. (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula: 94)

Walumaagalatti yaadolee armaan oliirraa waanti hubatamu,dubartootni haala jiruufi jireenya isaanii keessatti, kan argannaan ishee tokkoo,ishee biroo kan inaafsisuufi daba adda addaa kan olirratti raawwatan ta'uu hubanna.

#### 4.2.1.10. Seenaa Asoosamichaa Haala Barreessaan Itti Dhiyeesse

Asoosma 'Yeroon Siif Haadhiistuu' jedhu barreessichi haala inni seenaa asoosamichaa ittiin dhiyeesse,haala jiruufi jireenyaa hawaasaa keessatti gaheen dubartootaa maal akka ta'e ifatti kaa'ee jira. Asoosama kana kallattii adda addaan dhiyeessuuf danda'ameera. Keessattuu, Tokkoffaan dhiibbaa dhiirri dubartootarraa geessisuufi Lammaffaa dhiibbaa warreen dubartootaa dhiirarraan geessisan.Akkasumas dhiibbaa dubartootni walii isaanirraan ga'an. Rakkoolee kana keessaa bahuuf immoo gidiraafi dararama keessa darban,of keessatti haammateera. Asoosama kana keessatti barreessichi rakkoolee kunniin dubartoota

gidirsaniifi dubartootaan gidirfiman kunniin dhumarratti jabaatanii akka keessaa ba'uu danda'an kaa'ee jira.

**4.3. Sab-seenaa Asoosama Yoomi Laataa?(2002)**

Siintolinnaa,maqaa ishee kana kan isheef moggaasan abbaa ishee yoo ta'u, bara mootummaa Astee Teediroos, Astee Yoohanisiifi Astee Minilik keessa laftiifi qabeenyaan isaanii hundi waanirraa fudhatameef kan gara fuula duraatti dhufu keessa siin tolaa laataa? Laftiifi qabeenyaan nurraa fudhatamee ture bara ati dhalattee kana keessa nuuf deebi'innaa laataa? Jechuudhaan maqaa ishee kana moggaaseef. Siintolinnaan durba magaala baay'ee miidhagduudha. Rabbi bifa fuula ishee, bareechee akkasumas dhaabbata qaama ishee lookoo godhee mimmiidhaksee ishee uume. Bakki dhaloota ishee Harargee ganda qalaadii Harawwee jedhamu keessatti dhalattee guddatte. Dhalattee umrii waggaa 16ffaasheetti ilma Obbo Jaarraa Walabummaa kan maqaan isaa Yaadannoo jedhamutti heerumte. Heerumtees waggasaatti ilmoo kan argatte yoo ta'u, maqaan ilma ishees Sandaabaa ittiin jedhan. (Yoomi Laataa? Fuula:12)

Bakka isheen itti dhalattee, guddateefi heerumte kanatti aangoo dhaalma abbaarraa kan argate abbaan lafaa qalaadii sanaa Qanyaazimaachi Gizaachoo jedhama. Qanyaazimaachi Gizaachoos intala bareeddu kana 'qalaadii' isaarratti argachuu isaa akka carraa guddatti lakkaawate. Bareedina ishee kana irraa kan ka'ee haadha manaa Yaadannoo 'Siintolinnaa' sanyoomfatee saal-qunnamtii waliin raawwata. Haata'u malee, Siintolinnaan saal-qunnamtii Qanyaazimaachi wajjin kan raawwattu jal'attee osoo hintaane yoo didde miidhaan isheefi abbaa manaa isheerra ga'uu danda'u suukanneessaa ta'u isaa hubatteeti. (Yoomi Laataa? Fuula:12)

Qanyaazimaachi Gizaachoon niitii bareedduu kana sanyoomfachuun halkanii guyyaa bira dhaqee akka barbaadetti saal qunnamtii waliin raawwata. Gaafa ishee waliin wal-qunnamuu barbaade, abba manaashee obbo Yaadannoo Jaarraa sababa itti funaanee hidhee ishee waliin wal-qunnama. Akkuma duraan gochaa turetti Qanyaazimaachi ishee waliin wal-qunnamtii raawwachuu barbaadee, guyyaa tokko Obbo Yaadannoon gara magaalaa Harar deemee midhaan daaksisee akka dhufu ajejee, ofii Siintolinnaa bira deemuun saal-qunnamtii eegale. Obbo Yaadannoon akkuma ajajameen miidhaan harrootatti fe'atee gara magaalaa osoo

deemaa jiruu erga karaa walakkaan ga'ee qarshii midhaan ittiin daaksisu manatti hirraanfatee waan ba’eef fudhachuuf gara manaatti deebi’e. Yeroo kanatti Qanyaazimaachi akkuma baree sana Siintolinaa waliin walirra jiru. Akkuma kana argeen obbo Yaadannoon baay'ee aaruurraan kan ka'e, Qanyaazimaachiin mancaa baatuun morma isaa irraa kutee kan kaleessa ganamaaa isa godhe. Yeroo kanatti Siintolinnaan diriyaashee fudhattee oyiruu bisingaa isaanii keessa dhokatte. Wayita kanatti ilmi isaanii Sandaabaan ala taa'ee boo'aa ture.

Obbo Yaadannoon akkuma kana raawwateen manaa ba'ee gara biraa deeme. Siintolinnaan bakka dhokattee isaa hordofaa turtee baatee, akkumanni manaa ba'een gara manaatti fiigdee mucaa ishee Sandaabaafi uffata isheefi kan mucaa ishee fudhattee gara magaalaa Hararitti qajeelte. Malliifi falli jalaa badnaan dadhabdee muka jala teessee mucaa ishee harma hoosisuu jalqabde. Bakka teessee mucaa ishee harmaa hoosisaa turte kanatti aduun ishee gubnaan isa fudhattee gara muka gaaddisa gaarii qabu ilaaltee jala teesse. Bakki isheen amma teesse kun fuullee siidaa Raas Mokonnon W/Mikaa'el Guddisaa ture. Osoo isheen bakkuma kana taa'aa jirtuu konkolaataa garaagaraa dhufanii gara magaalaa Finfinnee, Dirree Dhawaa, Haramayyaafi kkf bira darbaan kadhachaa turte.

Haluma kanaan, osoo jirtuu konkolata Toyoottaan dheeraa tokko masaraa Lu'ul Mokonnon H/Siillaasee keessaa gadi itti baate. Namichi konkolaataa keessa jiru sun Raas Geetaawu Mindassiyil kan jedhaman yoo ta'u, konkolaachisaa isaanii Waaryoo nama jedhamu waliin keessa turan. Namtichi kun konkolaatasaa dhaabsiseefii gara magaalaa Finfinnee isaan waliin deemuuf fedhaa qabaachuu ishee mirkaneeffatanii konkolaataa isaanii keessa ishee seensisan. Haala kanaan, Siintolinnaan ilma ishee Sandaabaa fudhattee Raasfaa waliin magaalaa Finfinnee galte. Akkuma magaalaa Finfinnee galaniin Raasfaas gara mana isaanitti ishee fudhatanii galan.

Raas Geetaawu akkuma ishee fudhatanii galaniin haala ishee kanatti baay'ee gammadaniiru. Haati manaa isaanii Giifti Liidiyaanis abbaan manaa isaanii isheefi ilma ishee kana fudhatanii galuu isaanii kanatti haalaan gammadaniiru. Keessattuu, dhala waan hinqabneef ilma Siintolinnaa kanatti baay'ee gammadaniiru. Kanaafis, manuma isaanii kana keessatti akka isaan tajaajiltu godhaniiru. Haalliifi miidhaginni Siintolinnaan qabdu kun qalbii Raas hatuu jalqabeera. Raasfaas iji isaanii waliin jooruu erga jalqabee oolee buleera. Jaalala isaanii

kana raawwachuuf karoora garaagaraa baafataniiru. Karoora baafatan kana galmaan ga'achuuf haala mijataa eeggachaa jiru. Haata'u malee, konkolaachisaan isaanii obbo Waariyoon isaan karoora itti baafatan kana dursee raawwatee jira. Raas isa kana quba hinqabani. Waariyoonis akka Raasfaa ishee barbaadan waan beeku hin qabu. Raasfaa ishee qunnamuuf baay'ee muddamaniiru. Garuu utuu haati warraa isaanii qe'ee sana keessa jirtuu waan kana raawwachuun gonkumaa waan yaadamu miti.

Akka tasaa ta'ee gaaf tokko waan Raasfaa yaadaa turan milkaa'uuf haala mijataan uumameera.Kunis firri Giiftii Liidiyaa duunaan mana boo'ichaa deeman. Namni du'e kun Giiftii Liidiyaaf fira dhiyoo waan ta'aniif, mana boo'ichaa kana buluuf dirqamaniiru. Carraa argame kanatti gargaaramee Raas Geetaawu fedhiisaa galmaan ga'ate. Gaafa kanarraa jalqabanii Raasfaa dhoksaatti Siintoolinnaa qunnamuu jalqabaniiru.Haalli kana fakkaatu garuu Siintolinnaatti yeroo lama deebi'e. Inni jalqabaa kan Qaanyazimaachi Gizaachoon ishee irratti raawwataniin balaa uumameen kan maatiin gargar baate ishee yaadachiise. Fedhiisheen ala ta'us garuu diduu hindandeessu. Kan isheen erga biyya isheetii baatee waan akkanaa fedhiisheetiin waliin raawwatte Waariyoo qofa ture. Isayyuu erga biyyaa baatee iddoo abbaa manaashee durii buufachuuf yaaddeeti malee fedhii foonii guuttachuuf qofa miti.

Haala kanaan osooma jiraachaa jirtuu ilmi isheen Hararii fidattee dhufte guddachaa dhufe. Raasiifi Giiftii Liidiyaan Sandaabaa akka ilmoo isaanitti waan kunuunsaniif itti tolaa dhufe. Akkuma umriin isaa dabalaa dhufeen mana barnoota ilmaan qondaaltota olaanoo mootummaafi ilmaan sooressootaa itti baratanitti barumsa isaa barachuu jalqabe. Barumsa isaattis baay'ee cimaadha.Yeroo mara daree baratu keessaa tokkoffaa ba'uun gara daree itti aanutti darba. Haaluma kanaan, baratee qormaata biyyoolessaa kutaa 12ffaa fudhatee qabxii olaanaa argachuun Yuunivarsiitii Q/H/Sillaasee seene. Raasiifi Giiftii Liidiyaanfaas Sandaabaa qofa osoo hintaane akka carraa ta'ee mucaa obboleettii Giiftii Liidiyaa osoo Yuunvarsiitii barattuu da'umsarratti boqottee tokko fudhatanii guddifataniiru. Mucayyoo kanas adaadaanshee Fiqir jedhanii maqaa itti baasaniiru. Mucayyoon kun abbaan ishee barataa Oromoo maqaan isaa Gadaa Bultum Odaa, jedhamu haadha ishee waliin Yuunivarsiitii keessa osoo baratanii wal-jaalatanirraa dhalatte. (Yoom Laataaaa? Fuula :83)

Fiqiris akkuma Sandaabaa barumsa isheetiin baay'ee cimtuudha. Daree ishee keessaa sadarkaa tokkoffaa qabattee daree itti aanutti dabarti.Fiqir mucayyoo baay'ee miidhagduu mudaa tokkoollee hin qabneedha. Miidhagina ishee kanarraa kan ka'e dhiironni hedduun gaaffii jaalalaa dhiyeessaafii turaniiru,Habiibiin fakkeenyaaf kaasuun ni danda'ama. Isheen garuu gaaffii jaalalaa isheef dhiyaachaa ture kanaaf bakka hinlaanne. Garuu nama isheen ofiisheetii jaallattee nijira. Innis ilma adaadaan ishee guddisan Sandaabaa Yaadannooti. Sandaabaan garuu kun dhuguma ni ta'a jedhee yaadee hin beeku. Yaaduus hin danda'u. Kun aadaa Oromoo keessatti akka safuu cabsuutti ilaalama. Fiqiritti garuu haalli waliin guddachuu isaanii rakkoo qabaatee itti hinmul'anne. Haala kanaan osoo inni hinbeekiin Sandaabaa kiyyoo jaalalaa keessa galchitee jireenya addunyaa kana waliin dhamdhamuu jalqaban.Osooma kanaan jiranuu, wal-qunnamtii isaanii keessa mucayyoo garaatti hafe. (Yoom Laataaaa? Fuula :58)

Akka tasaa Raasiifi Giiftii Liidiyaan sababa dhala dhabuu isaanii gara biyya alaa deemuun oggeessa gaarii biratti ilaalamuuf yeroo imalan ture. Osooma isaan achi jiranii Fiqir deesse. Hanga kanaatti haala kana Fiqiriifi Sandaabaarraan kan hafe namni beeku hinjiru. Gaafa dhiibee dhufu garuu namni hundumtuu akka beeku taasiseera. Raasiifi Giiftii Liidiyaanfaa kana dhageenyaan lafa balleessuu danda'u jedhamee waan sodaatameef kun icciitiidhaan qabamee mala biroo akka barbaaduu qaban Fiqiriifi Siintolinnaan murteessaniiru. Tooftaan kunis ijoolleen dhalatan kun kan Siintalinnaafi Waariyoo akka ta'anitti Raasiifi Giiftii Liidiyaatti himan. Jaarri kunis haala itti himame kanaan amananii fudhataniiru.Haata'u malee, Raas Siintolinnaa irraa dhoksaatti mucaa argachuuf karoorfatee waan tureef, duraanis wal-qunnamtii saalaa ishee waliin raawwachaa turan waan ta'eef, yeroo kana dhaga'an baay'ee dheekaman.

Biyya kana keessatti Raas Geetaawu bara mootummaa H/Sillaasee qondaaltoota olaanoo mootummaa kanaa turan. Mootummaan Dargiis akkuma aangoo qabateen, namoonni mootummaa H/Sillaasee keessa aangoo olaanaarra turan qabeenyaafi meeshaalee waraanaa isaan harka ture akka fidanii galmeessisaniif waamicha taasisee ture. Haata'u malee, yeroo kanatti Raas Geetaawu waamicha isaaniif taasifame fudhachuu diduun wal-jijjiirraa dhukkaasaa isaan gidduutti ta'een rukkutamanii du'aniiru. Giiftii Liidiyaanis akka xiqqoo turteen dhukkubsatanii lubbuun darbaniiru. Yeroo kanatti qabeenya isaanii kanatti kan hafe

intala isaan guddisan Fiqir, Sandaabaa, Siintolinnaa, Waariyoo, ijoolleewwan Fiqirfaafi Ashkoo waardiyyoota mana isaanii eegaa turaniidha.

Mootummaan Dargii namoota aanga'oota mootummaa duraanii keessa turan qabeenya isaan uummatarraa saaman jechuudhaan namoota kanarraa qabeenyaa isaanii saamuutti ka'e. Hooteelli Siintoolinnaanfaa keessatti hojjetan kunis kan Raas Geetaawu waan tureef, aanga'oonni mootummaa Dargii yeroo hedduu Hooteelicha dhaquudhaan Siintolinnaafaa doorsiisuu jalqabaniiru. Ilmaan Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiran hedduun isaanii nyaataafi dhugaatii Hooteela kana yeroo baay'ee waanfayyadamaniif, qondaaltonni mootummaa Dargii namoota farra tokkummaa biyya kanaa ta'an: ‘dhiphoota, waanbadootaa'fi kkf waliin hidhata qabdu ittiin jechuudhaan yeroo baay'ee Fiqiriifi Siintolinnaa rakkisuu eegalaniiru. Haala kanaan Fiqiriifi Siintolinnaa guyyaa hedduu mana hidhaatti geessanii reebaniiru. Yaakkaafi daba garaagaraas irratti raawwataniiru. Rakkoowwan kun bal'inaan waan itti hammaateef Siintolinnaan Finfiinnee dhiiftee gara biyya duraan dhufte magaalaa Hararitti deebiteetti. Hojii Hooteelaa magaalaa Finfinneetti hojjechaa turterraa muuxannoo ga'aa waan agratteef, Siintolinnaa magaalaa Hararittis hojii Hooteelaa eegalte. Akkuma isa magaalaa Finfinnee keessaa sana gabaa guddaa argattee, ammas Hooteellishee magaalaa Harar keessatti beekamtii guddaa argatee namoonni baay'een achii fayyadamuu jalqaban.

Erga Siintolinnaan magaala Hararitti deebitee, Fiqir magaalaa Finfinnee keessa dabballoonni Dargii jiraachisuu waan dhorkaniif jecha ijoolleeshee lamaan fudhattee gara abbaan mana ishee jiru magaalaa Naqamteetti godaante. Abbaan nama ishee Sandaabaan naannoo bara 1967 ALHtti mootummaan Dargii barsiisotaafi barattoota dhaabbata barnoota olaanaa keessa baratan gara guutummaa baadiyyaa biyyattiitti maqaa 'duula hojii, beekumsaafi guddina gamtaa' jedhuun duulchise.

Sandaabaan kan duule kuta biyya Shawaa koonyaa Jibaatiifi Maccaa aanaa Amboo naannoo magaalaa Gudaritti. Achirraas gara magaalaa Naqamteetti jijjiiramee deeme. Yeroo kana ture kan haati manaasaa Fiqir ijoollee ishee fudhatee magaalaa Naqamtee galte. Barnoota ishee kutaa 11ffaafi 12ffaa achitti barattee fixxee qabxii olaanaadhaan dabarte. Ganna manni barumsaa cufamnaan magaalaa Naqamtee irraa ijoollee ishee fudhattee yeroo gara

Finifinneetti ol-deebitu manni warra ishee mootummaa Dargiitiin dhaalamee, waajjira gandaa ta'ee jira.

Akkuma achi ga'aniin bakka qubataan dhabnaan bakka Siintolinnaafi Waariyoonfaa jiran iyyaafattee gara magaalaa Hararitti ijoollee ishee waliin qajeelte. Magaalaa Harar deemuuf jecha karaa wallaaltee gara Dirree Dhawaatti qajeelte. Akka tasaa Obbo Waariyoo achitti argatanii magaalaa Harariitti waliin galan. Hanga manni barumsaa banamutti isheefi ijoolleen ishee maatii kana biratti dabarsan. Manni barumsaa banamnaan isheef qabxiin olaanaan dhufnaan Koolleejjii Qonnaa Haramayaa seente barumsashee jalqabde. Ijoolleen ishees kutaa Saddeetii gara kutaa Sagaliitti waan darbaniif, achumatti Siintolinnaa bira ta'aanii akka barataniif murteessaniiru. Murtoo kanas hojiirra oolchuun hanga kutaa 12ffaatti mana barumsaa sad.2ffaa Madaanaalemii kan Magaalaa Hararitti argamu keessaatti barachaa turaniiru. Osooma isaan barachaa jiranii mootummaan Dargii barattoota umrii waggaa 18 ol ta'an mana barumsaa keessaa funaanee leenjii loltummaa biyyaalessaaf gara buufata leenjii loltummaatti ergaa ture. Ijoolleen Fiqir ijoollota qabamanii deeman keessa jiru. Bifa kanaan Fiqir abbaa manaafi ijoollee ishee dhabdee teesseetti. Rakkoo karaa meeqaatuu itti dhufe. Ijoolleen ishee kunis leenji'anii erga ba'anii gara dirree waraanaatti bobbaafaman. Humnoota mootummaa Dargii kuffiisuuf qabsoorra jiran waliin wal-waraanaa turaniiru.

Lola walirratti banamee irratti ilmi Fiqir Alkumaan rasaasan dhayamee baay'ee miidhame. Namoonni isaan wajjiin lola kanarra turanis ammi dhume dhumee kan hafe ammoo lubbuu ofii oliffachuuf dahoo garaaagaraa barbaaddatee keessa of dhokse. Erga waraanni addaan galee, Alkumaafi Alkitil humna waraana isaaniirraa kaatanii osoo deemanii daangaa biyya Itoophiyaa osoo hinbeekiin darbanii buufata kooluu galtoota mootummoota gamtoomanii kan biyya Sudaan keessatti argamu tokko bira ga'anii itti dabalaman. Erga Sudaan ga'anii achumaan gara magaala Kaartumitti gargaarsa jaalallee Sandaabaa duraanii kan Saabaa jedhamtuun fudhataman. Ijoolleen kun osoo maatiin isaanii hinargiin mana barumsaarraa butamanii fudhatamuudhaan maatiin gargar ba'an. Abbaan isaanii Sandaabaan garuu cunqursaafi miidhaan mootummaa Dargii saba Oromoorratti raawwatu itti hammaanaan karaa Sudaaniin hiriyyoota isaa waliin qabsoof gara biyyoota alaatti ba'e. Akka carra ta'ee gargaarsa hiriyyaa Sandaabaa duraanii Saabaafi jaallee qabsoo isaa kan ta’e Mariyannaan walitti fidanii biyya alaatti wal-argatan. Haata'umalee, Fiqir, Siintolinnaa, Waariyoo, ijoollee

Siintolinnaafi Waariyoo Obsinaafi Obsineen bakka firoottan isaanii jiran kana quba hinqaban.

Siintolinnaan erga magaalaa Hararitti deebitee xiqqoo hafuura baafatteetti. Erga achitti deebitee abbaa manaashee duraanii Obbo Yaadannoo Jaarraa waliin wal-baraniiru. Haadha warraa obbo Yaadannoo Jaarraa adde Faaxumaafi ilma isaa Toofiq waliinis wal-bartee jirti. Guyyaa wal-baran sanarraa kaasee Yaadannoon gaafa magaalaa Harar deemu Hooteela Siintolinnaa osoo hinseeniin hindeebi’u. Qote bultoonni isa waliin jiranis walumaan deemuun Hooteela ishee maamila godhataniiru. Achii nyaatanii dhugu. Yaadannoon nyaata nyaatuufis ta'e, dhugaatii dhugeef Siintolinnaan herreega kaffalchiiftee hinbeektu. Akkuma mana isaatti ilaala garuu akka isheen haadha waarraasaa duraanii taate quba hinqabu. Haala isheen itti himteerraa ka'ee amane malee duratti akka ishee taate shakkeera. Gaaf tokko haadha warraafi mucaasaa fudhee dhaqee Hooteela ishee barsiiseera.

Halli jireenya magaalaa Hararii akka kutaa bulchiinsa magaalaa Finfinneefi Naqamtee rakkoo bal'aa qabaachuu baattus rakkooleen garaa garaa darbanii darbanii nimul’atu. Ammas akkuma mudannoo magaalaa Finfinnee keessatti  ishee mudachaa ture, magaalaa Harar keessattis isheetti deebi’e. Hooteelli ishee bakka wiirtuu waarra Waanbadootaa (Ye Shiftoochi maa'ikel) jechuudhaan irratti Saamsameera. Kanaafis, Siintolinnaa qabanii mana hidhaatti darbatan. Maatiin Siintolinnaas qofaatti hafan. Kun ta'uun isaas Fiqiriin baay'ee gaddisiise. Siintolinnaa qofa osoo hinta'iin adamoon ilmaan Oromoo mara irratti taasifamu akka malee hammaachaa dhufe. Yeroo kanatti obbo Yaadannoo Jaarraafi qote bultoonni naannaawa sanii cunqursaa kana ofirraa qolachuuf qabsoo hidhannoo keessa galan. Tibba kana eegaa kan obbo Yaadannoo Jaarraa bilisummaa sabasaaf jecha bosona seene.

Fiqir Koolleejjii Qonnaa Haramayaa keessatti barumsa ishee yeroo fixxu qabxii olaanaa waan galmeesifteef, barsiiftuu mooraa sana taatee achmatti qacaramte. Yeroo isheen achi turte sanatti Siintolinnaan mana hidhaa keessatti reebamaa turtee; dhoksaadhaan ajjeechaa jalaa baatee gara manaasheetti halkan deebitee jirti. Magaalaa Harar keessa lubbuun jiraachuun akkuma ulfaachaa dhufeen Siintolinnaan lubbuu isheef sodaattee gara magaalaa Finfinneetti deebite. Hojii Hooteela ishee keessatti hojjechaa turterraa qarshii argateen magaalaa Finfinnee keessaa mana  jireenyaa bitattee itti galte.

Bara kufaatii mootummaa Dargii, mootummaan aangoo qabate namoonni sababaa siyaasaa garaagaraatiin biyya keessaafi biyya alaa keessa faffaca'aanii jiran gara waltajjii biyyaatti akka deebi'aniif waamichi taasifamee ture. Waamicha taasifame kana irratti argamuuf obboo Yaadannoo Jaarraa ijoolleesaa Alkumaafi Alkitil kan akka tasaa magaalaa Kaartum keessatti namni isaan waliitti fidee wal-barsiise wajjiin wal-fudhatanii karaa buufata daandii qilleensa biyyaattii dhufanii Booleetti bu'an. Dabalaatanis, guyyaa kun kan Fiqir barnoota ishee digirii sadaffaa biyya Awustiraaliyaa magaalaa Melboornitti barattee xumurtee gara biyya isheetti karaa daandii qilleensa Itoophiyaa dhuftee Booleetti buute. Siintolinnaan dhufaatii Fiqir kana waan quba qabduuf, ishee simachuuf gara buufata daandii qilleensa Itoophiyaa Boolee deemtee jirti. Akkuma tasaa ta'ee, maatiiwwa kanneen hundi bakka tokkotti buufata daandii qilleensa Itoophiyaa Booleetti wal-argatanii gammachuu guddaadhaan wal-fudhatanii gara mana Siintolinnaafaatti wal-fudhatanii galan. Saabaanis intalashee Walabummaa ‘Natsaannat’ Sandaabaa fudhattee gara Ertiraatti qajeelte.Haala kanaan maatii bara dheeraa dura sababoota garaagaraan addaan bittinaa’an bifa kanaan walitti deebi'uu danda'aniiru.

Walumaagalatti, sab-seenaan asoosama kana keessatti dhiyaate haala jireenya hawaasaa keessatti bu'aa ba'ii jiruufi jireenyaa akkasumas dhiibbaa mootummoonni daraban uummaticharraan ga'aa turaniif fala barbaaduuf haala kanaan dhiyaateera.

### 4.3.1. Gahee Dubartootni Bakkeewwan Garaagaraa Keessatti Qaban

#### 4.3.1.1. Gama Hariiroo Hawaasummaan

Addunyaa kanarratti ilmi namaa sababoota garaagaraatiin walitti dhufa. Sababoonni isaan walitti fidan keessaa inni ijoon haala jiruufi jireenya addunyaa kanaati. Jiruufi jireenyi addunyaa kana namoota baay'ee walitti fiddi, namoota hedduus gargarri baafti. Uummanni Oromoos amala haala jiruufi jireenya namoota addunyaa kanaa waan hin qooddanneef hinqabu. Halli jiruufi jireenyasaa uummatichaas kallattii garaagaraatiin ifa. Hojii kalaqaa kana keessattis halli hawaasummaafi halli jiruufi jireenya uummata Oromoo hojii kalaqaa kana keessatti bifa gahee dubartootaa of-keessaa qabuun dhiyaatan haala armaan gadii kanaan xiinxalameera.

Akkuma asoosamicharraa hubachuun danda’amu,Siintolinnaan durba magaala baay’ee miidhagduudha. Rabbi bifa fuula ishee, bareechee akkasumas dhaabbata qaama ishee lookoo godhee mimmiidhaksee ishee uume. Bakki dhaloota ishee Harargee ganda qalaadii

Harawwee jedhamu keessatti dhalattee guddatte. Dhalattee umrii waggaa 16ffaasheetti ilma Obbo Jaarraa Walabummaa kan maqaan isaa Yaadannoo jedhamutti heerumte. Heerumtees waggasaatti ilmoo kan argatte yoo ta'u, maqaan ilma ishees Sandaabaa ittiin jedhan. (Yoomi Laataa? Fuula:12) Fakkeenya:1

"Siintolinnaan gaaddisa mukaa gaattiraa sana jala teessee mucaa ishee harma hoosisaa konkolaataa eegaa turte." (Yoomi Laataa? Fuula:19)

Fakkeenya:2

"Kottaa amma ammo bara sana ganda dhaloota koo Harawwee irraa aannan qabeetti naqee mataatti baadhee kaan ammo harkatti rarraafadhee hoteelota itti gurguraa ture isinitti agarsiisaa." Jette. (Yoomi Laataa? Fuula:213)

Yaadni armaan olii kun gosoota femeniizimii keessaa 'Ikkoo femeniizimii' yoo ta'u,waaraabbii kanarraas waanti hubatamu gaheen hojii dubartootaa daa'ima guddisuu harma hooseesuufi baattee guddisuu ta'uu isaa,akkasumas wantoota naannoorraa argattu kanneen hanga humni ishee danda'e mataafi kaan ammo harkatti rarraafatte bakkeewwan gurguramanitti geessitee gurguruudhaan jiruufi jireenya maatii ishee utubuu akka ta'e nutti agarsiisa.

Fakkeenya:3

> …………. Egaas kana qofaas miti;ramaddii hojiisheetiin isheen mucaa ishee mana guddaa keessa akka tajaajiltu barbaadan.Qooda hojiishee kanarrattis Siree Raasfaa irra ciisan afuu,afata siree,Uffata Giiftii Liidiyaafi Raas miicuu,mana qulqulleessuu,nyaata hojjettootni mana nyaataatti qopheessanii fidan dhiyeessuudha. ……..Galgala galgala Miilla Raasiifi Giiftii Liidiyaa dhiqxi. (Yoomi Laataa? Fuula:38fi 39)

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu, gaheen hojii dubartootaaf kennamu maal akka ta'e nutti agarsiisa.Kunis Siree Raasfaa irra ciisan afuu,afata siree,Uffata Giiftii Liidiyaafi Raas miicuu,mana qulqulleessuu,nyaata hojjettootni mana nyaataatti qopheessanii fidan dhiyeessuu, galgalammoo Miilla Raasiifi Giiftii Liidiyaa dhiquu, akkasumas, daa'ima isheefi akka guddiftuuf kan giiftiin itti kennan baattee,dhiqxee nyaachistee guddisuu fa'i.Akka "Baraa malee, akka baranitti hin bulan." Jedhu mitiiree Sabni koo yeroo mammaaku.

Walumaagalatti hojiilee kanaan olitti ibsamaniiifi kanneen biroo akka waan gita hojiin qoodamee dubartootaaf kennameefiitti ilaalama.

### 4.3.1.2. Gama Ejjennootiin

Fakkeenya:1 Siintolinnaan "Na hidhi! Na ajjeesi! Yoo barbaadde foon koo kukkutii nyaadhu! Isin foon namaa nyaachuu bartaniittu."( Yoomi Laataa? Fuula:255)

Yeroo Difaabbachew , "Sin hidha!kan ani fidi siin jedhe hin fiddu taatan sin hidha!" jedhee itti dhaadatu kutannoodhaan yaada Siintolinnaan dhiyeessiteedha.Kunis Qarshii kuma 50fi intala kee Obinsee yoo fiddee soddaa hin taanu ta'e tarkaanfiin sirratti fudhadha jedhee yeroo inni isheetti dhaadatu kan nutti agarsiisuudha.Dhiibee dhufee jennaan meeshaa,aangoofi taayitaan gonkuma nama dhaabuu kan hin dandeenye ta'uu isaa namatti agarsiisa. kan nama irraanfachiisu ta'uu isaati.Garuu Siintalinnaan meeshaafi aangoo isaa hoomaattu hin makne.Fakkeenya:2

> Yeroo inni ilkaan isaa jimaafi tamboon bade hidhii isaa akka hudduu eelee gurracha'e sanaan dhungachuuf itti qajeelchu,achi irraa garagaltee,asitti miti Shaambaal kun maqaa keessaniif gaarii miti ittiin jette. Yeroonni kaballaadhaan dha'e lafa ishee buusu."Na ajjeesi egaa!"jette.yeroo kana Shaambaal lafatti gadi ilaalee xiqqoo erga turee booda harka ishee qabee ol kaasee barcuma irra ishee teessise. ( Yoomi Laataa? Fuula:126)

Yaada kanarraa waanti hubatamu,jaalle Shaambaal Fiqiriin jaalala ishee waan obsuu dadhabeef waajjiruma isaa keessatti osoo eenyurrayyuu huuba hin buusin dhungachuudhaaf yeroonni jedhu,fuula ishee irraa deeffachuu isheetti aaree kaballaadhaan lafatti ishee dabale isheenis ejjennoodhaan tarkaanfii barbaade akka fudhatu itti himuusheeti.Yoo na ajjeeste na ajjeesi malee ani gonkuma hojii akkasii hin hojjedhu jettee murteessuu isheeti.Fakkeenya:3

> Fiqir Finfnnee geessee Siree qabattee yeroo isheen bashannanaaf gara daakaa deemuuf kaatu kan calqaba toora kiiloo 6 irraa eegalee kan ishee hordofaa ture Habiib, kan dur isheen irratti raawwatte sana yaadatee har'a abbaa aangoo ta'eef "Ati E.D.U dha;" Yoo barbaadde humnoota "E.P.R.P.! E.D.U.!" humnoota farra nageenya biyyaati jedhee yoo ajjeesise kan isa gaafatu hin jiru. Haaluma kanaan dubbii erga itti kaasee booda gara Mana sireesaatti fudhatee yoo qajeelu,Maal na gochuu danda'aa? Iddoo inni jedhu nan deema." Hamilee of jabeessitee kutaa inni bane geesse.-------Habiib balbala kutaa mana ciisichaa sana bane dursee yeroo seenu,Fiqir dugda isaa duubaan

> balbalarra dhaabbatte battalaan shugguxii ishee luqqifattee;………harka kee ol qabi! Ittiin juette.Shugguxoota kanaan dura ajejoota dargiirrraa boojiteen mataa isaa diigdee lafa gootee,du'uu isaa erga hubatteen booda balbala irratti cuftee furtuu isaammoo furuursitee gatte. . (Yoomi Laataa? Fuula:204)

Kanarraa waanti hubatamu ilmi abbaa qabeenyaa kan Habiibi jedhamu kan dur yeroo mana barumsaa 'Sand Ford' barachaa turan Fiqiriin galaafi ba'a dhorkee ishee rakkisnaan manatti erga isa beellamteen booda gaafa inni manashee keessatti humnaan qabatee gudeeduuf jedhu tooftaa dura Ashkoo waliin uumtee yeroo inni uffata isaa hunda ofirraa baasu,mallattoo Ashkoof laatteen shantama garafsiistee ofirraa isa dhorkite."Harki dabaree wal dhiqa." Jechuu barbaadeeti ta'innaa? Inni immo har'a aangoo isaatti fayyadamuudhaan kan duraan kaayyeffate sana qaama akkas miidhagu kana kan baroota dheeraaf hawwaa guddate sana argachuuf yeroo isheen uffata daakaa bishaaniif ta'u sana uffattee gara bishaaniitti deemtu argee gorora coccobse.Kan yaade sana har'a galmaan ga'achuuf shakkiin osoo hin qabaatin, osoo hin dursamin dursitee mataa isaa irraa buqqiste.Dhiira aangoofi meeshaa guutuu of harkaa qabu, hoomaa tokkotti hin lakkoofne.Fakkeenya:4

> …..Battaluma sana achii deemanii Adaamaa Raas Hoteel bulanii barii gara Hararitti qajeelan.Meeshotni waraanaa keellaarratti sababii sakatta'amuuf Fiqir konkolaataa dhaabdee Shugguxii ishee lamaan kan ajejoota Dargiirraa boojite qaama konkolaataa iddoo tokko dhoksitee,konkolaataa dhaabdee turte kaastee karaa calqaban. (Yoomi Laataa? Fuula:205)

Yaada kanarraa waanti hubatamu tarkaanfii barbaachisaa ta'e erga diinasheerratti fudhatteen booda kallattii itti ni deemti jedhamtee hin shakkamneetti qajeelte.Kunis namni yoo badii dalage gara ni dhaqa jedhamee hin yaadamnetti deemte.Dabalataanis keellaarratti meesholiin waraanaa darbuu akka hin danda'amneefi yoo harkatti qabame immoo adabbiin isaa guddaa ta'uu isaa osoo beektuu qaama konkolaataa keessa keesse gara keellaatti qajeeluun ishee kutannoo isheen qabdu nutti agarsiisa.Haaluma kanaan osoo rakkoon tokko ishee hin mudatiniin nagaadhaan fudhattee Bakka yaada isheetti galte.Fakkeenya:5

> "Ati lammata fudhatta moo nama gara biraaf fuuta ?"Ittiin jette. Erga badhaasa kennitee raawwatteen booda Alkumaafi Alkitil dunkaanatti ol waamsistee.Sadanuu dunkaana ishee dura taa'an.

> "Maqaan keessan eenyu?"
>
> "Alkumal Sandaaabaa"
>
> Animmoo Alkitil Sandaabaa"
>
> "Sandaabaa?Sandaabaa?"
>
> "Eyyee abbaan lamaan keenyaa Sandaabaadha.Haati keenya tokkuma."
>
> "Sandaabaa…. Sandaabaa? Sandaabaa eenyuu?"
>
> "Sandaabaa Yaaddannoo" Ittiin jennaan yeroo xinnoof calluma jettee yaadaa turte;…………………..
>
> "Ani Maqaan koo Saabaadha.Abbaa keessan beeka.Hiriyyaakoo duriiti.Baay'een isa jaalladhan ture.Ammas jaalalli bara dargaggummaa keenyaa sun na keessa jira.Bara duula hojii beekumsaafi guddina gamtaa"jedhama ture Muddee bara 1967 kutaa biyya Shawaa Jibaatiifi Maccaa Aanaa Amboo naannoo Gudar jedhamu keessa waliin duullee wajjin ture.Inni hoogganaa buufata keenyaa ture.Inni Yuuniversiitii Q.H.Si barataa Seeraa waggaa 5ffaa ture.Animmoo barattuu Soosholoojii (Hawaasummaa) waggaa 4ffaan ture.Abbaa keessan nan jaalladhan ture.Erga duula sana raawwannee gargar deemnee har'a gara waggaa 10 ni taha.Isin arguu kootti garuu baayy'een gammade. ( Yoomi Laataa? Fuula:234)

Saabaan Dhaabbata Moootummoota gamtoomanii keessatti hojjetaa komiishinii dhimma kooluugaltootaa yoo taatellee, icciitiidhaan miseensa (E.L.F) Adda Bilisummaa Ertiraa (Shaabiyaa) biyya Sudaaniifi biyyoota Afirikaa Bahaa keessa yeroo hojiidhaaf deddeebitu hojii dhaaba ishee Shaabiyaas ni hojjetti.Akka qajeelfama mana hojichaatti Miseensa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii ta'anii,Dhaaba siyaasaa kamiyyuu deggeruun hin danda'amu ture. Haa ta'u malee Saabaan hojii ishee idilee cinatti biyya Sudaaniifi Gaanfa Afrikaa keessatti Dhaaba ishee Shaabiyaa bakka bu'uudhaan hojiilee Dhaabni isheen irraa barbaadu amanamummaafi kutannoo guddaadhaan nama raawwachaa turteedha. Carradhuma kana keessa kan isheen ijoollota hiriyyaa ishee durii kan ta'anii fi kan sana boodammoo abbaa mucayyoo ishee hangafaa kan ta'e Sandaabaa kan isheen wal argisiisuu dandeesse. Bakka dhimma sana hojjechuun nama "Beenzilaafi ibiddaa" baatee deemu ta'etti isheen kutannoodhaan hanga biyyi ishee Ertiraan bilisoomtee Referendumiif biyyatti deebitutti bifa kanaan hojjechaa turte. Fakkeenya:6

> Obsineenis“Haati keenya hidhamtee calluma jennee teenyaa? Abbaan keenyas mana hin jiru.Eenyutu isheef dirmataree nu malee maal qabdi? Haati keenya ededa du’aarra jirti yeroosheen duutu calluma jennee ilaallaare?” Jechuudhaan obboleessa ishee Obsinaa gaafachaa turte.Dhumarratti kutannoodhaan gara Waajjira Difaabbachewutti qajeelte.“Haati koo meerre eessa jirti?’’Kana natti himi.Qarshii fudhatte miti? Qarshiis, ishees akka barbaadu erga itti himeen booda,haadha ishee manaan geessee akka deebitu itti himtee kallatti mana isaa irraa fudhattee deemte.Yoo Kan ishee dhabu ta’e,Obsinaa gara dirree waraanaatti/bakka hin deebinetti akka erguufi maatii isheemmoo akka balleessu waan akeekkachiiseefi. …..Obsineen garuu lubbuu haadhaafi obboleessa ishee baraaruuf kabaja durbummaa ishee naamusaan eegdee turte jawwee dhiiga dheebote kanaaf wareega kennuuf murtoorra geesse.“Harme ! hin yaadda’in.Ani waan tokko hin ta’u.Bineensa dhiiga namaa dhuguu bare kana mo’achuun nan dhibu.Ani bara baraan isa waliin hin jiraadhu.Waaqayyo na gargaara.Afaan bineensaa keessaa na baasa.” Jettee kutaa nyaata itti bilcheessan --------Kutannoodhaan halbeen karaa duubaa surree ishee keessa kaawwatte itti qajeelte.Gaafa achi geessu balbalarratti ishee eegee simate.kanaan booda mana seensisee gaafanni ishee gudeeduuf qophaa’u Shugguxii inni kanaan dura ittiin ilmaan namaa bakka hin deebinetti ittiin ergaa ture sanaan isattis daandii agarsiiste.( Yoomi Laataa? Fuula:256fi 257)

Yaada kanaa oliirraa waanti hubatamu,Afaan guutanii ajejoota dargiitti bakka dubbachuun hin danda’amnetti Obsineen kutannoodhaan gara waajjira Difaabbachew warren baratti hirkatanii ilmaan namaa gidirsan keessaa tokko kan ta’etti qajeelte.Obsineenis wanna barbaaddu erga fudhatteen booda gara mana isaa isa uummatarraa dhaale sanaa akka dhuftuuf kallattii inni itti agarsiiseen yeroo geessu balbalarratti ishee simatee.Innis akkuma amala isaa Obsinee manatti erga galcheen booda gara sireetti ishee fudhatee yeroo gudeeddiif jarjaru,jalqabuma hadha’aa kuustee waan jirtuuf shaworiin fudhadha ittiin jettee mana isaa keessa to’achuuf ture kaayyoon ishee,bishaan hin jiru ittiin jedhamnaan mana fincaaniin deema ittiin jette.Yeroo kana gidduudhaan Shugguxiin ittiin namoota ajjeessaa tureefi ittiin sodaachisaa ture sana,mataa siree isaa dura komodiinoorra kaa’ee jiru argitee yeroo isheen qubaan tuquuf deemtu,”Lakki! Lakkii! Rasaasni afaan jira ittiin jedhe.” Isheenis garaasheetti, “Aaga dhaga’i!” Ittiin jechuun ishee hin oolle.Kanaan booda yaada ishee isa halbee fudhattee deemte sana ni geedderte. Jaalle Difaaw wayyaa ofirraa baasee qullaasaa qophaa’ee waan eegaa jiruuf isheen battala kana shugguxii isaa komodiinoo isaarraa fuutee, erga mataa jaallee Difaawu irraa buqqisteen booda Shugguxicha fudhattee qajeelte isheenis

akkuma Sayyuu ishee/haadha manaa obboleessa ishee ‘Fiqir’ ajejoota dargii gochaa turte sana Shugguxichaafi Qarshii kuma shantama kan haati ishee akka Obsinaan dirree waraanaa hafuuf kennite sanas peestaalii isaa waliin fiddee haadhatti kennite.Intala kutannoon sayyuun wal fakkaattu.Fakkeenya:7

> .Ati nama miti. Bineensa waraabessa dha. Yeroo fi haala rakkoo imaltootaa ilaaltee foon namaa cuffattee lafee namaa caccabsitee nyaachuu kan barbaaddu saamtuu karaa irra dhaabatuudha. Deemi amma gara ani deemi siin jedhu deemta. Saantima tokko siif hin kennu." Ittiin jette. Abbaan taaksii baay'ee na'ee; 'Tole tole tole giiftiikoo atumti nan ajjeesin malee iddoo atijette sin geessa. (Yoomi Laataa? Fuula 264)

Yaada olittii fudhatame kanarraa kan hubatamu ijoon dubbii, haala jiruufi jireenya namoota addunyaa kanaa keessatti namoonni tokko tokko rakkoo namaa ilaalanii namatti jabaatu. Keessumattuu, namoonni hojii konkolaachisummaa irratti bobba'an tokko tokko yeroo haala rakkoo namaa ilaalanii qarshii humnaa ol nama kanfalchiisuuf itti yaalan nijira. Haata'u malee, yeroo tokko tokko halli kun iddootti faallaa ta'ee mul'atu nijira. Akka fakkeenya kanaatti, konkolaachisaan taaksii sun daandii Qarshii shaniif, Qarshii humnaa olii waan ishee gaafateef Shugguxii Difaabbachew sana itti baafachuudhaan bakkee barbaaddeen akka ishee ga’uuf dirqamsiiste. Kunimmoo kuttannoo qabduun kan raawwatteedha. Osoo akka fedha isaatti tole jettee kan isa eegdu ta’e namni duubaan ishee hordofaa waan jiruuf tarkaanfii kana fudhatte. Kanaafuu, hojiin kalaqaa xiinxalame kun haala jiruufi jireenya namoonni guyyaa guyyaan raawwatanii kan calaqsiise ta'uunsaa mirkaneefameera. .

#### 4.3.1.3. Gama Fedhashee Guuttachuun

Fakkeenya:1 “Eyyee nan machaa’e.Machiin koo dhugaatii alkooliidhaan utuu hin taane,jaalala keetu na macheessee safuu na wallaalchise.”Jettee dugdaan isa ciibsitee irratti kuftee dhungachuu jalqabde. ( Yoomi Laataa? Fuula:57)

Waraabbii armaan oliirraa waanti hubatamu Fiqir jaalallee akka lubbuusheetti jaallattu kana haala inni hin yaadneen kan itti dhufte waan ta’eef yaadolee armaan olii kana kaasee tasgabbeessuuf ,yaalus isheen garuu kaayyoon ishee kan ofii godhachuufii jaalala waliin raawwachuu waan ta’eef kan ati jettuufi kan namni jedhu hin dhaga;u jechuu isheeti.Isa kanaaf sababa isheen dhiyeessitus,yeroo adda addaa Sandaabaan obboleessa dhiigaa ishee

akka hin taaneefi Raas Sandaabaa kan guddisan dabtara isaarraa dubbistee mirkaneeffattee jirti. Dabalataanis dhimmi ilma 'Guddifachaa' obboleessa jedhanis ani Oromoo waan hin taaneef nan ilaallatu jettee ejjennoo mataa ishee fudhatte.Isa kanas jaalala duraan hawwaa guddatte sanaaf kan jaalala isaaf jettee Habiibiin reebsiste sanas bakka garaashee geessee nama garaasheef kennite.Fakkeenya:2

Kanaan booda shakkii tokko malee,

> …….kun dugungura miti.Jaalala addunyaan dhandhamachaa jiru,anaafi sirraa maaliif hafa?Ani obboleettii kee mitiim!" "Haatiifi abbaan koo si guddisan malee ati ilma isaanii miti.Atii Sandaabaa Yaadannoo Oromoo Harargee ijoollee Harar.Ani ammoo Fiqir Geetaawu Mindassiyil ijoollee Manzee.Ani har'aa eegalee niitii keeti. Nuti fira dhiigaa miti. Akkuma jettes daa'imni garaattti ishee hafe. Barumsa ishees addaan kutte.Ijoollee lakkuu dhiira lama deesse. ( Yoomi Laataa? Fuula:58)

Yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamu,Fiqir mamii tokko malee jaalala Sandaabaaf qabdu yeroo isheen ibsitu hubanna.Dhimmi kun immoo hawaasa keessatti kan barame ta'uu baatus,Fiqir garuu waan fedha isheefi kaayyoo ishee hiriyyaa akka lubbuusheetti jaallattu faana erga raawwaatteen booda,dhuma dubbiiti kan jette yaadde itti himtee jirti.Kun immoo Sandaabaa akkasiin waliin guddattee dabarsitee nama biraaf kennuu waan hin barbaanneefi ofiifis kana nama biraa ta'uu waan hin barbaanneefi. Fakkeenya:3

> Siintolinnaan,kan isheen fedhii isheetiin raawwatte Waariyoo waliin Isheenis kophaa jiraachuurra hiriyyaa jireenyaa tokko kan Yaadannoo (abbaa Sandaabaa ) bakka bu'u yoo argatte hin jibbitu. Finfinnee erga galtee torban tokko booda ture Waariyoon dhokatee ishee bira buluu kan calqabe………..Guyyaa tokko "Haayi! Gurbaa ni maraattee? Anaafi ati wal fudhannee bannee osoo jiraachuu dandeenyuu kana yaaddaa?" Anaafi ati dargaggoodha ……..'' Jette. ( Yoomi Laataa? Fuula:46)

Siintolinnaa dargaggeessaa kanarraa jaalalli waan ishee qabateef isa argachuuf wantoota kana hunda haasofte Finfinnee erga deemteen booda, jaallattee jaalala kan calqabde Waariyoo wliin ture..Kana jechuun nama garaasheerraa jaallatteefi feetee waliin raawwatte yoo ta'u,kunis qeerrummaafi dargaggummaa isaa ilaaltee jaallatteeti.Na tarkaanfachiisuus ni danda'a jettee waan yaaddeefi. Fakkeenya:4

Gaaf tokko galgala garuu,Saabaan,

"Sandaaba!"

"Yes!"

"Ani mucaa durbaa tokko utuun sirraa godhadhee baay'een gammadan ture."

"Ati jennaan anaan maaltu dhibee?"

"Kan ji'a sagal garaatti baatu si'i naan jechuu keetii? Naaf galeera!" Jette.

Saabaan ofumaa yaadasaa baruuf gaafatte malee ulfa ji'a afurii taatee jirti.kanas jaalalaafi fedha ofii isheen kan godhatte.(Yoomi Laataa? Fuula:250)

Waggaa heedduu booda jaalallee ishee kan duraanii waliin wal argitee dheebuu waggaa meeqaa waliiin ba'an. Achumaan kaayyoosheen ulfooftee daa'ima durbaa kaayyoon hawwite argatte sanas "Walabummaa'Natsaannat' Sandaabaa" jedhanii maqaa moggaasaniiru. Namootni heedduun kan biyya alaafi kan biyya keessaa bultii waliin ijaaruuf akkasumas jaalala yeroof yoo ishee gaafatan tole hin jettu turte.Ulfina ishee eeggattee hojii isheefi kan dhaaba ishee galmaan ga'aa turte.Hanga Oromomticha faana yeroo lammaaffaaf wal argattutti. Gaafa biyyatti deebitus mucaa kaayyoo waggaa dheeraaf, hiriyyaa ishee yeroo duula wallaalummaa waliin duulterraa godhatte "Bilisummaa'Natsaannat' Sandaabaa" fudhattee galte.Kanas kan goote "Sandaabaa! Mucayyoo durbaan sirraa godhachuu barbaada;" akkuma jettee waadaa galte,Sandaabaan haadha manaafi ijoollee qabaachuu isaa osoo beektuufi isaan deggeraafi barsiisaa osoo jirtuu daa'ima kana irraa godhatte. Fakkeenya:5

……..erga maatiin Obbo Gammachuu hundi rafanii booda,Saabaan suuta jettee osoo hin sokoksin kaatee Sandaabaa bira dhaqxee ciiste.Sandaabaanis:

"Maaliif dhufte?"

"Nin Sodaadhe."

"Maal sodaattaa?Maaltu si tuqaa?"

"Lakkii nin sodaadhe"

Jettee bobaasaa jala ruuqamtee haammatte ciiste.Ciistees calluma hin jenne. Morma isaa jala,maddiifi hidhiisaa dhungachaa turte.Booda furtuu uffata

tuuttaa isaa banuu calqabde.Furtuu tuuttaa lama akkuma banteen harka ishee qabe.Haa ta'u malee,Sandaabaan kiyyoo Saabaan isaaf qopheessite jalaa miliquu hin dandeenye.Saabaan qaama ishee isaan lallaafaa yeroo qaama isaarra keessu ture furtuun onnee isaa walal jedhee banamee kan afeerraa Saabaa simate…………………………..

"Sandaabaa! Ani sin jaalladha.Haala itti siwaliin firoomu dhabeen yoona gahe malee sibarbaadaan ture."

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu Saabaan kaayyoo ishee galmaan ga'achuuf haalaafi yeroo eeggachaa kan turte yoo ta'u carraa guyyaa sana hojiin dirree uumeefiitti fayyadamuudhaan galmaan ga'attee jirti.Kunis guyyaa Sandaabaa argite irraa eegaltee akka isa barbaadaa turtes wakkii tokko malee itti himtee jirti.Jaalala isaaf qabdu irra dibaa malee itti himte.Kunis dubarri dhiira gaafachuun aadaa ta'uu baatus isheen garuu waan barbaadde argachuuf ija hin sukkuummanne.Wanna ofiif hawwitee goote ta'uu isaa ibsitee,kana raawwachuu isheettis baay'ee gammaddee jirti.

#### 4.3.1.4. Dubartoota Gama Diinagdeen

Haala jiruufi jireenya addunyaa kanaa keessatti sadarkaa biyyi tokko irra jirtu addaan baasee kan mul'isuu diinagdee biyyattiin qabdu akka ta'e nama maraaf ifa. Guddina biyya tokkoo beekudhaafis, sadarkaa diinadgeen biyyattii irra jirtu beekuun barbaachisaadha. Guddina diinadgee biyya tokkoof qabeenyaafi qaroominni biyyattii keessa jiru murteessaadha. Guddinni diinagdee biyya tokkoos guddina hawaasa biyyattiif murteessaadha. Kanaafuu, asoosama filame kana keessatti gaheen dubartootni gama diinagdeen qaban maal fakkata kan jedhu yoo ilaalle bifa itti fufee jiru kanaan qindaa'eera. Fakkeenya:1

"Hoteelaa guddaa magaala Finfinnee keessatti bananii hooggantummaa Siintolinnaan hojii eegalan.Hojjettoota Mana Raas keessa turan mindaa gahaan qaxaranii hojjechiisuu eegalan". .(Yoomi Laataa? Fuula:98)

Fiqir erga maatiin ishee jalaa dhumanii booda,harka marattee taa'uun waan hin danda'amneef hojjettootni duraan mana Raas jiraachaa turanis waan isaan bira jiraniif Hoteela sadarkaa isaa eeggate magaala Finfinne keessatti bananii hojii eegalan.Nyaataafi dhugaatii baay'ee gaarii ta'ee akkasumas haalli keessummeessuu dansa waan ta'eef gabaa guddaa argatan. Fakkeenya:2

Hoteela isheen Magaala Hararitti bantes gabaa guddaa argatee Hoteela beekamaa ta'e. .(Yoomi Laataa? Fuula:171)

Siintolinnaan haalli jiruufi jireenya magaalaa Finfinnee kun mijachuu waan dideef isa dhiistee gara bakka dhaloota ishee magaala Harar deemtee hoteela isheen bante baay'ee beekamaa ta'ee maamiltoota hedduu argachuudhaan jireenya ishee geggeessuu eegalte.Mammaaksi Oromoo, "Kan qottoo qabu,muka hin dhabu." Jedhama mitiiree?

Walumaagalatti yaadolee armaan olii kanarraa waanti hubatamu,dubartootni qabeenya horachuu kan danda'aniifi ofiinis hoogganuu kan danda'an ta'uu isaa ifatti mul'isa.

### 4.3.1.5. Gama Duudhaatiin

Uummanni tokko haala jiruufi jireenya isaa keessatti uummata biroorraa waan ittiin adda ba'u wamtoota garaaragaa niqabaata. Waantoonni garaagarummaa uummata tokkoo calaqsiisan kunis aadaa, duudhaa, haala jiruufi jirrenyaafi kkf ta'uu malu. Uummanni Oromoos akkuma uummata biroo aadaa, duudhaafi haala jiruufi jireenyaa mataasaa qaba. Aadaa, duudhaafi haalli jiruufi jireenyasaa kunis eenyummaasaa kana kan calaqsiisuudha. Kanuma bu'uura godhachuudhaan, asoosamoota qorannoo kanaaf filataman keessatti haala aadaa, duudhaafi haala jiruufi jireenya uummata Oromoo kara gahee dubartootaa of keessaa qabuun dhiyaachuun isaa bifa armaan gadii kanaan dhiyaateera.Fakkeenya:1

"Fiqir deessee hanga jabaattutti kan waldhaante Siintolinnaadha.Akka aadaa biyya Waariyootti torbaan torbaaf okkotee uulumaa irra yeroo turte nyaata qaama ishee jabeessu nyaachisaa turte." (Yoomi Laataa? Fuulaa 60)

Yaada olii kanarraa kan hubatamu, akka aadaa uummata Oromootti dubartii deesseef kabajaafi kunuunsa addaatuu taasifamaaf. Dubartiin deesse kunis hanga naannoo ji'a lamaatti bakka isheen deessee jirtutti nyaatawwan qaama namaa ijaaran filatamee kennamaaf. Kunis kan ta'eef dubartiin daa'ima ji'a sagaliifi torban lama garaatti baataa turteefi gaafa deessus dhiigni qaama ishee keessaa baay'inaan waan dhangala'uuf kunuunsi addaa kan ishee barbaachisuu waan hubatameef. Kun uummata Oromoo biratti bal'inaan beekamaa akka ta'es hubatameera. Yaandi kun saayinsiinis deggerama. Uummanni Oromoos yaada kana hubachuun dubbartootaaf kunuunsa adda gochaa akka turees hubachuun danda'ameera.

Fakkenyi asoosama kana keessaa fudhatame kunis,aadaa uummanni Oromoo dubartii deesseef qabu kana kan calaqsiisuudha jechuun nidanda'ama.Fakkeenya:2

Firri fagoofi dhihoo Dr. Fiqir biyya Awustiraaliyaa irraa dhufuu ishee sababii godhachuudhaan waamicha dhufan hundi nyaatanii dhugu. …namoota affeeraman keessumeessu. Achi deemaa as deebi'aa; "Nyaadhaa! Dhugaa! Maaltuu hirdhattee? Maal daballu?'' Jechuudhaan affeeru. (Yoomi Laataa? Fuula 275)

Yaada fakkeenya oliirraa kan hubatamu, uummanni Oromoo haala jiruufi jirrenyasaa keessatti jireenya hawaasummaa uumee waliin kan jiraatuudha. Wantoota gaariifi badaa isaan mudatuufis wal bira dhaabbachuun beekamaadha.Yoo gaddi isaan qunname kan wal-jajjabeessaniifi yoo waan gaarii isaan mudateef ammoo gammachuu waliirratti argamuun waliif gammadu. Namoonni gamachuun isaan mudate sunis nyaataafi dhugaatii garaagaraa qopheessuun firoota isaanii fagoofi dhiyoo affeeruun gammachuu isaanii walii kan dabarsaniidha. Kun uummata Oromoo biratti bal'inaan beekamaadha. Fakkeenyi asoosama kana keessaa fudhatame kunis aadaa uummanni Oromoo gama jireenya hawaasummaan mul'atu qabatamaan kan calaqsiiseedha. Fakkeenya:3

Kan qananiidhaan isheefi Sandaabaa guddisan Raas Geetaawuu fi adaadaashee Liidiyaa du'a isaaniillee dheerina baraa keessa irraanfattee. (Yoomi Laataa?Fuula 225)

Haala jiruufi jireenya namoota addunyaa kanaa keessatti akkuma dhalachuun jiru, du'uunis nijira. Akka aadaa Oromootti yeroo namni dhalatu kan gammadan yoo ta'uu, yeroo inni du'uu garuu kan gaddaniidha. Du'aatii ilma namaa keessatti maatii yookaan firri dhiyoo baay'ee gadduun waan itti dhaga'ame boo'uun baafatu. Kunis hanga nama du'e sana yaadatanitti qofa. Akkuma yeroon dheerachaa deemeen namni du'e sunis hirraanfatamaa deema. Akkuma mammaaksi Oromoo "duuti abbaa ofii bultee qoosaa taati" jedhu sana ta'a. Kana jechuunis, dhalachuufi du'aan kan namni fide osoo hintaane, uumamuuma wajjiin kan dhufuudha. Kun ammoo jiruufi jireenya namoota addunyaa kanarra jiraatanii keessatti kan mul'atuudha. Fakkeenya:4

Waariyoon yeroo Fiqiriifi ijoolleeshee fidee dhufu gammachuu guddaadhaan ililchuudhaan lafa dhungatte. Harka Waaqatti ol kaastee Waaqayyoon galateeffachaa dabaree dabareedhaan hundasaanii dhungattee isaan simatte.(Yoomi Laataa?Fuula: 207)

Fakkeenya olii kanarraa kan hubatamu, akka aadaa uummata Oromootti namni tokko yeroo bara dheeraadhaaf addaan ba'ee turee walitti deebi'u gammachuu guddaatuu itti dhaga'ama. Gammachuu itti dhaga'ame kanas karaalee garaa garaa ibsata. Karaalee isaan ittiin ibsatan kanneen keessaa kan akka: ililichuu, lafa dhungachuun Waaqa galateeffachuu, harka Waaqatti olkaasuun rabbiif hoqubaa dhiyeessuu, nama addaan ba'anii turan sanatti maramuun maddii keessa dhungachuufi kkf taasisa. Kun waan uummata Oromoo biratti mul'atuudha. Yaadni asoosama keessaa fudhatanmee kunis kanuma ibsa.

**4.3.1.6. Gama Safuu Uummataa Eeguun**

Fakkeenya:1

> Guyyaa tokko Raas yeroo isheen uffata Giiftii Liidiyaa akka miicamuuf fuudhuuf gara mana keessaa seentu Raas harka ishee qabanii gara Sireetti ishee harkisnaan, "Yaa gooftaa! Yoo giiftiinfaa dhufan salphina ta'a."Jettee yaaddofte malee,gooftaan biyya bitan dhimma kanaaf ishee hawwuu isaanii akka kabajaatti ilaalte.( Yoomi Laataa? Fuula:40)

Yaada kanarraa waanti hubatamu mammaaksa Oromoo kan, "Jaartii galaanni nyaannaan duruu Gudar dhaquuf hawwiin qaba." Jette sanaa waliin wal fakkaata. kunis calqabuma dhimmi bultii ishee diigsise dhimma sagaagalummaa kana ta'uu isaa dagachuu isheeti.

Dhimma kana gooftaa ishee waliin raawwachuun akka waan giiftii ishee taasisuutti fudhatte. Fakkeenya:2

"……Siintolinnaan yeoo isaan ol seenan utaaltee ol kaatee isaan simatte.Yeroo kaan garuu lafa dhungattee isaan simatti turte.Haala kanaan isaan simachuu kan calqabde,sila siree giiftii isheerra Raasii wajjin erga ol baatee calqabdee haalli ishee jijjiirameera." (Yoomi Laataa? Fuula:45)

Waraabbi armaan oliirraa waanti hubatamuu, dubartootni uffatanii filatanii dibatanii kan dhiira hawwisiisan kan jiran yoo ta'anillee,keessa darbanii akka dhiirri gara isaanii ilaaluufis daandii kan banan baay'eedha.Haaluma kanaan hojjettootni mana sana keessa hojjetaniifi haalli isaan ittiin gooftaa isaaniitti dhiyaatan kan isheerraa addaan ture. Garuu seenaa asoosama kanaarraa calqabuma akka hubatamutti bakka buutuun Siintolinnaa jedhamtu kun

kan isheen manaa baate,sababa hojii jibbisiisaa akkasii hojjetteen ta'uu ishee dagattee ammas yeroo lammaffaaf gochaa akkasiirratti babbaatu argina. Namni mana namaa keessa hojjetu hundi abbaa manaa sana faana ni sagaala jechuu miti.Garuu ishee kana gaafa ilaallu namuma taayitaa qabu argitee jennaan kan ija hin sukkuummanne ta'uu isheeti.

Fakkeenya:3

"Abbaan manaa ishees Uffata,kophee,diriyaa,dibata,shaashii,fooxaafi urgooftuu biyya Arabaa Qanyaazmaach bituuf,kan aannan gurgurtu sana keessaa kan isheen ofiif bitattu itti fakkaata. Qulqullinaafi miidhagina ishee kanaan akka malee dhiira hawwatti." (Yoomi Laataa?,Fuula:39)

Yaada olii kanarraa waanti hubatamu dubartootni ofii isaaniif hojjetanii of jijjiiruufi ofiif dabarsuu osoo danda'anii faayidaa xixiqqoodhaaf jecha yeroo isaan ulfina of dhorkatan ykn bultii isaanii diigantu mul'ata.Kun immoo mammaaksa Oromoo kan 'Barcuma ulfinaa abbaatu of jala baataa' isa jedhu sana waliin tokko faayidaa bu'aa hin qabnee ykn jijjiirama hin fidnee jecha salphina gonfachuu isaanii argina.

Fakkeenya:4

"Egaa Beetiin ciniinsuu dheeraa booda durba bareedduu lafa keesse.Durbi bareedduun Beetiin lafa keesse kunoo ishee kanaadha.Liidiyaan Fiqir jedhanii moggaasan" Fuula:83)

Walumaa galatti kun kan namatti agarsiisu,dubartootni baay'een hojii ka'aniif dagatanii yeroo isaan hojii kaayyoo isaanii waliin hin deemne hojjetan argina.kun immoo ofitti gufuu;maatiifi firoottan isaaniitti immoo ba'aa akka ta'an ni argina.Kaayyoofi karoora malee deemuun bakka kaayyeeffataniifi bakka hawaasni itti isaan eegu hanqatanii dandiirratti kan hafan ta'uu isaa nutti mul'isa.Kun osoo ofiif nama hin ta'in nama gara biraa gara biyya lafaatti fiduuf illee sababa ta'u.Dabalataanis carraan lubbuun jiraachuu illee baay'ee muraasa.

### 4.3.1.7. Dubartoota Gama Siyaasaan

Fakkeenya:1 Siintolinnaafi Sandaabaa Kiristinnaa kan kaasan gaafa Giyoorgisii waan ta'eef,maqaa Sandaabaa "Haayilee Giyoorgis" jedhanii moggaasan.Giiftii Liidiyaan mucaan guuddifachaa kun maqaa Oromoo Sandaabaa jedhamuun yeroo waamamu dhaga'uu sababii

hin barbaadneef, “Lammata namni tokko maqaa fokkisaa Sandaabaa jedhuun akka isa hin waamne.” Jechuudhaan hojjettoota isaanii hunda akeekkachiisan.( Yoomi Laataa? Fuula:48)

Siintolinnaanis,“Kana fakkaattee Amaariffa wallaalte.” Osuma ittiin jedhanii afaanicha dubbachuu barte.Fakkeenya:2

> ……Giiftii Liidiyaan garuu sirna kanarratti dhufaniiru.
> “Maqaa ijoollee eenyuufi eenyuu jettanii?” Waariyoonis;
> “Alkumaafi Alkitil jedhee moggaaseera.”Jedhe. Liidiyaanis;
> “Ayii ! Taaxiboo ciqaa! Ati ammallee hin qaroomne! Ijoollee babbareedoo kana fakkaatan akkamitti maqaa fokkisaa akkasiitti moggaastaa?” lakkii maqaan isaanii kana hin ta’u. Kaffaaleefi Dubbaalee,Ykn Caarewuu fi Shaarewuu ykn Naadewuu fi Naaxewu ykn Laxxiargeefi Tsaxxiargee ykn Andaargeefi Addaafiree ykn Fallaqaafi Zallaqaa ykn Asmaareefi Amaaree Ashebbiriifi Anberbir….” Jechuudhaan maqoota kkf tarreessan. Itti fufuunis,”Ani gama kootiin Amaareefi Asmaaree jedheera.” Jechuudhaan moggaasan. (Yoomi Laataa? Fuula:65)

Yaada olii kanarraa waanti hubatamu maqaafi amantaa uummatni Oromoo hordofaa ture sun habashoota biratti moggaasa fokkisaa,kan isaanii malee gaariin akka hin jirretti kan fudhatan ta’uu.Wanni hundi kan isaanii gaarii kan Oromoo immoo fokkisaa ,gadhee,tuffatamaa kan hoomaa faayidaa hin qabne akka ta’etti kan ofii gaditti ilaalaa kan turan ta’uu mul’isa.Kunis waan tokko qofaa osoo hin taane Afaan bifaan illee namni yoo miidhage gara qomoo isaaniitti harkifachuu kan jiru ta’uu isaa nutti mul’isa.Fakkeenyaaf yoo namni fuula qajeelu tokko Afaan Oromoon dubbate “Oo! Ati ni beektaa edaa ?” Afaan kana ni beekta hin se’un ture.Akkamittiin kana fakkaatti afaan Amaariffaa dubbachuu wallaaltaafi kkf Asirraa waanti nuti hubannu warren qaqqajeeloofi babbareedoon kan isaanii,kan faallaa isaa ta’e immoo kan Uummata Oromoo akka ta’etti fudhatu jechuudha.Kunis biyya keenya keessatti seenaa yeroo gabaabaati.Amma yeroo dhiyeenyaatti tureera jechuudha.Fakkeenya:3

Haaluma kanaan weelluu Artisti Asteer Qannoo kana fudhannee yoo ilaalle,

-----Nurratti jigee ture ba’aa inni guddaansaa

Qawwee malee maaltu bilisa nu baasaa?

Gargar bane turre ….akkamiin wal barre?:

Bara baay’ee turre

Dhaamsan sitti dhaama ilmaan Oromootaa,

Akkamitti baddi seenaan Oromootaa?

Maqaa biyyoolessaa ni gegeeddaruu

Adaamaadhaan Naazireet jedhanii,

Tolasaafi Badhaasaa Kiristinnaa kaasanii (Yoomi Laataa? Fuula: 140)

Fakkenya olii kana, mootummoonni baroottaan darban keessaa biyya keenya bulchaa turan qabeenyaa Oromiyaan qabdu saamuu qofa osoo hintaane,Dabalataanis, maqaalee iddoowwan Oromiyaa garaagaraa keessa jiranillee osoo hin hafiin maqaa jijjiiraniiru. Akkasumas maqaa nama dhuunfaallee jijjiiruun kiristaana kaasaa turaniiru. Kana gochuu isaanii kanatti kan hingammaddiin artiistoonni Oromoo kallattii garaagaraan moormii isaanii ibsachaa turaniiru. Keessumattuu, artistootni Oromoo kan akka: Ilfineesh Qannoo, weelluu ishee keessatti yaaduma kana ibsachaa ture.Yaadoleen asoosamicha keessaa fudhataman kunis gahee dubartootni kallatti jiran hundaan bahaa turan nutti mul'isa. Fakkeenya:4

> Liidiyaan mucaa obboleettiin isaanii deesse baay'ee waan mararfataniif Haayileen akka ishee qixxee taa'u hin barbaadan.Mana barumsaattis lamaanuu ijoollee Raas Geetaawu waan jedhamaniif kabaja walqixxee ta'etu kennamaaf.Keessumaa Haayileen hangafa waan ta'eef kabaja guddaa isaaf kennu.Haala kana ammoo Liidiyaan hin jaallanne.Waan kana ta'eef Haayilee mana barumsaa Minilik akka galchu Waariyoo ajejan.Haaluma kanaan Waariyoon Sandaabaa maqaa Haayilee Giyoorgis Geetaawu jedhamuun kan mana barumsaa Saand Foord keessatti galmaa'ee ittiin beekamaa ture jijjiiree maqaa abbaan isaa isaaf moggaase Sandaabaa Yaadannoo jedhee isa galmeessise. (Yoomi Laataa? Fuula:51)

Yaada kanarraa waanti hubatamu namni dandeettiifi gahumsa isaan madaalamuun osoo irra jiruu sanyii isaan kan madaalamu ta'uu isaati.Kunis barcuma ilmi sooressaa irra taa'ee baraturra ilmi hiyyeessaa taa'ee barachuu hin qabu jechuudhaan cunqursaaafi inaaffaan godhamaa ture kan garmaleessa daangaa darbe ta'uu isaa nutti agarsiisa.Akkasumas konkolaataa tokko keessa taa'anii maaliif mana barumsaa deemu jechuudhaan akkasumas mana barumsichaatti Haayileen akka angafaatti ilaalamuunis inaaffaa keessatti uumee jira.

Fakkeenya:5

Giiftii Liidiyaa

> ….ati warri keellee waan nyaatan kan hin qabne obboleettii koo ulfeessuun kee yakka guddaadha.Isheen giiftii keedha;ati ashkara miilla ishee dhiqxu malee kan ishee waliin sireerratti ol baatu hin turre.Silaas sanyiin xinnoo xinnoo waan ta'eef kabaja warra sanyii guddaa eessatti beekaa?"Xinnootu nama xinneessa. Ati garbicha isheellee hin taatu.(Yoomi Laataa? Fuula:82).

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu jarreen har'a abbaa qabeenyaati ofiin jedhan kun biyya isaaniitii gaafa dhufan hoomaayyuu fidanii hin dhufne.Garuu erga dhufanii asitti abbaa biyyaa kan ta'e uummata Oromoo qabeenyaafi lafa isaarraa buqqisanii, ofiif abbaa qabeenyaa fi abbaa lafaa ta'aniin bood,sanyii warra guddaa of godhanii.ofiif sooressa of godhanii,uummata humnaan lafaafi qabeenyaa irraa dhaalaniin immoo gadadoofi rakkaataa godhanii namaa gadiitti kan tuffatan ta'uu isaa namatti agarsiisa.Fakkeenya:6

"Ani intala Oromoo ta'ee afaan abbaa koo wallaaluun narra hin jiru.Yeroo gabaabduu gidduutti baradhee akka keessan dubbachuuf murteesseen jira.Isinis Afaan Oromoon natti dubbadha" Jettee Afaan Oromoo yeroo gabaabduu gidduutti barachuudhaaf murtii cimaarra geesse.( Yoomi Laataa? Fuula :136)

Warreen of hin beekneen, warri of tuffan afaan alagaa dubbachuun akka qaroominaafi ammayyummaatti ilaalu.Kun immoo Afaan Ormaa baruunis yoo ta'e, kan ofiif dursa kennanii yoo ta'e fokkuu hin qabu.Garuu faallaa kanaan immoo warren of beekaniifi of ta'uu barbaadanii kan carraan dalga itti galte immoo haalaafi rakkoo hamaa keessaa taa'anii afaan abbaa isaanii barachuuf yeroo isaan dhama'an argina.Kun immoo eenyummaa ofiiti.

Fakkeenya:7

Fiqir haala aariidhaafi xiiqiidhaan mana keessaa gara alaatti gadi baatee,"Sanyiin hiyyeessaa,sanyii isaani keessatti akka hin makamneef ture yaadni isaanii jaallatanis, jibbanis dhalachuun koo soda isaanii hin hambisne;kan sodaatan hin oolle.Abbaakoofi sanyii isaa maaliif lafarraa haxaa'u?"jette. (Yoomi Laataa? Fuula:86)

Yaada kanarraa kan hubatamu kaayyoon of tuultotaa sanyii isaanii ol ol guddisuudhaan kan kanneen biroommoo gadi qabuufi xiqqeessuu,keessa darbaniis cunqursuufi balleessuun kan mul'atu ta'uu isaa nutti agarsiisa.Fakkeenya oliirraa kan hubatamu Maatii Warraa Gadaa Odaa Bultum maaliif intala keenyaa wajjin hiriyyuummaa uume jechuudhaan yeroo isaan aangoofi qabeenya qabanitti fayyadamanii sanyii isaanii lafarraa balleessantu mul'ata/dhumiinsi sanyii duguuggaa irratti raawwatame agarsiisa. Dhuminsi sanyii kun kan irratti raawwatames uummanni Oromoo balleessee osoo hintaane, maaliif Oromoo taatee intala warra guddaa ofiin jedhu sanaa jaallatte jedhuudhaani.kun immoo nama birattis waaqa birattis ciiggaasisaa ta'uun isaa ifa galaadha.Fakkeenya:8

"Oromoon sabni isaa dhuguma dhiibamee mirgi isaa sarbame taanaan,mirga sabasaaf dhuguma yoo qabsaa'e maaliif dhiphoo jedhama?" (Yoomi Laataa? Fuula:185)

Yaada olii kana irraa kan hubatamu, ilmaan Oromoo Oromummaan isaanii itti dhaga'amuufi miidhaa uummata isaaniirra ga'uuf quuqama qaban irratti. Akkuma mammaaksa Oromoo ''Weenniin maliif du'a'' jenaan, ''sababa gogaa isaaf'' jedhamu," ilman Oromoofi sanyiin isaa maaliif lafarraa duguugamuu?''gaaffii jedhuuf deebiin isaa isuma kanaan wal-fakkaata. Kana jechuunis sababa Oromiyaa dachee baldhoofi qabeenya uumamaan badhaatuu taateef, mootummaan nafxanyaa qabeenyaa ishee kana irraa saamuuf jecha gocha kana raawwachaafi sammuu isaa adoochuuf immoo 'dhiphaadha'ittiin jechaa turaniiru.Fakkeenya:9

> Siintolinnaanis kan qabamtee hidhamte, hoteelli ishee "Wiirtuu Waanbadootaa, 'Yeshiftoochi Maahikal" ittiin jedhaniiti.Sababiin isaan ittiin ishee hidhanis miseensotni koree hojii raawwachiistoti,waldaa qonnaan bultoota kutaa biyyichaa hoteela ishee keessaa nyaata nyaatu.Miseensotni koree hojii raawwachiisaa waldaa qonnaan bultoota kutaa biyya Harargee hoteela ishee keessaa nyaatan baay'een isaanii qabsoo mirga Oromoof bosonatti waan galaniif ishee shakkuudhaan ture.Walqunnamtii qabdi jedhu.( Yoomi Laataa? Fuula: 215)

Walumaa galatti, yaadolee armaan olii kanarraa waanti hubatamu, akka sirna yeroo sanaatti namni tokko mana nyaataafi mana dhugaatii banee namootni lamaafi sadii ta'anii yoo mana saa kan seenan ta'e farra warraaqsa keenyaa qindeessaa jirta/i ittiin jechuudhaan kan dararri guddaan irratti raawwatamu ta'uu isaa nutti agarsiisa. Haaluma kanaan shakkamuudhaan mana hidhaa kan seente Siintolinnaarra,achi keessatti dararamniifi gidirfamni guddaan kan

irra ga’e ta’uu isaa hubanna.Miidhaa qaamaafi qabeenyaa guddaatu isheerra ga’e.Kanaan booda baqattee lubbuudhaan Finfinneetti mana bitattee kan galte yoo taatu,Ammas yeroo achitti galtu humna warraaqxotaati kan ofiin jedhu,“Intala kee Obsinee naaf laattu malee sin ajjeesa. Qarshii kuma shantama fidi.Ilma kee Obsinaa qabeen bakkanni hin deebinetti isa erga.” Jedhee gidiraa guddaa irraan gahuu kan eegale yoo ta’u, “Manaa alatti baqatanii,kan manaa baqatanii ala dhaqan sun,yoo nama dursee gadi ba’ee alatti nama eege,maal gochuutu danda’amaa?” “ Bara Margaan nama qabe,marga lafaatu nama qaba;” kan jedhamu sanaan tokkuma. Kan Siintolinnaa mudates kanuma.

#### 4.3.1.8. Tooftaa Dubartootaa

Fakkeenya:1 “…..Ani si beeka.Niitii kee haadha Sandaabaas nan beeka.Maqaan isheellee Siintolinnaa dha.Isheen hiriyyaa kiyya turte.Kan ajaa’iba ta’u ammo lameen keenya maqaan tokko Siintolinnaadha.” Jette. (Yoomi Laataa? Fuul:178)

Yaadaa olii kanaarraa waanti hubatamu namni tokko nama gara biraa waliin kanaan dura yeroo dheeraan dura yaadaan waldhabeera yoo ta’e,kallattumaan abba miidhame sanatti baasee dubbachuu osoo hin taane yoo danda’ame nama itti ergee yaada nama miidhameera jedhame sanaa akka hubatee duub deebii fidu gochuu;yoo kun hin danda’amne ta’e immoo abbumti dhimmaa sun ofuma isaatii nama gara biraa of fakkeessee yaada yeroo darbee sana itti kaasuudhaan yaad qalbii namtichaa sanaa xiinxaluun kan danda’amu ta’uu isaa nutti agarsiisa.Fakkeenya kanarraa waanti hubatamu,Mammaaksa Oromoo isa “Kan waraane yoo irraanfate;kan waraaname hin irraanfatu.” Isa jedhu sana nama yaadachiisa.Kunis tooftaa Siintolinnaan mana Yaadannoo Jaarraa erga deemteen booda akka haadha manaa isaa ishee durii kan “Siintolinnaa jedhamtu,beektuufi ishee waliin ‘masoo’ akka ta’an erga ‘Yaadannootti’ himteen booda laphee isaa baruuf yaadolee tokko tokko erga dhiyeessiteefii booda dhumarratti ishumti Siintolinnaa haadha manaa isaa ishee calqabaa ta’uu ishee kan itti himte yoo ta’u, abshaalummaa fayyadamuu ishee nutti agarsiisa.Kunis erga yaada sana isa keessatti uumteen booda gaarummaa ykn daba inni yaaduu adda baafachuuf ishee gargaareera.Fakkeenya:2

Habiib ! ani dura gaaffii tokkon si gaafadha.

“Gaaffii akkamii?”

“Yaada kee maaliif hin jijjiirtuu?”Ani kaadhimaa qaba kanaaf ilaalcha anaaf qabdu dhiisi !”

“Hin dhiis.”Jecha fedhii isaa humnaan raawwachuuf ishee qabate.

“Habiib afaachu egaa fedhii kee haala kanaan raawwachuu barbaaddee,sirnaan haa raawwannuutii dafiitii uffata kee hunda ofirraa baasi utuu warri keenya hin dhufin.”

“Asuma gurduuba kana keessatti wayyaa?”

“Eyyee maali atis fedhii kee raawwachuuf asumatti humnaan na qabatte mitii?”

“Atihoo?”

“Anis nan dhufa.” Jettee gara kutaa mana ciisichaa isheetti ol dabarte.Achuma keessa xiqqoo turtee,sagalee ishee ol kaastee :’Habiib baafattee?……….. (Yoomi Laataa? Fuula 54.)

Yaada kanarraa wanti hubatamu namootni baay’een jaalalli humnaafi qabeenyaan ni argama jedhanii kan yaadan jiraachuu isaanii kan nutti agarsiisuu yoo ta’u;kun immoo deemee deemee rakkoof kan nama saaxilu ta’uu isaa hubanna.Haaluma kanaan Fiqiriin dargaggeessi Habiib jedhamu yeroo inni akka malee ishee rakkisee ba’aafi gala ishee dhorkuudhaan,si ajjeesseen of ajjeesa jedhee isheetti dhaadatu,yeroo isheen anoo jaalallee qaba jettee itti himtus waan ishee dhaga’uu dideef,waardiyaa isaanii kan Ashkoo jedhamu faana walii galtee,Habiibiin manatti waamtee yeroo inni humnaan ishee gudeeduuf jedhu,amalaan itti siqxee nan dhufaa uffata kee ofirraa baasi jettee,yeroo inni uffata isaa ofirraa baasu haaluma Ashkoo waliin walii galaniin shantama yeroo isheen isheen garafsiiste argina.Fakkeenya:3

“Siihine kottu waan siin mariyadhaa!” Jette.Itti fuftee ….. ..ijoollee kana lamaan heyyama keessan malee Waariyoo irraa natu dahe jedhii, haadha kiyyatti himiitii dugongorreerra jedhii miillatti kufii dhiifama gaafadhu jechuudhaan,Siintolinnaa gorsite.” (Yoomi Laataa? Fuula:61)

Waraabbii kanarraa waanti hubatamu,“Mari’ataan gowwaa hin qabu jedhama mitiiree?” Fiqiris yeroo maatiin ishee biyya alaarraa deebi’an waan ga’eef,haala kamiinan ijoolleewwan kana Sihinee mariisisee warra kiyya faana hariiroo uumee karaa nagaa ta’een guddifachuu danda’a jettee waan yaaddeef tooftaa kana uummatte.Haaluma kaaanis Siintolinnaan erga Waariyoo waliin mari’atteen booda yaada kanatti kan waliif galan yoo ta’u,kaayyoon ishee kunis karaa icciitii isaa eeggateen galma ga’eera.Fakkeenya:4

Humna warraaqsaan to’atamanii gara mana hidhaatti yeroo fudhataman,

> Yeroo qaama uffatni irra hin jirre argu waan baay’ee yaade.Garuu isa waliin loltootni waan jiraniif shugguxii isaa itti aggaamee itti siqe.Shugguxii mataa isheetti qabe.Fiqir ija ishee dunuunfattee, “Gara jabeesssa nana na ajjeesuufii ? Jette sagalee abdii kutateen.
>
> Dargichi; “Ani sin ajjeesu! Sijaalladheera! Garuu natti heerumtaa?
>
> “Eyyee”
>
> “Har’a galgala sa’atii afur irratti mana ciisichaa kee keessatti kophaa kee na eegi !”
>
> ‘Gaariidha!”
>
> “Amma uffata kee uffadhu!” Ittiin jedhe.

Yaada arman olii kanarraa ,ajeejaan human warraaqsaa sun wayyaa Fiqir kan karaa dubaan yeroo konkolaataa korsiisan tarsa’e sanaan qullaa ishee argee,yeroo inni akka malee ta’e sanatti galgala sa’atii afuritti manashee dhaqee akka argachuu danda’u beellamtee galte.Ajejaan shantamaa sun qaama guyyaa hawwaa oole sanaafi miidhagaa sana ammachuuf galgala sa’atii afuritti dhufu,wanna qopheessite sana Wiskiitti naqxee erga isa obaasteen booda,kan qabeenyaafi intala bareedduu sana dhaaluu barbaade sana kaayyoo isaa dukkaneessite.Shugguxii Kooltii 38 jedhamee beekamus kan ajejaa shantamaa kan ofii godhatte.Ragaa namoota barbaadamanis baay’ee argatte.Kanaan booda konkolaataa isaa keesssa Siintolinnaa waliin harkisanii erga kaa’anii booda,Riqicha Afincoo Barriirraan geessanii Wiskii hafe sana irratti dhangalaasanii booda balbala konkolaatichaa bananii gara konkolaataa isaniif qopha’eetti arreedanii seenanii gara mana ofiitti qajeelan.

Fakkeenya:5 Fiqir yeroo lammaffaaf,humna warraaqsaan qabamtee yeroo to'atamtee mana hidhaa seentu,Sabsibeen sin ajjeesa yeroo ittiin jedhuun,

> Maaliif na ajjeesta? Kan ati barbaaddu hunda si harka galchuu nan danda'a. Ittiin jette.Birrii barbaannaan miliyoonaan lakkaa'ee feetu maqaa keetiin ykn maqaa fira keetiin baankii siif galchuu nan danda'a .Yoo na ajjeeste kana hunda dhabda.Warraaqsa kee moo qabeenya koo siif wayya ?" jette. .( Yoomi Laataa? Fuula:125) ……….“Ani jaalala sidhorkachuudhaaf jedhee miti;jaalala waliif hiruun bakka akkasiitti miti.Mana keenyatti wayya jedheetan malee….,“Birriin siif kennu kaashiidhaan moo cheekiidhaani? Koroojoo/boorsaa miliyoona tokko qabachuu danda'u fidadhuu kottu" jette; (Yoomi Laataa? Fuula:126)
>
> ”Miliyoonni tokko qofaamoo? Lubbuun tokko Qarshii miliyoona 10" ni caala; jedheen.Erga akkas ta'ee,lubbuu koos kan maatii kootiis,”Tole waan tokko waadaa naaf gali;erga Birrii miliyoona 10 ta'ee lubbuu koo,kan maatii kootii,mara keenyaa,akkasumas walqunnamtii saalaaf nan barbaaddu ,ani abbaa manaa qaba" ittiin jette.( Yoomi Laataa? Fuula:126fi 127)

Yaadolee armaan oliirraa waanti hubatamu,sirni yeroo sana biyya bulchaa ture gidiraafi dararama inni ilmaan namaa irraan gahaa tureedha.Kunis namni lubbuudhaan jiraachuuf gatii lubbuuf gibira kaffaalaa kan ture ta'uu isaa nutti mul'isa.Kanas lubbuudhaaf illee ‘taarifa' kan ofiif baasan ta'uu isaa hubanna.Haaluma kanaan Shaambaal Sabsibee, yoo ilaalle, “Gatiin lubbuu tokkoo qarshii miliyoona 10 ni caala." Jedhe. Kunis kan inni mul'isu namni aangoo isaatti fayyadamee waan harka ilma namaan hojjetamuu hin dandeenyeefis, faayidaa mataa ofii giddu galeessa godhachuudhaan lubbuuf ‘taarifa' kan baasu ta'uu isaa namatti argarsiisa.Haa ta'u malee Fiqiris du'uu koorra jettee gaaffii inni ishee gaafatu hundaaf deebii isaaf ta'u,akkasumas isaafis gaaffii banaa (open question) ta'e dhiyeessaafii turte. Kun immoo waan barbaade akka jedhuufi waan barbaade akka filatee itti himuuf kallattii ittii agarsiisuu ishee nutti mul'isa. Garuu yeroo kana gootu,tooftaa kanaan dura ajejaa 50 sana ittiin obbaafachiiste sana yaadachuudhaani, abshaaalummaadhaan, “Bakkeen amma jirru kun dhimma isaa rawwaawwachuuf mijataa akka hin taaneef bakkanni akka garaasaatti keessa basha'uu danda'u itti fakkeessuudhaan filannoo isaaf dhiyeessite." Bifuma kanaan yeroo namootni baay'een dhimmaa kanaaf filatanis natti fakkaata;yeroon isheen isaaf beellamaa jirtu kunis,“Sa'atii afuritti kophaa kee kottu! Eenyummaa kee namni kamiyyuu baruuu hin qabu ittiin jetteeen." Kanas yeroo jettu akkasumaan osoo hin taane

waan lapheetti yaadde waan qabduufi.Yeroo hundaa, “Nan nyaadhaan,kan nama nyaatu,” ta’uu isaa dagachuun gaarii miti.Akkuma ajejaa shantamaa sana gatii isaa deggersa Ashkootiin erga laatteefii booda Shugguxii lammaaffaa ofiif irraa fudhattee,bakka barame sanatti geessitee isa calaastee ofiif manatti galan.Fakkeenya:6

“…..Fiqir Konkolaataashee qabattee galgala keessaa sa’atii 1:30 gara Finfinneetti qajeelte.Garuu hojjettuu isheetti Sandaabaa bira Dambi Doolloo akka deemte itti himtee sokkite.Kunis faana miliqfachuuf jetteeti.” (Yoomi Laataa? Fuula:194)

Yaada kanarraa waanti hubatamu,geggeessitootni sirna nama nyaataa sun konkolaataa kiyya narraa fudhachuufi miidhaas narraan gahuu danda’u jettee waan sodaatteef,galgala keessaa sa’atii 1:30 tti hojjettuu mana isheetiin akka waan abbaa manaa ishee bira Gara Lixa Oromiyaa akka deemtu itti himtee turte.Garuu isheen imalli ishee gara dhihaa osoo hin taane faallaa isaa gara bahaatti qajeelte. “Yeroo hunda bishaan achumaa gadi yaa’a jedhanii eeguun gaarii miti.” Inni kunis “Namni kamiyyuu ibiddarraa baqata malee,gara ibiddaatti baqata.” Jedhamee waan hin yaadamneef jettee kallattii deemsa ishee kana filatte.

Walumaagalatti fakkeenyota oliirraa waanti hubatamu dubartootni hanga fedhe yoo gidirfamaniyyuu tooftaalee garaa garaa uumuudhaa jalaa bahuu kan danda’an ta’uu isaa namatti agarsiisa.

#### 4.3.1.9. Seenaa Asoosamichaa Haala Barreessaan Itti Dhiyeesse

Asoosma ‘Yoomi Laataa?’ jedhu barreessichi haala inni seenaa asoosamichaa dhiyeesse,haala jiruufi jireenyaa keessatti rakkoolee dubartoota mudataniifi akkamittii rakkoo sana jalaammoo fonqolchanii bahuu akka danda’an bakkeewwan tokko tokkotti kaa’ee jira.Haa ta’u malee garuu,rakkoolee kana dubartootni ofuma isaaniif jalaa ba’uuf yeroo isaan carraaqan argina.Gama hirmaannaa hawaasa bal’aan maal ta’uu qaba kan jedhuuf kallatti hin keenye.

### 4.4. Asoosamoota Filataman Sadan Keessatti: Amanamummaa, Gootummaafi Gaarummaa Dubartootaa Akkasitti Ibsama.

#### 4.4.1. Amanamummaa Dubbartootaa

Asoosama kana keessatti amanamummaa dubartootni qaban ol aanaa ta'uun isaa hubatameera. Dhimmuma kana ilaalchisee Hawwiin waadaa hiriyyaa isheef galtee eeguu jecha gidiraafi rakkooleen isheerra ga'an salphaa hin turre.Dhumarratti jaalallee ishee kan ta'e Latiirraa abdii eeggachaa turtuyyuu xaxaafi gidiraa Amaareen hojjeteen akka isheen Latiirraa abdii kutattu taasisuyyuu,shira sanaarratti hundooftee hiriyyaa gara biraa barbaacha hin deemne.Haaluma amanamummaan waadaa galte sanaaf qabdurraa kan ka'e durbummaa ishee kabajaan Latiif keesse,ormaaf ta'uu hin qabu jechuudhaan,biyyoof kennitee jirti. Fakkeenya:1

> "…Latii, guyyaa gaafa suuraa kee kan kaadhimaa kee faranjittii kana wajjin kaatee Dalasaaf dhoksaadhaan ergite irraa kaasee ati kan koo sababii hin taaneef si irraanfadheen jira.Atis kan nama biraa,anis kan biyyoo ta'een jira.Waaqayyo biyyoorraa nu uume waan ta'eef biyyootti deebi'een jira.Akkuma Waaqayyo biyyoorraa na uume,ulfina qulqullummaa durbummaa koos biyyoof deebisee kenneen jira.Dhagaa boraafadhee,biyyoo haammadhee ciiseen jira.Kun ammo naaf kabaja guddaadha." ….(Hawwii,Fuula:195)

Asoosama ''Yeroon Siif Haadhiistuu'' keessatti qooddattuu Beeteliheem jedhamtu fudhannee kan ilaallu yoo ta'e osoo barachaa jirtuu qabxiin jalaa hafus,yeroo adda addaa irra deddeebitee qormaata biyyoolessaa fudhattus qabxii barumsa sadarkaa ol aanaa ishee galchu argattee milkaa'uu hin dandeenye.Haa ta'u malee, Inistitiyuutii Leenjii Barsiisotaa Kotobee seentee barsiisummaan eebbifamteetti.Hanga carraan kun isheef milkaa'uu didee rakkachaa turtetti osoo abdii hin kutatin ulfinashee eeggattee turteetti.Ammas erga hiriyyaa qabatteen booda hanga waggaa sadii hiriyyummaan turte kanattis osoo hin dogoggorin hiriyyaashee faana turtetti kabajaan durbummaa ishee eeggattee guyyaa cidha ishee geesseetti.Kun immoo hangam amanamtuu akkasheen taateefi fakkeenyummaa gaariidha. (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:119). Fakkeenya:2

"Sandaabaa koofi Siinis hin qaanessu.Anis gocha qaanessaa hin hojjedhu.Sandaabaa hangan isa jaalladhu atillee ni beekta." (Yoomi Laataa? Fuula: 98)

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu,namni haala rakkisaa akkamii keessallee yoo jiraate,kaayyoo qabatee ka'e haala yeroon jijjiiruun akka irra hin jiraanne namatti aagarsiisa.Isheenis mammaaksa Oromoo isa, "Kan dubbatan baduurra,kan dhalchan baduu wayya;" isa jedhamu sana gudunfatteetti.Amanamummaa ishee akka hin cabsineef.Seenaa keessatti namootni baay'een qooda waadaa/amanamummaa cabsinu jechuudhaan tarkaanfii ofiisaanirratti fudhachuu amma ga'anitti ni beekamu. Ofitti amanamummaa qabaattee jennaan haala kam keessayyuu ijifannoodhaan darbuun kan danda'amu ta'uu isaa nutti agarsiisa.Haaluma kanaan Fiqir muddamatee du'aafi jireenyaa gidduu galtus harka ishee gonkuma hin laanne.

### 4.4.2. Gootummaa Dubartootaa

Gotummaa waliin wal qabatee Hawwii kan ilaallu yoo ta'e gootummaan ishee baay'ee cimaadha.Haa ta'u malee hawaaasa keessatti dubartootni akka waan dadhaboo ta'aniitti waan fudhatamaniif yeroo isaan warren dhiiraan fedhii adda addaaf dirqisiifamantu jira.Hawwiin immoo isaan akkasiif kan harka laattu miti.Fakkeenyaa namticha irree cimaa jalaa bahuun kan hin danda'amne ta'uu yoo hubattellee bakka tokko ciniintee dhiigni ishee osoo hin dhangala'in dura dhiigasaa dhangalasuuf murteessite.Fakkeenya:1

> Harka isaa mirgaa kan irree ishee gara bitaa qabe ciniinnaadhaan haleeltee qabde gadi dhiisuu didde;harka isaa isa bitaa kan harkashee mirgaa gadi ittiin qabee jiru gadi dhiisee ,ilkaan ishee kan foon harka isaa uranii isa gaggabsan gadidhiisifachuuf qaaruu ishee goggogsee qabe.Yoona kana Hawwiin ijibbaata ishee isa dhumaa akka isa ciniintee jirtuun harka ishee mirgaa gadi dhiifame loostee qaama dhiirummaa isaa kan gadi isheetti aggaamame akka deebi'ee lubbuu horachuu hin dandeenyetti goggogsitee qabattee……… micciirtee cidhaan keessa jiran lamaan hanga buruqanitti asiifi achi sukkuumuudhaan lubbuu diina ishee mudditee….(Hawwii,Fuula:136)

Yaadi armaan olii kun gootummaa dubartootni diina isaanii ofirraa jifachuuf qaban argisiisa.

Yeroonis, gorsa Barkeessaatiin jireenya jibbamaa sana keessaa baatee galgala galgala barnoota ishee barachaa, guyyaa hojii wajjira barnootaa keessa , mana galmeetti qacaramtee hojjechuu eegalte. Garuu, dubartoonni ollaashee Birqeefi Kibbinesh itti hinaafuutti ka'ani.

Bakka qacaramtee hojjettu kana keessattis, hoggaanaan ishee, sababa isheen sitti hinheerumu jetteef akka isheen hojiirraa ariyamtu godhe.

Yeroon jireenyashee kana mara booreedhaan keessa ceetee barnoota isheen qabxii guddaan Yuunivarsiitii seente. Dooktorummaa barachuuttii fufte. Yeoon haala kana keessa dabartee Dr. taatee. Jireenya ishee kanaan duraa deebitee yaadattee of ceephaati. Kanaan booda, dhiira ani itti heerumu jireenya koof murteessaa ta'uusaa,yeroo kaastu,Fakkeenya:2

> Dhiirri abbaa manaa koo ta'u nama akkamiitii? Machooftuudhaa? Sagaagaltuudhaa?Sobduudhaa?Dhibooftuudhaa?Sinsinnooftuudhaa?Dubartoo taaf ilaalcha inni qabu maal fakkattaa? Obsisaa hammamii? Gaafan qabu nawaliin jiraatee gaafa ani hiyyoomu kan nadhiisee garabiraa barbaadudhaa? Gaafa qaami koo guutuu, bareedu najaallatee gaafa qaamikoo hirdhatee fokkisu na baqatuudhaa? Moo hamma dhumaatti kan na waliin turuudhaa? Hunda dura kan waaqayyoon sodaatuudhaa? Waaqayyoon beekaa?... (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:118).

Akka yaada kanaatti, Yeroon gaabbiifi eegeen booda akkuma jedhamu, kanaan booda ulaagaa ittiin nama jireenya isheef ta'uu malu keewwattee addaan baafachuuf.Dr. Yreron, Barkeessaa waliin haalaan erga walbaranii bubbulaniiru. Kana hundaaf kan ishee ga'e Waaqayyo gaditti isa akka ta'e hubatteetti. Jijjiirama jireenyaa isheefi ijoolleesheef sababa kan ta'eefiidha. Barkeessaanis, Yerooniin dubartii cimtuufi kan haallishee marii na wajjin deemuudha jedhee yaada, isheef qabu murteesseera.

Naahilaniinis, hiriyyaa Beeteeliheem jedhamtu wajjin walbare. Isheenis, durba durbummaa ishee eegdeefi kan Waaqayyoon sodaattu sababa taateef, akka ishee fuudhu murteeffateera. Cidhi yerooniifi Naahilaniis guyyaan isaa walirra bu'e. haala bareedaadhaanis raawwatame.

Fakkeenya:3

> Fiqir mana barumsa ishee keessattis ta'e mana barumsaa ishee alatti intala naamusa gaarii qabduudha.Barattootaafi barsiisota ishee hunda biratti haala baay'ee gaarii ta'e kanaan beekamti.Haaluma kanaan Maatirikii kutaa 12 fudhatteen qabxii 3.80 fiddee dabarte.Harariin galtee obboleewwwan abbaa isheefi ijoolleeshee barsiisuu egalte.Digirii calqabaan qabxii gaariin waan eebbifamteef Kolleeejjichumatti haftee carraa barumsaa digirii lammaffaas achumaan argatte. Sanaan booda carraa Ph D f biyya Austaraaliyaa deemtee Dr. eebbifamte.

Yaadaleen armaan olii asoosamicha fuulawwan garaagaraarraa kan fudhataman yoo ta'u, kanaarraa waanti hubatamu,Fiqir calqabuma gaafa mana barumsaa calqabdee eegalee bakka deemtu hundumaatti mo'ichaaafi milkaa'inaan kan deebitu ta'uu ishee argina.Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle.Mana Barumsaa Saand Foord kan Magaala Finfinnee keessatti argamuu,Magaala Naqamtee, Bosona Cillimoo Abbaa Seenaa,Gammoojjii Gibee,Yaada maatiifi ijoollota ishee,Bineensaa bosonaafi sirna nama nyaataa sanaan nyaatamuurraa ofiifi maatii isheerraa dhorkaa,Dararaafi kaballaa ajejoota sirnichaa,daandiiwwan dadhabsiisoo Lixa Oromiyaa hanga Begiitti ture,Jiruufi jireenya Kolleejjii Haroo Maayyaa hanga biyya Austaraaliyaa Melbornitti adeemsa ishee keessatti gufuuwwan kan itti baay'atan yoo ta'eyyuu ciniinnattee gootummaan keessa darbuudhaaan dhala namaa hundaafuu hojii fakkeenyummaa gaarii qabu hojjettee jirti.Kun immoo goota sirrii ishee jechisiisa.

### 4.4.3. Gaarummaa Dubartootaa

Fakkeenya:1 Yeroo olloonnishee,"Muu haadha koo! Hojjettuun biiroo akka kee hinjirtu! "Ni sobdi hojjettuu biiroo maaliiti kun asitti ta'uufii didnaan karaa irratti sagaagaluuf jooraa ooltee galti!" ittiin jedhu. Yeroon garuu, deebii hamaa hinkennituuf. Garuu, "Waaqayyoo isin haa eebisu! Eebba Waaqayyoo argadhaa" ittiin jettee eebbistiin. (Yeroon Siif Haadhiistu, Fuula:104).Fakkeenya:2

Yaalii ajjeechaa Qonjitirratti taasifameen, Hospitaala seentee Dr. Yerooniin yaalamaa yeroo turte iccitii jiru itti himteetti. Dhimma kana erga dhageessee booda, ni calliste malee haaloo ba'uuf hinyaalle. Dr. Yeroon " waan yaraa gaariin deebisuu qabna". Kan jettu, Yeroon jireenyi ishee erga jijjiiramee booda, qabeenyi maatiishee eessa akka jiru erga bartee waan tokkollee hin aarre, hin dubbannees. "… Qabeenya abbaafi haatishee horatan Qonjit harka akka jiru dhageessee hinaarre. Haalashees itti hinjijjiirre. Garuu Waaqashee galateeffattee" (Yeroon Siif Haadhiistu, Fuula:133).

Akkasumas, yeroo jireenyi itti ulfaatee, ijoolleeshee guddifachuuf jecha qaamashee, gurgurtee jiraachaa turte, dubartoota ollummaan waliin jiraachaa turte, lubbuusheefi jireenyashee balleessuuf waan meeqa irratti xibaaraa turanirrattillee, gaafa Birqeeniifi Kibbinesh namaa wajjin wallolanii dhiiganii yaalamuuf Hospitaalatti argiteen, oolmaa isaanii gadheen osoo hintaane haala gaariin,isaan keessummeessiteetti. Fakkeenya:3

Hojiitti qacarsisteeni.” … Haala jireenya isaanii kanaan garuu qorumsa guddaa waan itti ta’uuf Dr. Yeroon kibabii (Kaafiteeriyaa) Hospitaalichaa keessatti mindessisiifte” (Yeroon Siif Haadhiistu Fuula: 147). Haaluma kanaan, dubartoota ba’aafi gala ishee dhorkaa turan kana, jireenya badaa keessaa akka ba’aniifi jarris lapheessaaniirraa Yerooniin ni galateeffatan.

Qonjit kanaan booda naaffattee kursiirraa ka’uu waan hin dandeenyeef qabeenya qabduufi hoteela ishee mallatteessitee Dr.Yerooniif kenniteefii jirti.Dr.Yeroon immoo hoteelicha gara **Kilinika Dr.Yeroon Abbaa Garootti** jijjiirteetti. Jireenya dabarsite keessatti, rakkoowwan adda addaa ishee mudateef, manca’uu qabeenya maatiisheef balleessituu cimtuun ofumashee akka ta’e kan amantu Yeroon, dhimma gaa’elaashee ilaalchisee balleessaan kan ishee akka ta’eefi haloo ba’uuf yeroo karoorsitus ta’e yaaddu hin agarru; kaayyooshee galmaan ga’achuuf kutattee kan kaate cimtuufi hubannaa kan qabduudha. Jireenya tuffatamaa keessaa baatee, namoota kaaniif fakkeenyummaa gaarii kan ta’uu dandeesseedha. Fakkeenya:4

> Ani maqaan koo Saabaa jedhama.Abbaa keessan beeka.Hiriyyaa koo duriiti.Baay’een isa jaalladha ture.Ammas jaalallii bara dargaggummaa sun na keessa jira………Kana booda rakkoon isin hin argatu.Ani akka abbaafi haadha keessaniitti isinan gargaara.Magaalaa Kartumitti isin fudhadheen deema.Achittis mana barumsaan isin galcha.” Ittiin jette. ( Yoomi Laataa? Fuula:234)

Yaada oliirraa waanti hubatamu,dhalli namaa haala rakkoo akkamii keessa yoo jiraateyyuu waliif yaaduun jiraannan Mammaaksa Oromoo isa “Garaan boonyaan immimmaanni hin dhibu.” Isa jedhu sanaan tokko. Akkasumas ‘namni namaaf qoricha’ isa jedhu waliinis wal fakkaata. Kanas biyya hin beekne keessatti Saabaan ijoolleewwan kanaaf qoricha taate. Jireenya bu’uuraa jiraachisuurra dabartee carraa barumsaallee akka isaan argatan taasisteetti.Kun immoo waliif yaaduun jiraannaan haala mijataa eeguu kan nama hin barbaachisne ta’uu nutti mul’isa.Mana isheetti fudhatte galtees ijoolleewwan Sandaabaaf carraa barumsaa akkka isaan argatan ni goote.Kanaan booda abbaa isaanii faanallee akka isaan wal argataniif ga’ee isheen baate waan guddaadha.Fakkeenya:5

> Qabeenya warra ishee kan jalaa saamamu ta’uu isaa kan hubatte Fiqir,qabeenya warra ishee gurgurtee Obbo Waariyoof konkolaataa geejjibaa ‘Autobsii’bittee laatteef.Ashkoofis konkolaataa bittee akka taaksii ittiin

> hojjetuuf laatteef.Hojjettoota mana isaanii keessa hojjechaa turan immoo mindaa ga'aadhaan hoteeloa isaanii keessatti miindessite.(Yoomi Laataa? Fuula 89*)*

Yaada oliirraa waanti hubatamu jarreen olii kun,jiraattee har'a ga'uu isheetiif oolmaa guddaa isheef kan oolan yoo ta'u,isheeni oolmaa isaanii osoo hin dagatin guyyaa har'aa kana immoo jarreen kanaaf aduu baasuu ishee argina.Namni kaayyoo qabu,dadhabbii namaa hin dagatu.Guyyaan kan darbu yoo ta'u taajjabbiifi dhugaan immoo kan hin dabarre waan ta'eef isheen dadhabbii jarreen kun erga gaafa isheen dhalatteetii kaasanii hanga har'aatti waliin ta'aa jiran hin daganne.Kun immoo gaarummaa gochuun ofiif ta'uu isaa agarsiisa.

"Mariyannaa.! Afaan Arabaas, Afaan Tigirootaas dhiisiitii afaan keessaniin itti dubbadhu. Isaan lammiikeeti" Ittiin jette. (Yoomi Laataa? Fuula 236)

Asirraa waanti hubatamu,namoota kanaan dura beekumsa walii hin qabne,bakka kanattis wal argina jedhanii yaadanii hin beekne,kan kaayyoon garaa garaa walitti isaan fide,yoo wal baran rakkoo wal oolchuu danda'u jechuudhaan:jaalleen Mariyannaa gosummaan osoo hin taane,kaayyoon kan walitti isaan fide;yaada isheen isaaf dhiyeessite yoo ta'u, haala isheen itti namoota sanyiin tokko ta'anii,dirqiin ta'us kaayyoo adda addaaf ba'an kana yoon wal isaan barsiise gaarii ta'uu mala jettee yeroo isheen itti seentu argina. Kunis alalatti wal ilaaluurra yoo wal baran wal baraaruu ni danda'u jechuudhani akka isaan walitti dhufan kan gooteedha.Eenyummaa isaanii kan ta'e, Afaan dhaloota isaaniin walii galuu akka danda'anis kallattii akeekte.Fakkeenya:6

> Amma garuu haadha manaa isaafi ilma isaa fidee dhufuun isa yeroo boqonnaa maatiin isaa maatii Siintolinnaa waliin haasa'aa oluuf yaaduudhaan kan dhufe itti fakkaate malee "ni rakkate" jettee hin yaadne. Sababni isaas horii kenniteefii kan jiraachisaa jirtu isheedha. (Yoomi Laataa? Fuula:181)

Jireenyi biyya lafaa kun bitaafi mirga,irraafi jala,gamaafi gamana,roobaafi caama waan ta'eef walumaagalatti jireenyi isa tokkoo, isa kaan irra fooyya'aa waan ta'eef, Siintolinnaan,ofii isheef haala jireenyaa fooyya'aa ta'e jiraachaa waan jirtuuf masaanuufi ilma masaanuu ishee of bira keessee deggeruu calqabde.Abbaa manaa ishee duraaniittis cunqursaan waan hammaateef bosona keessa bakkanni jirutti karaa iccitii eegeen deggersa barbaachisaa ta'e gochuufii kan jalqabde ta'uu isaa nutti agarsiisa.

## 4.5. Walfakkenyummaafi Gargaarummaa Namfakkii Gooban Galeessa Asoosamoota Filatamana Sada Keessatti

### 4.5.1. Walfakkeenyummaa Namfakkii Gooban Galeessaa

#### 4.5.1.1. Qofaa Ta'anii Dhalachuu

Seeneffama asoosama 'Hawwii' keessatti, namfakkii gooban galeessi Hawwiidha. Hawwiin maatiisheef tokkittidha. Obbo Bulchaafi aadde Dinsiriin dhala dhabanii yeroo baay'ee waan turanii argataniif 'Hawwii' jedhan. Fakkeenya:1

"--- Akka kanaan aadde Dinsiriifi obbo Bulchaan dhala dhaban argachuuf utuu hawwanii Latiin dhalatee waggaa 2ffaa irratti durba argatan kan hawwanii dhaban, jireenyi isaanii inni gaddaan golgamee ture gammachuudhaan bakka bu'e. Kanumaan maqaashee 'Hawwii!' jedhanii moggaasan…" (Hawwii, fuula :17).

Akkasumas, asoosama "Yeroon Siif Haadhiistuu" keessatti, Yeroon namfakkii goobangaleessa kan taateefi akkuma kan asoosama 'Hawwii' keessatti Hawwiin maatiisheef tokkittii taate, Yeroonis haadhaafi abbaa isheef tokkittiidha. Haala kana waraabbii itti aanee jirurraa hubachuun nidanda'ama.Fakkeenya:2

"--- Yeroon barattuu kutaa 11ffaadha. Haatiifi abbaanshee, ishee malee dhala garabiraa hinqaban. Sababii kanaan ni qanansiifatu. Qananii guddaadhaan ishee guddisaa jiru.'' (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula :7).

Haaluma wal fakkaatuun Siintolinnaa,maqaa ishee kana kan isheef moggaasan abbaa ishee yoo ta'u, bara mootummaa Astee Teediroos, Astee Yoohanisiifi Astee Minilik keessa laftiifi qabeenyaan isaanii hundi waanirraa fudhatameef kan gara fuula duraatti dhufu keessa siin tolaa laataa? Laftiifi qabeenyaan nurraa fudhatamee ture bara ati dhalattee kana keessa nuuf deebi'innaa laataa? Jechuudhaan maqaa ishee kana moggaaseef. (Yoomi Laataa? Fuula:24)

Yaada armaan olii kanarraa waaanti hubatamu abbaan ishee maqaa kana kan moggaasaniif mucayyoo kana argachuutti gammaduudhaan bara ati dhalatte kana dhiibbaafi dararamni baraa baratti darbaa darboo nutti geedderamaa ture darbee ifa argadhinnaa jechuudhaa akka ta'e nuuf akeeka.Kun immoo qananii isheef qabanis ni mul'isa.

Walumaagalatti, namfakkii gooban galeessi asoosama 'Hawwii','Yeroon Siif Haadhiistuu'fi 'Yoomi Laataa?'maatii isaaniif tokkittii ta'uufi wal isaan fakkeessa.

### 4.5.1.2. Dulluma Keessa Dhala Godhachuu

Walfakkenyummaan asoosamoota lachan keessaa inni kan biraan ammo, dulluma keessa dhala argachuu isaaniiti. Maatiin 'Hawwii' dhala dhabanii yemmuu jiraachaa turan, dhala nama biraa yeroo itti hawwan argina. Waaqni maaf dhala nu dhowwate jedhanii ofitti gadduu turani. Haala kana warabbii itti aanurraa hubachuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf: "--- Gaaf tokko tokko ammoo yeroo aadde Bashaatuun harkaa fudhattu guyyaa guutuu boo'aa ooltee ittiin ooddi. Ati maal na goote Maaramiitu wal nucaalchise" jechuudhaan qeeqxi" (Hawwii, fuula:16).

Akka waraabbii oliirraa hubatamutti, haati Hawwii yeroo dhala dhabanii turanitti, mucaa ollaasheetii Latii jedhamu, kan aadde Bashaatuu kan ta'e yemmuu isheen kunuunsitee guddiftu agarra. Aadde Bashaatuun, maqaaf deesse malee haxooftee dhiqxee itti uwwistee kan guddiste aadde Diisiriidha. Aadde Diinsiriin sababa dhala dhabanii turaniif kan nama biraa wajjin mararamu. Garuu, dulluma keessa, dhala argachuu isaanii seenaa asoosamichaa keessa hubachuun nidanda'ama.

### 4.5.1.3. Garaagarummaa Namfakkii Goobangaleessa

#### 4.5.1.3.1. Amantiin

Garaagarummaan namfakkii goobangaleessa asoosama 'Hawwii', 'Yeroon Siif Haadhiistuu'fi 'Yoomi Laataa?' inni gara biraan amantiidha. Asoosama "Hawwii" keessaa hubachuun kan danda'amu garaa garummaan amantaa nimul'ata. Haala kana hubachuuf waraabbii gadii haa ilaallu.Fakkeenya:1

"--- ani woo isa hinjenne abbaa Latii! Hajii Yusuuftu Kiriistaana taha moo Bulchaafaatu kirrii isaanii kutanii Isilaama ta'uu?" jettee gaafatte. (Hawwii, Fuula : 46).
Warabbii oliirraa wanti hubatamu, asoosama 'Hawwii' keessatti, gaaffii aadde Bashaatuun abbaa manaa ishee obbo Jireenyaaf dhiyeessan yoo ta'u,warri 'Hawwii' kiristaana ta'uu isaaniifi Hajii Yusuuf ammaa Isilaama ta'uu isaa kan nutty agarsiisuudha. Garaagarummaan amantii (Musliimaafi Kiristaana) jiraachuu dubbatani. Fakkeenya:2

Akkasumas " --- Haala jireenya achi keessaa hiriyootni ishee, ishee madaqsanii jiru. Gaafa Dilbataa mana sagadaa fudhatanii deemu." (Hawwii, Fuula:147). Waraabbii oliirraa

hubachuun kan danda'amu, Hawwiin Finfinnee Hosteelaa gaafa jiraachaa turte, namoota amantiin garaagara ta'an waliin walitti madaqxee jiraachaa akka turte kan ibsu yoo ta'u, dhalli namaa garaagarummaan amantii bakka jirutti, waldanda'uun yeroo jiraatu agarra.

Fakkeenya:3

Haala walfakkaatuun, asoosama dheeraa Isaayyaas Hordofaa 'Yeroon Siif Hadhiistuu' barreeffame keessatti, dhimma seera amantaa Musliimaa garaagarummaa amantoota kan biroorra adda ta'u, yommuu dubbatan agarra. Haala kana waraabbii itti aanee jirurraa hubachuun ni danda'ama. "…Hundi isaanii hordoftoota amantii Islaamaa waan ta'aniif jimaa malee dhugaatii alkoolii hindhugani." (Yeroon Siif Haadhiistuu, fuula : 20).

Akka yaada kanaatti, Hiriyummaa Salamooniifi Yeroonitti kan baay'ee gammadan Biibbiifi Sayidaanfaallee, akka waliin ta'uun jimaa qama'aa turani. Kanaafuu, amantaan waan raawwatamuufi kan dhorkamaa ta'e, amantii tokkorraa amantaa kan biraarraa adda baasee kan agarsiisu ta'uusaa hubanna.

Dabalataanis waraabbiin itti aanee jiru yaaduma kana balballoomsa."Maal Salamoon Rabbiin hinsodaattuu utuu ani jiruu dubartii gara biraa fuudhuun maaliif sibarbaachisee?" "Kasaaraa irratti kufne kaa! Akka seera keenyaatti ammo lamaafi sadiillee fuudhuun naa hayyamama!" (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:70). Fakkeenya:4

"Siintolinnaafi Sandaabaa Kiristinnaa kan kaasan gaafa Giyoorgisii waan ta'eef,maqaa Sandaabaa "Haayilee Giyoorgis" jedhanii moggaasan. "( Yoomi Laataa? Fuula:48)

Walumaa galatti yaadolee armaan oliirraa waanti hubatamu qooddattootni asoosamoota sadan keessatti hirmaatan amantiilee garaagaraa kan hordofan ta'uu isaanii mul'isa.

#### 4.5.1.3.2. Ilaalcha Hawaasni Dubartootaaf Qabu

Asoosama dheeraa Isaayyaas Hordofaan barreesse keessaa, 'Hawwii', 'Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' ilaalcha hawaasni dubartootaaf qabu waraabbii itti aanee jirurraa hubachuun ni danda'ama. "Haati Hawwii intalli isaanii guddattee geessee sooressatti heerumtee hiyyummaa keessaa ba'uu yaadu." (Hawwii, Fuula:30). Akka yaada kanaatti, maatiin Hawwii, Hawwiin heerumaaf yommuu geessu, sooressatti heerumsiisanii ofiisaaniitii jireenya gadadoo keessaa ba'uuf ture. Haala qabatama dhugaa ilaalcha hawaasa keessa jiru

kun shamarran heerumaaf gaafa ga'an, kan sanyii qoratee qabeenya ilaalee, heerumsiisuun waan ture ta'uusaa nu hubachiisa. Fakkeenya:1

> Bulchaafi Dinsiriin intala isaanii is kamiif kennuu yaadani? Haajii Yusuufeefikaa!" jedhani……… "Maal Haajii Yusuufee niitii qaba mitii? jette. Maaliree kan wajjin dullooman, qabeenya kana hundumaa kan wajjin horatte jirti, garuu isheerraa mucaa dhabe. Sababii da'uufii dadhabdeef durba fuudhuu barbaade. (Hawwii, Fuula:46).

Yaada armaan oliirraa wanti hubatamu,dhiirri fuudhee dhala yoo dhabe, daa'ima barbaachaaf jecha,dubara biraa fuudhee waliin jiraachuu ni danda'a kan jedhuudha.Haalli akkasii kun immoo hawaasa keessa jiraannu biratti darbee darbee mul'ata. Bifa biraatiin, Hawwiin murtiifi fedhiinshee maatiishee biratti fudhatama dhabee gaafa dhiphattu agarra. Fakkeenya:2

"--- Aayii ---" yaa Latii koo utuu murtiinkoofi fedhiin koo fudhatama qaba ta'e silaa dhaabbii kootti akka horii nan gurguran ture," jette. (Hawwii, Fuula:54).

Akka yaada kanaatti, Hawwiin quuqama kana kan dubbachuu dandeesseef guyyaa tokko maatiin Latii akka iccitiitti, Latiin rafeera hindhaga'u jedhanii waan haasa'an hunda Latiin dhaga'ee yemmuu Hawwiitti himu, Hawwiin naasuun kufte. Erga of bartee booda yaada olitti waraabame kana dubbachuu dandeesse. Kanaafuu, dubartoonni waan jaallatan, waan yaadan fedha mataa isaaniitiin, murtee maatii isaaniitiin alatti waan kamuu raawwachuu akka hin dandeenye agarra.

#### 4.5.1.3.3. Ilaalcha Hawaas- Aadaaf Qaban

Jaalalliifi gaa'elli fedhiirratti kan hundaa'uu qabu osoo ta'ee jiruu, maatiin qabeenyaafi ulfinaan nu gita kan jedhanitti fedhaafi beekamtii ijoollee isaanii malee kan itti heerumsiisan jiraachuusaa agarra. Tokko tokko ammo, qarshiifi qabeenyaan gowwomanii dhala isaanii akka meeshaatti dabarsanii kan gurguran waaqni isaanii garaa isaanii kan ta'aniidha. Dhala hiyyeessaa kan taate kan akka Hawwii Bulchaa kan ammoo, dhala sooressaarraa kan dhalatte, Yeroon Abbaa Garoofi Fiqir Gadaa Odaa Bultum kan Raas Geetaawu guddisan eeruun ni danda'ama. Hawwiin filannoo maatiishee diddee manaa baduu kan dandeesse Latiin hingituun, hinta'uuf, hiyyummaafi cittoosaa yoo itti dabarse malee bu'aa hinqabuuf

jedhanii isarraa waan adda baasaniif. Hawwiin garuu, hiriyaashee ijoollummaa waliin guddattee wajjin jiraachuuf murteessiteetti.

Hawwiin aadaafi safuu hawaasichaa kan mormituufi kan cabsitu haa taatuyyuu malee, akka fakkeenyummaatti yommuu hojiirra oolchitu agarra. Gaa'ela dura saalquunnamtii hin raawwanne akka safuufi aadaa hawaasa keessa jiraattuutti, hiriyaasheef hanga dhumaatti amanamummaan turteetti. Akkasumas, haalli sirni gaa'ela Latiifi Hawwiif yoo mijachuu baatellee, lachan isaaniiyyuu hanga dhumaatti ulfina isaanii eeganii turuu danda'aniiru. Haala biraatiin, ejjennoo waa'ee koo keessa eenyuunuu hingalchu kan jettu Yeroon, fedhaafi beekamtii hawaasaa ala, abbaa manaashee Salamooniin erga filattee booda, gara maatiisheetti jaarsummaa akka ergatu taasifteetti. Kunis, safuufi aadaa hawaasaa osoo hincabsin, mana warra intalaatti jaarsa kan erguu qabu dhiira ta'uu waan beektuuf Salamooniin akka jaarsummaa ergatu kan taasifte.

Gama biraatiin immoo  obboleettii Giiftii Liidiyaa kan taate Beetii fudhannee kan ilaallu yoo taane,hiriyyaa wajjiin barattu kan akka lubbuu isheetti jaallattu filannoo isheetiin kan waliin jaalala calqabeefi karaa seera safuufi aadaa cabseen osoo barumsarra jirtuu daa'ima da'uu ishee argina.Kunis haala jiruufi jireenyaa keessatti kan mudatu ta'uu isaa hubanna.Kanneen aadaafi safuu hanga dhumaatti eegan akkuma jiran kanneen cabsanis kan jiran ta'uu isaa hubanna.Haaluma kanaan safuufi aadaa akkasumas nama gita warra ishee hin taaneefi hiyyeessa jaallachuusheetiin yaada obboleetti isheetii bifa itti fufee jiru kanaani,Fakkeenyaaf:

> ….ati warri keellee waan nyaatan kan hin qabne obboleettii koo ulfeessuun kee yakka guddaadha.Isheen giiftii keedha;ati ashkara miilla ishee dhiqxu malee kan ishee waliin sireerratti ol baatu hin turre.Silaas sanyiin xinnoo xinnoo waan ta'eef kabaja warra sanyii guddaa eessatti beekaa?"Xinnootu nama xinneessa. Ati garbicha isheellee hin taatu." (Yoomi Laataa? Fuula:82).

Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu jaalalli fedhii irratti akka hundaa'uu hin qabne,warren qabeenyaafi sanyiin tokko ta'an gidduutti raawwachuu qaba jette yeroo Giiftii Liidiyaan abbaa Fiqir Gadaa Odaa Bultum akka malee arrabsitu argina.Kan obboleettiin ishee osoo waliin barattu jaallattee waliin jaalala raawwatte mormuudhaani.

Walumaa galtti, asoosamoota (Hawwii, Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?) safuufi aadaa hawaasaa keessa jiraannuu keessatti gufuuwwan adda addaa kanneen abdii nama

kutachiisaniifi rakkoo adda addaaf kan nama saaxilan ta’uu isaa namatti agarsiisa. Fakkeenyaaf, qabeenya ati qabduufi kallattii jireenya keetiirratti anatu murteessa waarreen jedhan kan akka Giiftii Liidiyaafaa kan jiran ta’uu isaa namatti agarsiisa.

#### 4.5.1.4. Hariiroo Goobangaleessi Qooddattoota Biroo Waliin Qabu

Goobangaleessi namafakkii biroorratti haala adda ta’een rakkoo irraan geessisa: haala naannoo, barnoota, amantii, haala maatii, kennaa addaa, galiin, fedha dhuunfaa dubbisaa, wkf eeruun nidanda’ama. Namfakkiin tokko, namfakkiilee biroorraa adda ta’ee akka mul’atuuf waa’een isaa akka dubbatamu kan taasisu, sababa mataasaa haa qabaatuyyuu malee, dhimmoota addunyaa dhugaa keessa jiru calaqqisiisuurra darbee darbee garuu barreessaan kaayyoo barbaade galmaan ga’achuuf jecha jireenya ofiisaatii jiraate akka jiraatu gochuu danda’a. Kanaafuu, goobangaleessi hariiroo namfakkii biroo wajjin qaban ilaaluun barbaachisaadha.

#### 4.5.1.5. Bakka Bu’iinsa Qooddattoota Gooban-galeessaa Asoosama Filataman Sadan Keessatti.

Asoosaan dandeettii kalaqa sammuusaatti fayyadamee taateewwan hawaasaa yookaan jiruufi jireenya nam dhuunfaafi biyya tokkoo ibsuu mala. Kanaafuu, dhimma eenyummaa dhala namaa akka waliigalaatti salphaarraa ka’uun kan tarreessuudha. Kanaafuu, ogbarruun gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, dhalootaafi du’a, kufuufi ka’uu, rakkinaafi bal’ina, hacuuccaafi bilisummaa, wkf ittiin ibsuufi haala hawaasummaa, uummata tokkoo akka daawwitiitti ifa baasee kan agarsiisuudha.

Haaluma kanaan asoosammoonni Isaayyaas Hordofaa, Haawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa? ibsituu eenyummaa hawaasa hundaati. Asoosamoota kana yeroo dubbisnu, jaarraawwan darban keessa eenyummaa uummata Oromoo dur ture, hawaasummaan, diinagdeefi siyaasaa uummata biyya keenyaafi wkf boodatti deebinee argaa yaadaatiin akka ilaallu nu taasisa. Godinaalee Oromiyaa keessa dhimma eenyummaafi ilaalcha, akkaasumas jaalalaafi jibbiinsa bulchitoota yeroo sana turanii wajjin qaban maal akka ture seenaa wajjin wal simsiisee kalqa barreeffama isaa keessatti hubatameera.

Asoosamoota filataman sadan keessatti dubartoonni argaman, addunyaa asoosamaa keessa jiran, bara seenaan isaa itti seeneffameetti ilaalcha jireenya hawaasummaa bakka bu'uun yaaduumeen kan ta'aniidha.

"Namfakkiin asoosamaa bakka bu'oota namoota yoomessa ture yemmuu ta'an, ilaalcha yeroo sana ture, Siyaasa,aadaafi safuu calaqqisiisu" jechuun namfakkiin falaasama yeroo sana keessa ture bakka bu'uun dhiyaachuu akka danda'an hubaachiisa. Namfakkiiwwan seenaa asoosamaa keessatti uumaman, namoota addunyaa dhugaa keessa jiran bakka bu'uun dhiyaachuu akka danda'an ta'anii uumamu.

Isaayyas Hordofaas asoosamoota isaa sadan kana keessatti ilaalcha hawaas- aadaa tokkorra jirurraa ka'uun dhimmoota dhiibbaa dubartootarra ga'aa ture agarsiisuuf yemmuu ta'u, cunqursaa sirna bulchiinsa yeroo sana ture wajjin waan walfakkaatuudha. Dubartoota yeroo ammaa jiraniifis fakkeenyummaa gaarii waan ta'uuf filatamuu danda'aniiru. Dubartoonni kunneen, sabaafi sablammoota adda baasuuf, hookkaraafi waraana kakaasuuf osoo hintaane, waldanda'uufi falaasama walqixxummaa barsiisuufi gaheen isaanii hawaasa keessa jiraatan keessatti maal akka fakkaatu ta'anii kan kalaqamaniidha. Bilisummaa dhugaan kan argamu, dhalli namaa yoo walqixa ta'eedha. "Amantiifi sabummaan nama tokko kan eenyuu gadi akka hintaaneefi Waaqayyo gaafa nu uume wal nun caalchifnee, yaada jedhu kan qabaniidha.

Bara (1813) Sirna mootummaa Saahile Sillaasee irraa eegalee, seenaan kan ibsu, uummata Oromoo keessa gareen lama akka jiru ibsa. Inni tokko, kaayyoo qabeessa, seenaaf malee garaa isaaniif kan hin jiraanne, diina isaaniif kan harka hinlaanne, biyya isaaniirratti akka lammii lammaffaatti kan ilaalamani, abbootii aangoorra jiraniin bakki kan hin kennamneefi kan tuffatama yommuu ta'ani, gareen lammaaffaa ammoo, diina wajjin tokkoomuun kan jiraatan, faayidaaf kan lammii isaaniirratti kan ka'an, eenyummaa isaanii ofiisaniitii dabarsanii kan gurgurani gantoota yookaan "Goobanoota" jechuun ni danda'ama.

Yaada kana kaasuun kan barbaachiseef, jalqabumaa kaasee cunqursaa dubartootarra gessisaa kan ture, gaggeessaa sirna mootummaa yeroo sana ture qofa osoo hintaane, gidirfamuu dubartootaaf hawaasni keessatti dhalatanis ta'uu danda'a. Dubartoonni Isaayyaas Hordofaan asoosamoota dheeraa Hawwii, Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa? keessatti kalaqe, fageessanii kan yaadan, yaada addunyaawaa kan qaban, hubatanii kan ilaalan, ejjennoo kan

qaban, eenyummaa isaanii boriif kan jiraatan, garaa isaaniif kan hinkufne, amanamoo, jaalala dhugaatti kan amanani, ilaalcha sirrii kan qabani akka ta'an barruu kana hubachuun danda'ameera.

Dubartoonni yaaduumee Isaayyaas Hordofaa kan hawaasa Oromoo mara bakka bu'aniidha jennee afaan guunnee dubbachuu dandeenya. Sababnisaas, dubartoonni kun akka jireenyi isaanii badu yookaan gidiraa keessatti kufuuf karaa kan saaqe firoottan isaaniifi sirnoota yeroo sana turaniidha.Hawwiin manaa baatee gidiraa kana hundaaf kan saaxileen maatiisheeti. Yeroonis, jireenya gaarii maatiishee waliin jiraatturraa fuudheenii jireenyashee golgoleessee akka isheen qaamashee gurgurtee jiraattu kan taasiseen lammiisheefi aanteeshee kan ta'e Salamooni. Garuu Siintolinaa kan ilaalluu yoo ta'e,abbaa lafaa naannoo isheetu sanyummaan itti galee jireenya isheefi maatii ishee ija jaamse. Kunis kan agarsiisu, durumaa kaasee sabni Oromoo cunqursaa saba Amaaraa jalatti akka kufu kan taasisaniifi daandii kan saaqan; faayidaaf kan kufan, eenyummaa isaanii faayidaafi faayidaan kan geeddarani, miseensa hawaasa waliin jiraatuuti.Yaada kana ilaalchisee, Hussein (2006) yemmuu ibsu:

> Sirna bulchiinsa Amahara wanti hubatamu tokko miidhaa yookaan jibbiinsa isaan uummata Oromoof qaban akka jirutti ta'ee, aanga'oota saba Oromoo kan turanis, sirna kana keessatti hirmaachaa turaniiru. Yeroo sana namtichi saba Oromoo ta'e, ergama Miniliik fiixaan baasuuf uummata Oromoofi uummata Kibbaa akka sirna kana jalatti kufaniif gahee guddaa taphachaa tureera. Kanaafis, maqaan koochoo mirga Miniliik lammaffaa jedhu kennameefii ture (Fuula:269).

Yaada oliirraa kan hubatamu, seenaa wajjin walqabatee hanga har'aatti godaannisa yoomiyyuu hindagatamne ta'uunsaa beekamaadha. Namfakkii goobangaleessaa taatee bocamte dhimma olitti ka'e wajjin abbaa manaa Yeroon, Salamoon Yerooniifi ijoollee isaarratti tarkaanfii inni fudhate hojii warra Goobanaa hojjetaniin wal isa fakkeessa. Haala kana hubachuuf, waraabbii kanaa gadii yaa ilaallu: Fakkeenya:1

> --- Naahilaniin ammas xinnoo tarkaanfatee namticha ilaalee, "Sirriidha! Isadha! jedha. Namtichi sun garuu nyaarasaa walitti guuree fuulasaa irraa gargagalchee qaruuraa biira dhugurra ijasaa dhaabe. Qaruuraa biiraa sana akka waan hardha argee hubatee naannessee ilaala. Ilaalees hinquufu. Olis hinjenne.

> “ Abbaa! Abbaa! jechaa Naahilaniin itti deeme.
>
> “Dhaqii abbaa kee barbaadi” jedhee yoggaa harkasaa olkaasu, qodaa akaayii Naahilanii harkaa lafatti kuffise (Yeroon Siif Haadhiistuu, Fuula:81).

Asirraa wanti hubatamu, gochaa gara jabummaa Solomoon dhala isaa kan ta’e Nahilaniirratti raawwate agarsiisa. Kunis, Oromoota eenyummaa isaanii gananii kan biraatiin aguugamanii jiraatanii wajjin walfakkaeessa. Yaada kana Hussein (2006) yemmuu ibsu.

“Jenraalonni Oromoo dhuma jaarraa 19ffaa fi 20ffaa keessaa mootonni Amaaraa jarri akka mootii ta’aniif karaa kan banan turan. Yeruma kana haala walfakkaatuun uummanni Oromoo lafa mataa isaarratti gabbaarii Miniliik lammaffaa kan turan lakkoofsaan hir’isuu dhaafis gargaareera.”

Akka waraabbii kanaatti, sirna bittaa yeroo darbe tureef kan karaa saaqe miseensa hawaasa Oromoo keessaa akka ta’e hubachiisa.

Sababa dubartoonni manaa ba’aniif yommuu ilaallu, garbummaa jalaa dheessuuf, eenyummaa isaanii barbaacha, yookaanis fedhii kaanii guutuuf jecha gidiraa dandamatanii kan jiraataniif. Hawwiin fedhii ishee guuttachuuf biyya dhalootasheetii haa badduyyuu malee, waadaa jaalalleesheef galmaan ga’uuf akka ta’e asoosamicharraa hubachuun ni danda’ama. Yeroon abbaa Garoos, Salamoonii wajjin erga waldhiisanii heerumtee jireenya caalaatti fooyya’aa jiraachuuf haala mijaataa ni qabdi turte. Haata’uyyuu malee, kan anaaf ta’u ijoollee koof ta’uu dhiisuu danda’a. Ani sooressattis heerumee, soorettii ta’ee jiraachuu nan danda’a, garuu ijoollee koo eenyutti kennee? Jechuun ijoollee isheef jecha fedha dhuunfaashee yemmuu daangessitu agarra.

Akkasumas Fiqir osoo hiriyyaa ishee Sandaabaa waliin ifatti jaalala hin calqabinis ta’e erga calqabdee ijoollee horatteen booda kan isheen fedhii jaalalaafi saal qunnamtii namootniifi aangawoota irraa dhiyaachaafii ture keessummeessuu didaa turteefi amma dhumaatti ejjennoodhaan turte,fedhiin sun ishee keessaa dhibamee osoo hin taane karaa Sandaabaan baaserra nama gara biraa gonkuma hin deemsisu jettee kaayyeeffachuudhaani.

Dubartoonni ejjennoo bilisummaa argachuuf kutatanii kan ka’an kun: akka fedha isaanii ta’uu kan hindandeenye, afaan isaaniitiin dubbatanii mirga isaaniitiif falmachuuf kan

hindandeenye, yoo dubbatanis kan isaan dhaga'u dhabuu isaaniitti, kanarra darbees, waan dubbataniif kan gaafatamaniidha. Walumaa galatti, carraa eenyummaa isaanii ibsachuuf kan dhorkaman yoo ta'anillee, kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf kan boodatti hinjenne, cimoo kan ta'aniidha. Kanarraa kan ka'e, ilaalchaafi yaada biraatiin akka jiraatan ta'uun, waan kooti jedhan dhabuu, qaama isaaniirrattii,qabeenya isaaniirratti fi dhala isaaniirratti mirga dhabuutu mul'ata. Haata'uyyuu malee, bor guyyaa biraadha jechuun rakkoo guyyaa har'aa obsaan darbanii, jireenya isaanii abdiidhaan kan jiraatan. Galma ga'uu kaayyoo isaaniif gootota hanga du'aatti amanamoo ta'anii fakkeeffamaniidha.

"Eenyummaa keenya har'a badeef bor ni arganna," jedhanii abdii boriitiin kan jiraataniidha. Kuni ammoo, wallaansoo Uummatni cunqurfamaan biyyattii sirna bittaa Amaaraa jalaa ba'uuf gochaa turee wajjin walfakkeessa. Kanarraa ka'uun, dubartoonni kun uummata biyyattii bakka bu'uun kan dhiyaataniidha kan jedhameef. Haala kana hubachuuf, waraabbii itti aanee jiru yaa ilaallu: Fakkeenya:2

"Hayiluun itti aansees, " Eessa dhalooti kee?" jedhee gaafateen " Wallagga" jetteen. Innis "Owu! Yee Wallaggaa gaallaa yee Jootee warqi nawu," biyya jedhamuudhaa?" jedhee Hawwiinis "Eeyyee!" jette (Hawwii, Fuula:133).

Akka Waraabbii kanarraa hubatamutti, jecha Hayiluun Hawwiidhaan jechuu isaatiin hinjedhamu jechuu hindandeessu. Sababni isaas, yoo dubbattees waan jijjiirtu hinqabdu. Akkasumas, rakkoo ishee mudatu yaada keessa galchuun waan fudhattee fakkaatti. Haa ta'uyyuu malee, hawaasa Oromoo biyya tokkoo leellisuun kaan ammoo tuffachuun walii isaaf kabaja waldhorkee tokkummaa akka dhabu akka ta'e keessa isheetti yaadaa turte. Haata'uyyuu malee, haala isheen keessaa jirtu eyyamuufii hindandeenye.

> Uummanni Oromoo rakkoo diinagdeefi siyaasaa qofa osoo hintaane gaaffiin eenyummaa wajjin walqabatus akka jiru ibseera. Sirna bulchiinsa Absiiniyaanotaan uummanni Oromoo miidhamaa kan ture siyaasaafi dinagdeen qofa otoo hintaane, mallattoofi aadaa isaatiin akka sarbamaafi walqixxummaan sabummaa isaa dhabaa ture ta'uu isaa ifa. (Hussein, 2006:260 irratti ibsee jira

Akka yaada kanarraa hubatamutti, uummanni Oromoo "Oromoo" jedhamee kan waamamu ta'ee osoo jiruu, uummanni Amaaraa garuu maqaa uummanni Oromoo hinbarbaanneen

waamaa akka ture beekamaadha. Dubartoonni seenaa asoosamichaa keessaa, goobangaleessi "Hawwii" 'Gaalloo' jedhamtee akka waamamte hubachiin ni danda'ama. Hawwiin garuu, maqaan kun naaf ta'a jettee hinfudhanne. Kuni ammo hawaasa Oromoo wajjin walfakkeessaan.

Sirnoota darban keessa uummanni Oromoo hacuucamaafi bakki gadaanaan kennamaafii akka ture ragaleen tokko tokko ni ibsu. Dubartoonni maqaa eenyummaa isaanii xureessuun waamamuu akka hinbarbaanneefi jibba maqaa biyya alaatiin ibsameera. Fakkeenya:3

> Jechi "Gaallaa" maddi xiinqooqa isaa, ammallee gaarii akka hintaane, maatiin moototaa olaantummaa uummata Oromoo caalaa akka qaban ummata Oromoof ammoo ilaalcha badaa akka qaban, uummata kana jecha "Gaallaa" jedhuun ibsaniiru. Ummanni Oromoo jecha kanaan waamamuu hinbarbaadu. Jechi kun bulchitoonni Amaaraa xiinsammuu uummata Oromoo ittiin miidhuuf waamaa turaniidha. Hiika jechi kun qabu, uummanni kun doofaafi hinqaroomne yaada jedhu of keessaa qaba.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, moggaasa kanaan waamamuu kan hinfeeneedha. Haa ta'uyyuu malee, filannoo kan biraa waan hinqabneef dubartoonni uummata Oromoo ilaalchaafi yaadaan akka bakka bu'an ta'anii fudhataniiru. Fakkeenya:4

> ………….Siintolinnaan rifeensi mataashee irraa haadamee huuqqatteefi gurraachoftee nama gara biraa fakkaattee jirti.Reebichi kan itti baay'ate fakkaatti.Yeroo miilla fuutu ni okkolti.Konkolaataa Laandirooverii gabaabduu tokkoon torban keessaa guyyaa afur waajjira poolisii kutaa biyyichaa iddoo itti "Yakkamtoota cimoodha" jedhaman qoratan keessatti reebamti., "Shiftooti ergamooti badii eessa eessa jiruu?" Jedhamtee reebamuudhaan gidiraa guddaa argaa jirti.Sibiilli miilla ishee hidhee, ishee takaaluudhaan akka guddistee hin tarkaanfanne ishee dhorka.Suuta, Karshal karshal gochaa miilla fuuti.Sibiilli kunis miillashee madeessee dhiigaa jira.Harkishees akkasuma kaateenaa sibiilaadhaan hidhameejira. (Yoomi Laataa? Fuula:219)

Yaada kanarraa waanti hubatamu dhiibbaafi gidiraa uummata Oromoofi biyyasaarra gahaa tureedha.Kunis Sirna bittaa bulchiinsa nafxanyootaa kan ilaallu yoo ta'e yaada armaan olii bifa itti fufee jiruun ilaaluu dandeenya.

Tokkoffaan,rifeensa Siintolinnaa irraa haadame jechuun qabeenyaa Oromiyaafi Uummatni Oromoo qabu hundi abbootii irreedhaan saamamuudhaan hanga lafti duwwaafi Uummatni

hiyyuummaatti haftutti kan godhame ta'uu isaafi kanarra darbees biyyoon biyyasheetiillee saamamaa kan ture ta'uu isaa ifatti nama agarsiisa.

Lammaffaa Kan harkaafi miilli ishee hidhamee, mana hidhaatti ittiin deddeebi'aa turte kun dararaafi gidiraa sirni mootummaa darbee namoota waa'ee biyyaafi uummata isaaniif quuqamanirraa gahaa ture yoo ta'u kanas yoo fedhe, karshalleetti guuree hidhaa, reebaa, ajjeessafi sanyiin isaallee carraa yoo argate akka wal hin horre kolaafamaa kan ture ta'uu isaa kan ifatti mul'isuudha.Duguuggaan sanyii ifatti kan raawwatamaa ture ta'uu isaa nutti agarsiisa.Fakkeenya:5

> Intala Gadaa Odaa Bultum ta'uushee boodarra kan barte,Fiqir………….. haala aariidhaafi xiiqiidhaan mana keessaa gara alaatti gadi baatee,"Sanyiin hiyyeessaa,sanyii isaani keessatti akka hin makamneef ture yaadni isaanii jaallatanis, jibbanis dhalachuun koo soda isaanii hin hambisne;kan sodaatan hin oolle.Abbaakoofi sanyii isaa maaliif lafarraa haxaa'u?"jette. (Yoomi Laataa? Fuula:86)

Yaada kanarraa waanti hunbatamu uummata Oromoo hidhanis, lafasaarraa duguuganis, kaayyoon isaa dhalootaa dhalootatti darba malee sodaan isaanii kun kan hin hafne ta'uu isaa nutti agarsiisa. Akkasumas Kaateenaa miillatti kaa'uudhaan akka isheen suuta deemtu gochuun,osoo tirattuu achumatti of dadhabdee abdii akka kutattuufi duutuuf ture kaayyoon isaanii.Haa ta'u malee, Oromoon yeroo mammaaku, "Hoomaa Waraabessaa keessaa fira hin dhaban." Jedha mitiiree? Kan Siintolinnaas kanuma ta'e. Kan biyya keenyaa yeroo ammaa kanaan tokkuma fakkaata. Harkaafi miilla sakaaluun bakka gahuu qabdu,yeroo gahuu qabdutti akka hin geenye si taasisa.Kun immoo dhiibbaa fi dararamni yoo itti baay'ate qabsoon uummata Oromoo dandiitti hafa warren jedhanii uummaticha gidirsaa turan kan nutti agarsiisuudha. Kunis tafkaanfii qabsichaa duubatti deebisuuf jedhamee wanna karooraan godhamaa ture ifatti agarsiisa.Fakkeenya:6

"Oromoon sabni isaa dhuguma dhiibamee mirgi isaa sarbame taanaan,mirga sabasaaf dhuguma yoo qabsaa'e maaliif dhiphoo jedhama?" (Yoomi Laataa? Fuula:185)

Kun Mammaaksa Oromoo isa "Qottoon maal nu godhe jajallaa muka keenyaatu nu fixe." Isa Gambeelloon jedhe sana nama yaadachiisa.Yaada kanarraa waanti hubatamu,qooddattuun Fiqir jedhamtu kun yeroo Oromoo,Oromoon akkasaa faayidaa dhuunfaafi garaaasaaniif

jedhanii warra Habashootaa jela guggufan (Goobanoota) maliif dhiibamanii gocha inni hin beekneen waamu,'dhiphoo' ittiin jechuudhan kun waan biraa osoo hin taane jechu duraan ture sana jijjiiruudhaan ammayyoomsee warren saba Oromoo hin jaallanneefi tuffii qabaniif sun ittiin waamaniidha. Wanna sabni tokko hin jaallanneefi ittiin hin beekamneen waamuun immoo xiinsammuun akka gidiramu gochuudha.

Bifa biraatiin, fakkaattiin dubartoonni kunniin uummata Oromoo bakka bu'uu isaanii amantaa isaan hordofaniin sadan isaaniiyyuu amantaa gargaagaraa hordofuu isaaniiti. Haata'uyyuu malee, uummanni Oromoo amantaa inni hordofu tokko ta'uyyuu yeroo booda sababa adda addaarraa kan ka'e amantaadhaan garaagara ta'uu akka danda'e dhugaa jiruu wajjiin waan hubatamuu danda'uudha. Dhimmaa kana ilaalchisuun, yaada itti aanee jiru yaa ilaallu:

Muuxannoon amantiilee sadan Oromoo turan. Islaamummaa, kirsitaanummaafi Waaqeffataa. Waaqeffataa jechuun, amantiin uummata Oromoo Afriikaa keessaa karaa aadaan ittiin Waaqeffachaa tureedha.

Walumaa galatti Uummanni Oromoo sirna bittaa nafxanyaa jala yeroo turetti, sarbamuu mirgoota eenyummaa, amantaa isaa hordofuu dhabuu, afaaniifi lafa isaa dhorkatamee garbummaan turuun isaa beekamaadha. Akkasumas, walabummaa aadaa, siyaasaa, amantiifi dinagdee dhabuudhaan sirna bittoota gita Amaaraa jalatti kufee ture injifannoo isaa jaarraa $20^{ffaa}$ keessaa gonfateera.

Asoosamoota kana keessaatti,dubartoonni goobangaleessi asoosamoota kanaa jireenyi isaanii bu'aa ba'ii dabarsaniin uummata Oromoo kan bakka bu'aniifi seenaan isaanii yoomiyyuu kan hindagatamneefi barabaraan kan yaadatamaniidha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI  YABOO

## 5.1. Cuunfaa Argannoo

Qooddattoota asoosama fialatame kana keessatti walakkaa haawasa kan ta'an gaheen dubartootaa bal'inaan keessatti mul'ateera.Kana irraa ka'uun, qorannoo kana keessatti qorataan akka ilaaluu yaaletti barreessaan asoosama isaa''Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' keessatti Qabxiileen ijoo qorannoo kana kessatti xiinxalaman, gosoota feeminizimii, ciminaafi hanqina namfakkiiwwan dubartootaa asoosama keessatti qaban, jireenya hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee keessatti qaban, akkasumas amala dubartoonni ogbarruu keessatti qabanirraa ka'uun ittiin ibsuuf yaalii taasisetu qaacceffame.

Qabxiileen ijoo qorannoo kana keessatti qaacceeffamuuf yaalamanis, haala armaan gadiitiin cuunfaan isaa dhiyaateera. Feemnizimiin dhimmoota mirga dubartootaa kabachiisuu giddugaleessa kan godhate ta'ee,  dubartoonnii siyaasaan, hawaasummaan, dinagdeefi amantaan mirgaa waqixaa dhiirotaa wajjin qabaachuu qabu ilaalchaa jedhu yoo ta'u, Haala qabatamaan asoosama kana keessatti, haala jiruufi jireenyaa uummata Oromoo calaqsiisuun isaaniirraa ka'uun qabiyyeewwan asoosamichaa keessatti bal'inaan mul'atan xiinxalamaniiru. Kanas,akkuma boqonnaa tokko keessatti tuqamuuf yaalameetti kaayyoon qorannoo kanaa Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa barreesse sadan keessatti xinxala Gahee dubartootaarratti xiyyeeffateedha. Qorannichi asoosamoota kanneen keessatti:Gahee dubartootaa dhiyaatan haala qabatamaa gama siyaas-diinagdee, sirna bulchiinsaa, seenaa, aadaa, duudhaa, afaan, amantiifi hawaasummaa akkasumas haala jiruufi jireenyaa uummata Oromoo calaqsiisuun isaaniirraa kaa'uun xiinxalamaniiru.

Ka'umsi qorannichaas, qorannoo baay'een ogafaanirratti yoo gaggeeffamaniyyuu, qeeqamaa kan hin jirree ta'uu isaa ifatti kaasee jira. Haaluma kanaan xiyyeeffannoon hirmaannaa dubartootaaf kennamuu dhabuun ammoo wanna addunyaa kanarra jiran mara walakkaaf xiyyeeffannoo kennuu dhiisnee,walakkaan socho'uu keenya nutti mul'isa.Guddinaafi diinagdee biyyaa keessatti gahee dubartootni gumaachan, sirna siyaas-diinagdee, bulchiinsaa, seenaa, aadaa, duudhaa, afaan, amantiifi hawaasummaa akkasumas haala jiruufi jireenyaa keessatti bakka ol aanaa qabu.

Qabatamaadhaan yaaxinni femeniizimii  hojii kalaqa tokko keessatti ka'an karaa haqummaa of-keessaa qabu giddugaleessa godhatee, wantoonni haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti mul'atan kan akka:siyaas-diinagdee, buchiinsaa, aadaa, duudhaa, afaan, amantii, hawaasummaafi eenyummaan jiran ifatti mul'achuu qaba ilaalcha jedhu qaba. Haala kanaanis, gosoonni femeniizimii,yaaxinni Femenizimiifi sakatta'a barruu jalattii bal'inaan ka'anii jiru. Hojiilee kalaqaa filataman kanas, yaaxinuma kana bu'uureffachuun xiinxalamaniiru.

Kaayyoo qorannoo kana galmaan gahuufis mala qorannoo akkamtaa kan gargaarame yoota'u, sababni isaas, asoosama mataduree filatame kana keessatti gahee dubartootaa yaadota, himoota ,keeyyattoota,waraabbiiwwan, ibsaafi xiyyeeffannaa itti kennuudhaan dhimma  bahameera.Mala ibsaatti gargaaramuun odeeffannoo barbaachisoo ta'an immoo, madda ragaa tokkoffaa kallattiin barruu asoosama mata durichaa gadi fageenyaan sakatta'uufi kitaabota biroo akka yaada hayyootaatti dabaluun qorataan ragaa fayyadameedha. Gahee dubartootaa  asoosamicha keessatti mul'atan ibsa kennuun boqonnaa afur keessatti qaacceffamaniiru. Isaanis: Yaada, himoota ,keeyyattootaafi  waraabbiiwwan ibsaafi xiyyeeffannaa itti kennuudhaan kan dhimma bahaamaniidha.

Dabalataanis, xiinxala taasifame kana keessattis, dhimmoonni asoosamoota kanneen keessatti dhiyaatan karaa qooda fudhannaa dubartootaa of-keessaa qabuun guutamanii kan dhiyaatan ta'uun hubatameera. Haaluma kanaan, qooda fudhannaa isaanii kana  gama bulchiinsaa, siyaasaa, aadaa, seenaa, duudhaa, afaan, amantii, hawaasummaa, diinagdeefi eenyummaa akkasumas wantoota haala jiruufi jireenya uummata Oromoo kara qabatamaa, hubatamaafi ifaa ta'een hojii kalaqaa kanneen keessatti dhiyaachuun isaanii maal akka fakkaatan ragaalee funaanaman xiinxaluuf kaayyeffatee ka'eera. Kaayyoo qabatee ka'e kana galmaan ga'uufis, qoratichi erga qabxiilee barbaachisoo dhimmoota kaayyoo isaa waliin hidhata qaban adda baasee sakkata'een booda gara ragaalee funaanuutti ce'ee jira. Funaansa ragaalee kana keessattis qabxiilee gaaffilee qorannoo isaa keessatti deebii aragachuu qabu jedhee qabatee ka'een ragaalee asoosamoota Sadan filataman  keessa jiran qindeessuuf yaaleera.  Kanuma bu'uura taasifachuun asoosamoota kana keessatti qabxiilee adda addaa ilalamee jira. Akkasumas, hojiin asoosamoota kanaa keessatti, haala waliigala xiinxalameen ciminaafi hanqina isaan qaban ifatti baasuun haala kanaan dhiyaatee jira. Bifuma kanaan, qindoominni

seenaa, dhimmoonni qooda fudhannaa dubatootaafi rakkoolee isaan irra gahaa ture mul’isan achi keesatti dhiyaatan ragaa qabatamaan deggeraa deemuun, asoosamoonni kun sadan nama tokkoon haa barreeffamiyyuu malee qabxiin ijoo isaanii wal-simannaa qabaachuufi kan wal-deggeran ta'uu, yoomessa qabatamaatti garagaaramuun isaa, nam-fakkaattiiwwan dhimmoota bakka bu'aniin walsimannaa qabaachuu isaanii, sab-seenaan isaanii waan qabataamaa haala yeroo sanaafi addunyaa kanarra jiru bu'uureffachuun ijaaramanii jalqabaa hanga xumurraatti bifa nama ofitti hawwachuu danda'uun dhiyaachuun isaanii dhimmoota akka ciminaatti ilaalamanidha. Kana malees, dhaamsi isaanii dhimmoota hawaasa keessatti baay'ee murteessoofi barbaachisoo ta'an kanneen akka: siyaas-diinagdee, aadaa, duudhaa, afaan, hawaasummaa, amantaa, ilaalchaafi kan kana fakkaatan irratti fuulleffachuun isaanii cimina biroodha.

Walumaagalatti, adeemsaalee qorannichi keessa darbee bakka tokkotti walitti fiduu, argannoowwan qorannicharraa argameefi qabxiilee fooyya'uu qaban jedhamanii yaadaman qindeessuun boqonnaa shan jalatti cuunfaa argannoofi yaaboo kaa'uudhaan qorannichi bifa kanaan gudunfameera. Haaluma kanaan argannoowwan yaadota barreeffama asoosama kanaa gama siyaasaan yoo ilaalamu, olaantummaa abbaa irreefi gadaantummaa abbaa biyyaa Oromoo kan ta’e hacuuccaafi saamicha lafaa gaggeeffamuun uummata gama aadaan, amantiin, siyaasaan , dinagdeen jiruufi jireenyaan hacuucamee jiraachuu isaa agarsiisa.

Kaayyoon qorannoo kanaa gahee dubartootaa Asoosama 'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' keessatti xiinxaluu yoo ta’u, qoratan karaa adda addaan ragaawwan funaanuun erga qaaccessee booda argannoowwan armaan gadii kaa’eera:Akka Asoosamoota sadan filataman keessaatti ibsametti uummanni Oromoo bara mootummaa Atsee Teediroos irraa jalqabee hanga kufaatii mootummaa Dargiitti miidhaawwan gama siyaas-diinadgee, aadaa, seenaa, duudhaa, amantaa, hawaasummaa, afaan, eenyummaafi ilaalchaa haalaan rakkoowwan uummaticharratti ga'aa turan akkaataa ragaalee xiinxalameen ifatti taa’ee jira. Taateewwan isaanii waan qabatamaan uummaticha keessaatti raawwatamaa ture bu'uura qabatamaarratti hundaa'uun ijaaramaniiru. Uummanni Oromoos barootan dheeraadhaaf mirga abbaa biyyummaansaa sarbamee mootummoota kana jalatti akka buluuf dirqamaa tureera. Keessummaayyuu, bara Minilik Oromiyaa humnaan gabroomsee qabatee as uummanni Oromoo rakkoo garaagaraaf saaxila ba’eera. Haata'u malee, rakkoofi miidhama

irra ga'u kana uummatichi callisee fudhatee ta'aa hinturre. Mirga isaa sarbame kana deebifachuuf qabsoo hadhaawaa taasisaa tureera. Akka seenaa madda ragaalee kanaatti, dhimmoonni olitti ibsaman kun haala jiruufi jireenya uummatichaa keessatti bal'inaan mul'achaa tureera. Haaluma kanaan qabxiileen argannoo qorannoo kanaa haala armaan gadii kanaan tarreeffameera. Isa kanas haala barreessichi dhugaa uummata keessa jiru kana dubartoota gonfachiisee barreesse haala itti aanuun ilaalla.

- Asoosamoota kana keessatti dhimmoonni dhiyaatan haala jiruufi jireenya dubartootaa gama hawaasummaa ,bulchiinsaafi siyaasaa bu'uura taasifachuun dhiyaachuun isaanii ragaalee xiinxalama irraa hubachuun danda'ameera. Dhimmoonni achi keessatti dhiyaatan kunis taateewwan hawaasicha bu'uura taasifachuun kalaqamaniidha. Kanaafuu, hojiilee kalaqaa sadan keessatti kan ilaallu yoo ta'e xiinxala ragaalee boqonnaa afur keessatti taasifameefi yaada ijoo itti fufanii jiran, kalaqawwan kana kan ilaallu yoo ta'e asoosamootni sadan nama tokkoon dhiyaate kun haala jiruufi jireenya uummataa keessatti dhiibbaawwan gama hawaasummaa ,bulchiinsaafi siyaasaa mul'achaa ture bifa qabatamaa hawwasa keessa jiru qooddattootatti uwwisuun haalli itti dhiyaate, Asosama Hawwii keessatti rakkoofi gidiraa maatiin ishee irraan gahan jalaa miliquuf jecha gara biyyaafi nama hin beekneetti dhokachuuf yaalteetti,kunis kan inni waliin fakkeeffamu haala siyaasa biyya keenyaa ture keessatti,keessattuu dargaggootniifi kanneen quuqqaan mirga isaaniifi sabni isaanii itti dhaga'ame biyya hin beeknetti badanii gidiraafi dhiibbaa guddaan kan irra gahaa tureefi hanga lubbuun isaanii darbutti kan gahan jiraachuu isaanii ifatti nutti mulisa.Kun immoo dhugaa qabatamaa hawaasa keessa jiruudha.Kanas fedhiifi dantaa ofii guuttachuuf kan maatiin Hawwii taasisan mormuun kutannoon tarkaanfii isheen fudhatte hammam dubartootni ejjennoo akka qaban bira ga'ameera. Dabalataanis Asoosama “Yeroon Siif Haadhiistuu” keessatti kan ilaallu yoo ta'e dhiibbaafi gidiraa lammiifi aanteen ishee irraan gahe(Goobanaatti) kan fakkeeffame sun Salamoon kan isheerraan gahe sana hunda dandamattee bakka kaayyeffatte sana gidiraafi hojii ciiggaasisaa sana keessaa baatee kan manii milkaa'inaa geesse ta'uun hubatameera. Akkasumas asoosama Yoomi Laataa? Keessatti akka arfaasaafi bonaa kan itti wal jijjiiraa turan aangawootni yeroo sanaa Fiqir tooftaalee adda addaa uumuudhaan tarkaanfii barbaachisaafi boonsaa ta'e fudhachaa turuun ishee dubartootni hangam tooftaafi abshaalummaan kan guutaman ta'uun isaa bira gahameera.

- ❖ Asoosama 'Hawwii,Yeroon Siif Haadhiistuufi Yoomi Laataa?' jedhaman kun sadan

gahee dubartootaa gama,hawaasummaa, aadaa, duudhaa, afaanfi eenyummaa isaanii waliin wal qabatee, dubartootni,gama hawaasummaan hojiilee gurguddoo hojjechuu akka isaan danda'an hubatameera.Dubartoonni kunneen, mirga isaanii dhabanii osoo jiranii kan isaan kaasaa turan, dhimma walqixxummaa dhala namaaf waaqayyo gaafa nama uume walqixa godhee akka uume jedhanii kan labsaniidha. Kaayyoo isaaniif jecha hanga xumura jireenya isaaniitti wareegamaaf kan darban ta'anii kan bocamaniidha. Akkasumas bakkeewwan tokko tokkotti immoo yeroo eenyummaan isaanii sarbamu,bakka sanatti waanni gochuu danda'an waan hin jirreef yeroo isaan haalaafi bakka ilaalanii qabsaa'an argameera. Kun immoo osoo mirga ofii beekanii falmachuu dadhabuun immoo gabrummaa guddaa ta'uusaati.Kun immoo boqonnaa afur keessatti dubartooni kunniin dhiibbaan kan irra gahaa jiru ta'uun isaa bira ga'ameera. Gama biraan ammoo, yeroo aangawoonni sirnichaa sagaagalummaaf bakkeewwan adda addaatti isaan beellamanii dhufan tole jedhanii eenyummaa isaanii dabarsanii kan hin laanne ta'uun isaanii bira ga'amera. Kun immoo eenyummaa isaanii boriif jiraachuu isaanii namatti agarsiisa.Gahee dubartotni asoosamicha keessatti qabanirraa kaanee dhugaa hawaasa keessa jiraannuu wajjiniin, eenyummaa isaaniif yemmuu falmatan argina.

Gama duudhaafi aadaa hawasichaan kan ilaallu yoo ta'e asoosamicha keessatti dubartootni yeroo da'umsaa,yeroo cidhaa,yeroo eebbaa,yeroo gaddaafi gammachuu kan wal bira dhaabbatan ta'uun isaa bira ga'ameera. Gama dhimmaeenyummaa kana kara afaaniin kan illaallu yoo ta'es ,Hawwiin afaan yeroo sana, biyyattii magaalota gurguddoo keessatti dubbatamu beekuu dhabuusheetii yeroo itti kolfamu, "Afaan Amaariffaa kan biyya keessanii dubbachuu dadhabuun koo anaaf qaanii miti. Afaan alagaatti hin komatamu." Kun immoo dhiibbaan karaa afaaniillee isheerra gahuun isaa bira gahameera.Haaluma kanaan dhimmoota kanneen haala jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti dhimmoota murteessoofi jireenya nama hundaa waliin kan wal-qabataniidha. Dhimmoota murteessoofi barbaachisoo ta'an kun hojii kalaqaa filataman kana keessatti haala hawaasicha keessatti mul'atuun wal-simatee dhiyaachuunsaa xiinxala ragaalee boqonnaa afur keessatti taasifameen sirriitti mirkanaa'eera.

- ❖ Haala jiruufi jireenya saba tokkoo keessatti dhimmoonni qabeenyaa, diinagdeefi haala

jireenya isaanii waliin kallattii kan walqabataniidha.Dhimmoonni jireenya hawaasaa waliin wal-qabatan kun asoosamoota xiinxalaman kanneen keessattis xiyyeeffannoo olaanaa

argataniiru. Dhimmoota kanneen haala qabatamaan dubartoota asoosamicha keessatti qooda fudhataniin kan ilaallu yoo ta'e, Hawwiin biyya hin beekne sanatti haala jiruufi jireenyaa ishee mijeeffachuuf jecha hojiilee adda addaa hojjeette kan of gargaaraa turte ta'uu ishee seenaa boqonnaa afur keessaa hubachuun danda'ameera.Bifa biraan immoo dubartootni haadha qabeenya gurguddaa ta'anii ofumaaf kan hoogganan iifi namootaafillee carrra hojii kan uumuu danda'an ta'uun isaa bira ga'ameera.Qabeenya qaban kanaanis abbaa fedhe kallattii barbaadanitti naannessuufi abboomuu kan danda'an ta'uun isaa seenessa boqonnaa afurii jalatti bira ga'ameera.

- Gama ciminaafi hanqina namfakkiiwwanii ilaalchiisee kallattii dubartootni asoosamicha keessatti qooda fudhan baay'ee ciccimoofi sirnichaafi dhiibbaawwan kallattii adda addaan irra gahaa ture gootummaan kan keessa darbaniifi raookkoof kan hin jilbeenfanne ta'uun isaanii bira ga'ameera.Bifuma faallaa kanaan immoon wanna hooggantootni sirnichaa raawwadhu ittiin jedhan, raawwachaa kanneen turan jiraachuunis bira ga'ameera. Kallatti galagalii rafi ! Jedhamanitti warren galagalaa turan ni jiru.Akkasumas dubartootni baay'een osoo hojiileen hojjetamuu danda'an baay'een osoo jiru,filannoo isaanii hojii mana bunaafi sagaagalummaa yeroo godhatan agarra kun immoo safuufi safaqa uummataa kan cabsan ta'uu isaa bira ga'ameera.

- Asoosamoota sadan xiinxalamaan keessatti kallattii hirmaannaa dubartootaa siyaasa, bulchiinsa,hawaasummaafi diinagdee irratti fuulleffachuun kan dhiyaatan ta'uun isaanii ragaalee boqonnaa afur keessatti xiinxalaman irraa hubachuun danda'ameera. Akkasumas asoosamoota kanneen keessatti dhimmoonni iddoo guddaa argatan gidiraawwan sirnootni darban haala jiruufi jireenya uummataarraan kallattii garaagaraan geessisaa turaniidha. Dhiibbaawwaniifi dararama angawootni sirnichaa irratti geggeessaa turan tole jedhanii osoo hin jilbeenfatin kufaa ka'aa dhumarratti gonfoo milkaa'ina kan gonfatan ta'uun bira ga'ameera

**5.2. Yaboo**

Xiinxala asoosamoota kanneen keessatti haala boqonnaa afur jalatti ulaagaalee tuqamanii xiinxalamuuf yaalameetti hojiileen kalaqaa kanneen akkuma cimina hedduu qaban, hanqinalee qabaatanis adda baafameera. Hanqinaalee mul'atan kana adda baasuu qofa osoo hintane, yaadni fooya'insaas waliin kaa'amee jira. Kanaafuu, yaadolee akka hanqinaatti ka'an kuni haala armaan gadiitiin osoo fooya'ee caalmaatti hojii ogbarruu sanaa gaariifi jaallatamaa ta'uu dandaa'a jedhameeti amanama.

- Akkaataa fayyadama qooddattoota dubartootaa illaalchisee, qorannoo bal'aan osoo adeemsifamee dhimmoota qeeqa ogbarruu Oromootiif bu'aa buusan baay'ee argachuu dandeenya.
- Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa gama Ogbarruu qofaan osoo hin taane gama xinqooqaatiinis osoo qoratamanii.
- Namootni asoosama barreessan osoo goobangaleessumma dubartoota gonfachiisanii barreessanii dubbifamummaa asoosamaa ol kaasuu danda'a.
- Asoosamoonni kunniin gama Yaaxina dhugoomaan osoo qoratamanii dhugummaa hawaasa keessa tureefi dhiibbaa sirni durii geessisaa ture sirriitti uummata hubachiisuun ni danda'u.

Walumaagalatti, xinxala gahee dubartootaa asoosamoota, filataman sadan kanneen keessatti argaman bu'uura godhachuun qorataan argannoowwaaniifi yaada kallattii fulduuraa kana kaa'uu danda'eera. Asoosamoonni barreessaa kanaan barreeffaman bal'inaan gahee dubartootaa bifa walfakkatuun akka fayyadame bira ga'ameera.Haaluma kanaan barreessitootni biroonis muuxannoo kana fudhachuun, gahee dubartootaa asoosamoota keessatti fayyadamuun dubbistoota ogbarruuf gumaachuu akka qaban dhaama.

**Wabiilee**

Addunyaa Barkeessaa.(2011).Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo. Finfinnee: Far East Trading plc.

Asafaa Tafara. (2004). *Theorizing the Present Towards Asociology of Oromo Literature*: Jaarsoo Waaqoo's Poetry. Addis Ababa: Branna P. E.

Brown, Cheryll and Karen Olson. (1978). *Feminist Criticism: Essays on theory, Poetry and Prose.* New Jersey: The Scarecrow Press, Inc.

Chris, Baldick. (2001). *The Concise Oxford Dictionary of literary Terms.*USA: Oxford University press.

Dastaa Dassaalany. (2013). Bu'uura Qorannoo. Finfinnee: Far East Trading Plc. Enterprise.

Donovan, Josephine. (ed.). (1989). *Feminist Literary Criticism: Explorations In Theory.* Kentucky: The University Press of Kentucky.

_____ (1989). *Feminist Theory: The Intellectual Traditions of American Feminism.* Kentucky: The Continuum Publishing Company.

Dutton, Richard. (1984). *An Introduction to literary Criticism.* England: Longman York Press.

*Encyclopedia Britannica*

Ferguson, M.A. (2nd ed.). (1977). *Images of Women In Literature.* Boston: Houghton Mifflin Company.

Frank, Lkinda S. (1985). *" 'Bird at the window: The Representation of Women In Canddian Fiction'* A Thesis Submitted To The School of Graduate Studies In Partial Fulfillment of The Requirements of The Degree Master of Arts MsC Master University. Gregory,

Hall, Stuart, (eds.). (1997). *Representation: Cultural Representations and Signifying practices.* London: Open University Press.

Harvey, W.J. (1965). *Character and the Novel.* London: Chatto and Windus: Ltd.

Hussein, W.J. (2006). *"A Critical Review of The Political and Stereotypical Portrayals of The Oromo in the Ethiopian Historiography* 'African Study Monographs 15 (3): 256-276.

Isaayyaas,Hordofaa . (2000). *Yeroon Siif Haadhiistu*. Finfinnee: Berehanena Selam Printing Press.

______ (1995). *Hawwii.* Finfinnee: Berehanena Selam Printing Press.

_______ (2002).*Yoomi Laataa?,* Finfinnee

Klages, M. (2006). *Literary Theory: A Guide For The Perplexed*. Grait Britain: Cromu well Ltd.

Lglitzin, B, Lynne and Ruth Ross.(eds.). (1976). *Women in the World:* California: Clio Press, Inc.

Lodge, D. (1988). *Modern Criticism and Theory.*Long man: London.

M. A. R. Habib. (2005). *A History of Literary Criticism from Plato to Present.*USA: published by Blackwell Ltd.

Mario, Klarer. (2005). *An Introduction To Literary Studies.* London And New York: Published By Rout ledge. Taylor and Francis Group.

M. Ellis, J. (1974). *The Theory of Literary Criticism. A logical Analysis*. USA: University of California Press Ltd.

Melkaneh Mengistu. (2010). *Post Colonialism and Mainstream Anglophone African Novel.* PhD. Diss. USA; VDM publishing House Ltd.

N. Kishnaswamy, John Varghese fi Sunita Mishra.(2001). *Contemoporary Literary Theory.A Student's Companion*. Macmillan India Ltd: New Delhi.

Nenola, Aili. (eds.). (1993). *Folklore And The Genderized Would or Twelve Points From A Feminist Perspective.*

Peter, Zola W. (2010). *"The Depiction of Female Characters by Male Writers in Selected ISIXHOSA Drama Works Submitted In Fulfillment of The Requirements For The Degree of Doctor Litterum*. Faculty of Arts: Nelson Mandela Metropolitan University.

Ruth, Sheila. (4th Eds.). (1998). *Issues in Feminism: An Introduction to Women's studies.* Mountain View; CA May Field Publishing Company.

Sarantakos, S. (2005). *Social Research.* (3rd Ed.). New York: Palgrave Macmillan.

Toora interneetii:-*(http://WWW.goagle.com/search?q=Luterary+ Criticism and ie=utf.8 and aq=t and rls=or.)-(https://enWikipedia. Org./wiki/Literary-theory.)*

**Dabaleewwan**

**Dabalee -A**

**1. Ckeeklistii Gaheen Dubartootaa Asoosamoota Keessaa Itti Funanaman**

| Lakk | Gahee Dubartootaa Asoosamoota filataman keessaatti | Qabiyyee Gahee Dubartootaa asoosamoota keessatti argamanii | | |
|---|---|---|---|---|
| | | Hawwii | Yeroon Siif Haadhiistuu | Yoomi Laataa? |
| 1 | Naannoo Jiraatan keessatti | -Gaaffii barattootaafi barsiisotaarraa dhiyaatuuf<br>-Dhiibbaa maatii,<br>-Gaa'ila hiriyyaa malee | Hawaasa keessa jiraattu keessatti kabajaafi ulfina qabeettii | -Jireenya maatii utubuu<br>-Daa'ima kunuunsuu<br>-Hojii mana keessaa |
| 2 | Hawwasummaa | -Yeroo cidhaa,<br>-Miinjolii/wal bira dhaabbachuu<br>-Hojii wal gargaaruu,<br>-Hiriyyoota ishee biratti jaallatamtuufi kabajamtuu | Kabajaafi walitti dhufeenya namoota faana qabdu | -Dhiibbaa adda addaa warra ishee ergatuun irra gahu |
| 3 | Siyaasa | -Sabbonummaa,<br>-Dhiibbaa baqachuu/baduu<br>-Kanneen eenyummaa isaanii hin beekne , | -Goobanaan miidhamuu | Miidhaa qaamaafi qabeenyaa,Mana hidhaa,Rifeensa irraa haaduu,dararsuu,oliifi gadi godaansisuu<br>-Duguuggaa sanyii |
| 4 | Diinagdeefi Barnoota | -Barumsa isheen cimtuu | -Hoteelaafi Mana nyaataa,<br>-Konkolaataa,Mana jireenya<br>-Carraa hojii uumuu<br>-Barumsasheen cimuu | -Hoteela,Mana jireenyaa,Konkolaataa<br>-Hojii kanneen biroof uumuu<br>-Fiqir Barumsasheetti |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | | cimtuu |
| 5 | Duudhaa | -Harka fuudhii,<br>-Ajeja haadhaafi abbaa<br>-Walgargaarsa<br>_Shanan | -Yeroo cidhaa<br>-Yeroo da'umsaa<br>-Jaarsolii mana warra intalaatti erguu | _Kunuunsa deessuuf godhamu<br>_ Haala simannaa yeroo adda addaa godhamu |
| 6 | Kalaqa | - Nadhukkuba jettee tooftaa uumuu<br>-Miidhaa saal qunnamtii jalaa ba'uuf tooftaa uumuu<br>-Latii kan ofii godhachuuf tooftaa isheen uumte | -Wanna xiqqoo kennanii guddaa fudhachuu (Qonjit)<br>(Abshaalummaa) | -Tooftaalee adda addaa uumuun ajejoota sirnichaa jalaa ba'uu,<br>-Abshaalummaan daa'ima sheeguddifachuu,<br>-Abshaalummaan Meeshaa waraanaa keellaa dabarfachuu |
| 7 | Safuu | -Ajeja maatiif bakka kennuu dhabuu | -Sagaagaluummaa<br>-Manatti da'uu | -Gudeeddiifi Fedhii gudeeddii<br>-Osoo mana jirnanii da'uu |
| 8 | Amanamummaa,Gaarumma a,Ejjennoo,Gaa'elaafi Inaaffaa | -Kabajaafi ulfina ofii eeggachuu<br>-Hanga du'aatti ejjennoo qabaachuu<br>-Dhimma ofii ofiif murteeffachuu/ keessassatti hirmaachuu<br>-Dhiibbaa kallattii afaniifi eenyummaa | -Hamaa gaariin mo'uu,<br>-Gaarummaa gochuu,<br>-Xibaara walirrattixibaarsisuu,<br>-ulfinaan hanga gaa'ilaatti | -Waliif yaaduu<br>-Gaarummaa waliif gochuu |

**Ibsa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaakoo ta’uusaa ibsaa, kanaan duraYuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta’uusaafi wabiileen waraqaa qorannoo kanaaf dubbise hunda haala seera qabeessa ta’een wabii keessatti kaa’uu koo nan mirkanneessa.

Maqaa_______________________________________________________

Mallattoo____________________________________________________

Guyyaa_______________________________________________________